

QAACCESSA AFWALALOO SEENAA
BADHAADHA DILGAASAA WAAMII
UUMAMAA NAANNOON WALQABATEE DHIYAATE
(SHAWAA KAABAA -SALAALEE)

SEENESSAA NAGAASHUU MUUMMICHAA

YUUNVARSIIITII ADDIS ABABAATTI (FINFINNEE)
FAAKALTII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII,
JOORNAALISIMIIFI QUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII

WAXABAJJII, 2012/2020

FINFINNEE

QAACCESSA AFWALALOO SEENAA
BADHAADHA DILGAASAA WAAMII
UUMAMAA NAANNOON WALQABATEE DHIYAATE

GORSAA: ASAFA TAFARRAA DIBAABAA(PHD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLORIITIF DHIYAATE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAATTI (FINFINNEE)
KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII,
JOORNAALISIMIIFI QUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII

WAXABAJJII, 2012/2020

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa(Finfinnee)

Dhaabbata Digrii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo ulaagaa Digrii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoo Barsiisuun guuttachuuf
Seenessaa Nagaashuu mataduree: *Qaaccessa Afwalaloo Seenaa Badhaadha Dilgaasaa*
Uumamaan Naannoon Walqabatee dhiyaate (Shawaa Kaabaa -Salaalee)

jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo_____ Guyyaa_____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo_____ Guyyaa_____

Gorsaa _____ Mallattoo_____ Guyyaa_____

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digrii Lammaffaa(MA)

Axereeraa

Qorannoon kun Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Gooticha Oromoo Badhaadha Dilgaasaa Waamii Uumamaa Naannoon walqabatee dhiyaate(Godina Shawaa Kaabaa-Salaalee): Aanaa Yaayyaa Gullallee Irratti xiyyeeffata. Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa Qaaccessa Afwalaloo Badhaadha Dilgaasaa Uumama naannoo waliin walqabatiin faarfaman ergaa qabiyyee faarichaa,haala hawaasaa, hiikaa afee,akeeka ilaalcha hawaasan faarsan, sababoota faaruu kana akka irraanfatu[badu] taasisaniifi furmaata badiisa oolchurratti hundoofnee qaaccessuun dhaloota dhufuuf akka taa'u taasisuudha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Akka madda ragaa tokkoffaatti namoonni odeeffannoon irraa funaaname Qabsaa'ota lubbuun jiran, maatii qabsa'ichaa, manguddootafi dargaggoota waa'ee seenaafi faaruu kanaa gad-fageenyaan beekan bifa afgaaffii, Daawwannaafi Marii garee gaafachuun yoo ta'an maddi ragaa lammaffaanimmoo namoota waayee faaruu gootaa maatiirraa dhaga'anii [Kitaabaafi dookimantarii Fiilmii OBS bara 2012 hojjetame]dha. malli qorannoo kanaa akkamtaan yoota'u,Iddattoon qoranichaa iddattoo xiyyeffannoo(purpose) ta'ee caarraa maleen kan filatame. Qorataan dura Biiroo Aadaafi Tuuriizimii aanichaa dubbisuutiin namoota naannichatti waa'ee seenaafi faaruu kanaa beekan gaafatee namoota eereef bira deemuudhaan isaan irraammoo namoota waayee kanaa beekan biroo qorachuudhaan odeeffannicha guuree jira. Faaruun funaaname kunis tmala garagaraan qoqqooduun qaaccessameera. Faaruun gootaa bifawwan sirbaafi geerrarsaa uumama naannoofi bakkeewwaniin walqabatani faarfaman bu'uura godhachuun kan dhihaatedha. Dabalataan Hawaasa mogoroo keessaa gootonni akka Badhaadha Dilgaasaa biqiluu isaa dabalatee barnoonni hammayyaafi sabboonummaan Oromoo dagaagaa dhufuun kanaan dura ilaalchi waltuffii hawaasa baddaafi gammoojjii(mogoroo) jidduu ture jijjiirramuun jaalalliifi tokkummaan sabaa cimuu eera.. Akkasuma ergaawwan faarsaa gootaa kun kanneen akka: Hawwii, gootummaa, jajumsa, gaddaa, roorroo, kutannoo,gorsaafi quuqqaa garaa ibsachuuf kan faarsamu yoo ta'u, haalawwan faaruun kun akka badu yookaan irraanfatu godhanis kanneen akka: dhiibbaa siyaasaa, amantaafi ammayyummaa ta'uun bira ga'ameera.Faaruu kana badiirraa oolchuun dhaloota dhufu dhaalchisuuf qaami mootummaafi hawaasni hundi kutannoon hojjechuun murteessaa ta'uu qorannoon kun ni eera.

Galata

Duraan dursee Waaqa isa najalqabsiisee naxumursiiseefan galateeffachaa, Dabalataa gorsaa koo kan ta'an Dr.Asafa Tafarraa Dibaabaa qophii waraqaa wixineerraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti nuffii tokko malee gorsa naaf kennuun qorannoo koo kallattii qajeeltoo waan qabsiisaniif galata guddaa qabu waan ta'eef umurii dheeraa isiniif hawwa jechuun barbaada.

Itti aansuun maatii koo qorannoo kana keessatti yaadaan kan nagargaaran haadha koo Aade Jorroo Tolasaafi adaadaa koo kan taate Adde Tiyyaa Muummichaa akkasumas haadha warraa koo kan taate Adde Ayyaantuu Hayiluu guddaan galateeffadha.

Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee keessaa hojii qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisu naaf qindeessaa kan turan Obbo Gammachuu Asaffaa galanni koo guddaadha.

Dhumarrattis gorsa beekumsaa qabaniin osoo hin nuffin naaqoodaa kan ture Dr Gammachuu Daadhii Akkasuma, jalqabaa hanga dhumaatti yeroon odeeffannoo walitti qabu kan nadeeggaraa turan Ob.Bayyanaa Makonniniifi Darg. Urgeessaa Baallamiitif, Dhumarratti qabsaa'oota lubbuun jiran, maanguddootaafi dargaggoota aanaa Yaayyaa Gullallee iddattoo qorannoo kanaa ta'uun qorannicha raawwii qabatamaan agarsiistan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.

Jiibsoofi Jechoota Gabaajee

Jechoonni yookiin gaaleewwan armaan gadiitti tarreeffaman qorannoo kan keessatti bakka garagaraa galanii jiru. Isaanis, nama qorannoo kana dubbisutti gufuu akka hin taaneef hiikni isaanii naannoo qorannoon kun gaggeeffametti qabaniin kennamee jira.

Afee ----- Barreefama barreessuu(textual)

Miidhee ----- Rakkoo irraan geesise

Siraaskaajota ----- Daballee dargii

Emmifoortii ----- Gosa meeshaa qawwee rasaasa 21 nyaatu kan halaalatti rukkutu

Shiftaa ----- 1. Goota walqaximmaa sabaaf bosona seenee qabsaa'u

2. Goota saba biroo hacuucuu ykn dantaa dhuunfaaf qabsaa'u

Baandaa ----- Diinaaf kan hojjetu yookin Kittillayyoo

Mogoroo ----- Hawaasa naannoo gammoojjii sulula mogor keessa bitaa mirga jiraatu

Baxaaxaa ----- Wayyaaneen maqaa Badhaadhaa waamuu dadhabuun kan moggaastedha

ሲገገዴ ----- Maqaa Birgeedii waraana mootummaa Badhaadhaan loluu

Xaxxoo ----- Xonqolaa/shira

Sokke ----- Deeme

Hallayyaa ----- Qaalaa

Gadhummaa ----- Lugnummaa/Dabeessuummaa

Hurufa ----- Dirree diriiraa/badhee

Aloola----- Hojii dirree

Gumgume ----- Morme/garaa hanqate

Hurruubsa ----- Dalagaa/sochii qaamaan agarsiisuu

Jeekkarsa ----- Faaruu waaqaa

Warroomii ----- Gaa'ila/bultii ijaarrachuu

Shoboxee ----- Ragada/ultumeefi gadtumee

Baalabbaata ----- Abbaa Lafaa

Riphee lolaa ----- Goota afaan qawween lolu(rebel's)

K.K.F ----- Kan kana Fakkaatan

FKN ----- Fakkeenya

ብከዴገ ----- ብሄራዊ አማራ ዲሞክራሲያዊ ንቅናቄ

Baafata

Qabiyveewwan

Fuula

<i>Axereeraa</i>	i
Galata	ii
Jiibsoofi Jechoota Gabaajee	iii
Tartiiba Suuraawwanii	ix
1. Seensa.....	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	6
1.3 Kaayyooqwan Qorannichaa	7
1.3.1 Kaayyoo Gooroo	7
1.3.2 Kaayyoo Gooree.....	8
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa	8
1.5 Daangaa Qorannichaa	9
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	9
1.7 Qindaa'ina Qorannichaa	10
1.8 Muuxannoo Aloolaa.....	10
1.9 Haala Waliigala Shawaa Kaabaa(Salaalee) fi Aanaa Yaayyaa Gullallee	11
1.9.1 Godina Shawaa Kaabaa-Salaalee	11
1.9.2 Hidda Dhaloota Fi Qubsuma Oromo Tuulamaa.....	13
1.9.3 Seena Hundeefama fi Moggaasaa Aanaa Yaayyaa Gullallee	15
1.9.3.1 Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Isaa.....	15
1.9.3.2 Haala Qilleensaa.....	16
1.9.3.3 Baay'ina Uummataa	16
1.9.3.4 Haala Biyyee	17
1.9.3.5 Haala Teessuma Lafaa	17
1.9.3.6 Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa	17
1.9.3.7 Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa.....	17

1.9.3.8.	Haala Diingdee Aanichaa.....	19
1.9.3.9.	Bu'uuraalee Misoomaa	19
1.9.3.10.	Bakkeewwaniifi Uumama Naannoo (Memory site and Landscape).....	20
2.	Sakatta'a Barruu.....	21
2.1	Maalummaa Afwalaloo	21
2.2	Amaloota Afwalaloo	23
2.3	Faayidaa Afwalaloo	25
2.4	Goorewwan Afwalaloo	26
2.4.1	Sirba	27
2.4.2	Geerrarsa	28
2.4.3	Weedduu	28
2.4.4	Eebba/Abaarsa.....	29
2.4.5	Faaruu.....	29
2.4.5.1.	Maalummaa Faaruu.....	30
2.4.5.2.	Goorewwan Faaruu	33
2.4.5.2.1.	Faaruu Mararoo	33
2.4.5.2.2.	Faaruu Jaalalaa	34
2.4.5.2.3.	Faaruu Jajumsaa	35
2.4.5.2.4.	Faaruu Gaddaa(Boo'ichaa)	35
2.4.5.2.5.	Faaruu Ateetee.....	36
2.4.5.2.6.	Faaruu Waaqaa/Jeekkarsa	37
2.4.5.2.7.	Faaruu Mootolii/Nugusaa.....	37
2.4.5.2.8.	Faaruu Uruursa Daa'immanii	38
2.4.5.2.9.	Faaruu Warroomii(Gaa'ila)	38
2.4.5.2.10.	Faaruu Asmaarii	39
2.5	Faaruu Gootaa	39
2.5.1	Maalummaa Faaruu Gootaa	39

2.5.1.1.	Faaruu Gootaa Bifa Sirbaan	41
2.5.1.2.	Faaruu Gootaa Bifa Geerrarsaan	43
2.5.2	Faayidaa Faaruu	45
2.6	Maalummaa Seenaa Jireenyaa	47
2.6.1	Faayidaa Seenaa Jireenyaa	47
2.6.2	Akkaataa Seenaan Jireenyaa Itti barraa'u	48
2.7	Yaaxinoota Qorannoo Afoolaafi Xinqeenyaa(Oral literature and Ecology)	48
2.7.1	Yaaxina Haala/Yoomessa(Contextula Theory).....	49
2.7.2	Dhiibbaa Uumama Naannoo /Ecocritism/.....	50
2.7.3	Walaloon Naannoo Faarsuu/Ecopoetics.....	52
2.8	Walsimannaa Yaaxinootafi Faaruu Gootaa.....	53
2.9	Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan	55
3.	Malleen Qorannoo.....	58
3.1	Mala Qorannoo.....	58
3.1.1	Madda Odeeffannoo.....	58
3.1.2	Adeemsa Funaansa Ragaalee	59
3.1.3	Filannoo Iddattoo	59
3.1.4	Filannoo Hirmaattotaa (Iddatteessuu)	59
3.1.5	Akaakuwwan Ragaalee	60
3.2	Malleen Funaansa Odeeffannoo.....	61
3.2.1	Afgaaffii	61
3.2.2	Daawwannaa	62
3.2.3	Marii Garee (Target Group Discussions)	62
3.2.4	Sakatta'a Dookimantii	63
3.2.5	Waraabbii Suur-Sagalee (Recording).....	63
3.3	Malleen Qacceessa Ragaalee	63
4.	Xinxalaafi Hiika Ragaalee	65

4.1	Seenaa Jaal Badhaadha Dilgaasaa/Miidhee Dilgaasaa.....	65
4.2	Gootaa ykn Gootummaa Jechuun Maali? (Bandits-Banditary)	72
4.3	Gootummaa Jaal Badhaadha Dilgaasaa Waamii.....	76
4.4	Maalummaa Mogoroofi Gola isaa(natural and lanscape)	81
4.5	Hariiroo Faaruu Gootaafi Uumama Naannoo(Bakkawanii)	86
4.6	Qaaccessa Faaruwwan Gootaa	87
4.6.1	Qaaccessa Ragaalee Karaa Afgaaffii, Daawwannaafi Marii Garee Irraa Funaannaman 87	
4.6.1.1.	Faaruwwan Gootaa Bakkeewwaniin Walqabataniif Faarfaman.....	90
4.6.1.1.1.	Sirba Bifa Dhiichisaan Dhiyaate	90
4.6.1.1.2.	Faaruwwan Sirbaa Bifa Shoboxeen Dhiyaate	99
4.6.1.1.3.	Faaruwwan Bifa Geerrarsaan Dhiyaate.....	112
4.6.1.2.	Faaruwwan Gootaa Uumama Naannoo Walqabataniif Faarfaman	115
4.6.1.2.1.	Sirba Bifa Dhiichisaan Dhiyaate	115
4.6.1.2.2.	Sirba Shoboxeen Dhiyaate	120
4.6.1.3.	Sirboota Badhaanni Dilgaasaa Ofiisaatii Faarse	133
4.6.2	Xiinxala Haas-barruwwaniifi Fakkoommii (Discourse Analysis)	135
4.6.2.1.	Dhiibbaa Gama Siyaasaa.....	137
4.6.2.2.	Dhiibba Gama Amantaa.....	137
4.6.3	Sababoota Jijjiiramaa Deemuu Afoolaa.....	138
4.6.4	Dhiibbaa Uumama Naannoon (ecological Problem).....	138
5.	Cuunfaa Argannoofi Yaboo	140
5.1	Cuunfaa	140
5.2	Argannoo.....	142
5.3	Yaboo	144
	Wabiilee	147
	Dabalee: A.....	153
	Dabalee: B.....	155

Dabalee C.....	155
Dabalee D.....	156
Dabalee E.....	166
Dabalee F.....	167

Tartiiba Suuraawwanii

Tarreeffamni suuraalee armaan gadiitti dhiyaatan gabaasa qorannoo kana keessatti suuraalee fuula qorannoo irratti argaman kan agarsiisudha.

Qabiyyeewwan

Fuula

<i>Suura: 1 (Tulluu Salaalee (Gaara Salaalee), Kibba Lixa Magaala Fiichetti kan argamu, Guyyaa 20/09/2012 Qoratichaan kan kaafame)</i>	<i>13</i>
<i>Suura: 2 Qe'ee Badhaadha Dilgaasaa (Abdaarii) Guyyaa 20/02/2012, Qoratichaan Kan Kaafame</i>	<i>71</i>
<i>Suura: 3 Tulluu Ejersaa bakka Badhaanni Itti Wareeggame (Shawaa lixaa-Ada'aa Bargaa-Dheebisa Aggaasaa) Guyyaa 20/02/2012 Urgeessaa Baallamiin Kaafame.....</i>	<i>71</i>
<i>Suura: 4 Miseensota waraanaa namoota 8 ta'anii, waraana wayyaanee waliin araara buusanii, yeroo Badhaanni caarraa aanaa bulchuu argatee ture hojiif M/Fiichee dhufanii Bara 1984 kan ka'aniidha. mirgaa gara bitaa inni jalqabaa Badhaadha Dilgaasaa,).....</i>	<i>75</i>
<i>Suura: 5 Badhaadha Dilgaasaa yeroo qabsoorra jiru guyyaa 20/07/2012 Interneeta irraa buufame</i>	<i>81</i>
<i>Suura: 6 Badhaanni Dilgaasaa Ji'a Ebla bara 1984 A.L.H Mana Hidhaa Fiichee kana Keessaa Cabsee kan bade, Guyyaa 21/09/2012 Qoratichaan kan Kaafame).....</i>	<i>81</i>
<i>Suura: 7 Sulula laga Mogor waqtii Gannaa 20/08/2012 interneeta irraa buufame.....</i>	<i>85</i>
<i>Suura: 8 Sulula Mogor Naannoo dhaloota Badhaadhaa(Tulluu qo'aat iddoo Fayyee Garasuu itti wareegame) waqtii Bonnaa guyyaa 25/09/2012, Qoratichaan kan kaafame</i>	<i>86</i>
<i>Suura: 9 Sirba dhiichisaa guyyaa 14/08/2012, iddoo Cidhaatti kan sirbame, qoratichaan kan kaafame</i>	<i>91</i>
<i>Suura: 10 Sirba Shoboxee guyyaa 14/08/2012, iddoo Cidhaatti kan sirbame , qoratichaan kan kaafame</i>	<i>91</i>

Boqonnaa Tokko

1. Seensa

Kaayyoon qorannoo kanaa faaruu gootaa fi gootummaa mala akkamtaatiin sakatta'uu, afwalaloo seenaa Badhaadhaa Dilgaasaa uumama naannoon walqabatani dhiyaatan malleen funaansa ragaalee kan akka afgaaffii, daawwannaafi marii gareetti fayyadamuudhan naannoo qorannicharraa guuruutiin xinxaluu ta'a. Kutaa kana keessattis, seen-duubbee qorannichaa, ibsa naannoo qorannichaa, ka'umsa, kaayyoo, hanqina qorannichaafi qindaa'ina qorannichaati. Itti aansuudhaan sakatta'a barruu(yaadarimee afwalaloofi yaaxinoota fookilorii), goorewwan faaruufi walfakkii barruu kan dhiyaatan yoota'u, Ittifufuun malleen qorannoo, xinxala fi hiika ragaalee qaaceffameedha. Dhumarratti cuunfaa, argannoofi yaboon kan dhiyaatedha.

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni durii kaasee qaroomina bu'uura eenyummaasaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture ni qaba. Mallattoon eenyummaa uummanni Oromoo aadaa, seenaa, duudhaa, falaasama, jiruufi jireenya, beekumsa bu'uuraa qabu keessaa tokko foklooriidha. Jecha fookloorii jedhu Boswell & River (1962) akkas jechuun hiikan: "*Foklore is a generic term that designated to represent oral literature, material culture, folk custom and folk art performance*". Kana jechuun fooklooriin jecha waliigalaa (generic term) kan afoolaa, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi artii duudhaa (hawaasaa) bakka buufamuun kan moggaafameedha(f.11).

Afoolli (ogafaanniifi ogbarruun) daawwitii ykn calaqqiftuu (reflection) jiruu-jireenya hawaasaafi addunyaa keessaa isa tokko. Hojiin ogumaa addunyaa ibsuu akka jirutti calaqqisuu osoo hin taane, isa hin mullannes agarsiisuu, dabsuu (refraction), ibsuu, dubbachuufii fi afaan tahuufii qofa osoo hin taane dubbachiisuu fi akka mul'atu gochuu dandahuudha.

Kunis, kan agarsiisu hawaasni afoola isaa beekke akka itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa akka jiru agarsiisa. Kana jechuun ammoo afoola beekuun aadaa beekuu akka ta'eefi aadaa beekuun ammoo jiruufi jireenya dhuunfaafi hawaasaa beekuu akka ta'e adda baasee ibsa. Yaada kana cimsuuf Fekade (2000), Dorson (1972) waabeffachuun yoo ibsu, Afoolli afaaniin kan darbu ta'ee wantoota akka mammaaksa, afseenaa, raagoo, afwalaloo, hiibboo, durduriifi kkf akka ofkeessatti hammatu ibsameera. Bu'uura kanaan afoolli miidhagina gonfatee jechootaan qindaa'ee afaaniin kan dhiyaatuu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan gooroo afoolaa keessaa isa tokko ta'ee waa'ee afwalaloo yoo ilaalle ammoo afwalaloon gooroowwan fookiloorii

keessaa damee afoolaa jalatti ramadama. Haala kana Misgaanuun (2011), Zalaalem (2003) wabeeffachuun yoo ibsu, Afoolli duudhaa, eenyummaa, seenaa, hubannoo, ilaalcha, dandheetii, miiraafi amantaa yookiin gochaan dhalootarraa dhalootatti lufuufi meeshaa walqunnamtii ogummaan guutame akka ta'e ibseera. Kanaafuu, afwalaloo jechuun ummanni aadaan isaa barreeffamaan hin teenye tokko ilaalacha, hawwii, mormii, jaalalaafi jibba isaa afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Afwalaloon meeshaa muudannoo, fedhii, ilaalcha, gammachuu, gadda, dheekkamsa, gaabbii, seenaa eebbaafi abaarsa, faaruufi kkf ittiin ibsataniidha.

Nagarii (1993) gooroowwan afwalaloo keessaa tokko kan ta'e faaruudha. Faaruun walaloo miira faarfannaa yookaan galateeffannaatiin kan guuttamee jiruudha. Namni tokko yeroo waan tokko faarsu waan faarsu sana jaalatee, mararfatee faarsa. Faaruu kana haala lamaan qoodnee ilaaluu ni dandeenya. Isaanis, faaruu ammayyaafi faaruu aadaati. Faaruun ammayyaa meeshaa muuziqaa ammayyaa waliin qindaa'ee kan dhiyaatu ta'ee, bifa barreeffamaan baratamuu kan danda'uudha. Faaruun aadaa ammoo yeroo hunda illee yoo ta'uu baate meeshaa muuziqaa aadaatiin qindaa'ee kan dhiyaatu ta'ee, afaan qofaan dhalootaa dhalootatti daddarbuu danda'a. Faaruun aadaa kunis dirqama meeshaa muuziqaa hin barbaadu jedha.

Faaruun gootaa kaayyoo faarfamuuf ni qabaata. Kunis humna hawaasa sochoosuufi dadammaqsu waan qabuufi. Innis, kanneen yeroo darbe keessatti gootummaan bu'aa gaarii hawaasa isaatiif buusan faajii isaanii olkaasuufi kanneen amma keessa jiran ammoo miira yookiin onnee isaanii dadammaqsuuf, hoo'isuuf, akkasumas, gara fuula duraattis akka isaan cimani galma isaanii gahan mul'ata gootummaafi dhoksaa gootummaa ifatti mul'suudha (Misgaanuu, 2011:73).

Oromoon salphumatti harka diinaa jalatti kufe osoo hintaanee, qabsoo hadha'aa hedduu booda, lubbuu hedduu wareegee shiraafi gidiraa hamaan ergii irratti raawwatamee akka kufe seenaan raga ba'a. Gadaa Meelbaa (1988) akka ibsutti, Ummatni Oromoo sirna garboomfataa jalatti jilbeeffachuudhaf turtii waggootan soddoma (30) fudhate keessatti (1870-1900) lakkoofsa ummata Oromoo miliyoona kudhan (10) irraa gara miliyoona shaniitti (5) gadi buuse. Bara eerame kana keessatti aangoorra kan ture, Oromoofi Oromummaa balleessuuf, gidiraa kana mara kan dalage, mootichi Minilikiifi warri isa fakkaatan, "lakki kana caalaa Oromoon lafarraa dhabama, dhiisaa haa jiraatanii", jedhanii hindhiifne. Oromoon fincilaa kan du'es sababa lolateefi wareegama lubbuu Oromoota baay'ee kaffalaniin warri hafan darbanii asga'an. Gidiraafi gochi gara-jabummaan Oromoorratti raawwatamu kun mootii Minilikiin qofa hindhaabbanne. Mootummaan Haayile Sillaasees kanumatti fufuun hayyootaafi gootota Oromoo fixaa, Oromoofi

Oromummaa dhabamsiisuuf, warra isa fakkaatan kanneen akka Akliluu Habte Walde faa'in shirri dalagame daangaa kan darbe ture. Hayyoonni Oromoo qaroo warri ta'aniifi Oromummaan Oromoo keessa iddoo ishee qabatee akka turtu kan taasisan kanneen akka Hayila Maaram Gammadaafi Maammoo Mazammir, hayyoota Oromoo ajaja Hayila Sillaaseefi jalee isaatin wareegamaniidha. Rakkoon kun ummata Oromoo biraa osoo hinhafiin asce'uudhaan ummatica burjaajessuu itti fufe. Lubbuu qaqqaalii hedduunis Oromummaa Oromoo keessa tursiisuuf itti bade. Kanaanis lubbuun gootota akka J. Taaddasaa Birruu, Muluu Asanuufi kanneen isa fakkaatan (Dargiin kan dhuman).

Itti fufuun mootummaan wayyaaneetis lubbuu dargaggoota (barattoota) Oromoo baroota 1990 fi 2000 keessa balleesse bara baraan uummata Oromoon yaadatama. Nuti dhaloonni har'aa kun imaanaa warreen darban nutti kennan osoo galmaan hinga'iin karaarratti hafuu isaatti xiiqofnee ka'uun eenyummaa oromoo tiksinee dhalootaa dabarsuun dirqama seenaa qabaachuu agarsiisa. Gootonni darban wareegama hanga lubbuu kan kaffalan Oromummaa Oromoo keessatti lafa qabsiisuufi warri har'a jirru afaan guutannee"ani oromoodha" jennee akka dubbannuuf, Gootonni kalee lafeefi dhiiga isaanitiin siidaa oromummaa nukeessatti ijaaranii darbanii jiru.

Kana ilaalchisuun Asaffaan yoo ibsu, "Oromummaan akka ilaalcha sabboonummaatti Oromoo humna siyaasaa taasisuun bilisummaa namummaa (human liberation) goonfachiisuu danad'a jedhamee amanama. Akkasumas akka ummannii Oromoo waayee ofi baratee, ummattoota biraa wajjin of madaalee, wanta irra hir'ate guuttatee mirga isaaf garaa guutuun akka lolatu isa kakaasa. Oromummaan seenaa, aadaa fi karaa bilisummaa Oromoo ti. Kanaafuu seenaa Oromoo isa diinni awwaale mul'isuun, aadaa isaa tuffatame deebisee ijaaruun, namummaa Oromoo dhiitamee bilisoomisuun, Oromummaadha. Oromummaan ilaalcha ittiin mootummaafi dhaabbattoota (institution) koloneeffattoota Habashaa Oromiyaa keessaa hundeen ittiin buqqisaniidha. Akkasumas ilmaan Oromoo dubartii-dhiira, beekaa fi wallaalaa, sooresaa fi deegaa osoo hin jedhin, qomoo/gosaan, lagaan osoo walhin lakaa'in, sirna Oromoo kan gadaa fi dimokiraasii haqaan akka ijaaran karaa bana"(Asafa Jalata, 2007).

Oromoon Tuulamaas jabana daangaan isaa guutumatti cabee, sirna bulchiinsa Minilik jalatti kufee jalqabee karaa gurmaa'efi hingurmoofneen hanga har'aatti qabsoo isaan taasisaa turan osoo adda hinkutin gootota sabaa(ethnic hero's) hedduu itti dhabee jira. Keessattuu Oromoon naannoo Salaalee jiraatan bara bulchiinsa mootii Saahila Sillaasee irraa eegalee hanga bulchiinsa

wayyaaneetti lubbuu itti dhabuufi qabeenya isaa samamuun qe'ee irraa buqqa'anii godaansaf saaxilamanii turan. Roorroo kana jalaa bahuuf gootonni Tuulamaa diddaa(lola)fi waligalteen(resistance and companionship) qabsoo godhaniin lubbuu hedduu itti dhabaniiru.

Gootota Oromoo Tuulamaa sirna nafxanyaan osoo nagaafi qawween falmanuu lubbuu isaanii itti dhaban keessaa muraasni isaan kana; Bara mootii Saahila Sillaasee 1814-1847 (Aabbaa Maallee bulchaa saggoofi illaamuu, Gojjaa Bariii bulchaa hidhabuu abootaa, Duuloo Jiloo bulchaa warra jaarsoo, Alii Maaree bulchaa darraa, bara mootii miniliki 1869-1913 bulchitoota finfinneefi naannawa ishee (Tufaa Munaa, Jaarraa Matakkaa, Guraaraa Araddoofi Turee Galatee), Tuulama kibba lixaa(Cuukkoo Roobiifi Cangaree Sookilee), Goshuu Gisillaa bulchaa darroo, Daadhii Maanyuu bulchaa hidhabuu abootee, Gabruu Goobee bulchaa saggoofi illaamuu, Badhaasaa Guddoo bulchaa gumbichuu, Shaanoo Waaqee bulchaa dagam, Ashee Ruufoo bulchaa Giraar, Fuursaa Dabboo bulchaa warra jaarsoo, Nagawoo Gammadaa bulchaa Kuyyuu, Asanuu Wadaay bulchaa Darraa (abbaa kuraaraa maqaa fardasaa), Jaankaa Nagawoo bulchaa oborii), Birraatuu Goolee(bulchaa meettaa), bara bulchiinsa Xaaliyaanii 1928-1933 A.L.H (Garasuu Dhukii, Abbichuu Bayyanaa dhalataa aanaa warra jaarsoo, Jimaa Sanbatee dhalataa aanaa alaltuu, Abuna Pheexiroos/Magarsaa Badhaasaa/, Birruu Kennee Abbaa Jeneraal Taaddasaa Birruu dhalataa aanaa hidhabuu abootee, Baalchaa Abbaa Nabsoo shawaa kibba lixaa, bara mootii Hayila Silalasee 1928-1966 (Kabbadaa Buzunash, Hayiluu Raggaasaa, Dr Moggaa Farrisaa, Zawugee Bojaa, Maammoo Mazamir, Taaddasaa Hordofaa, Tulluu Gammadaa, Baqqalaa Gurree, Taaddasaa Birruu, H/Maaram Gammadaa, Agarii Tulluu, Baqqalaa Badhaadhaa), bara sirna mootummaa dargii 1966 - 1983 (Asafa Sharoo Lammii, Baqqalaa Sagguufi Muluu Asanuu), bara sirna mootummaa wayyaanee 1983 immoo Badhaadha Dilgaasaa, Dabalaa Xaafaa, Shaashoo Anbasseefi k.k.f) dha. (Tsegaye Zelleke, 2002)fi (Melese Ijara,2019).

Bilisummaan Oromoo abjuu jagnoota Oromoo kanneen har'a dhugoomaa jira. Dhaloonni qubee ilmaan Oromoo baay'een hoji irra oolchaa jiru. Kan qawwee qabatees ta'ee, kan harka qullaa jirus beekumsa isaan waldhaansoo finiinsaa jiru. Ummata dammaqee of bare, of ijaare du'a hin sodaanne kan qabsoo irraa deebisu hin jiru. Mootummaan Tigree humnaa uummata oromoo likkii galchuuf ture ofii likkii galee biyyaa isaatti galuun ragaa tokko. Qabsoo oromoo yeroo ammaa kana karaatti danqame hafe dhugoomsuuf, dargaggoota Oromoo dirqama guddaatu irra jira. Bilisummaan Oromoo dhiyaachaa jiru kana dhugoomsuuf halkanii guyyaa hojjechuun dirqama seeraafi seenaa ilmaan Oromooti (Asafa Jalata,2007).

Assefa (2015) *"the heroic deeds of salale resistance leaders are told and passed down to generation through folksongs and stories of thier bravery . as a weapon of thier struggle , the lyrics evoke sadness, dislocation, internal migration a crippling nostalgia about home "* yaadichis uummanni naannichaa hojii gootota armaan olii kanneen uumama naannoofi bara waliin walqabsiisuun bifa garagaraan faarsuun seenaan isaanii akka hin awwaallamneef dhalootaa dhalootatti darbu qooda isaanii bahuu hubanna.

"Oral literature is a medium for transmitting historical knowledge and as an inseparable part of history in the making it has a timeless quality in that it reflects truths of all time of a particular historic moment. In terms of the reconstruction process, the Oromo verbal narrative deals with general historic conditions and cultural events, a sense of reality of those events that can validate the continuity of traditions and history, the relationship of the two and the way they serve as literary tools that help manipulate the images of the pass. The poetic patterning of Oromo folklore narrative entails two transformational dimensions: namely syntagmatic (horizontal) and paradigmatic (vertical) relations. Both the horizontal (interpersonal or producer-receiver relations) and the vertical (historical and cultural events) changes can reasonably be evaluated by considering the diachronic facts and the synchronic literary situations" (Sumner's,1996). yaada kanarraa kan hubannu afoolli jidugala beekumsa seenaafi qaama seenan adda hinbaane karaa qulqullina qabuun dabarsuudha. adeemsa of ijaarsa keessatti ogfaanin oromoon dhugummaa aadaafi seenaa isaa ittifufiinsan meeshaa ittiin dhalootatti dabarsaa dhufe ta'uu agrasiisa.

Hawaasni Salaalee yeroo hunda afoola garagaraa fayyadamuun gootota isaa faaruun jajachaa turan keessaa Badhaanni Dilgaasaa isa tokko. Badhaanni dhuma bara 1982 irraa eegalee jaallan kaayyoo walfakkaataa qaban waliin sulula laga Mogor maadheffachuun bulchiinsaa mootummaa dargiifi wayyaanee qawween lolaa tureera. Sababni isaas, dhiibbaa mootummaan gama diinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi aadaa uummata naannichaa irraan gahu hambisuuf qabsoo hadhawaa waggaa afuriif ergii taasisaa turee booda Badhaanni bara 1986 shira mootummaan xaxeen ajjeefamee, qabsaa'onni kanneen biroos immoo du'aafi hidhaaf saaxilamaniiru (Fayyisaa Fiixaa, 2018).

Yeroo amma kana uummata Aanaa Yaayyaa Guulallee biratti faaruun gootummaa Badhaadha Dilgaasaa faarsan bara inni lubbuun jiruufi ergii du'een booda hir'achaa ykn dagatamaa jiraachuutu mullata.

Kaayyoon qorannoo kanaas mala akkamtaatiin, malleen akka afgaaffii, daawwannaafi marii gareetti fayyadamuudhaan, ragaalee sadarkaa duraa jiraattota Salaalee, Itti aansuun Shawaa Lixaa irraa guuruudha. Akkasumas, barreeffama/galmeewwan walsimatoo sakatta'uudhaan odeeffannoo argaman bu'uureffachuudhan, seenaa gootummaafi gootota Oromoo Tuulama, keessumaa kan Badhaadhaa Dilgaasaa, bakkeewwan (landscape) fi uumama (environment) wal qabsiisuun faarsan ergaa (message), hiika afee (textual meaning), haala hawaasummaa (social context) fi akeeka(implication) ilaalcha hawaasichaatiin faarfamu xiinxalameera.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Ka'umsa qorannoon walqabsiisee Addunyaan (2010) "*ka'umsi qorannoo tokko dhugaa hawaasa keessatti ykn waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamerratti mul'atu, dhimmichis rakkoo ykn qaawwa jiru tokko duuchuufi yaaxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmicharratti kennuufi k.k.f ta'uu danda'a*" jedha(f.53-54). Akka yaada kanaatti qorannoon tokko rakkoo furuu ykn beekkumsa hundeessuufi kan dura ture babal'isuun akka hubannoo hawaasaaaf tolu haala mijeesuu ka'umsa godhachuun gaggeeffamuu danda'a. Qorataan qorannoo kanaas beekumsa hawaasa keessa jiru bal'isuun hubannoo hawaasni beekkumsicharratti qabu gabbisuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Hawaasni Oromoo afoolota walaloo ofkeessaa qabu kanneen afaaniifi gochaan bara dheeraaf turuu danda'an hedduu qaba. Gosoota afoola bifa walaloon dhiyaatu keessaa faaruun gootaa isa tokko. Akka Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleetti faaruun gootummaa Badhaadha Dilgaasaan walqabatee bifa garagaraan dhiyaatus hanga yonaa hinqoratamne. Hanqina kana guutuuf qorannoon kun hojjetame. Hanqinni jiru kun yoo guutamuu baate faarichi beekkamuu qabu laafaa ykn dagatamaa deema. Haaluma kanaan gosawwan faaruun aadaa jiran keessaa kan uummanni Oromoo goota isaa uumama naannoofi bakkeewwaniin waliin walqabsiisee gootummaa isaa ittiin ibsan faaruun gootaa isa tokko. Kunis kan hawaasa keessatti namoota adda durummaan hojii gaarii hojjetanii uummata isaanii irraa diina faccisaa turan haala ittiin jajuu, hamilee kakaasuu akkasumas namoota faallaa isaanii dhaabbatan ammoo ittiin qeequufi hamilee cabsuuf kan gargaaramaniidha.

Barreeffamoonni qorannoo mata duree kana waliin walqabatan namoonni muraasni itti guuttata digirii lammaffaafi sadaffaa qorannoo fookiloorii Oromoo keessaa afoola adda addaatiin xiinxalaniiru. Haata'uu malee qorannoo dhuudhaa Oromoo, keessattuu afwalalooqan gootota

Oromoo Salaalee gootummaa faarsan irratti qorannoon gaggeeffame baay'ee hafa. Haaluma wal fakkaatuun, Desta D. (2002) waa'ee hanqina qorannoo afoola Oromoo yoo dubbatu akkas jedhu *"A number of studies have been conducted on different genres of folklore. However, as compared to other genres of folklore, the Oromo oral literature are not studied well"*. Kanaaf mata duree kana akkan qoradhu kan nakakaase tokkoffaan faaruun gootaa/gootummaa uumama naannoo(mogoroo) waliin walqabatani Badhaadha Dilgaasaa bifa garagaraan faarsaa turan adeemsa dheeraa keessa dhiibbaa garagaraan dagatamaafi jijjiiramaa jiraachudha. Inni lammaffaa faaruun gootaa uumamaa naannoo walqabatani faarfaamaa jiran uummata Salaalee biratti haalan hubatamuu dhabuudha.

Kanaafuu, qorannoon kunis kan gaggeeffamu gola/naannoo Salaaleetti Afwalaloo seenaa gootummaa Badhaadha Dilgaasaa bakkeewwan (landscape) fi uumama naannoon(environment) walqabsiisuun faarsan ergaa (message), hiika hafee (textual meaning), haala (social context) fi akeeka (implication) ilaalcha hawaasichaatiin faarsaan xiyyeeffannoo waan hinarganneef qorannoon kunis gaafilee armaan gadii deebisuu danda'a. Gaafileen karoorfamanis:

- Akka ilaalcha hawaasichaatti, goonni/gootummaan maalfaan ibsama?
- Faarsaan gootaa fi gootummaa haala akkamii (social context) fi yoomessa (setting) akkamii keesatti baha?
- Faayidaan faaru gootaa hawaasa naannichaaf qabu maal fakkaata?
- Sababootni Faaruun gootaa akka irraanfatan taasisan maalii?
- Badhaadha Dilgaasaa maal maaliin beekama?

1.3 Kaayyoo wwan Qorannichaa

Hojiin tokko hojjetamee galma yaadame bira gahuuf kaayyoo qabaachuun Murteessadha. Haaluma kanaan kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoolee gooroofi gooree qaba.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon waliigala qorannichaa Qaaccessa Afwalaloo seenaa gootummaa Badhaadha Dilgaasaa uumama naannoon (environment) walqabatee dhiyaate, ergaa (message), hiika hafee (textual meaning), haala (social context) fi akeeka (implication) ilaalcha hawaasichaatiin faarsaan xinxaludha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Akka ilaalcha hawaasichaatti, goonni/gootummaan maal akka ta'e ibsuu.
- Faaruun gooticha Badhaadhaa Dilgaasaa qabiyyee akkamii of keessaa akka qabu ibsuu.
- Naannichatti bakkeewwan seenaa (memory sites) fi gootonni seenaa naannichaa keessatti beekamaniifi yaadataman ,Yoom fi eessatti, maaliin akka yaadataman ibsuu.
- Faarsaan gootaa fi gootummaa haala hawaasummaa (social context)fi yoomessa (setting) akkamii keessatti akka bahu ykn hurruubsamu ibsuu.
- Faayidaan faaruu gootaa dhiyaatu hawaasa naannichaaf qabu maal akka ta'e ibsuu
- Sababootni Faaruun gootaa akka irraanfatan taasisan maalii?
- Badhaadha Dilgaasa eenyu akka ta'e, maal maaliin yoomiifi eessatti akka beekamu, Bara jiraate keessatti kaayyoon inni dhaabateef maal akka ture,
- Gooreewwan jiran keessaa kam faayiin akka beekamu, yoom, eessatti akka beekamu ibsuu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun yoo geggeeffame qaamolee adda addaaf akka fayyadu amanama.

Inni jalqabaa, namoota Afwalaloo seenaa gootummaafi gootota Oromoo Tuulama, keessumaa kan Badhaadhaa Dilgaasaa bakkeewwan (landscape) fi uumama (environment) walqabsiisuun, ergaa (message), hiika afee (textual meaning), haala (social context) fi akeeka (implication) ilaalcha hawaasichaatiin faarsan baruu barbaadaniif yaada ifa ta'e kennuuf, lammaffaa, maalummaa faaruu gootaa fi uummama naannoo(mogoroo) walqabsiisanii bifa garagaraan faarfamu baruu danda'u. Sadaffaa,dirree qorannoo xiinsammuu, xiinhawaasaa, aadaa, seenaa, falaasama, amantiifi kkf namoota fuula duraaf gadi fageenyaan qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a. Kana malees,hawaasichi falaasama isaa kana deebisee akka hubatuufi dagaagsuu akkasumas, akka kunuunsuuf kakaasuu ni danda'a. Dabalataan waajjiraaleen Aadaafi Tuuriizimii sadarkaa sadarkaan jiran afwalaloowwan gooticha kanaa tajaajila adda addaaf akka oolchaniif gargaaruu ni danda'a.

Gama biroon afoolatti fayyadamuun bakkeewwan seenaafi uumama naannoo irratti hawaasaa hubannoo uumuun dammaqinaan akka kunuunsaniifi eeggatan gochuuf gargaara.

Dhumarratti seenaafi afoolawwan gooticha Badhaadha Dilgaasaa adeemsa dheeraa keessa dagatamuu, jijjiiramuufi baduu waan danda'uuf galmaa'ee dhaloota dhufuuf dabarsuuf gargaara.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kana gadifageenyaan akka qoratamuufi amansiisaa taasisuuf, qorannoo kun karaa lamaan daangeffame. Daangaa iddoofi yerooti. Kunis daangaan iddoo qorannoo kanaa godina Shawaa kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullallee ganda Buuyyamaa iddoo Tokkee/Shakakkeeti. Gama birootin faaruu gootummaa Badhaadha Dilgaasaa yeroo lubbuun/qabsoorra jiru/ bara 1982 hanga 1986 / fi ergii lubbuun darbee booda hanga 2012 jiru irratti xiyyeeffate. Odeeffannoo dabalataatif aanaalee akka Dagam, Kuyyuu, Warra Jaarsoo Akkasuma Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa fi iddoowwan gola Mogoroo jedhaman bakka gootichi kun maadheffate lolaa ture hunda irraa fudhatameera. Daangeffamni qorannoo Kanaa Addatti Afwalaloo seenaa gootummaafi gootota Oromoo Tuulama, keessumaa kan Badhaadha Dilgaasaa, bakkeewwan (landscape) fi uumama (environment) wal qabsiisuun, ergaa (message), hiika afee (textual meaning), haala (social context) fi akeeka (implication) ilaalcha hawaasichaatiin faarsan kan xiinxalameedha..

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon yoo gaggeeffamu bu'aa bahii garagaraa keessa darba. Bu'aa bahiin kunis mata duree qorannoo irratti hundaa'uun addaa addummaa qabachuu mala. Kanneen keessaa dhukkuba vaayirasii kornaa(COVID-19) addunyaa gaaga'a jiruun walqabatee, biyya keenya keessattis dhukkubni kun mullachuu isaatiin mootummaan labsii muddamsuu baasuun namoonni akka wal hinqunnamne taasiseera. Sababa kanaan namoonni odeeffannoo naakennuuf ofsodaachuu isaaniti. Gama biraan humni hidhatee bosona(WBO) mootummaan wal lolu aanicha keessa maadheffatee waan jiruuf, waraanni mootummaa riphee lolaa kana adamsuuf, yeroon gara uummataatti dhiyaadhee odeeffannoo walitti qabachuuf deemetti waraana mootummaatin reebichiifi hidhaan namudachuu isaati. Dabalataan dhaabbanni barnoota itti baradhu baajata qorannoo kanaaf ramade yeroon gadi lakkisuu dhabuun haala karoorfameen qorannichi akka hinraawwanne taasiseera.

Dabalataan namoonni seenaa gooticha Badhaadha Dilgaasaa beekaniifi qabsaa'onni isa waliin turan faca'anii lafa fagoorra waan jiraataniif beellama dheeressuun nadedeebisanis obsaan ragaan barbaadu argachuu danda'eera. Darbee darbee namoonni hubannoo qorannoofi seenaa hinbeekne odeeffannoo naakennuuf kaffaltii barbaaduun namudachuu danda'eera.

Walumagalatti rakkoowwan namudattann keessaa baajataa dhuunfaa kootin kan raawwadhe yoota'u, dhukkuba COVID-19 immoo ulaagaa isaa eeguun, hidhaafi reebicha namudateef shakkiin waan ta'eef seeraan akkan bahu ta'uusaafi kanneen biroo obsaafi kutannoon keessa darbuun ragaa qorannichaaf barbaachisu hunda argachuu danda'eera.

1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shaniitti qoodamee hojjetame. Boqonaa jalqabaa keessatti: seenduubee qorannichaa, ka'uumsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindaa'ina qorannichaatu dhiyaateera. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'iinsa barruu adda addaatu jira. Kutaa kana keessatti yaadni beektoonni adda addaa mata duricha ilaalchisee waan jedhan xiinxalameera. Boqonnaa sadii jalatti immoo, qorataan malleen garagaraa qorannoo kana galmaan gahuuf filataman dhiyaateera. Boqonnaa afur immoo maalummaa gootaa, seenaa fi gootummaa Badhaadha Dilgaasaa, yaada rimee mogoroofi golasaa, yaadoolee afgaaffii, daawwannaafi marii garee irraa argaman qaaceffamaniiru.

Dhumarra cuunfaa, Argannoowwan qorannichaan bira gahameefi yaanni furmaata boqonnaa shanaffaa keessatti ibsameera.

1.8 Muuxannoo Aloolaa

Hojiin qorannoo aloolaa keessatti muuxannoon argamu qaama qorannichaa waan ta'eef, hojiiwwan qorannoo aloolaan duraa, waytii aloolaafi aloolaan booda hojjataman haala armaan gadiitin dhiyaataniiru.

A) Hojii Aloolaan Duraa

Mata dureen qorannichaa kunis muummeen erga mirkanaa'ee jalqabee wantoonni barbaachisan sakatta'a barruufi yaadrimeewwaan seenduubee qorannichaa rawwatameera. Dabalataanis, waa'ee afoola seenaa gootichaa bifawwaan, haala hawaasummaa, akeeka, hiika afee, ergaa, sababootaa akka badu taasiisaanfi yaada furmaata ilaalchisee odeeffannon kan walitti qabame yoo ta'u, kunis kallattii qorannicha kana agarsiisuu danda'a. Qorataan yaada ka'umsaa argaterra ka'uun maalummaa qorannoo aloolaa, maloota funaansa odeeffannoo qorannoo aloolaa, gaaffilee odeeffannotaaf dhiyaachuu qaban kan akkamii ta'u akka qabaniifi akkamiitti akka dhiyaatan maddaa odeeffannoorra argateera. Kanaafuu, karaa muumme barnootaa kanaan qamoolee dhimmi ilaaluuf xalayaa deeggarsaa barreesisuun, meeshaalee hojii aloolarratti odeeffannoo sassaabuf gargaaran kan akka kaameraa suura kaasuu, sagaalee warabduu, dabtara yaadannoofi kan kana fakkaatu `qopheeffachuun gara hojii aloolaatti boba'ee ture.

B) Wayitii Hojii Aloolaa `

Qorannichi Godina shawaa kaabaa aanaa Yaayyaa Gulallee guyyaa jiddugala godhachuun Amajjii 12/2012 hanga Waxabajjii 5/ 2012 A.L.H tti. Karoorsuu irraa eegalee hanga odeeffannoon argame, qaaceffamee dhiyaatutti baatii shan fudhateera. Haala kanaan manguddoota, dargaggoota,

maatii qabsaa'otaa, qabsaa'ota lubbuun jiraniifi beektota waa'ee afoola seenaa gooticha kanaa beekan irraa odeeffannoo afgaaffii, daawwannaa, marii garefi dookimantii barreeffamaa sakatta'uu xiyyeeffatan odeeffachuun funaanameera. Haala kanaan, guyyaa 17/07/2012 namoota sadii irra, guyyaa 8,10,13,14,16,17,19,20/8/2012 namoota 12 irra, guyyaa 4,13,16,17,19,20/09/2012 namoota 10 irra afgaafiin odeeffannoon walitti qabameera. Akkasuma, guyyaa 14/08/2012 daawwanna taasisuun dargaggoonni faaruu bifa dhiichisaafi shoboxee cidha irratti hurruubsan argaa dhageettin odeeffannoo suuraa-sagaleen fudhatameera. Marii gareen namootuma odeeffannoo afgaafiin kennaan keessaa maanguddoonni(dhiiraafi dhalaa) dhimmoota afgaaffii keessatti yaada ifa hintaane irratti mariin garee sadiin miseensa nama ja'a ofkeessaa qabuun guyyaa 13/09/2012 geggeeffameera. Haaluma kanaan odef-kennitoota (maanguddoota 10 qabsaa'otafi maatii Badhaadhaa 8 dargaggoota 5 beektota seenaafi afaanii 2) irraa odeeffannoo walitti qabuun danda'meera.

Walumaagalatti, odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u karaalee sakatt'a barruutiin, wixinee qorannoo qopheessuu,afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin argachuuf odeeffannoo sassaabu irraa eegalee hanga xinxaalamee xumuramutti baatii shan kan fudhate yoo ta'u, kunis baatii Amajjii hanga Waxabajji 2012 A.L.H tti jechuudha.

C) Hojii Alolaan Boodaa

Deemsa aloolaan booda hojii aloolaa sana waliin kitaabotaafi barreeffamoota biroo waliitti dhufeenya qaban dubbisuun odeeffannoo dabalataa walitti qabameera. Wayitii hojii aloolaa odeeffannoo afgaaffii, daawwannaafi marii gareerra argaman gara barreeffamaatti jijjiiruun toora tooraan qindeessuun ibsi itti kennameera.

1.9 Haala Waliigala Shawaa Kaabaa(Salaalee) fi Aanaa Yaayyaa Gullallee

1.9.1 Godina Shawaa Kaabaa-Salaalee

Biyya Itoophiyaatti Godinni Shawaa kaabaa(Salaalee) godinoota 21 bulchiinsi mootummaa naannoo Oromiyaa qabdu keessaa isa tokkodha. Godinichi aanaalee 13 fi bulchiinsa magaalaa lama kan qabuudha. Godinni Salaalee gandoota baadiyyaa 267 fi magaalota 35'n kan ijaarrameedha. Argamni godinichaa magaalaa Finfinnee kallattii kaabaatti km 112 fagaatee argama. Daangeffamni kallattii lamaan naannoo amaaraan kan daangeffamu yoota'u, isaanis kaabaafi kaaba bahaati. Kibba Bahaan immoo Godina Shawaa Bahaa, Dabalataan Kibbaan Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee, Kibba Lixaan Godina Shawaa Lixaan daangeffamee argama. Akka ragaan bulchiinsa godinichaa irraa argame ibsutti uummanni

dhibbeentaa 91 qonna midhaaniifi horii horsiisuu irratti kan bobba'eedha. Gama biroon akka ragaan Istaastiksii biyyoolessaa bara 2007 A.L.A ibsutti baay'inni uummata Godina Shawaa Kaabaa 1,431,305 yoo ta'u, yeroo ammaa kana baayyinni uummataa miliyoona 1.6 tti kan tilmaamu ta'uu ragaan bulchiinsa godinichaa irraa argame ni ibsa. Kana keessaa dhibbeentaan 92.43 amantaa kiristaanaa kan hordofan, dhibbeentaan 5.34 amantaa musliimaa hordofan dhibbeentaan 2.33 amantaa biroo kan hordofaniidha. Jiraattonni godinichaa dhibbeentaa 84.33 saba Oromoo, dhibbeentaan 14.99 saba Amaaraa, dhibbeentaan 0.68 saba biroota. Bal'inni lafa godinichaa Iskuweer kiloomeetira 8989.8(km²) dha.

Salaalee seenaa keessatti Godina Shawaa Kaabaan kan waamamu yoota'u, Salaalee kutaalee oromiyaa kanneen biroo dura mootota Absiiniyaa jalatti kufuun jaarraa tokkoof walakkaa ol teessoo halagaa jala turte. Salaalee magaalaa guddoo Oromiyaafi biyyattii kantaate Finfinnee (bara 1888-1913 mootii minilikiin hundooftee boodaa "Addis Ababaan") moggaafamtee turteef Afaanifi Funyaani. Adeemsa dheeraa kana keessa Sabni Oromoofi Amaaraa guddifachaafi fuudhaan kan walmakatee jiraachaa jiruudha. Uummanni Salaalee dhiibbaa nafxanyaan irra gahaa tureen aadaa, seenaa,duudhaa, amantaafi sirna gadaan akka badu ykn laafu ta'ee jira. Keessattuu bara mootii minilik(bulchiinsa Raas Daargee) sirna gadaa balleessuun tokkummaafi eenyummaan Oromoo akka cabu taasifamee ture.

Godinni Salaalee lageen gurguddaa gannaa bona yaa'u laga Mogorii Fi Jamaa kan qabdu yoota'u, lageen kunneenifi xixiqqaan biroo waltumsuun laga Abbayaattii kan yaa'aniidha. ka'umsi laga Mogor laga Alaltuu ka'umsi isaa inxooxoo kan ta'eefi laga Dubariidha. Haalli qilleensa godinichaa Gammoojjiin 23%, Badda Dareen 35%, Baddaan 42%dha. Hoo'insi qilleensaa waggaatti 10oc hanga 25oc yoota'u. waggaan rooba 800-1600mm argata. Godinni Salaalee olka'iinsa galoo galaanaa irraa Faana 8,143 yoota'u, harki caalu hurufa(dirree diriiraa)yoo ta'u, kan hafe buhaa ce'ii, bosonaafi hallayyaa kan huwwifameedha.

Jiruuf jireenyi uummataa Salaalee kan hundaa'e rooba waggaa fayyadamuun qonna midhaanii(Garbuu, Mishingaa, Baaqela, Atara, Xaafii fi k.k.f) fi kuduraafi muduraa(Burtukaana, paappaayyaa, maango, abukaadoo, aappilii, moosee, qullubbii fi.k.kf), ixaana omishuufi beeyladoo kanneen akka Loon, Hoolota, Ro'oota, Fardeen,Gaangotafi Harroota horsiisuun alatti kanniisa illee bal'inaan kan horsiifamuudha. Dabalataan albuudawwan akka nooraa, ashawaa, laaymistonii, silikanii, garanaayitii, cirrachafi .k.k.f tin kan badhaadhedha.

(Madda: Dookimantii Barreeffamaa Bulchiinsa Godina Shawaa Kaabaa-Salaalee)

Maqaan akka waliigalaatti hawaasni godina shawaa kaabaa ittiin beekamu Salaale. Maqaan Salaalee kun bara kam akka eegale qorannoon mirkanaa'uu baatus akka maangudoonni naannichaa jedhanitti jechi Salaalee jedhu maqaa Tulluu Salaalee giddu galeeffachuun kan mogga'eedha . Yeroo durii obboleewwan lamaan Aalleefi Illaamu jedhaman dur Aanaa Giraar Jaarsoo iddoo Tulluu Salaalee jedhamu kanaatti loon waliin tiksaa turan. Tulluun kunis bosonaan haguuggamee waan jiruuf obboleewwan maqaan isaanii olitti tuqame bosona tullichaa keessa osoo loon tiksanuu adda badan. Adeemsa walbarbaachaa kana keessa inni tokko arguu dhabnaan Tulluu kana gubbaa bahee aara aarse. Oboleessichi barbaacharra waanjiruuf muka guddaa koree aara oboleessi isaa aarsaa jiru argeen. Innis "Si ilaalee/ si argee nandhufaa" jedheen. Kanarraa ka'uun jecha Silaale jedhu gara Salaaleetti jijjiiruun Tullichis ta'ee hawaasi godina shawaa kaabaa Salaale jedhamanii waamuu eegalan.

Kanaaf Moggasni maqaa Salaalee gosa osoo hintaane maqaa Tulluu Salaalee irra argame ta'uu maanguddoonni himaniiru.

(Madd: Afgaafii Maanguddoo Ob. Hayiluu Damisee guyyaa 14/08/2012)



Suura: 1 (Tulluu Salaalee (Gaara Salaalee), Kibba Lixa Magaala Fiichetti kan argamu, Guyyaa 20/09/2012 Qoratichaan kan kaafame)


1.9.2 Hidda Dhaloota Fi Qubsuma Oromo Tuulamaa

Sabni Oromoo sanyii Kuush irraa kan dhufe yoo ta'u, karaa kaabaa, kibbaa, bahaa, lixaafi giddu-galeessa biyya Itoophiyaa keessa kan jiraatuufi uummata gaanfa Afrikaa jedhama.

Uummanni aanaa yaayyaa guullalleetis, kallatti kaaba Oromiyaatti argaman keessaa isa tokko ta'ee, sanyii Oromoo Tuulamaati. Tuulamni immoo damee sadii qaba isaanis: Daaccii, Bachoofi

Jiilleedha. Daacciinis gama isaatiin mana sadii qaba. isaanis, Galaan, Oboo, Sooddoodha. Galaan gama isaatiin balbala ja'a ofjalaa qaba. isaanis, Jidda Liibaan, Aabbuu, Ada'aa, Warra Jaarsaafi Gaadullaadha. Obos gama isaatiin balbala torba ofjalaa qaba. Isaanis, Gumbichuu, Guullallee, Oborii, Yaayyaa, Eekkaa, Diigaluufi Gamuudha. Manni Sooddotis balbala sadii ofjalatti kan hammatuudha. Isaaniis, Odiituu, Liibaaniifi Tumeedha. Yaayyaafi Gulalleen babala Oboo jalatti argama. Yaayyaan gosoota sadii ofjalaa qaba. Isaanis, Deeddee, Buuyyamaafi Sooleedha. Guulalleenis balbala gurguddoo lama(Mana Beeroofi Mana Aabbuu) ofjalaa kan qabu yoo ta'u. Tokkoon tokkoo isaanii gosoota shan shan ofjalaa qabu. Isaanis manni Beeroo gosa Raasoo, Fuullallee, Dhaayee, Sayyoo fi Arreelleedha. Manni Aabbuu immoo gosa Yooyyuu, Oliyyee, Mangullallee, Kuraabbuufi Amuumaadha.

Caasaa Latiinsa Hidda Oromoo Tuulamaa



(Madda: Kitaaba Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa fi Maanguddoo obbo Addunyaa Sane)

Walumaagalatti gosoonni Oromoo Tuulamaa Shaggar Kaabatti (Salaalee) argaman keessaa Jirruu, Abbichuu, Jiddaa, Darra, Jaarsoo, Yaayyaa, Guulallee, Oborii, Muloo, Ada'aa, Liiban, Waayyuu, Gumbichuu, Eekkaa, Meettaa, Aabbuufi Bachoodha (Taamanaa Bitimaa 1983).

1.9.3 Seenaa Hundeeffama fi Moggaasaa Aanaa Yaayyaa Gullallee

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaallame qorannoon kun Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti fuulleffachuun kan gaggeeffame yoo ta'u, Maanguddoota waabeffachuun bulchiinsi aanichaa akka ibsutti caasaan aanichaa bulchiinsa aanaa taatee kan hundoofte Bara 1936 A.L.H tti ergaa xaaliyaaniin biyya keenya gadhiisee ba'ee waggaa tokko booda ta'uu ibsa. Turtii kana keessatti bara 1980-83 Aanaa Giraar Jaarsoofi Dagam Waliin Koonyaa Salaalee jedhamee bulaa ture. Akkasuma bara 1988-1998 tti aanaa Dabra Libaanos Waliin makamee bulaa ture. Haata'u malee gaafii uummataatiin Bara 1998 ofdanda'ee buluu eegale. Dabalataan, odeeffannoon bakka qorannoo kanaa ibsu bifa armaan gadiin kan ibsameedha.

1.9.3.1. Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Isaa

Akka ragaan Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullalleerraa argame hubachiisutti,

Godina Shawaa Kaabaatti hawaasa maqaa Salaaleen waamaman keessaa hawaasni aanaa Yaayyaa Gullallee isa tokkoodha. Moggaasni Yaayyaa Gullallee jedhuus kan argame gosa Oromoo Yaayyaafi Gullallee giddugaleeffachuudhani. Aanichis maqaa Yaayyaa Gullallee jedhuun akka waammamu sababa kan ta'e uummanni gosa Yaayyaafi Gullallee babal'achuun walitti dabalamanii iddoo tokko qubachuu isaaniti. Gullalleen maatii Oboo keessaa isa tokko tahee balbala gurguddoo lama qaba isaanis mana Beeroofi Aabbuti. Tokkoon tokkoon isaanii maatii shan shan ofjalaa qabu. Isaanis manni Beeroo gosa Raasoo, Fuulallee, Dhaayee, Sayyoofi Arreelleedha. Manni Aabbuu immoo gosa Yooyyuu, Oliyyee, Mangullallee, Kuraabbuufi Amuumaadha. Yaayyaanis ilmaan hidda Oboo ta'ee (Deeddee, Buuyyamaafi Soolee) of jalaa kan qabuudha. Kanaafuu maatiin kun lameen dur irraa eegalee waliin jiraatu, ammas waliin jiraachaa jiru. Moggaasni Yaayyaa Gullallee jedhus maatii lamaan kana giddu galeeffachuun kan mogga'eedha. (*Madda: Dookimantii Barreeffama Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee Irraa argame*)

Akkaataa ragaa Bulchiinsa Aanichaa irraa argameetti, Aanaan Yaayyaa Gullallee Aanaalee 13 Godinni shawaa kaabaa qabdu keessaa ishee tokko. Magaalaan guddoon aanichaas 'Fittaaal' jedhamtee yoo waamantu, mogaasni maqaa 'Fittaaal' jedhuus maqaa dubartii yeroo durii iddoo

amma magaalattiin itti babal'ate keessa jiraachaa turterraa kan kennameefidha. Aanaan Yaayyaa Gullallee magaalaa guddoo Biyyattiifi Oromiyaa Finfinnee irraa gara kaabaatti fageenya km 116, Magaalaa Godinaa Fiichee irraa immoo gara kibbaatti fageenya km 24 irratti fagaattee argamti. Aanaa kana keessa gandoota baadiyyaa 17fi magaalaa 2, waliigala gandoota 19tu jira. Bal'inni lafa aanichaa heektaara 33,625 dha.


Kallattiin daangeffama Aanichaa:

Kaabaan –Aanaa G/Jaarsoo

Lixaan –Aanaa Dagam


Kibbaan- Go/Sho/Lixaafi Aanaa Sulultaa

Bahaan–Aanaa D/Libaanosfi Waacaaleetiin daangeffama.



Maappii 1 : Oromiyaafi Godina Shawaa Kaabaa

(Madda: Dookimantii barreeffamaa Bulchiinsa Godina Shawaa Kabaa-Salaalee irraa argame)



Maappii 2 : Aanaa Yaayyaa Gulallee

1.9.3.2. Haala Qilleensaa

Haalli Qilleensa Aanaa Yaayyaa Gullallee Baddaa 27.5%, Badda Daree 41.17% fi Gammoojjiin 31.78% yoo ta'u, Haalli hoo'insa aanichaa giddu galeessan 16c0-20c0 dha. Waggaan rooba giddu galeessan 800mm-1200mm argata.

1.9.3.3. Baay'ina Uummataa

Akka istastiksii biyyoolessa bara 1999 taasise ibsutti baay'inni uummata Aanaa Yaayyaa Gullallee dhiira35,208,dubartii 30,025 waliigala namoota 65,233 dha. Kana keessaa baay'inni uummata baadiyyaa 62,146 kan magaalaa 3,087 dha.

1.9.3.4. Haala Biyyee

Akaakuun biyyoo aanicha uwwisee jiruu Gurraachi 51%,Diimaa 21%,Cirracha 11%fi Kan biroo 17% dha.

1.9.3.5. Haala Teessuma Lafaa

Haalli teessuma lafa Aanaa Yaayyaa Gullallee hurufa 56%, bu'aa ba'ii 11%, gaarafi tabba 26%,hallayyaa 7% n haguuggamee kan argamuudha. Aanichi galoo galaanaa irraa olka'iinsa meetira 1,500-2,760 irratti argamti.

1.9.3.6. Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa

Hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullallee hawaasa yeroo gaddaas ta'ee gammachuu bifa gamtaan waldeeggaree jiraatudha. Kallattiiwwan hawaasichi ittiin waldeeggaru keessaa hojii garagaraarratti daboofi afoosha walii bahuun baay'ee beekkamaadha. Kanarraa ka'uun hawaasichi hawaasa tokkoomee jiraatu ta'uun nihubatama. Aanaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessa hordoftoota amantaa garagaraatu jiraata. Haata'u malee irra caalan hawaasa aanicha keessa jiraatanii hordoftoota amantaa Ortodoksiiti. Kanneen hafan hordoftoota amantaa waaqeffannaa, musliimaafi pirootestaantii ta'an waliin hariiroo obbolummaa uumuun haala gaariin oromummaan waliin jiraachaa kan jiraniidha.

1.9.3.7. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa

Fuudhaafi heerumni kallattii hawaasni ittiin bultii ijaaree walgargaaree jiraatuudha. Uummata aanaa Yaayyaa Gullallee birattis dhimmi kun haalan beekkamaadha. Akka aanichaatti gosoota fuudhaafi heerumaa garagaraa keessaa tokko kaadhimannaadha. Kaadhimannaan gosoota bultiin ittiin ijaarramu keessaa isa tokko ta'ee fedhii maatii mucaafi intalaa jiddugaleeffachuun kan gaggeeffamuudha. Kaadhimannaan warroommiin adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu yoo ta'u adeemsa kaadhimannaa duriifi ammaa jidduu garaagarummaan jiraachuu agarsiisa.

Yeroo akaakilefi abaabilee keenyaa san dursa warri mucaa fira ofiin mari'achuun erga warra intala irraa kadhachuu barbaadaniifi intala kadhachuu barbaadan murteessanii booda mucaan intala dhoksaan akka ilaallatu taasisu. Raawwii kana booda waraqaa barreessuun nama maatii intala kadhachuu barbaadaniitti dhiyaatutti kennuun warqaan akka warra intalaa bira gahu taasisu; warri intalaas gosaan mari'achuun yoo nidanda'ama ta'e waraqaa itti kenname of biratti hambisuun eeyyamamoo ta'uu isaanii kan murteessan yoo ta'u, yoo hinbarbaadan ta'e garuu waraqaa itti kenname osoo hintursiisin qaama itti kennetti deebisuun akka itti heerumsiisuu hinbarbaanne

mirkaneessu. Yeroo ammaa garuu kaadhimannaa gurbaafi intalli erga walii galanii booda warraan gahachuun adeemsi gaa'ila raawwachaa kan jiruudha.

Gosti fuudhaafi heerumaa inni lammaffaan cabsiidha. Cabsiin kallattii gaa'ila ittiin gaggeeffamaa tureefi yeroo ammaas darbee darbee ittiin gaggeeffamaa jiruudha. Cabsiirratti warri gurbaa karoorfachuun maanguddoo kallachaa qabachuun kan deeman yoo ta'u,warri intalaa garuu dhimmicha waan beekanii miti. Haata'u malee, safuu kallachaa qaban irraa kan ka'e intala isaaniif fedhii isaaniifi isheen ala heerumsiisu. Haalonni cabsiif haala mijataa uuman:warri intalaa, intala gurbaaf kennanii beelama cidhaa yoo qabuu didan, gurbaan intala kaadhimate cidhaan fuudhuu kan hindandeenye yoo ta'eefi intalarratti dorgommiin kan baay'atuudha.

Gosa fuudhaafi heerumaa aanichatti beekamu keessaa inni biroo Butiidha. Butiin gosa fuudhaafi heerumaa keessaa isa tokko ta'ee fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa jiddugaleeffachuun amala dirqisiisuun guuttamee kan raawwatuudha. Haalota butiif haala mijeessan keessaa gurguddoon: mucaan intala jaalatee warri akkasumas intalli heerumuu yoo didde, intala gurbaan fuudhuuf hawwaa jiru qaamni biroo yoo gidduu galuu barbaade,gurbaan bifa kaadhimannaan fuudhuuf yoo harka qallateefi warri intalaa intala kennanii guyyaa cidhaa qabuu yoo didaniidha.

Butiin gosa fuudhaafi heerumaa yoo ta'es fedhii kallattii tokkoo jechuunis fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa qofa waan giddu galeeffatuuf kan jajjabeeffamuu miti;kanuma sababeeffachuunis akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gama mootummaan buttiin akka dhaabbatuuf carraaqqii taasifamaa tureefi taasifamaa jiruun gosti fuudhaafi heerumaa kun kallattii guutumaan guututti hafuurra gahaa kan jiruudha.

Akkuma butii cabsiin fedhii kallattii tokkoo kan giddu galeeffate waan ta'eef yeroo ammaa baay'ee kan jajjabeeffamuu miti. Cabsiin butiirraa wanti adda taasisu warri intalaa safuu kallachaa kan hinsodaanne yoo ta'an intala kennuu dhiisuu danda'u.

Haalli fuudhaafi heerumni inni dhuma Waliin deemuun raawwatuudha. Waliin deemuun kallattii gaa'ila keessaa isa tokko ta'ee wal jaalachuu gurbaafi intalaa jiddugaleeffachuun yeroo ammaa gosa fuudhaafi heerumaa hundee dagaagfachaa jiruudha. Akka aanichaatti waliin deemmachuun butii dayeeffachuun raawwachaa kan jiru yoo ta'u,erga qaamni seeraa gurbaa intala fudhatee gale qabee booda intalli qaama seeratti dhiyaachuun akka fedhii ishee ta'e ibsiti;sana boodas gurbaan too'annaa jalaa kan bahu ta'a. Waliin deemmannaaf sababa guddaa ta'aa kan jiru ijoolleen lamaan osoo wal jaalatanuu maatiin akka wal fuudhan eeyyamuu diduudha.

Walumaagalatti akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gosti fuudhaafi heerumaa afur kan jiru yoo ta'u, yeroo ammaa bal'inaan hojiirra oolaa kan jiru kaadhimannaadha. Akkasuma, waliin deemunis adeemsa keessa babal'achaa dhufee jira.

(Madda: Dookimantii Barreeffama W/ Aadaafi turizimii aanaa Yaayyaa Gullallee irraa argame)

1.9.3.8. Haala Diingdee Aanichaa

Diinagdeen uummata aanichaas irra jireessan qonnaa irratti kan bu'uurefamee jiru yoo ta'u, Omisha midhaan kanneen akka: Boqqolloo, qamadii, missira, Mishingaa, Xaafii, Garbuu, Nuugii, Buna, Baaqelaa, gaayyoo, shumburaa, Ataraafi kkf yeroo omishaman, kanneen keessaa: Boqqolloo, xaafiifi mishingaan omisha bal'inaan aanaa kana keessatti naannoo gammoojjitti omishamuudha. Kana keessaa boqqoolloon jallisiin omishamuun alatti roobaanillee omishamuu danda'a. Gama biroon Qamadii, Garbuu, Baaqelaa, Atara, Gaayyoo, Missiraa, Shumburaa, Xaafiifi.k.f. naannoo baddaafi badda dareetti rooba waggaa roobuun kan omishamuudha. Gama biraan horsiisa loonii, hoolaa, re'ee, kanniisa, Kotte duudaa, lukkuufi kkfaan aanicha keessatti ni gaggeeffama. Aadaan hojii walgaargarsaa (daboo), gaddaafi gammachuu (afoosha) waliin qoodachuufi kanneen biroon aanicha keessatti haala gaariin raawwatamaa jira.

(Madda: Dookimantii barreeffamaa Waajjira Qonnaa Aanaa Jaarsoo irraa argame)

1.9.3.9. Bu'uuraalee Misoomaa

Bu'uuraalee misoomaa kanneen jedhaman Mana Barumsaa, Buufata Fayyaa, Ibsaa, Daandii, Teeleefi bishaan dhugaatii qulqulluu yoo ta'an, Aanaan yaayyaa guullallee magaalaa sadarkaasaa eeggate ta'uu baatuss magaalaa "Fittaalif Daalatti" jedhamu niqabdi. Isaanis : daandii cirraachaan uwwifame magaalaa shararoofti Fittaala Km 26, Magaalaa Fiicheefi Fittaal km 24, akkasumas, Daandii cirrachaa gannaa bona gandoota baadiyyaa magaalaa walqunnamsiisu: Fittaal-Lamii Fittaal-Y/G/Warqee, Fittaal-D/Dhuftuu, Fittaal-Shakakkee, Fittaal-A/Dheeraa, Fittaal-Daalattii, Fittaal-D/Xiggiifi k.k.f. Akkasumas, Ibsaafi bishaan dhugaatii qulqulluu gandoota muraasaafi magaalaa aanichaa keessatti tajaajila quubsa kennuu yoo baatuuyuu kan jiruudha. Dabalataanis, Tajaajila Ibsaa Gandoota Baadiyyaa 5 fi magaalaa 2 argatanii jiru. Tajaajila Bilbila moobayilii gandoonni hundi argachaa jiru. Akkasuma manneen barnootaafi buufataalee fayyaa kan qabdu yoo ta'u, Manneen barnootaa: oolmaa daa'immanii afur (2), Kutaa 1-8 (39) kutaa 9-10 lama (2) fi Qophaa'ina tokko (1), walumaagalatti Mana Barumsaa diigdamii sagal (44) qaba. Buufata fayyaa afur (4) fi Eksiteenshinii (keellaa) fayyaa kudha torba (17) qabaachuun beekamti.

(Madda: Dookimantii barreeffamaa Bulchiinsa Aanaa Yaayyaa Guullallee irraa argame)

1.9.3.10. Bakkeewwaniifi Uumama Naannoo (Memory site and Landscape)

Bakkeewwaniifi uumama Godina shawaa kaabaa(salaalee) dabalatee keessatti kanneen argaman: Holqa Boolee, holqa sagalee(abbaan lij iyyaasuu Raas mikaa'elii fi balabaatota shawaa Hayila sillaaseen hogganaman iddoo lola itti taasisaniidha), Birbissa Gosguu(darroo bakka teessoo Goshuu Gissilla), riiqicha poorchugaal(jaarraa 16ffaa nooraa, hanqaaquufi suphee irraa lammii biyya poorchugaalin kan hojjiifame) , gadaamii dabra libaanos(jaarraa 13ffaa keessa kan hojjetame), siidaa J/Taaddasaa Birruu(bara 2011 magaala fiichetti hojjetamee eebbifame), holqa Agarii Tulluu(bakka Agariin daheeffatee abbaa lafaan lolaa ture), Holqa Birruu Kennee (Abbaa Jeneraal Taaddasaa Birruu bakka dahoo godhatee waraana xaliyaaniin lolaa tre), haala Teessuma Lafaa Sulula Mogoriifi Jamaa(Goshuu Gissillaa, Hasan Wadaay, Birruu kennee, Muluu Asanuu,Agarii Tulluu,Badhaadha Dilgasaafi k.k.f gola gootonni itti qabsoo geggeessaniidha), Tulluu Salaalee(aanaa Giraar Jaarsoo keessatti kan argamu)fi.k.f. Akkasuma Aanaan Yaayyaa Gullallee keessatti Tulluu Alidheeraa, akka bosona Gaara Qacamaa, Holqa Gaara Boolloo, Odaa Abbaa Waaqayyoo, Laga Mogor, Finca'aa Jaayituu, Finca'aa Bordoddee,Qaalaa Doobbeefi Tulluu Qaawwaa, Tulluu Fittaaal (bakka Jaartiin finca'aa(burqa) Fittaaal jalaa bahu akka Xaayilaaniin hin dhugnetti, gudeelcha gaattiraan cuqqaalte cufte jedhanfaa), Iluu Dirree Ona Dajjaasmaach Wadaajoo Goobanaa, Araddaa Nagaa (Dirree waadaa) bakka dur gosti Yaayyaafi Gullalleen itti araaraa buusanifi kkf kan argamuudha.. Dabalataan lageen akka Giraar, Qacamaafi Lageen xixiqqaa hedduutu jira. Gama biroon Ardaalee Jilaa kanneen akka Abdaarii, Odaa Jilaa, odaa abbaa waaqayyoofi irreecha Malkaa Duulaa Laga Mogor irratti ji'a Fulbaanaa keessa kabajamu waggaa hedduuf adda citee ture bara 2003 uummanni aanaalee akka aanaa Yaayyaa Gullallee, Sulultaa, Waacaalee fi Ada'aa Bargaatin kabajamuu eegalee ture. Yeroo amma kana uummata kumaatamni irratti qooda fudhachuun waggaan kabajamaa jira. Haata'u malee bakkeewwan seenaafi uumama naannoo kunneen hawwata Tuurizimii akka oolchuuf beeksisuufi misoomsuun bakkeewwan kanneen irraa galiin argamee hawaasi irraa fayyadamuu hindandeenye. Kanaaf iddoowwan namtolcheefi uumamaa kanneen misoomsuufi beeksisuun diinagdee hawaasaa keessatti qooda akka qabaatu gochuudha.

(Madda: Dookimantii barreeffamaa Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullalleirraa argame)

Boqonnaa Lama

2. Sakatta'a Barruu

Kutaan kun iddoo yaadonni hayyootaa mata duree qorannoo kanaan walfakkaatan itti dhiyaataniidha. Sababni isaa sakatta'insi barruu tarkaanfii qorannoo tokkoo murteessuu keessatti qoodni inni qabu baay'ee barbaachisaa waan ta'eefidha. Yaada kana dhugoomsuuf Addunyaa B.(2010) irratti: Qorannoo tokkoof ogbarruu sakatta'uun baay'ee barbaachisaadha. Barbaachisummaan isaas, dhimmicha qorannoowwan duraan gaggeeffamaniin walqabsiisuun cimsuu, qaawwa inni duuchuuf deemuufi daangaa isaa mul'isuufi. Kana malees, ogummaawwan garagaraa kanneen qorannichaaf tumsan gabbifachuuf ogbarruu sakatta'uun barbaachisaadha.

Akka yaada hayyuu kanaatti ogbarruu sakatta'uun qorannoo gaggeeffamu cimsuufis ta'ee ragaan deeggaruun qorannichi qaama kamiyyuu biratti fudhatamummaa akka argatuuf haala mijeessa. Kanaafuu qorataan barruuwwan garagaraa kallattii garagaraa irraa funaanuun cimina qorannoo isaa murteessuu qaba.

2.1 Maalummaa Afwalaloo

Afwalaloon gosa afoola keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbuudha. Maalummaa Afwalaloo ilaalchisee David (2004) Yoo ibsu *"Oral poetry can be defined in various ways strict definition would include only poetry that is composed and transmitted with out any aid of writing"* jedha(f.2). Akka ibsa kanaatti afwalaloon haala garagaraa hiikamuu danda'a. Hiikkaa afwalaloof kennamu keessaa tokko afwalaloon dhang'i'a sagalee muuziqaa dabalachuu osoo ogummaan barreeffamaa hineegalin afaaniin darbaa kan tureedha.

Qorattoonni garaagaraa daangaa adda addaa keessatti afwalalootti hiika kennu. Afwalaloon meeshaa guddaa yaada keessa ilma namaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee, waan yaadan, waa'ee jaalalaafi jibbaa, waa'ee abjuufi abdiif fuula duraa, waa'ee uumaafi uumamaa, waa'ee bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroofi dhiphuu, dhimma hojiifi gaddaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsatanidha. Kanas Zelalem (2003) *"Oromo Oral Poetry is one of those modes of expressions, that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope thoughts, aspirations, and ideas about gods, about nature, about beauty and other many things"* jechuudhan lafa kaa'ani.

Misgaanuu (2011) “Yaadrimeen afwalaloo baay'ee walxaxaadha. Akkanumaa irra keessa yoo ilaallamu garuu, afwalaloon barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokkorraa isa itti aanutti,naannoo tokko irraa gara ollaatti kan lufuudha” (f.60). Akka yaada barreessaa kanaatti yaad-rimeen afwalaloo walxaxaa ta'us afwalaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha.

Dabalataan Fekade (2000) Afwalaloo ilaalchisee yoo ibsu, Afwalaloon dalagaan akkasumas haalli dhiyeenya isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo uummataati jechuun ibsa. Gama biraatiin afwalaloon gosa aartii yeroo durii kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, haala jiruufi jireenyaa, muudannoo isaanii haala adda addaan itti weeddisanii ykn faarsaa turan jechuun addeessa.

Geexeen (2000), Dassaalany (1989) eeruudhaan bu'aawwan afwalaloon qabu akka kanaan tarreessiti: "Eenyummaafi sadarkaa qaroominaa ibsuu, Safuufi sona hawaasa tokkoo tursuu, Hariiroo namoonni dhuunfadhaan akkasuma, Hawaasa tokko hawaasa biroo wajjin qaban agarsiisuu, biyyaafi bara afaan barreeffamaa keessatti hinbabal'atin gumgummii(mormii) hawaasichaa dhageessisuufi walitti bu'iinsa seenaa keessatti sabaafi sablamoota jidduutti raawwatan qeequufi agarsiisuuf gargaara" jedhu.

Abrahams (2006) akka jedhutti immoo afwalaloon madda odeeffannoo xiinhawaasaa isa barbaachisaa yoo ta'u, sirbichi waa'ee hawaasichaa suduudaan ibsuu baatullee dandeettii ykn humna xurree saaquufi eeruu qabaachuun ga'ee guddaa taphata. Afwalaloon jiraachuu kan danda'u ummata hin baratin kanneen leenjii idilee hin qabneefi warreen namoota barumsa ammayyaa qabanitti dhiyeenya hin qabne keessatti ta'uu ibsa. Yaaduma kana cimsuun Terseglave (1957) akka itti aanu kana jedhe, "*The authentic role of folk song is not of primary importance; much important are its functional elements in the social environments of the song, a kind of social structure of the song in all its instances of a lining context*". Kana jechuun ulaagaan ga'ee afwalaloo ittiin murteeffamu miidhagina isaa osoo hin ta'in faayidaa inni naannoo hawaasichi jiraatu keessatti akaakuu hawaasa afwalalichi xiyyeeffatuufi galumsa isaati.

Dhalli namaa Yeroo waliin hojjetuufi waliin jiraachuu jalqabee kaasee ergaasaa karaalee garagaraa dabarfataa ture, Har'as dabarfachaa jira. Karaalee kanneen keessaa tokko walaloodhaan yaada isaa ibsachuudha. Umurii ogwalaloo tilmaamuuf umurii afaanii waliin walqixa ta'a. Jalqaba osoo qaroominni dhala namaa hinjiraatiin dura wanti hunduu afaaniin darbaa ture. Ogummaan, beekumsiifi falaasamni dhala namaa hunduu dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa ture afaaniin jechuudha (Misgaanuu, 2011). Yaaduma kana cimsuun Finnegan (2005) "*A poetics often functions as an instrument of cultural legitimation and authority. In socio-cultural and political*

terms, Oromo poetry contains the most important concerns of the society. The poet and the song nation are the most powerful aspects of cultural communication and wonderfully evocative of social life”(f.208). kunis yeroo baay'ee walaloon akka meeshaa seera aadaafi aangootti tajaajila. Walaloon Oromoo Aad-hawaasaafi siyaasa waan hammatuuf faayidaa hawaasaa jiddugala godhata. Dhimma sabaa irratti walaloofi sirbi hunda caalaa humna waan qabuuf qunnamtii aadaafi jireenya hawaasummaa daran akka gaaritti cimsuu ibsa.

Afwalaloon yeroo irratti hundaa'ee dhiibbawwan siyaasaa, diinagdee, jireenya hawaasummaafi jijjiirama naannoo waliin walqabatee haala yeroo irratti yaada, qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuuf kan Oromoon yeroo garagaraa fayyadamuu irratti xiyyeeffata. Afwalaloon yeroo irraa walaba /time free/ ta'e ammoo, dhimma yeroo waliin walqabatee otoo hinta'in, yeroo kamiyyuu weeddifamuu, geeraramuufi faarfatomuu kan danda'udha.

Akkuma muuxannoorraa hubachuun danda'amutti afwalaloon afaan Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addaatiin kan badhaadhedha. Kun ammoo namoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsaan beekamoo ta'antu dhimma itti ba'a waan ta'eefi. Afwalaloon Oromoo guddina barwalaloo Oromootiif illee bu'uura waan ta'eef gumaachi isaa baay'ee guddaadha.

Afwalaloon gosoota adda addaa ofkeessaa qaba. Innis, geerrarsa, weedduu/faaruu, sirba, eebba/abaarsa, dhadannoofi kkf. Akkanuma afwalaloo kunneen birkiilee baayyee ofjalaa qabaachuu danda'a. Qabiyyee kana keessatti gosoota afwalaloo kanneen keessaa Faaruu irratti xiyyeeffata.

2.2 Amaloota Afwalaloo

Mata-duree kana jalatti amaloota afwalaloo dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu kaa'ama. Afwalaloon amaloota dhuunfaa kanneen afoolota biroorraa adda isa taasan qaba. Yaada kana dhugoomsuuf Finnega(1996) Afwalaloon tokko lubbuu horatee jiraachuu isaa dhugoom suu keessatti amaloota adda addaa kanneen akka dalaga (hurrubummaa),hirmaattotaafi jijjiirramummaa calaqqisiisa.

A. **Hurrubummaa (performance):** Hayyoonni hedduun amaloota ogafaanii keessaa hurruubummaan isa bu'uuraa akka tahe amanu. Yoo hurruubummaan hinjiru tahe, ogafaan jira jechuun hindandahamu. Haalli uumama isaas ta'e adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa'edha. Ogafaan kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubamuun jamaa fuulduratti dhiyaata. Kana jechuun ogafaan bakka jamaan hinjirretti

hinhurruubamu jechuu miti. Ogafaan suraafi ogummaan isaa haalaan kan goobanee mul'atu,kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu kan danda'u, onnee jamaas boojihuu kan danda'u kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha. Dameewwan og-afaanii keessaa irra caalaa hurruubbii giddu galeeffachuun kan dhiyaatu afwalaloodha.

Amaloota afwalaloo ta'ee adda durummaan kan caqasamu keessaa tokko hurruubsani. Dalagaa yeroo jennuu firiwwaan afwalaloo miidhagina goonfatanii afaan nama wellisuu keessaa yommuu bahu gochan walsimatani dhiyaachuu isaaniiti.Finnegan, (1970) yaada kana yeroo ibsiti: *“The significance of performance in oral literature goes beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,”* jetti. Akkuma armaa olitti tuqame afoolli dhiiga fooniifi lafee qabatee hiikaa argachuu kan danda'u dalaga irratti hundaa'ee ta'uusaati.

Kanaan walqabatee faaruun gootummaa Badhaadha Dilgaasaa ibsu illee bifa dhiichisaa, shoboxee fi geerrarsaan waan dhiyaatef hurrubsi askeessatti shoorra olaanaa qabaachuu isaa mullisa.

B. Jijjiirama (Dynamic): Jireenyi af-walaloo kan dhugoomu afaan namootaan dubbatamuun yookaan weeddifamuun waan taheef,walakkaan isaa yookaan guutummaa guututti adeemsa keessa geeddaramuu danda'a. Namni afwalaloo beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma dhiyeessuuf yaalee, akka gaafa duraatti guutummaan guutuuutti dhiyeessa jechuun hindandahamu; kaan isaa irraanfachuu yookan haata'u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluufi bifa caalatti qalbii namaa harkisuunan dhiyeessa jedhee yaaduun jijjiiruu yookan haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko tahuu waan hindandeenyeef waa itti dabaluu, yookaan waa hir'isuun hin oolu. Kuni ammoo afwalalicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha.

Jijjiiramni afwalaloo jijjiirama afoolota kanneen biroo waliin walfakkeenya qaba. Kana jechuun afwalaloos ta'ee afoolli biroo afaaniin waan daddarbaniif amalli jijjiirramummaa keessatti calaqqisa. Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan, (2012) , *"There are the cases when the performer introduces variation on older pieces of even totally new forms in terms of the detailed wording the structure or the content"*. Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokko jijjiirama afwalaloo keessatti ga'ee akka qabuudha. Jijjiiramni inni fiduu danda'uus afwalaloo sana hanga tokko yookiin guutummaan bifa, jecha sana, caasaa yookin qabiyyee jijjiiruu kan danda'u ta'uu hubachiisa.

C. Hirmaattoota (participant): Akkaataan uumama afoolaa amala gamtaa'inaa akka qabu ni hubanna. Afwalaloon tokkos yommuu dalagamu baay'inaan hirmaattota yookiin warra jalaa qaban qaba. Kan jechuun namni tokko yoo afwalaloo sana weellisu ofii isaattii qophaa ta'ee miti. Yoo ofii baasa ta'e qaamni jalaa qabu jiraachuun barbaachisaa ta'a. Qooda hirmaattonni afwalaloo keessatti qaban ilaalchisuun olaanaa Finnegan (2005) irratti, *“Further essential is the audience which is the care with written forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to convention genre and personality the artist may be receptive”* Yaada kanarraa hubachuun kan dandamu afwalaloo keessatti hirmaattonni ala taa'anii yaadan kan mul'atan osoo hintaane amala kallattiin keessatti argamuun hirmaachuu kan qabuudha. Hirmaattoonni afoolaa yeroo baay'ee gamtaan mul'atu. Dhiyaannan afoolaa yoo jalqabu dabaree dabareedhaan walharkaa fuudhanii waltajjii afoolaa miidhagsu. Fakkeenyaaf sirba dhiichisaafi shoboxee gootummaa Badhaadhaa faarsaan dhiirri dhiichisa keessatti dubartoonni immoo shoboxee keessatti hirmaannaa hoo'aa taasisuun guyyaa ayaana waggaa, bakka daboo, mana cidhaatti waljalaa qabuun irratti hurruubsaa fi yeedaloon walsimsiisuun sirbuuf hirmaatu. Kanaafuu afoolli baay'inaan hojii hirmaannaa gamtaa barbaadudha.

2.3 Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon hawaasa bashannansiisaa ergaa bal'aa afoolan dabarsuu danda'u keessaa adda dureedha. Yaada kana bal'isuuf hayyoonni afaaniis faayidaa afwalaloo irratti yaada armaan gadii kaa'aniiru. Finnegan (1996) faayidaan afwalaloon qabu walkeessa jira; walmakaadha. Kunis kan irratti hunda'uu amala, qabiyyee fi dhaamsa inni dabarsuu barbaade jiddugaleeffata jechuun faayidaa afwalaloo ibsuuf yaalti. Yaada olii ka'umsa godhachuun afwalaloon yaada bal'aafi bilchaata kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechootaa filatamoofi miidhagina qabaniin ibsachuuf kan ooludha. Akkuma damee afoola biroos duudhaa, falaasama gaddafi gammachuu, ilaalcha gootummaa, amantii saba tokko, jechootaa filatamoon haala miidhaagina qabuun nuffii tokko malee ibsuu kan danda'uu ta'uu isaatti.

Afwalaloon yeroo irratti hundaa'e dhimma siyaasaa, dinagdee, jireenya hawaasummaafi jijjiirama naannoo waliin walqabatee haala yeroo irratti yaada, qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuuf kan Oromoon yeroo garaagaraa gargaaramu irratti xiyyeeffata. Yaada kana Anderzejewski (1985:410) akka armaan gadiitti kaa'a: *“Oromo oral poets are often deeply involved in the current events of their time; they comment in their public recital and sometimes wield considerable influence over public opinion.”* Afwalaloon yeroo irraa walaba /time free/ ta'ee ammoo, dhimma yeroo waliin

walqabatee otoo hinta'in, yeroo kamiyyuu weeddifamuu, geeraramuufi faarfatomuu kan danda'udha. Kana jalatti, afwalaloon baay'ee beekamaan, weedduu jaalalaafi faaruu amantiiti. Kunis akka inni baraan hin daangeffamneefi daangaa darbee kan adeemu ta'uu kan nu hubachiisudha.

Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo biroo dhalootarraa dhalootatti kan lufu afaaniini. Yeroo daddarbu kana kan yeedaloo qabu, yeedaloosaa waliin kan hinqabnes akkuma jiruttidha. Keessumattuu kan Oromoo adda godhu, afwalaloonsaa kan yeedaloo faana lufuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, geerarsa, sirba ateetee, oduu durii yookaan sheekoo, hibboofi mammaaksaa maqaa dha'amu danda'u.

Akkuma muuxannoorraa hubachuun danda'amutti afwalaloon afaan Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addatiin kan badhaadhedha. Kun immoo namoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekumsaan beekamoo ta'antu dhimma itti ba'a waan ta'eefi. Afwalaloon Oromoo guddina barwalaloo Oromootiif wanti inni gumaachu baay'ee guddaadha.

2.4 Goorewwan Afwalaloo

Jechi afwalaloo jedhu akka waliigalaatti maqaa kenname yoo ta'es afwalaloon dameewwan adda addaatti qooddamuu mala. Qorattoonni afaaniis afwalaloof ramaddii armaan gadii kaa'u. Kana ilaalchisee Misgaanuu (2011:4) yoo ibsu, "Afwalaloon weedduu jaalalaa, sirba hojii, geerarsa, mararoo, ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu seenaa, tapha ijoollee, faaruu amantii, huruursa mucaa, faaruu gootummaa, ajjeesaa, hiibboo altokko tokkoofi k.k.f.tiin mul'achuu danda'a'. Hayyuun kun itti dabaluunis afwalaloo kanneen yeroorratti hundaa'eefi kanneen yeroorraa walaba ta'e jechuun qoqqoodee jira. Akka yaada hayyuu kanaatti qoqqoodamni afwalaloo Oromoo yoomessa giddugaleeffachuun kan murtaa'u yoo ta'u, yoomessa kanaanis afwalaloowwan yeroon daanga'aniifi yeroon hindaangofne jechuun ramaduun kan danda'amuudha. Shawaayyeefi Firreehiwot T.(1999) "Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afwalaloon isa tokko yoo ta'u, damee hedduus niqaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsaa, faaruufi sirba adda addaati" jechuun afwalaloo damee garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru. Afwalaloo haala garaagaraatiin gosa adda addaatti qoodama. Kanneen keessaa gurguddoonni:-kaayyoosaa, hurrubummaasaa, yoomessaa isaafi waloosaa irratti hunda'ee haalumaa tajaajila hawaasa kennuu irratti hunda'uun qoodama (Finnegan, 1996fi Barber, 1997).

Akkuma Barber (1997:85) jedhu gosoota afwalaloo osoo wal keessa hinxaxamiin qulqulleessinee addaan qooduuf qorannoo bal'aafi gadii fageenyaa qabu barbaachisa. Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodamuu danda'a. Barber (1997), Andirizeeksi (1985) waabeffachuun afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'aniifi kan yeroon hindaangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hindaangofne walaloo jaalala, amantaa, ateetee, yoo ta'an, afwalaloon yeroon daanga'an immoo walaloo lolaa, faaruu boo'icha, faaruu gototaa akka ta'an tarreessa. Askeessatti faaruun gootummaa Badhaadha Dilgaasatis afwalaloo yeroon daanga'an jalatti ramadamuu mullisa.

Akka waliigalaatti yaada hayyoonni afaanii kennan ka'umsa godhachuun afwalaloon damee garagaraatti qooddamuu mala. Qorataan qorannoo kanaas dameewwa afwalaloo keessaa faaruu gootaa bifagaragaraan dhiyaaturratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef kallattiin faaruu gootaa ibsuurratti Xiyyeeffachuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

2.4.1 Sirba

Jechi `sirba` jedhu kun sochii qaamaa akka ta`etti beekamuu danda'a. Haata'u malee, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomudha. Sochiin qaamaa garuu sirba otoo hintaane, maqaa ittiin beekamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama. Akka fakkeenyaattis shaggooyyee, shoboxee/ragada, dhiichisa, mirrisa, geelloo, xarree, kumkummeefi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda`ama (Fedhasaa, 2013:36). Egaa sirbi walaloo yeedaloon kan weellifamu yommuu ta`u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemudha. Kanaafuu, sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha.

Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa`uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosoonni kunniinis : sirba jaalalaa, sirba gootaa, sirba cidhaa, sirba hojiifi kan kana fakkaatan fa`a. Qoqqooddiin kunis waan inni sirbamuuf irratti bu`uruun raawwatama. Kunis, dhimma jedhamuuf sanaan walqabachuun waltajjii sirbamuun dhugooma. Kana malees, sirbooni kun yoomessa keessatti sirbamanis niqabu. Fakkeenya hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullalleetis gootummaa Badhaadha Dilgaasaa galgala bakka daboo, cidhaa, ayyaana masqalaa, ayyaana irreechaa, ayyaana cuuphaafi k.k.f irratti bifa dhiichisaafi shoboxeen yeroo sirban hedduu akka nama hawwatuufi gadhee illee onnee kan itti horu ta'uu odefkennitoota irraa mirkaneeffadheera.

2.4.2 Geerrarsa

Geerarsi afwalaloo Oromoo keessaa tokko yoota`u, bakka inni itti geeraramu baay`eedha. Lafa daboo, iddoo cidhaa, yookaan waamichaatti geeraramuu danda`a. Geerarsi sababa adda addaaf kan geeraramu yoo ta`u, dhageettii keessoosaanii, aarii, gaddaafi gammachuu qaban ittiin baafatu. Kana malees, tokko ajjeesee geerara, kaanimmoo yaalee waan milkaa`uu dhabeef aariin geerara. Tokko qabeenyasaan yoo geeraru kaanimmoo dhabe deegarratti geerara. Akkasuma roorroo/hacuuccaa isaafi uummata irra gahu walqabsiisuun booree isaa geerara. Kanaafuu, geerarsi dhimma adda addaaf geerarama. Asafaa (2004) walaloo Jaarsoo Waaqoo bu`uura godhachuun geerarsi, meeshaa Oromoonni bu`aa bahii jireenyaafi diddaa gabrummaa ibsachuuf, akkasumas booree baafachuuf dhimma itti bahamu ta`uu addeesseera. Haaluma walfakkaatuun (Addisuu, 1990:43) geerarsi Oromootaaf afwalaloo eenyummaafi biyyummaa isaanii akka ta`etti ibseera. Geerarsi miira onnummaa, gammachuu, gadda, xiiqiifi kan kana fakkataniin kan guutamedha. Namni tokko gammachuu yookaan gaddasaa geerarsaan ibsata. Akka kanaan geerarsi, gosoota adda addaatti qoodama. Kunis qabiyyeerratti hundaa`uun (geerarsa ajjeesaa, roorroo, daboo, faarfannoofi duulaa) jechuun bakka shanitti qooda (Warquufi Kaawwan, 1993:39). Fakkeenya hawaasa gola mogoroo badhaanni keessa socha'ee qabsa'aa ture biratti hedduminaan galgala bakka dabootti, guyyaa ykn galgala bakka cidhetti gootummaa badhaadhaa kaasanii yoo faarsan goota onnachiisuufi diinamoo qaanessuun yaada isaanii yeroo ibsatan minishaan gandaa ykn waraanni wayyaanee sababa kanaan nama reebuu, hidhuun akka isaan mudate maanguddoonni nihimu.

2.4.3 Weedduu

Weedduun walaloo mararoofti aariin guutamedha. Namni tokko hawaasa keessatti jaallatee dhabuu ykn argachuu danda'a; waa barbaade argachuuf gufuun itti baay'achuu danda'a. Yeroo kana aariidhaan guutamee weeddisa. Rakkoo xinsammuusaa ittiin ibsata; xiiqii keessa gales ejjennoo fudhachuuf dhaadata. Akkasuma waan barbaade bu'aa bahii keessa darbee yoo milkaa'e miira gammachuu ibsachuuf weedduu fayyadama. Miira kana hundayyuu weedduun calaqqisiisuu danda'a. Faayidaa weedduu ilaalchisee (Warquufi Kaawwan, 1993:119) yoo ibsu, "weedduun kan jaalalli qabe abidda jaalala isaa qabsiisa, hiyyummaafi gadda keessa jiru irraa addaan bahuuf, hadhawaa jireenya gadadoofi gadaantummaa keessaa ba'uufi kan kana fakkaatan kan ittiin calaqqisu" jechuun ibsa. Haala kanaan weedduun gosa adda addaatti qoodama. Isaanis: weedduu hojii, waaqaa, jaalalaa, gootummaafi kkf ta`uu danda'a. Weedduun yeroo baay`ee dhuunfaan

weeddifama. Akka aadaattis yeroo baayyee sochii qaamaa waliin hinqabatu. Dhimmi garee onnachiisu jiraannaan garuu weeddifamuu danda`a. Walumaagalatti weedduu walaloo aarii ibsuuf, tarkaanfii fudhachiisu ta`uusaafi milkaa'ina argameefis gammachuu itti dhga'ame ibsachuuf weedduu fayyadama. Kanaafuu, walaloon tokko weedduu jedhamuuf miirri onnaa'ummaa mul`isu jiraachuu qaba.

2.4.4 Eebba/Abaarsa

Aadaa Oromoo keessatti eebbiifi abaarsi hedduu beekamaadha. Hawaasichi duudhaafi aadaa of gidduutti qabu kabachiisuuf amanamummaa walii waliisaaniif qabus ittiin cimsuuf kan balleesse ittiin ifachuuf kan gaarii raawwate ittiin jajjabeessuuf eebbaafi abaarsatti fayyadama. Akka (Dirribii, 2012:69) kitaaba `Ilaalcha Oromoo` jedhu keessatti bara safuun eegamaa ture waaqeffataan, bakka dhaabbatee eebbiserra dhaabatee hinabaaru. Bakka dhaabatee kakate, irra dhaabatee Waaqaaf hinwareegu, safuudha jechuun ibsa. Kanarraa wanti hubatamu eebbiifi abaarsi iddoofi yeroo itti gaggeeffamu qabaachuu isaati. Kana malees, (Warquufi kaawwan, 1993:52) maanguddoo wabeeffachuun eebba yoo ibsu, eebba jechuun waaqa kadhachuudha. Waaqammoo yoo kadhatan marga, bishaan, hormaata, bultuma, nagaafi kan kana fakkaatan nama fida jechuun hiika itti kenneera.

Fakkeenya eebbafi abaarsa ilaalchisee maanguddoonni Aanaa Yaayyaa Gulalleetis bakka irreechaa, jaarsummaa, malkaafi tulluutti bahuun jila kam irrattuu yeroo eebbisan "mootummaa jaalannu waliin nbulchi, mootummaa fedhii keenya malee nbulchu nurraa kaasi, goota keenya mirgaa nugalchi, diina waraanan nutti dhufe qawwee isaa keessa bishaan yaa yaa'u, goonni keenya kan tokkosu hinqolle nugodhi yaawaaq" jechuun kadhatu.

2.4.5 Faaruu

Faaruu yeroo baay'ee walaloo miira mararfachuun guutamee jirudha. Namni tokko waan faarsu sana jaallatee mararfata. Wanti faarsamu sunis biyya, hiriyyaa, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa, gootaafi kan kana fakkaatan ta`uu danda`a. Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabuuf faaruun mul`isa. (Warquufi kaawwan, 1993:63) faaruu gabaabsee yoo ibsu, jajachuu yookaan mararfachuu akka ta'etti lafa kaa`a.

Qabiyyeerratti hundaa`uun faaruu waaqaa, dachee, jaalalaa, biyyaa, hiriyyaa, loonii, haadhaa, abbaafi kan kana fakkaatan jechuun gosa adda addaatti qoodamuu danda'a. Dimshaashumatti, faaruun kaawwan irraa kan itti adda ta`u, miira mararfannaan guutamee jiraachuusaati. Gareenis

ta`e, dhuunfaan faarfamuu nidanda`a. Dhimma dhiyaatuuf bu'uureffachuudhan hurruubummaa qabaata. Yoo miira gammachuu qabaate nihurruubama; yoo faaruu gaddaa ta`emmoo hinhurruubamu. Kanaafuu, sochii qaamaan walqabachuunsaa haala keessatti faarfamurratti daanga'a jechuudha.

Faaruu, weedduufi sirba yaadrimee jedhu gidduu falmiitu jira. Yaadni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan ofkeessatti qabatu fakkaata. Tarii sirba isa kaanirraa kan adda godhu yeroo baay'ee hurruubummaa qabaachuu isaati. Oromoon akkaataa itti haadhasaa, abbaasaa, lafasaa, biyyasaa, firaaf lammiisaa jedhee faarsu qaba. Haaluma kanaaf weedduuf hiika garaagaraatu jira. (Misgaanuun(2011); akka (Gemmechu, 2003:6) wabeeffatetti ,Weedduun kan safara gabaabaa ofkeessatti qabu ta'ee kan sirba garaagaraa sirbuuf gargaarudha. "*Songs is a short metrical combosition in tended for singing alyric and a ballad*" jedha. Weedduun haaluma walfakkaatuun akka inni Encyclopedia American 1959, wabeeffate ibsutti, "*A song can have one of the types, the song necessarily does not need musical combosition*" Oromoon karaa faaruu isaatiin wanti inni hin ibsanne hin jiru. Yaada kana Finnegan, "*Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public openion*" (Finnegan, 1970:270) jetti. Egaan faaruun haala yeroo irratti yaada kennuuf, dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa dadammaksuuf, akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirreessuuf gargaara. Hayyuun kun itti dabaluu faayidaa faaruu yommuu ibsitu: "*In different contexts, songs can have the effect of intensifying fanchional differences or of encouraging national unity,*" kunis Faaruus ta'e weedduun haala garaa garaa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguurratti qooda guddaa qaba.

2.4.5.1. Maalummaa Faaruu

Faaruu gosa afoolaa (ogafaan) keessaa tokko ta'ee kan uummata tokkoof iddoo olaanaa qabuudha. Sababni isaas waan hawaasa keessatti gaarii ta'e ittiin jajjabeessuuf akkasumas kanneen amala badaa qabaniin immoo gorsuuf kan fayyadanidha. Faaruun walaloo miira mararfachuun guutamee jiruudha. Namni tokko waan faarsu sana jaallatee mararfata. Wanti faarsamu sunis biyya ,hiriyyaa, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa, gootaafi kkf ta'uu danda'a. Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabuuf faaruun mul'isa. Kana ilaalchisuun Misgaanuun kitaabuma Encyclopediia Britannica (vol.4:863) kana wabeeffachuun faaruu aadaa yemmuu hiiku, "*Folk song is one of the most enduring forms of folk literature (oral literature), typically that lives in oral tradition, learned through hearing and performing that reading and*

disseminated with in families and restricted social networks" jedha. Kunis sirbi aadaa bu'uura ogfaanii kan addatti afaaniin darbu, dhaga'amuu fi gochaan maatii keessatti agarsiifamuudha.

Haaluma walfakkatuun misgaanuu (2011) Abarraafi kanneen biroo (1993) wabeeffachuun akka ibsutti, "*faaruun, sirba gaariisaa kaasani sirbuu, daboo, loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa, mararfachuufi boo'icha yeroo namni du'uu ittiin faarsaniidha*" jechuun ibsu.

Faaruu ergaa ykn wanta inni faarsuuf dhiyaaterratti hundaa'uun gosoota adda addaatti caccabsuun nidanda'ama. Kanaaf ragaa kan bahu Shawaayyee fi Fireehiwot (1999:320) irratti "*gosoota faaruu, Faaruu gootaa, faaruu loonii, faaruu fardaa, faaruu abbaa, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu ateetee, faaruu waaqaa, faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immaniifi faaruu oogdii*" jechuun gosoota faaruu tarreessanii jiru. Akka ramaddii hayyuu kanaatti faaruun ergaa faarfamuuf jedhu giddu galeeffachuun waan qoqqooddame fakkaata.

Mohammed Hassen Baxter (1996:73) waabeffachuun, yoo ibsan, "*great scholar poet who stirred the imagination and captured the love of the Oromo by means of his poems....His poems deals with secular and religious subjects; some of his secular poems deal with the beauty of the Oromo country, its people, rivers, lakes valleys, mountains and animals while others deal with Oromo suffering under Amhara colonial administration*" yaada kanarra kan hubannu barreessitoonni Oromoo Sheek Bakarii Saaphalloofi Mohammad Hassan Beekumsi walaloo inni guddaan isaa nama miiraa jaallalli oromiyaa qabe walaloon ibsata. walaloon isaatais gadifageenyaan inni guddaan kan ibsu waan guyyaan raawwannu /faaruu hojii, gootaafi faaruu amantaati/waaqaa/, eebba, ateetee/. Walaloowwan hojii keessaa miidhagina biyyaa Oromiyaa, Uummata, Lageen, Haroo, bosona, Sululoota, Tulluuwaniifi Bineensota Oromiyaan qabdu gita bittaa bulchiinsa Amaaraan miidhamuun isaa aarii keessatti uumee ture.

Fedhasaa,(2013:52-53) akka armaan gaditti ibsa; Jecha 'faaruu' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'etti beekamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane, walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurrubummaan dhugoomudha. Sochiin qaamaa garuu, maqaa ittiin beekamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama. Fakkeenyaaf , Shagooyyee, shoboxee, Dhiichisa, xarree, Mirrisa, Geelloo, Kumkummeefi kkfn fa'a kaasuu dandeenya. Egaa, sirbi walaloo yeedaloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemuudha. Kanaafuu, sirbi hurruubbii walqabata jechuudha.

Bauman, (1992:73) yoo ibsu *"song is a short poem or other set of word or set to music or meant to be sung and a brief composition written or adapted for singing"* jechuun ibsa. Yaadni kunis, sirbi walaloo gabaabduu yookiin tuuta jechootaa yookiin muuziqaan kan dhiyaatu yookiin kan faarfatamuufi barreeffama ifaa yookiin sirbamuun kan amalateeffameedha.

Faaruuun jechaafi gochaan walitti qindaa'uun kan raawwaatuudha. Yaada kana ilaalchistee, Finnegan (1970:2), Afwalaloon hiikumti isaa gocha sagantaa murtaa'e irratti jechootaan qindeessuu irratti kan hirkatu ta'ee, bakka gochaan hinjirretti hafee afwalaloon jiraachuu akka hindandeenye caqastee jirti. Kunis kan geerraru yoo jiraate kan si'eessu hin oolu; kan weellisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuu ni mala; Kan jedhuuf kan jalaa qabu kan dhaggeeffatu gidduutti quunnamtii walirraa hin cinne ni mul'ata. Wal quunnamtiin giddu isaanitti argamu immoo, hurruubummaan kan mul'tudha. Gama biraatiin sirbi jechaafi gochaan yookiin hurruubummaan kan guutamee, sagaleefi gocha walfaana qindeessuun dhiyaatuudha. Kana ilaalchisanii, Simsfi Stephens,(2005:128) yoo ibsan, *"Performance is an expressive activity that requires participations, heightens recognized our enjoyment of experiences, invites response. In order for performance to happen a setting must exist and participants (performers and audience) must be present"* jedhu. Yaadi kunis Hurruubummaan dalaga hirmaanaa barbaaduufi ergaan isaa kan hubatamu, akkasumas, muuxannoowwan argannu agarsiisuuf bifa mul'atuun qindeessinee kan ibsinuudha. Hurruubummaan raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, himaattota barbaachisa.

Misgaanuu (2011) "Faarsaa,weedduufi sirba yaad-rimee jedhu gidduu falmiitu jira.Yaanni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan ofkeessatti qabatu fakkaatuus,faaruun karaa uummanni miiraafi dhageettii,hubannoo yeroo darbee,haala yeroo ammaa dhaloota haaraa ittiin barsiisuufi dhaloota itti aanuutti ittiin dabarsaniidha"(f.70-71). Akka yaada hayyuu kanaatti faaruun riqicha miira,dhageettiifi hubannaa hawaasaa yeroo darbe ture gara ammaatti fiduuf gargaaraa tureefi gargaaraa jiruudha.

Assefa (2015) yaada kana yoo cimsu *"song is a performance of political strategy or moral response to the problem of unequal power relationships and social inequalities using almost every genre of Salale folksong, particularly,commemorative songs of mogoro, bandits."* jedha. Kunis faaruun uummata Salaaleen gochaan faarfamu tarsiimoo siyaasaa keessatti uummanni aangoo walqixummaa dhabuufi rakkoo hawaasummaaf saaxilamuun waan dabarseefi isa keessa jiru yaadatee haala uummama naannoo(mogoroo) waliin walqabsiisee sirbuun quuqqaa qabu haala ittiin baasee ibsatuudha. Yaada kanarraa kan hubannu Salaaletti faaruun gootaa uummanni

walaloon quuqqaa isaa kan ibsatu, Bu'aa muuxannoo aadaa uummataa adeemsa qabsoo taasisuu keessatti kan argame ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti faaruun aadaa Oromoo karaa uummanni barsiifata, duudhaa, amantaa, sirna waaqeffannaa, gaddaafi gammachuu ittiin ibsatuudha. Akkasumas, faaruun karaa uummanni miiraafi dhageettii, hubannaa yeroo darbee(yaadannoo), haala yeroo ammaa, dhaloota haaraa ittiin barsiisuudha.

2.4.5.2. Gooreewwan Faaruu

Faaruu ergaa ykn wanta inni faarsuuf dhiyaaterratti hundaa'uun gosoota adda addaatti caccabsuun nidanda'ama. Kanaaf ragaa kan bahu Shawaayyeefi Fireehiwot (1999:320) irratti goorowwan faaruu, "Faaruu loonii, faaruu fardaa,faaruu abbaa, warroomii, asmaarii, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu mararoo, faaruu ateetee,faaruu gootaa, faaruu dachee, faaruu waaqaa,faaruu hoofcoo,faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immaniifi faaruu oogdii" jechuun gosoota faaruu tarreessanii jiru. Akka ramaddii hayyuu kanaatti faaruun ergaa faarfamuuf giddu galeeffachuun waan qoqqooddame fakkaata.

Dirribii (2012:81) waaqa mana, ijoollee, looniifi jireenya gaarii nagaa waliin isaanii kenne galateeffataa, maaram ayyaana dubartii, looniifi deessuu faarsaa; sirbaa oolanii bulu jedha.Kanaafuu, afwalaloon bifa walalootin dhiyaatan keessaa faaruu gosa adda addaa kan akka faaruu ateetee, gootaa, waaqa, dacheefi loonii ni argamu. Dabalataanis misgaanuun (2011:62-65)tti faaruu jaalala,mararoo,faaruu gootaa,faaruu waaqaafi faaruu loonii jechuun gosa gosaan ramaduuf yaaleera. Yaada hayyoota oliirraa kan hubatamu faaruun damee adda addaa qabaachudha.

2.4.5.2.1. Faaruu Mararoo

Mararoon akaakuuwwan ogafaan Oromoo walaloon dhiyaatan keessaa isa tokko. Mararoon weedduu sirna gaa'ilaa naqaatin gaggeeffamurratti shamarreen heerumtu hiriyoota ishee wajjin waliin ta'anii weeddisaniidha. Faaruun mararoo guyyaa cidha intala heerumtuu ji'a tokko hanbisee kan eegalu yeroo ta'u hanga gaafa cidha gaa'ilaa sanaatti galgala, galgala yeroo hunda walitti fufinsaan mana warra intala heerumsiisanii biratti faarfama.

Gooreen ogafaanii kun akkuma ogafaan biroo kan itti fayyadamtoonni ogafaanichaa ittiin walbarsiisan, wal-gorsaniifi wal-qeeqan akkasumas shaakalli, amalliifi gochaan hawaasichaan jibbaman kan ittiin qeeqamaniifi akka qajeelan taasifamanidha.

Kana ilaalchisee Bukenya, (1994) yeroo ibsu: *"Each genre of oral literature has apart to play in the education of a particular society. While expressing feelings of people and playing other apeutic role the song satirizes unacceptable behavior and warns members against misdemeanor,"* jedha. Kunis tokkoon tokkoon gooreen afoolaa keessattuu hawaasa barate biratti shoora qabaachuu ibsa.

Faaruu mararoo isheen heerumtu kan ittiin soddaa arrabsitu(amaamota warra mucaa), ceephaatuufi haala gaddaafi abdi kutannaatiin sagalee laafootti fayyadamuun kan dhaamsa dhaamtudha. Faaruu mararoo calaqqee jireenya hawaasichaa haala adda addaan ibsa. Fakkeenya hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullallee guyyaa gaa'ila misirroota walfudhan faarsuun cinaatti Badhaadha Dilgaasaa gootummaa isaa yoofaarsaan " Yaa Mogor yaa Mogor lafatti Rirmaa, Badhaanni duulaf ka'ee yaa shuguxii ilmaa" jechuun sodaachaa miira isaanii ibsatu. Sababni sodaa isaanii immoo hanga bara 2010 tti mootummaan wayyaanee jirutti namoota Badhaadha faarsan kan reebuufi hidhu ta'uu isaa dargaggoonni odef-kennitoota irratti hirmaatan himaniiru.

2.4.5.2.2. Faaruu Jaalalaa

Faaruu jaalalaa namni tokko waan garaa isaatti dhaga'ame, miira keessa isaatti ukkaamamee jiru tokko, fedhii qabu, gubannaa lapheesaa keessa jiru karaa itti ofkeessaa baasee dubbachuun dhiphina jaalalaa keessaa aara itti galfatuudha. Faaruun jaalalaa irra caalaatti kan inni weeddifamu warra dhiiraatiin yoo ta'e iyyuu warri shamarraniitis yeroo isaan itti weeddisan nijira. Faaruun kun yeroo baayee soda tokko malee ija jabinaan kan weeddifamu ta'ee, kan miira jaalalaa laphee isaanii (qarreef qeerroo) keessa jiru kophaa isaaniittillee yeroo isaan itti faarfachaa oolan ni argama. Jechootni karaa weedduu jaalalaa darban yeedaloo hawwataafi hiika hedduutiin kan badhaadhedha. Kana ilaalchisee, Misgaanuun(2011), kitaabaa (Tasammaa, 2000:13) wabeeffachuun ibsetti, *"...the Oromo vocabularies and terms used in songs are not ordinary. They are so deep and are often loaded with several meanings not easy to translate"* jedha. Faaruun jaalalaa Oromoo yeroo baay'ee dhimma hojii walgargaarsaa, (daboo, jigii, kan akka haamaafi dugda walfudhachuu, yeroo ciraa ciran, lafa soqaniifi qonnaa qotan), yeroo kophummaan isaanitti dhaga'amu, yeroo umurii fuudhaaf heerumaa keessa galan, yeroo lafa gabaa dhaqanii, horii tiksanii, karaa dheeraa deeman ergaa miira isaanii keessa jiru obsa itti argachuufi aara itti galfachuuf meeshaa itti dhimma ba'amuudha. Faaruun jaalalaa marti isaanii kan mana rukutan ta'uu dhiisuu malu. Kana ilaalchisee Sumner Claude, (1996:67): *"structurally Oromo love poetry is purely metrical with an introductory line which usually serves for sound parallelism as well as*

rhythmic function. Oromo focuses more on beauty of form of poetry especially in poetry than its meaning. It may be because of this that we find frequent word sound parallelism which not may cohere with other lines in the poetry. In Oromo love poetry, the first time serve as introductory and only have aesthetic function thoughts frequently expressed by analogy in most of Oromo oral love poetry". Kunis Faaruwwan jaalalaa Oromoo irra keessi isaanii waa'ee jaalalaa haa fakkaatan malee, gadi fageenyaan gaafa ilaalaman garuu, waa'ee ilaalcha uummata Oromoo, faaasama isaa, duudhaa isaa, amantii isaa, gorsa isaa, akkaataa jireenyasaa, safuu hawaasni Oromoo waliif qabu. miidhagina uummatichaa, walitti dhufeenya shamarraniifi dhiirota gidduu jiru kan calaqqisiisudha

2.4.5.2.3. Faaruu Jajumsaa

Jajumsa/leelloo sadarkaa hawaasummaafi dhuunfaatillee ni mul'ata. Uummata sadarkaa walduraa duubummaa qabu keessatti /in hierarchical societies/ , warreen iddoo olaanaarra jiraatan namoota oggansa gaarii geggeessaniifi warra kaanirraa adda taasisuuf jajuun ni jira. Haaluma kanaan weedduun jajuu kun agarsiisu kan oggantoota Oromoofi uummatasaa wajjiniin walqabatee, akka jiru walaloon dur uummaticha keessa ture kana ragaa qabatamaan ni mirkaneessa. Faaruun jajumsaa akaakuu afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta'ee, kan uummanni Oromoo uummata Afrikaa hedduu waliin qooddatuufi qabuudha. Akka hayyuun Finnegan jettutti, akkuma uummata Oromoo namoota waa tokko hojjetanii milkoomina argatan, lolanii injifatan gidduutti beekamaa akka ta'e akkaataa armaan gadiitiin lafa keesseetti: *"It is true praise, (including self praise) also occur among non centralized peoples, particularly those who lay on the significance of personal achievement in war, or hunting such as the [Oromo] or Tuareg and also the use of praise namesis nearly universa"* (Finnegan, 1970:111).

Faaruun jajumsaa seenaa kuusee olkaa'uufi walootti dabarsuuf akka riiqicha gaarii hin sochoonetti ilaalama akkasumas namni horii baay'ee horee, kan maatii baay'ee qabuufi kan kana fakkaatan karaan inni ittiin ofhimaniidha. Faaruun jajumsaa kun akka taayitaafi aangoo argachuuttis nitajaajila. Dabalataanis hawwii nama dargaggeessa ta'ee jiru tokko raawwatuuf onnachiisni godhamu karaa weedduu jajuutin ta'a. Faaruun jajumsaa nama utuu hindu'iin jireenyatti jiruufi erga du'ees waa'eesaa waraabanii kaa'anii ittiin ibsanidha.

2.4.5.2.4. Faaruu Gaddaa(Boo'ichaa)

Hawaasa Oromoo keessa boossiftuun ogummaa yookaan leenjii qabaachuun sirna awwaalaarratti nama du'e faarsu yookiin faarsitu bal'inaan akka hinjirre hubatama. Haata'utii akkuma hawaasa

Afrikaa biroo walaloo ogummaafi faayidaa addaa ofkeessaa qaban kana yeroo gaddaa yookaan boo'ichaa ittiin walfaarfatan qabu. Walaloowwan kunis amaloota adda ta'e kan qaban yoo ta'u, namoonni akkaataa gaddi isaanitti dhagahameen kan ibsataniidha.

Maalummaa Boochisaa asefan yoo ibsu "*funeral song. In Salale, this genre is performed by men 'professional' lamenters*" (Asefa 2010:205). Namootni hiriyoota baay'ee jaallatamaa yookiin jaallatamtuu waliin dabarsan tokko yeroo du'aan ofbiraa dhaban afwalaloo ittiin gadda isaanii ibsataniidha. Keessattuu naannoo Salaaletti boochiftuun bifa geerrarsaan miilaniis ta'ee fardaan garmaamuun sochii qaamaatti dhimma bahuun gocha/seenaa nama du'ee san seenaa isaa tarreessuun faarsee boochisa. Faaruun boo'ichaa kun hawaasa Salaalee biratti hedduu beekamaafi boochiftuudhaf maallaqni kaffalameefii bakka boochiftuun jirtuu/ru barbaadamee akka du'a san bareechu taasisuun baratamaadha. Fakkeenya badhaanni ergii du'ee hawaasni gadda isaanii yoo ibsatan" Re'een dhaltee gadi baasadhaa, Lakkii gumaa kiyya baasadhaa, Jedha Badhaanni Dilgaasadhaa" jechuun ibsatu.

2.4.5.2.5. Faaruu Ateetee

Ateetee uummata Oromoo gidduutti baay'ee kan beekamu ta'ee, akkuma ogafaanota kanneen biroo dhalootaa gara dhalootatti kan darbuudha. Akka kitaaba (Dirribi D. 2012:120) keessatti ibsametti. Ateetee ayyaana dubartii jedhama. Dhimmi isaas Ateetee kana kan eebbisee naqu haadha waan taateefi. Ateetee sirna dubartoonni Oromoo waaqa ittiin kadhatan akkasumas hawwiif abdii jiruuf jireenya isaanii keessatti qaban ittiin ibsatan ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kana malees, sirni ayyaanni dubartootni ittiin kabajamaniifi ulfina ittiin argataniidha. Sirna ateetee kanas dubartii qofaatu bulfata. Kanarraa ka'uun bakka tokko tokko tokkotti ayyaana dubartii jedhamuun beekama. Dhiirri sirna kabaja ateetee kanarratti hin hirmaatiin malee waan ateeteef barbaachisu gama isaatin guutuun gumaacha isarraa barbaachisu hunda taasisa. Durboonnis ateetee kana akka hinbulfanne dubbatama. Haata'u malee, isheenis gama isheetiin meeshaalee barbaachisan haadhaaf ni dhiheessiti. Sirna facaafannaa ateeteerratti dubartootni walwaamanii waliin facaafatu. Sirna kanarratti hoolaan ni qalama. Beerran siiqqee qabatanii garee uumuun sirba keessa dubbiin waltuqaa sirbu. Sirna facaafannaa kana keessattis faarfannaan ateetee garaa garaa ni weeddifama. Sirnuma kana ilaalchisee Misgaanuun,(2011); (Jeylan, 2004:11) wabeeffachuun yoo ibsu: "*As I well know its [Atete] practice in southern Oromia now, the timing of the festival is not fixed as such. Whenever natural disasters fall, woman gather and perform the ritual. Without any fixed timing the Oromo women used to practice Atete as of*

stringing their solidarity and as a tool to counter atrocities stage against them by men" jedha. Iddoo tokko tokkotti kan akka fakkeenyaaf Shawaa bahaa, lixaafi kaabaatti ammo Ateeteen kan Facaafatamu Ji'a Waxabajjii, Adoolessa, Qaammee Ykn Masqalaatti. Yeroo ateetee itti facaafatan sadii haa ta'an malee, dubartiin tokko sirna ateetee kan kabajju yookaan kan facaafattu waggaatti si'a tokko qofaadha.

Kaayyoon isaas hormaata namaaf loonii waaqni akka qajeelchuf kadhachuuf sagantaa dubartootaan raawwatamu ta'uu agarsiisa.

2.4.5.2.6. Faaruu Waaqaa/Jeekkarsa

Aadaa uummata Oromoo keessatti walaloowwan faaruudhan ibsaman keessaa inni tokko faaruu waaqaa yookiin amantiiti. Finnegan (1970) keessatti hojii walaloo (poetic work) amantii ulaagaa sadiirratti hundoofnee adda baasuu akka dandeenyu ibsameera. Isaanis haala keessatti waaqeffatamuufi gochawwan raagamtaatiin (methical action), akkaataa ogeessonni amantii itti galateeffataniifi haala yeroo isaan ittiin hurruubanuudha. Sirboonni duudhaalee amantii Oromoo muraasnis caalmaatti waaqa (uumaaf) galata kan galchan, hojii isaanii maraaf waaqni aagi(gaarii) akka isaanif godhu kan ittiin ibsaniifi waan waaqayyo isaanif godhe hundaaf kan ittiin galata galchaniidha. Oromoon olaantummaa yookiin guddummaa waaqaa, jijjiiramuu dhaba waaqaa ,beekumsaafi muuxannoo dhala namaatii ol qabaachuu uumaa waaqaa galateeffachuu yookiin dinqisiifachuurratti kan xiyyeeffatudha. Akka Oromootti uumamni hundumtuu hojii harka waaqayyoo waan ta'aniif, ulfinasaa himu. Kanaafis, Oromoon afwalaloo dhimma jajuu uumaa ofkeessaa qaban hedduu qaba.

2.4.5.2.7. Faaruu Mootolii/Nugusaa

Mootota dhufanii darban keessatti hawaasni Oromoo gammachuufi qeeqa /komii/qabu mara karaa afwalalootin dabarsataa tureera. Hawaasni gaafa roorroon isarratti baay'atu gaafa afaansaa luugamame, gaafa mirgi uumamaan inni qabu jalaa sarbame waan jedhu qaba. Faaruun meeshaa miira dhageettii keessa namaa dubbatu waan ta'eef hawaasni waan keessa isaatti dhagahameef dhoksaattis ta'e mul'inatti waan gungumu qaba. Mootota biyya keenya hogganaa keessatti jajuufis ta'e qeequuf uummanni waan jedhe qaba. Faaruwwan kunneenis yoomiif, maaliif akka jedhamaniifi qorannoo mataa isaanii kan barbaadaniidha. Akka itti weedduu kana hawaasni jechaa tures yeroo mootummichi iddoo gadhiisudha malee hawaasni mootummaa keessa jiru hammeessuuf of qusata. Fakkeenya sirba Dhiichisa Salaalee yeroo hedduu Badhaadha Dilgaasaan

sirbamu keessaa "maazaniin falaxaa, dhageechee yaa Leencoo Lataa, Mallas Zeenawiin Markaattoo taa'ee kadhataa" jechuun sirbu. Dabalataan " Salaalee mitii darrayis mitii darroo jala dabarree, Osoo ashkareen loluu nugusa duubaan dheesse agarree" jechuun mootummaa biyya bulchu illee kan qeeqan ta'uu himu.

2.4.5.2.8. Faaruu Uruursa Daa'immanii

Maalummaa uruursaa asafaan yoo ibsu, "*Uruursa (Ushururu): cradle song or lullaby. Its content can vary from purely praising the child, the mother or siblings or close kin to political, grievance and other topical issues*". (Assefa 2010:205) Faaruun uruursa daa'immanii akkuma ogafaan kanneen biroo dhaloota dhalootatti darbaa kan dhufeedha. Afwalaloo keessaa isa tokko, daa'imni yeroo boochu faaruu kana fayyadamuun daa'imni sun boo'as akka dhiistu faarsanii sosobuudha. Akka hayyuu Misgaanuun(2011), Goldsmith (1996) wabeeffachuun ibsutti walaloon huruursaa daa'immanii faayidaa adda addaa qabu. Innis daa'imman osoo afaan dhalootaa isaanii sirriitti hin hiikatin dura sagalee laafaafi danbooba guddistootaa yookiin haadholii isaanii kan argatan yoo ta'e duudhaa(value memory) isaanii jabeeffachaa adeemu.

Kanaafuu, jechi jalqaba haadholiin yookaan guddistoonni daa'imman ittiin faarsan sammuu daa'imman ittiin faarsanii gabbisuufi itti fufiinsa afaaniitiif wabii ta'uun shoora guddaa taphata. Kun kan agarsiisu guddistoonni daa'immanii ergaan faarsan sun sammuu daa'immanii keessa bula. Ergaan kunis galtee galaa aadaa ta'aaf. Kun immoo afaanis ta'ee caasaa afaanichaa sirriitti hubachaa akka adeeman isaan gargaara. Uummanni Oromoo walaloon faaruu daa'immanii kana daa'imman sossobuun raffisuurra, haadholiin hawwii daa'imman isaaniitiif qaban kan ittiin ibsataniidha. Innis dhukkubaafi qorumsa yookiin gidiraa guddaa daa'imman isaanii quunnamuu danda'uufi waaqayyo waardiyya yookaan eegaa akka ta'uuf kan ittiin kadhatamaniidha jedhamee amanama.

2.4.5.2.9. Faaruu Warroomii(Gaa'ila)

Hawaasni kamiyyuu jireenya gaa'ilaa yookaan warroommii raawwachuuf seera duudhaafi barsiifata mataa ofii qaba. Maatii ta'uun warroommiirraa eegala. Dhiirri tokko haadha manaa meeqa, dubarri tokko abbaa manaa meeqa, adeemsa maaliin walitti dhufuu danda'u kan jedhu aadaa hawaasichaatiin murtaaha. Akka waliigalaatti dhiirri tokko dubara lama yookaan dubarri tokko dhiira lamaaf kan jedhu aadaa Oromoo hin ilaallatu. Hawaasa tokko keessatti qabeenyaafi haala irratti hundaa'ee, warroommiin bifa garaa garaatiin raawwachu dandaha. Isaan keessaa

muraasni naqata (gabbara), aseennaa, butii (yeroo ammaa kana hinjiru), cabsii, sabbat mariifi kan kana fakkaatan isaan beekamoodha. Isaan keessaa warroomiin naqataa kabaja guddaa qaba. Kana ilaalchisee Misgaanuun,(2011), Asaffaa Gammachuu (2006) wabeeffachuun yoo ibsu: “ *Marriage in Oromo culture is the responsibility of boys and girls families rather than being only that of two individuals*” jedha. Gaa'elli itti gaafatamummaa kan qabu malee, calliseetuma kan walitti dhufamu miti. Bultii ijaarrachuun Oromoo keessatti wanti iddoo guddaa qabu inni guddaan gaa'ila dura waan hinbarbaachifne hojjechuu dhiisuu yookaan durbummaa waliin gara bultii ijaarrachuutti seenuu shamarran Oromooti. Dargaggoonni Oromoo akka isaan gaa'ila isaanii dura waan hawaasi jibbu akka hin hojjenne aadaatu daangessa.

2.4.5.2.10. Faaruu Asmaarii

Faaruu asmaarii uummata Oromoo keessatti beekamaadha. walaloon karaa weedduu kanaa lufus afwalaloo keessatti ramadamuu danda'a. Asmaariin karaa weedduusaatiin gootota dirree qabsoorratti wareegaman, kan hawaasa gidduutti hojii gaarii hojjechuun iddoo guddaa qaban maqaa isaanii kaasuun faarsa. Afwalaloon kun waa'ee biyya ofiifi gootaa sabaa kaasuun dubbata. Qabiyyeen walaloo keessatti argamu hedduu ta'us qorannoo barbaada.

Waa'ee Asmaarii ilaalchisuun Fiixeen akka kanatti ibsaa: (Fiixeen, 2013) akkanatti ibsuu "Asmaariin (weeddiftuun) Oromoo bakka cidhi/ gaa'ilaa, daboofi dhangaan adda addaa jiru dhaqanii weeddisanii du'aafi jiraa faarfatanii yommuu namoota gaggaarii duraa du'an seenaa isaaniitti weeddisu. Warra gootota akka gootummaa isaaniitti, isa arjaa arjummaasaan, jajatanii isa doqna immoo doqnummaasaatin arrabsanii namoota taphachiisanii, kofalchiisaa, ofiis horii argatu" jedha.

2.5 Faaruu Gootaa

2.5.1 Maalummaa Faaruu Gootaa

Faaruu gootaa/gootummaa gosa afwalaloo aadaa keessaa tokko kan ta'ee goota jajjabeessuuf gargaarudha. Faaruu gootaa namoota garagaraan faarfamuu danda'a. Isaanis, goota dirree lolaatii gale ykn lola deemuuf hawwii qabu, namoota muuxannoo dirree lolaa qaban, dubartootaa fi shamarran ta'uu danda'u. Yaada kanarraa kan hubannu faaruu lolaa humna uummata onnachiisuu waan qabuuf akka isaan ejjennoon dhaabbatan, seerotaa fi geggeessitoota waraanaa isaaniif

amanamoo akka ta'an isaan taasisa. Akkasumas, akka isaan diina biyya isaaniirraa lolanis isaan gargaara (Summer 1996:64).

Yaada kana cimsuuf Finnegan(1996) *"Heroes are honoured because they have made a final effort in courage and endurance, and no more can be asked of them. The heroic poetry is essentially a historical narrative and has always been remarkable for its national character"*(f.4). Kana jechuun gootummaan kabajaafi cimina mullisa, sababnisaa humnaafi obsa cimaan dhiibbaa tokko malee walaloon gootummaa namaa seenessuu keessatti himuuf barbaachisaafi yaadannoo biyyoolessummaa calaqisiisa.

Yaada sirbaan yaadachuu jedhu cimsuun asafaan yoo ibsu , *Cerulli's 1922 waabeffachuun hiikaa faarsa, "tend to stress familiar forms of short verses with three to six lines which constitute series of long stanzas memorializing the different events and heroic deeds recounted about an individual hero. Thus, thematically, the focus of the Salale faarsa is less on the wider community or close kin than on the individual bandit"*(Assefa, 2010:336). Kunisfaarsaan unka gabaabaa sarara sadii hanga ja'aa kan ofkeessatti qabu yaadannoo adda addaafi goota lubbuun darbe seenaa goota dhuunfaa kaasuun faarsudha. faarsaan salaalee kan xiyyeeffatu hawaasa hedduu keessatti goota sabaa ykn fira dhiyoo ta'an nileellisu.

Faaruu gootaa ilaalchisee misgaanuu(2011) gama isaatiin yoo ibsu, "hero's songs are songs that are composed and practiced to initiate the warriors to confront their enemies. These songs can praise the known war leaders, the legendary warriors who have already passed away" jedha. Kunis faaruun gootaa loltoonni diina isaaniirratti akka moo'icha argataniif jajjabeessuuf gargaarudha. Faaruun kun geggeessitoota waraanaa beekamoo fi loltoota kana dura turan kan amma lubbuun hin jirre faarsuufis ni tajaajila.

Faaruu gootaa/gootummaa kaayyoo hedduu qabaachuu beektonni fooklorii qorannoo isaanii keessatti nibsuu. Yaada kana Gemechun, *"The aim of heroic or war song is to initiate those who are ready to come out for war, victory and to teach others not be coward"* jedha (Gemechu,2000). Kunis faaru gootaa warra lola deemuuf qophaa'aniifi injifannoon galan onnachiisuuf yommuu ta'u, warri hafan immoo akka lugna hin taane barsiisuudha. Faaru kun amala dubbii miira dadammaqsu, kan salphaatti qalbii namootaa harkisu qaba. Yaada kana Sumner (1996) yeroo ibsu, *"Before the war, an encouragement to the leader or to the warrior to go and flight an encouragement which is intensified on the battle field; after the war, praise for the victorious*

leader or warrior,” jedha. Kunis faaruun gootaa lola dura geggeessaan waraanaa ykn loltoonni deemanii akka lolaniifi yommuu waraanaa cimaniif akka lolaniif jajjabeessuuf gargaara. Waraana booda immoo hoogganaa waraanaa ykn loltuu diina isaa moo'ate faarsuuf tajaajila.

2.5.1.1. Faaruu Gootaa Bifa Sirbaan

Sirbi gootaa gosoota sirbaa/ faaruu keessa tokko ta'ee, gootummaa ibsuuf kan taajajiluudha.. Sirba gootaa kana dhiirota qofaa osoo hintaane dubartoonnis ni sirbu. Kunis kan ta'u keesummaa yeroo ajjeesaan adamoorratti milkaa'ee galee ayyaneffatu dhiirriifi dubartiin waliin ta'uudhaan sirbaniif goota ajjeese gale kana faarsu. Faaruu yookiin sirbi dhaadannaa osoo hintaane goota ajjeese sana kan faarsudha.

Fedhasaa,(2013:52-53) akka armaan gaditti ibsa; Jecha '*sirba*' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'etti beekamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane, walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurrubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu, maqaa ittiin beekamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama. Fakkeenyaaf , shagooyyee, dhiichisa, xarree, shoboxee, mirrisa, geelloo, kumkummeefi k.k.f faa kaasuu dandeenya. Egaa, sirbi walaloo yeedaloon wallifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemuudha. Kanaafuu, sirbi hurruubbii walqabata jechuudha.

A) Sirba Dhiichisaan

Faaruun sirba dhiichisaa yeroo gammachuu garagaraa kanneen cidha, irreecha, kabaja ayyaana masqalaafi sirna gadaafi k.k.f irratti dhiirotaan kan dhiichifamu tahee, dhiichisa keessatti hirmaachuuf umuriin daangessuu baatus irra caalatti dargaggoota onnee gootummaan guutamaniin dhiyaata. Innis shimala ykn ulee qabachuun geengoo uumuun nama tokkoon lamaan yeedaloo isaa eeganii waloon sagalee tokkoon sirbichi nibaaafama/ buufama kanneen hafan sagalee tokkoon jalaa qabuun qaamaan walsimsiisuun yeedaloon sagaleen dhiyaatuufi sochiin qaamaa walsimatee akka deemutti ol utaalun gadi deebi'uu miila lamaan dabareen lafa rukutuun gamtaan socha'u. Baayyinni hirmattoota dhiichisaa bal'ina iddoo itti sirbaniifi lakkoofsa hirmaatu malee baayyinni hangana tahuu qaba jedhamee wanti daangeffamu hinjiru. hunduu gamtaan itti hirmaata. Sirbi dhiichisaa salaaletti wanti adda godhu dubartoonnillee waliibuusun dhiichisaan sirbuu danda'uu isaaniti.

Assefa (2010:205) Dhiichisa/Ragada: "*Men hold sticks and sing songs of various contents and genres and dance in circle. In this genre the contents of the songs include heroic and*

commemorative, historical, and love songs, which have no exclusive genres and specific context. In any non-religious context, where dhiichisa is (or is not) performed, those songs are sung" Jedhu. Kunis dhiironni geengoo uumuun shima qabachuun inni tokko yoobuusu kanneen biroo jalaa qabuun sirbama. qabiyyeen sirbichaas gootummaa, yaadannoo, seenaafi sirba jaalalaa ta'uu danda'a.

Dabalataan, Simsfi Stephens,(2005:128) yoo ibsan, "Performance is an expressive activity that requires participations, heightens recognized our enjoyment of experiences, invites response. Inorder for aperformance to "happen" a setting must exist and participants (performers and audience) must be present" jedhu. Hurruubummaan dalaga hirmaanaa barbaaduufi ergaan isaa kan hubatamu, akkasumas, muuxannoowwan argannu agarsiisuuf bifa mul'atuun qindeessinee kan ibsinuudha. Hurruubummaan raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, himattoota barbaachisa.

Gama biroon hayyuun asafaan dhiichisa ilaalchisee yoo ibsu, "*Romantic folkdances are performed by unmarried young men and women though married men participate in dhiichisa; this can vary from place to place. During a dhiichisa performance, young men dance in a circle and play-act with their shimala, or sticks, feigning a strike or a sudden blow in the head*"(Assefa, 2010). Kunis dargaggoonni hinfuuneefi shamarran hin heerumneen haala bareeda ta'een sochii qaamaan agarsiisuudha. Garuu dhiironni fuudhanillee bakka itti hirmaatan nijira. Yeroo sochiin dhiichisaa taasifamu dargaggoonni geengoo uumuun shimala fayyadamuun dhiichisaa, takkaa ulee mataa irratti walitti rukutuun walsi'eessanii caalatti bareechuu danda'u.

B) Sirba Shoboxeen/Ragadaan

Faaruu sirba shoboxee yeroo gammachuu kanneen akka cidha, ayyaana waggaa masqalaa, cuuphaa, faasikaa, irreechaafi .k.k.f irratti gamtaan geengoo uumanii sirba sagaleefi sochii qaamaan walsimsiisanii kan sirbamuudha. Daqiiqaa muraasaaf sirba buufata walaloo tokko ergii jedhanii jidduun miira sirba jedhanii san gochaan agarsiisuuf miila lamaan dabareen lafaa fuudhuun gadi deebisanii lafa dhiitu ykn rukutuun hiriyaa dhiiraa ykn durbaa kallattii fuundura walii jiranutti tokko tokkoon ykn gamtaan walitti sirbaniidha. yeroo miilaan ragadan afaaniin immoo sagaleen hiika hinqabne birsaga qofa qabu(bis...bis...ykn bish...bish...) jechuun walitti ragaduun goota faarsu. Qabiyyeen faaruu maqaa gootaafi uumama naannoo walsimsiisuun iddoowwan Badhaanni keessa socha'ee diina irratti injifate, ykn daheeffatee keessa jiraatu ibsatu. Faarsuun bakka cidhaa(galgalafi guyyaa), bakka daboo galagala, guyyaa ayyaanaa adda addaa sirbamu ibsa. (*Madda: afgaaii Darg.Urgeessaa Ballamii 13/9/2012*)

Faaruu shoboxee akkuma dhiichisaa jechaafi gochaan walitti qindaa'uun kan raawwaatuudha. Yaada kana ilaalchistee, Finnegan (1970:2), Afwalaloon hiikumti isaa gocha sagantaa murtaa'e irratti jechootaan qindeessuu irratti kan hirkatu ta'ee, bakka gochaan hinjirretti hafee afwalaloon jiraachuu akka hindandeenye caqastee jirti. Kunis kan geeraru yoo jiraate kan si'eessu hin oolu; kan weellisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuu ni mala; Kan jedhuuf kan jalaa qabu kan dhaggeeffatu gidduutti quunnamtii walirraa hin cinne ni mul'ata. Walquunnamtiin giddu isaanitti argamu immoo, hurruubummaan kan mul'tuudha. Gama biraatiin sirbi jechaafi gochaan yookiin hurruubummaan kan guutamee, sagaleefi gocha walfaana qindeessuun dhiyaatuudha. Hayyuun asafaa hiika Shoboxee yoo ibsu, "*Boys and girls line up facing each other and perform, i.e. sing and dance love songs and songs of social critique and resistance*" jedhu (Assefa,2010:205

2.5.1.2. Faaruu Gootaa Bifa Geerrarsaan

Geerarsi faaruu aadaa Oromoo keessaa isa tokko ta'ee gaddaafi gammachuu ittiin ibsachuuf kan tajaajiluudha. Geerarsi dhimmoota akka roorroo, gootummaa, gadda, dhaadannaafi kanneen kana fakkaatan ibsachuuf kan hawaasni Oromoo itti fayyadamudha. Akka aadaa oromooti "reettin areeda hin addattuu; dubartiin hingeerrartu" yaajedhamu malee, dubartoonni Salaalee akkuma dhiirotaa sababoota abbaan manaa yoo jalaa du'e, irraa duula deeme, yoo jalaa dhukkubsate, darbees geerrarsa beeknaan booree qofa osoo hintaane gammachuufillee geerrarsaan baasanii ibsachuu akka dandeechutu mullata. Akkasuma sirbaan quuqqaa qaban ibsachuus ta'ee, goota sabaa faarsuu akka danda'an dubartoota kutaalee Oromiyaa kanneen biroo irraa adda godha.

Asafaan, (2004:84-85) Yaada kanaan walqabsiisuun (Cerulli, 1922, Baxter 1986, Sumner 1997), Wabeeffachuun akkana jedha. "*Geerarsa as a genre is usually identified as a collective noun encompassing the Oromo oral Poetry of hunting, war and historical and political events*". Yaadni waliigala kun kan ibsu geerrarsi maqaa waliinii afwalaloowwan dhimmoota akka adamoo, lolaa, seenaafi siyaasaa ta'uusaati. Geerrarsi dhimma tokko qofa osoo hin taanee dhimmaa bal'aa kan of keessatti hammatu ta'uu isaa yaada gabaabaatiin lafa ka'a. Geerrarsi dhimmoota garagaraa kan ibsan haalawwan gara garaarratti geeraramuudhaani. Kana jechuun haalliifi yeroon itti geerarsi geeraramu qabiyyee geerarsichaa kan murteessu ta'a. Haala kanaan geerarsi adamoo kan geeraramu yeroo hadamoorrattii milkaa'amee, kabajni ayyaana milkaa'ina kanaa gaggeeffamu ta'uu mala.

Gama biraatiin geerarsi maqaa waliinii afwalaloo Oromoo akka ta'e (Addisuu, 1990:68) ni ibsa. Kana jechuun geerarsi walaaloo aadaa Oromoo hunda ofkeessatti akka hammatu yookiin ibsaa danda'a jechuudha. Beektonni gara garaa afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'ee (kan aadaa)fi walaba (kan jabanaa) jechuun bakka lamatti qoodu. Haaluma kanaan geerarsis qabiyyeefi haala jireenya dhugaarratti hundaa'udhaan geerarsa yeroo ammaa (jabanaa)fi kan aadaa (kan yeroo durii) jechuun qooduun ni danda'ama.

Asafa, (2004:86). Geerarsa aadaa (bara durii) kan yeroo durii keessa geeraramaniifi walaloon isaanii haala yeroo sanaa waliin walfakkaatan ta'anii yeroo keessa turan sanaaf ammayyummaa qaban jechuudha. Geerarsa jabanaa (contemporary) kan jedhamanimmoo haala yeroo dhihoo keessa jiruun walfakkaatee kan geerame jechuudha. Dur isa fagoorra kan as dhihaatu jechuudha.

(Asafa, 2004:86) geerarsa aadaa (traditional) akka armaan gadiitti qoqqooda.

1. Geerarsa lolaa "historical song" (Cerulli, 1922:100); (Sumner, 1997:39). Gosti geerarsaa kun yeroo ammaa geerarsa walaba (tradition) jedhamuyyuu yeroo duraanii daanga'aa "contemporary" jedhamuun beekamaas tureera

2. Geerarsa adamoo (hunting Songs),

a) Leenca, gafarsa, arbafi diina ajjeesuutiin milkaa'uu ibsu.

b) Ajjeechaa bineensota kanaaf milkaa'uu dhabuullee ni ibsa c) Warreen sababoota gara garaatiin ajjeesuurraa of qusatanillee ni kakaasaa

3. Geerarsa jireenyaaf milkaa'uufi milkaa'uu dhabuu.

Asafaa, 2004:86) Cookni jalqaba geerarsarratti cookamu geeraraa kakaasuuf, kan gidduu geerarsatti ta'ummoo akka geeraraan afuura fudhatuuf; walaloo geerarsa yaadatuufi yoo dhuma geerarsarratti ta'emmoo dabaree geeraraa biraadhaaf kennuufidha.

Gama biraatiin geerarsi yeroo geeraramu namoonni biroon (daawwattoonni) isa geeraru jalaa qabu. Kunis cooka jedhama Cookni kunis akka geeraraan itti dabalee geeraru jajjabeessuufi geeraraa jajuuniif kan walaleessamuudha. Yaada kanas (Fiixee,2013:214) akkasitti ibsu, "Cookuu jechuun namicha geeraru sanaaf miira kennuufi yookaan geerarsa namichaa gabbisuu jechuudha Kunis akka namtichi geeraru sun yaadasaa akka naanneffatuufi afuura fudhatu taasisuuf gargaara. Sidhaggeeffachaa jirra isa hafe itti dabali yookiin qari jechuudha Akkaataan ittiin cookamus gosa

geerarsa geeraramuu waliin walqabachuun garaarummaa akka agarsiisu namni kun ni ibsa Akkasumas cookni kan cookamu dhaggeeffatoonni yookiin hirmaattonni akka geeraraa duuka bu'aa jiran ibsudhaafi.

Walaloon afaan bifa miidhagaafi ifa ta'een kan fayyadamu yoo ta'uu walaloon geerarsaammoo walaloo kamiyyuu caalaa afaan bifa sirrii ta'een akka fayyadamu hayyoonni tokko tokko ni ibsu(Addisuu, 1990:74). Geerarsi dhimmoota geeraramuu irratti hudaa'uudhaan bakkawwan gara garaatti qoodamu.

Kanas kitaabni (Fedhasaa,2013:50) dhimmoota geeraramuufirratti hudaa'uun geerarsa kan ajjeesaa, kan komee, kan mormii, kan cabsituu, kan milkaa'uu dhabuu, kan raajii, geerarsa akeekkachiisaa, geerarsa ciigoo, geerarsa jajuu, geerarsa faaruu, geerarsa ilma xinnaa, geerarsa nama hidhamee, geerarsa bara himuu, geerarsa xiiqii ibsu, geerarsa shakkiifi geerarsa gaabbii jechuudhaan bakka kudha jahatti qooda

Yaadni armaan olii kun geerarsi dhimmoota gara garaarratti akka geeraramuufi dhimmoota geeraramuufirratti hundaa'uun qoqqooddii gara garaa qabaachuu akka danda'u nama hubachiisa Qooddiwwan geerarsaa kanneen keessaas geerarsi ajjeesaa isa tokko. Geerarsa ajjeesaa jechuun geerarsa nama ajjeese faarsuufi kan hinajjeesiin kakaasuufi dabeessa arrabsuun geeraramudha.

2.5.2 Faayidaa Faaruu

Dhalli namaa miira xiinsammuutiin socho'a. Dhimma keessa isaatii iyyuu kan karaa tokkoonis ta'ee karaa biroon fedhiinsaa akka guutamuuf barbaada. Dhimmootin hawwiifi miira dhala nama agarsiisan kun karaa walalootiin ifa bu'u. Kun ammoo wantootni faayidaa qabeeyyiin dhala namaa faana walqabatan marti, eenyummaasaa illee dabalatee faarsaa waloo uummatichaa faana hidhata guddaa qabaachuu beektonni ni eeru. Faayidaa Faaruu ilaalchisee Warquufi Kaawwan (1993) yoo ibsu, "faaruun kan jaalalli qabe abdi jaalalaa isa qabsiisa, Hiyyummaafi gadda keessa jirurraa addaan bahuuf, hadhaawaa jireenya gadadoofi gadaantummaa keessaa bahuufi kkf kan ittiin calaqqisiisu" jechuun ibsa(f.119).

Dabalees, warquun faayidaa faaruu yoo ibsu, guyyaadhaa gara guyyaatti dhala namaatti waa hedduutu dhaga'amaa oola. Gaddas ta'ee gammachuu qeequufis ta'ee ceepha'uuf wanti karaa faaruun darbu salphaa miti. Ilmi nama dhimmoota adda addaarratti haala itti fufiinsa qabuun yaada. Waan kana taheefis isa kana faaruutti fayyadamuun waan itti dhagahameefi amantaa isaa, aariifi gammachuu, dhiphinaafi soda qabu karaa faaruu isaatiin ibsatu. Faaruun kara walalootiin darbuu haqa uummataa gidduu jiru tokko ifa baasuuf akka meeshaa olaanaatti gargaara. Haqni

kunis, waa'ee aadaa, seenaa, duudhaa, dhuftee eenyummaa, dinagdee, malaammaltummaafi siyaasarratti xiyyeeffachuu danda'a.

Kana ilaalchisuun hayyuun Finnegan (2005) observes, “*Songs contributes to social cohesion and thereby increases the effectiveness of group action. Work and war songs, lullabies, and national anthems have bound together families, groups, or whole nations. music may provide a means to reduce social stress and temper aggression in others*” jedha. Yaadi kunis sirbi hariiroo hawaasummaafi garee hawaasaa cimsuu keessatti shoora olaanaa qaba. Sirbi hojiif waraanaa, faaruun biyyaa maatii/garee ykn biyya walitti hidhuun tokkoomsuu danda'a. Muuziqaan sodaa hawaasaa hir'isuun qaama biroo irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Fakkeenyaaf sirnoota bulchiinsaa mootummaa darbanii keessa seenaan, aadaan amantiinfi afaan saba Oromoos ta'e, saboota biroo maal akka fakkaataa tureefi fakkaataa jiru ifa godhee kaa'a.

Afwalaloon miira laphee namaa keessa jiru walaloon dhangalaasee baasa. Kanaafuu, faaruun waan fuulleetti mul'ataniin duuba jiruu akka hubannu nu taasiisa. Kunis yeroo baay'ee kan taasifamu jechoota dubbii qoolaa(figurative speech) fayyadamuuni. Faaruun aadaafi safuu hawaasa tokkoo miidhagsee hawaasa biroof ibsuuf yookaan dabarsuuf humna qaba.

Yaada kana Finnegan, “*Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propoganda, and to reflect and mould public opinion,*” (Finnegan, 1970: 270) jetti.

Faaruun dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa dadammaqsuuf, akkasumas, ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirreessuuf gargaara. Hayyuun Finnegan itti dabaluuun faayidaa faaru yommuu ibsitu “*In different contexts, songs can have the effect of intensifying factional differences or of encouraging national unity*” (Finnegan, 1970:297) jetti. Faaruus ta'ee weedduun haala garaagaraa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguurratti qooda guddaa qaba.

Misgaanuun (2011) Ergaan faaru keessa jiru dhaggeeffataa yookaan dubbisaa keessa bifa miidhagina qabuun seena. Faaruun raawwiiwwan seenaa, gochaalee hawaasaa tokko keessatti raawwatamaa turan bifa walalootiin kan ibsamaa turan kan bakka bu'u argisiisa. Isaan kunneenis bifa sirbaan, faaru,geerarsaafi kan kana fakkaataniin raawwii seenaa ibsu. Eenyummaan saba tokkoo maal keessa akka jiruufi maal keessa akka darbe, aadaan,afaan, amantiin, diinagdeen, siyaasni hawaasa tokkoo akkamitti gaggeeffamaa akka ture kan barsiisuudha. Gootummaa hawaasni karaa waraanaa, sabboonummaa, meeshaalee hawaasaa tokkoo gama aadaatiinis ta'ee gama birootiin tajaajilama ture maal akka fakkaatus nicalaqqisiisa. Kana malees faaruun

tokkummaafi walitti dhufeenyi hawaaasni tokko qabaachaa ture dhaloota itti aanutti dabarsuuf, hakuuccaafi cunqursaa sabni tokko keessa ture ibsuuf mul'isa(f.71-73).

2.6 Maalummaa Seenaa Jireenyaa

Seenaa jireenyaa ilaalchisee kitaabolee adda addaa keessatti yaanni hedduu kennamee jira. Kanuma wajjiin walqabatee akkaataa seenaan jireenyaa itti eegale, Cambridge Encyclopedia (1971:147) yoo ibsu: Seenaan jireenyaa seenessa seenaa namati. Bifti isaa kan sirrati jaarra 17ffaa booda. Bara duriifi giddugaleessa keessa seenaan jireenyaa kan barreeffamu seenaa mootii, goototaafi abba amantii ta'an irratti ta'ee, seenaa nama dhuunfaas hanga tokko kan ofkeessatti hammate ture. Haala kanaan seenaa jireenyaa Booswaal guddicha bara 1791 Doktor Joonsan barreesse keessatti seenaan jireenya nama kamiyyuu barreeffama gatii qabu ta'uu ibseera, Jaarraa 20ffaa tti immoo Teeppii, Raadiyoo, Fiilmiifi Televiziyoonaan warabamee argamuun danda'ameera.

Yaada armaan olii keessatti kan tuqame seenaan jireenya yoom akka eegaleefi eenyuuf akka barreeffama ture kan mul'isuudha. Bara kana immoo bifa akkamii akka qabate, Geetaachoon (2004:40) maalumma seenaa jireenyuaa yoo ibsu akkas jedha: *“Seenaa jireenyaa kan jedhamu seenaa mataa ofii, seenaa nama biraa, seenaa wantootaa kan akka warshaa, mana baruumsaa, waldaaafi w.k.f akkamiin jalqabamee haala akkamiin adeemee ammas haala maal irra akka jiru kan ittiin ibsamuudha”* jedha.

2.6.1 Faayidaa Seenaa Jireenyaa

Waa'ee faayidaa seenaa jireenyaa ilaalchisee hayyoonni kallattii adda addaatiin yaada isaanii lafa kaa'aniiru. Haaluma kanaan Leon Edel (1959:7-8), faayidaa seenaa jireenyaa ilaalchisee akkas jedhe ture. Namoonni baay'een seenaan jireenyaa faayidaa namichaafi kennu irra kan darbe odeeffannoo dabalataa kan kennu itti hinfakkaatu. Kun garuu soba. Seenaan jireenyaa bu'aa bayii seenaa abbaa seenichaa cinaatti waa'ee bara sanaa odeeffannoo cimaa dabarsuu danda'a.

Keessattuu abbaan seenaa sun dhimmoota siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee biyya tokkoo keessatti yoo hirmaanna guddaa qabaate, waa'ee bara keessa jiraatee sana beekumsa hedduu kennuu danda'a. Kanaafis, kan seenaa jireenyaa qo'annaa seenaa keessatti iddoo olaanaan kennamuuf jedha

Haaluma walfakaatuun faayidaa seenaa jireenya The New Encyclopedia (1971:222) yoo ibsu akkas jedha: barruun seenaa jireenyaa gosa barreeffam waa'ee hawaasaafi dhaabbata tokkoo

hubachuuf kan nu gargaaruudha. Akka yaada armaan olii irraa hubatamuutti seenaan jireenya nama tokkoo seenaa biyya tokkoo qo'achuu keessatti gahee olaanaa akka qabufi faayidaa nama hundaafi akka qabuudha. Akkasumas, kallattii waa'ee seenaa hawaasaafi dhaabbata tokkoo haala calqabaa kaasee maal akka fakkaatu agarsiisuu keessatti faayidaa akka qabuudha.

Walumaaglatti seenaan jireenya nama tokkoof katabame faayidaa abbaa seenichaaf kennu bira darbee qo'annoo hawaasaafi ta'eewwan bara sanaa beekuuf gahee olaanaa qabaachuu isaa yaada armaan olii kana irraa nihubanna.

2.6.2 Akkaataa Seenaan Jireenyaa Itti barraa'u

Seenaan jireenyaa namaa yeroo kamiyyuu yoo barreeffamu waan dhugaafi qabatamaa ta'e irratti ta'uu qaba. Sababni isaa seenaan jireenya nama sanaa fakkaattii jabana keessa jiraate sana waan ta'eef ciminaafi hanqinas haalan agarsiisuu qaba. Kana ilaalchisee Leon Edel (1959), akkanatti ibsa: Seenaan jireenyaa hunduu wanti isaan qooddatan tokko nijira. Kunis xiyyeeffannoon isaanii seenaa dhugaafi mudannoo irratti kan hundaa'e ta'uu isaati. Namni seenaa jireenyaa nama biroo barreessu tokkoo seenaa keessatti hinhirmaatu jedhamee hinyaadamu.

Haata'u malee waa'ee abbaa seenaa sanaa, haala jireenya isaa waliigalaa, ilaalchaafi waa'ee wanta dhiyeesse sanaa osoo hinmormiin yookiin hindeeggariin wantuma jiru haala sammuun namaa fudhachuu danda'uun dhiyeessuudha. Qopheessaan seenaa jireenyaa tokko dhugaawwan walgadhiisan yoo walitti qabu sibiila hinbaqne fudhachuun gara warqii nama beekamaatti geeddarama. Jijjiiramni kun garuu walnyaatinsi keemikaalaa kamuu osoo itti hindabalamiin haala nama gammachiisuun kan dalagamuudha. Yaada kanarraa kan hubannu seenaan jireenyaa kan barreeffamu osoo garamalee hinmi'eessin, hojiin uumee itti hindabalamiin, kan tureefi jiru qofa jechaan qindeessun miidhagsanii dhiyeessuu akka ta'eedha. Seenaan Badhaadha Dilgaasas tooftaa seenaafi muudannoo isaa ykn gootummaa inni hawaasa keessatti agarsiise karaa qinda'aa ta'een kan barraa'edha.

2.7 Yaaxinoota Qorannoo Afoolaafi Xinqeenyaa(Oral literature and Ecology)

Mata-dureen qorannoo tokkoo fokilooriin kan walqabatu yoo ta'e kutaa sakatta'a barruu qorannichaa jalatti qabxii dagatamuu hinqabne. Yaaxinaalee fookiloorii ilaalchisee Addunyaan (2014:58) hayyuu Zoltan (2005:255) wabeeffachuun, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu'ureffateedha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti gaheen yaaxina qorannoo kaa'uu qorannichi maal irratti daanga'ee gaggeeffamaa akka jiru agarsiisuudha. Yaaxinnii fokiloorii

garagaraa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu'uureffamaniiru. Yaada Kana dhugoomsuuf Hayyuun Dorson (1972), Estok (2009), Campbell, (2010)fi Gregory Bateson (1984) xinxala adda addaa lafa kaa'u. Yaaxinoonni qorannoo fokilooriifi xinqeenya(Ecology) ittiin gaggeeffame kunis Contextual theory, Ecocritismfi Ecoepoetry theory dha.

Yaaxinoonni hunduu kalattii isaaniin qo'annoon fokiloorii dhimma siyaasaan bu'uura godhachuun haala ykn yoomessa keessatti raawwatu bu`uura godhachuu qaba. Akkasuma, dhiibbaa uumama naannoo fi walaloon uummama naannoo faarsuu yaada jedhu lafa ka'a. Haaluma kanaan mata-dureen qorannoo kanaas afwalaloo hawaasaa keessaa faaruu gootummaa Badhaadha Dilgaasaa irratti xiyyeeffatu bifa garagaraan dhiyaatu qorachuuf waan ta'eef yaaxxinaalee qorannoo fookiloorii keessaa kallattiin hidhata kan qaban yaaxina haalaa/yoomessaa, dhiibbaa uumama naannoofi uumama naannoo walaloon faarsuu irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha.

2.7.1 Yaaxina Haala/Yoomessa(Contextula Theory)

Yaaxinni haalaa kun daangaan saayinsiiwwan hawaasaa keessumaayyuu xiinaadaa, xinqooqa, xiinsammuufi xiinhawaasa bu`uura godhatee naannootti hafeen afoola xinxaaluu irratti xiyyeeffata.

Yaaxinni kun xinqooqa keessaa yaadrimee "verbal behavior" Xiinaadaa keessaa tajaajila, Xiinhawasa keessaa gahee taphatu, Xiinsammuu keessaa "ego" irratti hundaa'uudhaan qorannoo Fooklooriif gargaarama. Yaadrimeen yaaxinichaa fooklooriin hafee(text) keessaa otoo hinta`iin yoomessa hurruubummaa keessadha jira yaada jedhuudha. Akka fakkeenyaatti yaada kallattiin yoo ilaalle, " ...the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated." (Dorson, 1972: 45). Yaada kanarraa kan hubannu yaadni fookiloorii hojjiirra kan oolu barreeffamaanii miti. Garuu yeroo waantokko aadaa keessatti uumame gochaan ykn dubbiiin ibsamuu danda'a.

Kanaafuu, afoola tokko qo'achuun kan danda`amu, waan raawwatee taa'erraa otoo hinta`iin waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli san keessatti hurruubamu, akkaatatti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbiin hurruubaamu dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa. Haaluma kanaan hawaasni aanaa yaayyaa gulalleetis yoomessa fayyadamuun uumama naannoofi bakkeewwaniin walqabsiisuun gootummaa Badhaadha Dilgaasaa faarsu.

2.7.2 Dhiibbaa Uumama Naannoo /Ecocritism/

Uumama naannoo irra sababoota hedduun dhiibban garagaraa gahuu mala. Kunimmoo Kan xiyyeeffatu walitti hidhamiinsa ilaalcha jireenya dhala namaafi uumama naannoo jidduu jiru(environment friendly) hojiin kan mullatuudha. Hayyuun Estok (2009) yoo ibsu, *"Ecocriticism is an ecological literary criticism, an 'activist' environmentalist praxis that studies the relationship between literature and the environment, a commitment deeper than professionalism, whereas, ecopoetics is the poetics of ecology the relationship between humans and their environment"*. Kunis dhiibban naannoo irra gahu jechuun ogeessonni qorannoo naannoo taasisan hariiroo ogbarruufi naannoo waliin qaban cimaa ta'uu ibsu, akkuma yaaxina walaloon naannoo faarsuu waa'ee uumama naannoo walaleessuun ibsan, hariiroo dhalli namaafi uumamni naannoo waliin qaban irratti kan xiyyeeffatuudha jedhu.

"Ogbarruudhan naannoo qorachuun yaaxina iddoo tokko qofa osoo hintaane saayinsii bu'uraa, hawaasummaafi fedhii namaa hunda waliin qaban qooddachuudhan ta'uu isaa ibsa. Akka hayyuu Campbellitti miira lafaaf qabnu bifa garagaraan uumama naannoo irraan kanneen dhiibbaa geessisan miira gaddaafi gammachuu ogbarruun ibsachuu ibsa" (Campbell, 2010:16).

"Dhiibbaan uumama naannoo baay'inaan nama aadaa baratanii jiraniin alattiidha. Sababni isaa hawaasi muuxannoo aadaafi uumamaan hidhatiinsa qabu faayidaa uumamaa waan beekuuf miidhaas nibeeka. Akka hayyuu afoolatti sirni walaloo seera hojii naannoo keessatti gahee qabu hidhatiinsafi madaalawaa ta'uu, beektota fookloriin sadarkaa bu'uraatti waa uumuufi gadifageenyan kan dhiyeessaniidha. Naannoo/eco/ jechuun iddoo mana jireenyaafi bakka bu'aa mallattoo dachee tanaa dhalli namaa waliin qooddataniidha". Dabalataan "Seenaa keessatti hawaasni Oromoo Tuulamaa tarsiimoo Tulluuwwan, iddoowwan ulfoofi kadhaa, barsiifanni ardaa jilaafi bosonni gaara gubbaatti argamuun isaa amantaa kabajuu, hawaasummaafi faayidaa seera lafaatif qabaachuu agarsiisa. Oromiyaaa keessatti bosonnifi iddoon ulfoo bakka uummanni hinjiraanne illee balaa irraa ittisuun kunuunsanii har'aan gahan" jedha (Asefa, 2015).

Yaaduma kana cimsuun hayyuun Salviac (2005) *"In Oromo oral tradition, environmental ideas is "an oasis luxuriant with large trees and known for its opulent and dark greenery used to shoot up from the soil". As the day to day lives of the people chiefly depend on their environment, they share lots of experiences to members of community through different genres of oral literature, particularly folksongs"* (f.21-22). Yaada kanarraa kan hubannu, aadaa oromoo keessatti hawaasni yaadni uumama naannoof qabu keessattuu mukkeen gurguddaa hiddi isaa dhiqama biyyoo ittisuu

akka danda'uudha. Jiruuf jireenya guyyuu keessatti uummanni uumama naannoo irratti kan hirkateedha. Kanaanis miseensonni hawaasni afoola fayyadamuun muuxannoo hedduu qooddachu danda'u. Keessattuu sirba aadaadhaan.

Qorannoo ogbarruufi naannoo kan xiyyeeffatu yeroo gara yerootti sirna bulchiinsa mootummaan dhiibbaa uumama naannoo irra gahu bu'uu godhachuu mullisa. Dhimma bakka bu'ummaa, ibsuu, beekumsafi dandeettii akkasuma meeshaalee, kaayyoo, ogummaa harkaafi iddoo aadaa waliin walitti makuun hawaasi, gareefi dhuunfaan hambaa aadaa kanaaf beekamtii kennuun kunuunsanii itti fayyadamuudha"jedhu (Adugna,ashenaf fi belay, 2014).

Bairu Tafka, (1987) "Itoophiyaa keessatti haalli aangotti olbahan falmii beektota ofiin jedhaniin siyaasa-diingdee naannolee biyyattii too'achuun addatti karaa madda galii itti argatanifi dhalli nama naannoo irratti itti fufiinsaan hirkachuutu mullata.Walitti bu'iinsi dhimmoota gagaraa walqixummaa dhabuu siyaasan kan uumamuudha. Naannoo irraan badii gahuun kallattiin nama dhuunfaan, hawaasa, siyaasafi diingdee waliin walfalmuun walqabata, kun sababa biroo kan uummata qofa ibsuu miti qaama teessuma lafaa dabalata. Kunimmoo garaagarummaa dhiibbaa hawaasaafi aadaa fida. Dambaliin lammaffaa bilisummaa namaafi naannoo, akkasuma naannoon ogbarruun akka uumamuuf caarraa banuu daangaa magaala jiddugala godhachuufi gaafiilee ka'u ilaalchaa keessa galchuun ogbarruun loogii naannoo ijaaruu uuma"(f.292).

Dhiibbaa uumama naannoo irra gahu yoo hindhaabbanne yookiin hin hir'anne rakkooleen hedduun mudachuu danda'au. Isaanis: Hongoefi hoo'insi addunyaaa akka dabalu, Dhibeewwan naannoo (namaa,horii,biqilootaa) uumamuu danda'u, ittifayyadamni dabaluun manca'insi naannoo uumamuu, hanqinni nyaataa mudachuu,ciramiinsi bosonaa seeran alaa babal'achuufi.k.k.f . yaaduma kana cimsuun hayyuun Gregory Bateson (1987), yoo ibsu "*The Roots of Ecological Crisis*" argues that the causes of environmental degradation "lie in the combined action of (a) technological advance; (b) population increase; and (c) conventional (but wrong) ideas about the nature of man and his relation to the environment' (f. 343).

Hayyuun Kaambeel gama isaatiin, "*Combating environmental destruction is directly linked to the fight for personal, social, political, and economic agency. This is another reason for not only recognizing people as part of landscapes, but also analyzing how this affects different communities and cultures. It gives ecocriticism more material and steers the field away from the "universal" nature comprised of mainly white men, allowing a variety of readers to recognize their realities within a broader genre of environmental literature*" (Campbell, 2010:18). Yaada

kanarraa kan hubannu dhiibbaan uumama naannoo irra gahu kallattiin kan hidhata qabu qaamolee namoota dhuunfaa, hawaasummaa, siyaasafi diingeedha. Sababni biroo uummanni qaama bakkeewwaniif beekmtummaa kennuu dhabuudha. Dhimmoonni dhiibbaan uumama naannoo bilisummaafi gahumsa namaatin kan walqabatuudha. Ogbarruu naannoo fayyadamuun dhiibbaa Uumamni naannoo irra gama hundaan gahu hambisuun akka danda'amuudha.

Yaaduma kana hayyuun Gomides yoo cimsu " dhiibbaa uumama naannoo irra gahu dhugummaa riiqicha dhala namaafi uumama jidduu jiraachuu mirkaneessa. Akkasuma gamtaa uumuu yoo barbaadanis guddinaa yookin badii dhufu qaroomina hawaasa keessatti, haala falmii kaasuu hindandeenyen hidhatiinsa jiru cimsuun yaada warra dhiyaa jedhamee irra deddeebi'amee ka'a. Akkasuma, qeeqa michooma naannoo kana ibsuun ala milkaa'inni dhufuu hindanda'u. Dabalataan hubannoon dhalli namaa hidhata uumama waliin qabu adda bahuu hindadna'u. kun dhugaa addunyaa jiruudha, yeroo amma kana dirqama ta'ee jira" (Gomides Vogel, 2007:22).

2.7.3 Walaloon Naannoo Faarsuu/Epoeitics

Walaloon Naannoo Faarsuun/epoeitics kan dubbisaan uumuufi barreessitoonni Ameerikaa karaa hammayyaan yaalii hojii riiqicha cimaa barreeffamaa walaloo irratti uumaniifi seera uumamaa(dhala namaa) jiddugala godhate jedhu. Asefa (2010) haayyota akka Jonathan Skinner and Christopher Arigo, waabeffachuun yoo ibsan, walaloon naannoo faarsuu jidduutti hidhata walaloon barreeffamaafi seera naannoo waliin qaban, gahee afoolli qabu keessaa sirboonni walitti dhufeenya uumama waliin qabu akka fakkeeniyatti muuxannoo hojii uummanni Ruwaandaa hurruubammaan ibsachaa turuu isaa yoo ibsu. Dabalataan afwalaloo uummata Ruwaandaa sababa uumuun shaakala sirba hurruubsaman walitti fiduun xinxaaluun hanga huruubsichi sirrii tahee argamutti shaakalu jechuun ibsaniiru.

Gregory Bateson (1984), Akka yaada hayyuu kanaatti "*ecology of mind, economic determinism governs the relationship between humanity and the environment in which they live, the unethical relationship that dates to the Industrial Revolution. and common understand the "interface between the realm of mind and physical reality," from the perspective of relations of traditions to one another and to society in time and place. It is a cultural critique, which I call epoeitics, of this unbalanced relationship presented*"(f.345). Yaada kanarraa kan hubannu, xinqeenyi yaada bulchiinsi mootummaa murtee diingdee fudhatu keessatti hariiroon jireenya namoomaafi uumama naannoo jidduu jiru warraaqsa industarii irraa eegalee kan adda hinbaanedha. Dhiibbaan aadaa uumamuun uumama naannoo walaloon faarsuu keessatti hariiroo madaala hin eegne uuma.

Faaruuu gootummaa Salaale keessatti naannoon/uumamaan walqabsiisanii namoota gootota yeroo duulan ykn injifatan dhiichisaan ykn shoboxeen faarfamaniifi riphee lolaa hawaasaa jedhee falmu sirboota hamilee isaa kakaasuf fayyadamu. Yaaduma kana cimsuun Workneh Kalbessa (2010) *"argues that environment has always been the fundamental concern of the rural people. The Oromo attitudes towards the environment and their positive impact on rural development show that they possess accumulated practical knowledge of their environment through experience and productive activity"*. yaadi kunis hedduuminaan uummata baadiyaa biratti kan naannoon walfalmisiisu, Ilaalchi uummanni Oromoo naannoof qabuufi guddina baadiyyaa irratti waan gaariin uumuutu mullata. Kunis muuxannoo ummanni naannoo keessatti qabaniifi beekumsa gochaan kuufatan sagalee tokkoon fudhachuu danda'uu ibsa. Fakkeenya Afrikaa keessatti jalqabaaf sirboota afoola waliin walbira qabamee yoo ilaallame walaloon naannoo faarsuun yaada falmisiisaa hambisuun uummanni yeroo mara duudhaa walfakkaataafi waan sirrii ta'e fudhatee akka deemu taasisuu ibsa.

Assefa (2015). *"exemplifies the Salale Oromo accounts of the "origin theory" of orature, folksongs in particular, which holds that the physical world and sacred places (rivers, mountains, caves, trees, groves, hilltops) are unique sites for poetic meditation and composition. It is a local ecological perspective that considers the relationship between human cultural contents and their environment as close and indispensable entities"* yaadi kunis Oromoon Salaalee fakkeenyummaa yaaxina jalqabaa ibsu afoola, aadaa sirbaa addatti addunyaa mul'atu kanaan walqabatee fi ardaa jilaa (lageen, tulluuwwan, holqoota, mukkeen, bosonaafi gaarreen dhedheeroo) iddoo dinqisiisaa ta'an walaloo fayyadamuun ibsamu. Dhimma naannoo fageessanii hubachuun qabiyyeen aadaa uummataafi uumama naannoo jidduu jiru cimaa fi tokkummaa murteessoo kan qaban ta'uu ibsa.

2.8 Walsimannaa Yaaxinootafi Faaruu Gootaa

Qaaccessa faaruu gootaa bifa garagaraan dhiyaatu jedhu qorachuuf yaaxina kanatu barbaachisa jedhamee wanti adda bahee taa'e jiraachuu baatus, qoratichi yaaxinaalee garagaraa jiran keessaa isaan sadeen armaan olitti ibsaman mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhiyeenya qabu jedhamee waan filatamaniif itti gargaarameera. Raga mata duree kanaa madaaluuf haalli itti fayyadama afwalaloofi uumama naannoo waliin walqabate yeroo baay'ee hawaasan afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuu dhiyaatee jira. Faaruun gootaa bifa garagaraan dhiyaatu gosoota afoolaa jalatti kan hammatamu ta'ee, aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti jechaafi gochaan kan darbuudha.

Kanaaf uummanni naannichaa faaruu gootaa gargaaramanii kan jibbaniifi morman ittiin balaaleffachuufi kan fedhan immoo ittiin jajuu danda'u. Karaa biraatin aadaafi duudhaan hawaasni qabu cimee ykn jabaatee akka itti fufu gochuun akka danda'amu faayidaan fookiloorii kun ni agarsiisa. Akkasuma uumama naannoo gargaaramuun faaruun goota jabeenyaafi bu'aa uummataaf buuseen dinqisiifachuun kanneen duukaa jiran abdiit itti horuufi diinaa uummata cunqursan immoo abdiit akka kutatu gargaara. Hawaasni Oromoo faaruu gootaa gargaaramee waan ofkeessatti jibbe akka hinbabal'anneefi hindagaagne gochuu bira darbee akka jibbamuufi dhabamu taasisa.

Walumaagalatti faaruu gootaa gargaaramnee aadaan hawaasaa walitti fufiinsa qabaachuun yeroo dheeraaf osoo hindagatamin labataa labatatti cimee akka daddarbu taasisuun waan danda'amuuf faayidaan fookiloorii ragaa faaruu kanaa madaaluuf gahee qaba. Sababa kanaaf faayidaan fookilooriifi xiinqeenyaa kunis ragaa mata duree kanaa madaaluuf barbaachisaadha.

Hayyuun Dorsan (1972:3-5) irratti gooroowwan fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qoodeera. Gooroowwan isaa kana keessaa aartii sochii qaama hawaasaafi afoola irratti xiyyeeffata. Aartiin sochii qaama hawaasaa kun dalagaa sochii qaamaafi sagaleen deeggaramee kan mul'atuudha. Mata dureen qorannoo kanaas faaruu gootaa uumamafi bakkeewwaniin walqabatanii bifa dhiichisaa, shoboxeefi geerrarsaan dhiyaatu qaaccessuudha. Faaruu gootaa kana keessatti immoo sochii qaamaafi sagaleetu mul'ata. Haala kanaan faaruun kun damee fookiloorii kana jala galuu waan danda'uuf ragaa kana madaaluu keessatti dameen fookiloorii kunneen gahee guddaa qaba. Afoollis gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee kan afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan lufuufi hambaa hawaasaa kan hammatuudha. Faaruun gootas aadaa hawaasni qabu keessaatti kan ramadamuufi gochaafi afaaniin labataa labatatti kan darbu waan ta'eefi.

Akkasuma, Campbell, (2010:16) yaaxinoota qorannoo xiinqeenya(ecology) ibse keessaa yaaxinni dhiibbaa uumama naannoo fi walaloon naannoo faarsuu kanneen mata duree kanaan walitti hidhata qabaniidha. Sababni isaas xiyyeeffannoon mata duree qorannoo kanaa ergaa, faayidaa faaruun gootaa uumama naannoo waliin qabu qaaccessuu kan jedhurratti waan xiyyeeffatuufi. Dabalataan yaaxinoota lamaan eeraman jiddu gala godhachuun yaaxina haalaa (yoomessa) fayyadamuun ergaa qola dubbiin goota faarsuun akka danda'amu ibsa. Dhiyaannan faaruu gootaa kunis sochii qaamaafi jechaan walqabachuu waan danda'uuf qoratamuu kan danda'u odeeffachuun ta'a. Kanaafuu ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf yaaxinoonni sadeen kallattiidhan kan barbaachisududha.

Walumaagalatti ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf qorataan yaadarimeefi goorowwan afwalalootti fayyadamu, faayidaawwan afwalaloo, goorewwan faaruufi yaaxinoota kanneen dabalatee akkaataa armaan olitti ibsameen walsimsiisee itti gargaarameera.

2.9 Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan

Qorannoowwan garagaraa dhimma Faaruu Gootaan walqabataniif afaan Oromoo irratti sagantaa digirii lammataafi sadaffaa guuttachuuf hojjetamaniiru. Qorannoowwan kanneen sakatta'uun ciminaafi hanqina isaan qabaniifi walitti dhufeenya qorannoo kana waliin qaban ibsameera.

Qorannoon kun qorannoolee Af-walaloo Oromoorratti geggeeffaman bu'uureffateera. Qorannooleen kunneenis gama adda addaatiin walfakeenyaaf garaagarummaa qabu. Kaayyoon qorannoo kanaas ergaa, haala hawaasaa, hiikaaa hafee, akeeka bakkeewwaniifi uumama waliin walqabatu keessatti kan taasifameedha. Akkasumas, yeroofi bakki qorannochi itti geggeeffaman gara gara ta'uu mala. Kanarraa kan ka'es yaaxinni isaan bu'uureffataniifi argannoon isaanii gargar yoo ta'u. Garuu immoo bu'aa isaan ogwalaloo Oromoo keessatti buusan tokko ta'uu mala.

Afwalaloo ilaalchisee mata dureewwan adda addaa irratti qorannoowwan gaggeeffaman yoo jiraatanis hanga yonaa qorannoon afwalaloo irratti kallattii sakatta'a Afwalaloo seenaa gootummaafi gootota Badhaadhaa Dilgaasaa keessatti bakkeewwan (landscape) fi uumama (environment) walqabsiisuun faarfaman irratti gaggeeffame hinjiru. Haata'u malee, qorannoowwan sakatta'iinsaa mata duree kana waliin hanga tokko walitti dhufeenya qaban kanneen armaan gadiiti:

Afwalaloon hojii qorannoo kanaan walfakkaatu kan wiirtuu jildii 9ffaa keessatti koree waaltina Afaan Oromoon waraqaa qorannoo Gammachuu Daadhiitin "*Akkaataafi qabiyyee afwalaloo Oromoo Salaalee haala Beela bara 1977 keessatti*" qophaa'ee dhiyaate keessatti hawaasni Salaalee yoomessa fayyadamuun rakkoo siyaasaa, diingdeefi hawaasummaa isaan irra gahaa ture sirbaafi jechoota gagabaaboo fayyadamuun miira isaanii baasanii ibsachuu agarsiisa. Qabiyyeen sirbichaa uumama naannoo ykn goota faarsuun walitti dhufeenya hinqabu. Kanarraa ka'uun hanqina kana guutuuf mata duree kana akkan qoradhu nataasise.

Akkasuma Waraqaa qorannoo Girmaa Taaddasaa(2017) ittiin guuttannaa digirii lammaffaaf mata duree "Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee Keessa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gulalleetti" hojjetame yoo ilaalle, haalli hurruubsa sirba dhiichisaafi qabiyyeen sirbichaa hanga tokko walitti dhufeenya qaba. Fakkeenya, "maalgochuu buutee biyya Badhaanni jiruu, Salaalee biyya shimalaan nama diruu" jedhu isa tokko. Haata'u malee, qorannoon kun qabiyyeen

isaa shimala faarsuu qofa waan ta'eef, kanaaf qabiyyeen isaa bakkeewwaniin walqabataniin gootummaa Badhaadhaa faarsuu irratti walitti dhufeenya hinqaban.

xIttifufuun waraqaa qorannoo Tigist Sanbataa(2005) ittiin guuttannaa digirii lammaffaaf mata duree "Qaaccessa qabiyyee afwalaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa haala afwalaloo Salaalee" jedhu irratti hojjetame yoo ilaalle, qabiyyeen faarsaa bifa dhiichisaa,shoboxeefi geerrarsaan dhiyaate hanga tokko walfakkaata. Garuu immoo qabiyyeen isaa faaruu gootummaa Badhaadha uumama naannoon walaqabataniin faarsan ofkeessaa hinqabu.

Dabalataan Waraqaa qorannoo Assefa Tefera (2015) ittiin guuttannaa digirii sadaffaa(PhD) mata duree "*Ethnography Of Resistance Poetics :Power And Authority In Salale Oromo Folklore And Resistance Culture*" irratti hojjetaman keessatti hedduminaan yaaxinoota, qabiyyeen faarsaa fayyadaman wal haafakkaatu malee, faaruu gootummaa Badhaadhaa gadifageenyaan hin ibsu.

Gama biroon Waraqaa qorannoo Tesfaye Zelleke (2002) ittiin guuttannaa digirii lammaffaaf mata duree "The Oromo Of Salaalee A History (C. 1840-1936)" Godina Shawaa Kaabaatti hojjetame yoo ilaalle, faarsaan gootummaa gootota Salaalee baraan daangesse dhiyeesse ture, hakuucaafi roorroo nafxanyaan irra gahu quuqqaa isaanii ibsachuuf faarsaa bifa garagaraan fayyadamuu agarsiisa. Akkasuma bifti faarsaa itti dhiyaate illee walfakkaata. Haata'u malee qabiyyeen faarsaa uumama naannoon walqabsiifamee gootummaa Badhaadhaa ibsu hinjiru.

Dhumarratti Waraqaa qorannoo Melese Ijara(2019) ittiin guuttannaa digirii lammaffaaf mata duree

" Oral Songs In The Cultural Resistance Of Salale Oromo" jedhu keessatti faarsaleen bifa garagaraan dhiyaatan hedduun isaa roorroo sabarra gahu qeequu irratti walfakkaata. Haata'u malee, qabiyyeen faarsichaa gootummaa Badhaadhaa uumama naannoo waliin qalqabatee jiru mata duree kana keessatti hin ibsamne.Fakkeenya Sirboota qorannoo mallasaa keessa:

Afee1

Goshuu Gissillaa Taphataa qawweedhaa

Hin gabbaru jedhee Waashaatti gale Dabbaallii jawweedhaa!

Afee2

Agarii Tulluu dalga kaachisaa

Hin dhaqin yaa Muluu Agariin udaan nama nyaachisa.

Eelen kan sibiilaati

Yeroon gali yaa muluu

Agarii Tulluu dhirsa dhiirati. (Madda: qorannoo Melese Ijara, 2019)

Walumagalatti Tokkummaan qorannoowwan kanneen olitti eeraman afwalaloo(faaruu/sirba) bu'uura godhachuun kan geggeeffaman yoota'an. Garaagarummaan qorannoowwan olii kanneenifi kan biroo faaruu gootummaa Badhaadha Dilgaasaa bakkeewwaniifi uumama naannoon walqabsiisuun faarsan kan walhin qabanne ta'uu isaa hubanna.

Boqonnaa Sadii

3. Malleen Qorannoo

3.1 Mala Qorannoo

Hayyoonni malleen qorannoo adda addaa akka jiran himu. Isaan keessaa tokko mala qorannoo akkamtaa yookiin qulqullinaa (qualitative) ti. Addunyaa (2010), hayyoota Tim (2002) fi Sigh (2007) wabeeffachuun mala akkamtaa, haala jiruufi jireenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa maal akka ta'e kan ittiin xiinxalludha (f.60). Haaluma kanaan qorannichis mala qorannoo hiikuu, addeessuufi xiinxaaluu fayyadame. Malli qorannoo addeessaa fi aadaa hawaasaa (ethnography) bu'uura godhachuun ibsuu, hiikuufi tarreessuun maaltu akka ta'e, maaltu akka ta'aa jiru kan ittiin adda baafannu akka ta'e ibsaniiru (Dastaa, 2002) fi (Addunyaa, 2010:62).

Kanaafuu kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon Afwalaloo seenaa gootummaafi gootota Oromoo Tuulama, keessumaa kan Badhaadha Dilgaasaa, bakkeewwan (landscape) fi uumama (environment) walqabsiisuun faarfame ergaa (message), hiika afee (textual meaning), haala (social context) fi akeeka (implication) ilaalcha hawaasichaatiin faarfamu sakatta'uu waan ta'eef, qorannoo kana keessattis odeeffannoon argame lakkoofsaan osoo hintaane jechootan ibsame.

3.1.1 Madda Odeeffannoo

Maddi Odeeffannoo qorannoo kanaa fayyadame madda ragaa Tokkoffaafi madda Odeeffannoo lammaffaati. Harka caalu madda ragaa tokkoffaa kanan faayyadameedha. Kunis, kallattiidhaan madda ragaa tokkoffaa kanatti fayyadamuuf gara iddoo dhaloota gooticha kanaa imaluun maanguddoota, maatii qabsa'otaafi qabsaa'ota waliin turan keessaa kanneen kaayyicha galmaan nigaha jedhamee amanametuu madda odeeffannichaa ta'an. Kana jechuun madda ragaa tokkoffaa kana keessatti namoota bakka jila adda addaatti faaruu gootaa bifa garagaraan faarsan daawwachuu, Akkasuma maatii Badhaadha Dilgaasaafi qabsaa'ota qabsoo kana keessa jalqabaa hanga dhumaatti Badhaadha wajjiin qabsoorra kanneen turan gaafatamaniiru. Dookimantarii Fiilmii jalqaba bara 2020 TV OBStin hojjetame sakatta'amuusaa, Kitaaba Seenaa Badhaadha Dilgaasaa ibsu Mata Duree "Leenca Mogor, Seenaa Gootota Oromoo Dhuma Jaarraa 20^{ffaa}" jedhu sakatta'ameera. Dabalataan Namoota aanaalee biroo (Dagamiifi Ada'aa Bargaa) keessattuu Aanaa Ada'aa Bargaa ganda Dheebisaa Aggaasaa jedhamutti bakka Badhaanni Dilgaasaa itti wareeggame irraa dabalataan odeeffadheera.

3.1.2 Adeemsa Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf madda ragaa Tokkoffaafi Lammaffaatu dhimma itti bahame.

Madda ragaa ilaalchisee hayyuu Mac Donald (1972) yoo ibsu, "namoonni baay'een jechuun gara naannoo aadaan/seenaan badhaadhetti deemuun waantota barbaachisaa ta'an hedduu argachuu ni danda'u"(f.208).

Maddi ragaa tokkoffaa, mala qorannoo dirree bahanii yeroo ta'iiwwan faaruu gootaa bifa dhiichisaafi shoboxeen, ergaa hawaasaa dabarsuufi raawwatamu daawwachuun odeeffachuu, maatiifi qabsaa'ota Badhaadha waliin turan irraa gaafachuufi faaruu gootaa walitti qabamee dookimantii ta'e qaaccessuudha, Akkasuma madda ragaa lammaffaa immoo kitaaba seenaa gooticha Badhaadha Dilgaasaa ibsu, dookimantii Barreeffama seenaafi faaruu Badhaadha ibsu, waa'ee fi dookimantarii fiilmii TV OBS'n Seenaa Badhaadha Dilgaasaa irratti hojjete sakatta'uudha.

3.1.3 Filannoo Iddattoo

Qorannoon kun kan gaggeeffamu Godina Shawaa Kaabaa-Salaalee, Aanaa Yaayyaa Gulallee Ganda Buuyyamaa keessatti ta'a. Sababni gandi kun itti filatameef iddoo gootichi Oromoo Badhaadha Dilgaasaa keessatti dhalatee guddateedha. Akkasumas, ganda gootichi hojii gootummaa isaa itti mirkaneessee, bakka maatiin, firriifi gootonni isa wajjiin qabsaan itti argamaniidha.

Kanaafuu, iddattoon qorannoo kanaaf filataman sadarkaa sadiitti qoodama. Sadarkaa duraarratti iddattoo afgaafii kan filatame yoo ta'u, kunis manguddootaa, maatii qabsaa'otaa, qabsaa'ota lubbuun jiraniifi namoota waa'ee seenaa/faaruu gootaa kana gadifageenyaan beekan kan ofkeessaa qabuun odeeffannoon kan walitti qabame yoota'u, sadarkaa lammaffaatti daawwachuun filatame, kunis iddoowwan faaruun gootaa kun sirbamuufi geerraramu bakka cidhaafi irreechaa deemuun ta'iiwwan jiran daawwachuun suuraafi yaadannoo qabachuun odeeffannoon walitti qabameera. Iddattoon inni sadaffaan ogeeyyii afaanii, aadaafi seenaa gooticha kanaa barreessanii dookimantii godhan, Dookimantarii fiilmii TV OBS hojjetameefi kitaaba seenaa qopheessan sakatta'uu ofkeessatti hammata.

3.1.4 Filannoo Hirmaattotaa (Iddatteessuu)

Qoratichi hirmaattota qorannichaa kan filate mala iddaatteessuu garaa garaa keessa tokko fayyadamuudhaani. Malli iddaatteessuu kunis mala caarraa walqixa hinlaanne (non-probability

sample) keessaa mala iddaatteessuu kaayyoo/xiyyeeffannoo (purposive sampling) dha. Akka hayyuu Addunyaa (2010) tti yaadni kun, "qorataan mala iddaatteessuu xiyyeeffannoo(purpose) odeef-kennitoota filatus qorannicha fiixan baasuuf odeeffannoo gaarii kennuu ni danda'an" jedhee waan itti amanuufi. Haala kanaan mala iddaatteessuu xiyyeeffannoo kan filachuu barbaade namoota afoolawwan yookaan ammoo afwalaloowwan goonni kun fayyadamu, yookaan namoonni isa wajjiin qabsaa'an, hawaasni naannoo sanaafi kanneen kana fakkaatan itti fayyadaman (ittiin dhaadatu/tan) nibeeku jedhee itti amane filate.

Mala kana hojiirra osoo hin oolchin dura odeeffannoo kennitoota kana argachuuf dursa hojjetoota waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Yaayyaa Gulallee waliin mariin taasifameera. Waajjirichis Odeeffannoofi ragaalee ofbiraa qaban kennuu heyyamamoo erga ta'anii booda deeggarsa godhaniiru. Haaluma kanaan qorataan turtii hojii aloolaa (fiid) guyyaa kudhan(15) (guyyaa 17/07/2012 hanga guyyaa 25/09/2012) tti tureen namoota odeeffannoo qabatamaa waa'ee Jal Badhaadha Dilgaasaa seenaafi afwalaloowwan isaarratti hubannoo qaban dhiira 22, durba 3 walumatti namoota 25 irraa (haasofsiisuun) bifa afgaaffiifi marii garee fayyadamuun, akaksuma iddattoo miti carraadhaatin ragaa kan funaannameedha. Kunis, odeeffannoo af-gaaffiidhaan (haasofsiisudhaan), dabalataan qabxiilee gaafii daawwannaa bu'uura godhachuun odeeffannoon funaannameera. Qoratichis odeeffannoo ergii walitti qabatee booda gara barreefamaatti kan jijjiire yoo ta'u, jechoota ifa hintaane (hubannoo namaarratti rakkoo uumuu nidanda'u jedhamee) yaadame ammoo hiika jechootaa yookaan jibsoo jalatti galanii hiikni kan itti kennameedha. Inni biroo ammoo madda ragaa lammaffaa odeeffannoo Waajjira Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Yaayyaa Gullaallee dookimantii barreeffamaa, Dookimantarii TV OBS bara 2012 hojjetameefi seenaa Badhaadha Dilgaasaa kitaaba mata duree Leenca Mogor, Gootota Oromoo dhuma jaarraa 20ffaa jedhu fayyadamuun qoratichi ragaa funannatee jira.

3.1.5 Akaakuwwan Ragaalee

Qorannoon kun madda ragaalee argamee irraa kan xiinxalame yoo ta'u akaakuun ragaalee qorannoo kanaa qoratichi fayyadamee Afoolawwan gooticha kanaa xiinxale kanneen armaan gadiiti. Isaanis: waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa irraa dookimentii argame, namoota (gootota) gooticha kana wajjiin qabsaa'an kanneen amma lubbuun jiran, maatii goota kanaa , Dookimantarii fiilmii TV OBS irratti bara 2012 dhiyaatefi kitaaba mata duree leenca mogor Gootota Oromoo dhuma jaarraa 20ffaa jedhu keessatti seenaa Badhaadha Dilgaasaa irraa odeeffannoon kan argameedha. Akkasumas namoota gooticha kana sirriitti beekaniifi qorannoo

mataduree walitti dhiyaatu irratti hojjetaman fi kan kana fakkaataan akaakuuwwan ragaalee kana ta'uun hojiirra oolaniiru.

3.2 Malleen Funaansa Odeeffannoo

Qorannoo kana keessatti ragaa funaanuuf malleen garaa garaatti dhimma bahuuf kan akeekadheedha. Isaaniis, afgaaffii, daawwannaafi marii gareefi sakatta'a dookimantii. Meeshaalee kanneen keessaayis odeef-kennitoota hayyamsiisuun suuraan deeggaramuun kan qindaa'edha. Odeeffannoon haala kanaan walitti qabamuun gara barreeffamaatti jijjiiruun kan qaaceffameefi hiikame akkasuma ni ibsame/addeeffameedha.

3.2.1 Afgaaffii

Malleen sassaabbii odeeffannoo kanneen qorannoo kana keessatti hojiirra oolan keessaa inni jalqabaa afgaafidha. Qorannoo kana karaa milkaa'aa ta'een gaggeessuufi argannoo tokko bira qaqqabuuf odeeffannoon mala biroon argamu qofti qorannichaaf gahaa waan tahuu hin dandeenyeef afgaafiin odeeffannoo kanneen biroon bira hingenye gaafataniis bira gahuun odeeffachuudha. Yaada kana John W. (2005) yoo ibsu akkas jedhu, *"The interview is one of the main data collection tool in qualitative research. It is a very good way of assessing people perceptions"*. Yaada kanarraa kan hubannu, afgaafiin qorannoo akkamtaa keessatti malleen funaansa odeeffannoo murteessaa ta'uu isaati.

Dastaa (2002:85) Yaalwe (2006) waabeffachuun akka ibsetti ,Afgaafiin yeroo barbaade fooyya'uu danda'a. Haala odeef-kennaan ilaaltee fooyyeessuu dandeenya. Akkuma cimina nama odeeffannoo guuruu jijjiiramee fooyya'uu danda'a. odeef-kennaan waan hin galiniif yeroo barbaade akka ifa godhuuf namicha gaafatu sana gaafachuu danda'a. odeef-kennaan deebii gaaffii wajjiin hin deemne yoo deebisuu yaale qorataan gaaffii fooyyessuudhaan akka karaatti deebi'u gochuu danda'a.

Adeemsa kanaan qaaccessa Faaruu Gooticha Badhaadha Dilgaasaa uumama naannoon walqabatanii faarsan: Godina Shawaa Kaabaa-Salaaleetti, Aanaa Yaayyaa Gulallee irratti namoota odeeffannoo kennuuf dhiyaatan Manguddoota, Maatii qabsaa'otaa, Qabsaa'ota, dargaggootafi beektota kan ta'aniif afgaaffii dhiyaateef gaaffii 16 yoo ta'u, gaaffileen kunis af-gaaffii banaafi qindaawaa of keessaa kan qabuudha.

Bakki afgaafiin kun ittigeggeeffame qe'ee gootichaatti argamuun(ganda buyyamaa qo'aat), bakka qabsa'oonna jiran magaala Finfinnee,Fiicheefi Fittaaal, maanguddootafi dargaggoota Gandoota Goda Jabaa, Areeree, Buyyamaa Qo'aat, aanaa Ada'aa Bargaa Ganda Dheebisa Aggaasaa, Aanaa

Dagam Ganda Yaayyaa Haroo yoota'atan, sirboonnifi geerrarsoonni gootummaa Badhaadhaa faarsaan galgala bakka daboo, cidhaa, guyyaa ayyaana(masqalaa, irreechaafi cuuphaa) ta'uu ibsu. Namoonni odef-kennitoota afgaaffiifi marii garee irratti hirmaatan baay'inni isaanii dhiiraa 22 fi dubartii 3 waliigala namoota 25. Kunis, kaayyoo faaruu gooticha Badhaadhaa Dilgaasaa walitti qabuun galmaan ga'uuf kan adeemsifameedha. Dabalataanis, adeemsa afgaaffii keessa yaadota deebii keessa ka'an dabaluu gaaffilee dhiyeessun kan danda'ame yoo ta'u, yeroo hojii aloolaa irra deddeebi'amee gaggeeffamu adeemsa qorannoo keessatti qaawwa uumaman kan guutan gaaffileen dhiyaatanii deebii argataniiru.

3.2.2 Daawwannaa

Qorannoo kana keessatti malli odeeffannoo sassaabuuf hojiiirra oolu inni lammaffaa daawwannaa ta'ee qorataan iddoo wanti/gochi ilaaluuf barbaadee jirutti qaaman argamuun ijaan ilaalaa odeeffannoo barbaachisu funaanuuf itti fayyadamuudha. Odeeffannoon daawwannaa kun kan sassaabamu gaaffilee 10 qophaa'ee jiruun qajeelfamuun karaa lamaani. Isaanis meeshaa elektrooniksii kan suur-sagaleetiin waraabuufi yaadannoo garaa garaa barreeffamaan qabachuun ta'a. Kanaafuu, haala afwalaloon faaruun gootummaa bifa garagaraan faarfamu daawwachuun walitti qabameedha.

Haaluma kanaan gaafa 14/08/2012 dargaggoonni yeroo cidha irratti sirba shoboxeefi dhiichisan daawwachuun sirboota gootaa suura-sagaleefi yaadannoo qabachuun kan guurate boqonnaa afur keessatti xiinxalamee jira.

3.2.3 Marii Garee (Target Group Discussions)

Marii garee kan barbaachise odeeffannoon qorannichaaf barbaadame afgaafiifi daawwannaa irraa argame keessatti kanneen yaada waldhahaa ta'an qulqulleeffachuuf odeef-himtoota waliin bakka tokko ta'anii dhimmoota gaaffii kaasan irratti walii isaanii walgaafachuun akka mari'atan taasifameera. Bu'aa marichaa ragaa qorannooti dabalachuun guutuu taasiseera. Maanguddoota afgaaffii kennan keessa garee miseensota ja'a qabu bakka sadiitti qooduun mata duree afgaaffii keessatti deebii quubsaa hinarganne keessaa inni jalqabaa Badhaanni Dilgaasaa ergii du'ee dhiibbaan mootummaa faaruu gootummaa isaa irratti godhu nijiramoo hinjiru? lammaffaa dargaggoonni faarsaa gootummaa Badhaadhaa kan dagachaa dhufan dhiibbaa mootummaan irraan gahu moo ofumaa dargaggoonni haala yeroo hordofuun faarsaa haaraa faarsu irratti xiyyeeffachuudha? kan jedhamuudha.

Bu'aan marii garee irraa argame kaayyoon qabsoo Badhaadhaa haqa uummataa qabatee waan tureef, mootummaan wayyaanee(OPDO) immoo faallaa kanaa kan ta'e dantaa dhuunfaaf waan dhaabbateef Badhaanni ergii du'eeyis akka hawaasni iddoo daboo,cidhaa fi ayyaana adda addaa (irreecha, masqalaafi cuuphaa) gootummaa isaa hinfaarsine dhiibbaan mootummaa jiraachuu isaa irratti waligalaniiru. Akkasuma darbee darbee haala yeroo(tatee uumamu) hordofuun dargaggoonni sirboota haaraa baasuun akka jirullee maangudoonni marii garee irratti hirmaatan hunduu irratti waligalaniiru.

3.2.4 Sakatta'a Dookimantii

Malleen funaansa ragaa qorataan dhimma itti bahe keessa inni biroo sakatta'a dookimentiiti. Kunis kitaabolee, barreeffamoota maxxanfamaniifi hinmaxxanfamiin sakata'uun kanneen waa'ee Badhaadha Dilgaasaa ibsan Dookimantarii Fiilmii Seenaa Badhaadha Dilgaasaa TV OBS darbee, kitaaba mata duree Leenca Mogor Seenaa Gootota Oromoo dhuma jaarraa 20ffaa jedhuufi sirboota Badhaadha Dilgaasaa faarsaan walitti qabamanii dookimantii ta'an irraa odeeffannoo fudhachuun qorannoo kana keessatti dhimma itti bahuun danda'ameera.

3.2.5 Waraabbii Suur-Sagalee (Recording)

Qorannoo kana keessatti hojiin seenaa gootichaa kana caalaatti amanamaa gochuuf meeshaalee funaansaa ragaalee dabalatee meeshaalee argaa dhageettii kanneen ta'an kaameeraa suuraafi meeshaa sagalee waraabbii fayyadamuun odef-kennitoota gooticha kana beekaan suurri isaaniifi bakkeewwan seenaa qabeessa ta'an kaafamee barreeffama kana keessatti haala ibsuu danda'aniin hammatamaniiru. Kunis ilaalaa fi dubbisuun kan qindaa'edha.

3.3 Malleen Qaccessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti ragaaleen argaman akka ragaatti qindeessuun dura sirrummaafi qulqullinni isaanii mirkaneefamanii jiru. Kunis ragaaleen gara aloolaatiin afgaafiin fi marii gareetin gaafilee qaxaamuraa mata duricha wajjiin waliitti dhufeenya qaban gaafachuun bu'a isaan irraa argame qindeessudha. Itti aansuun daawwannaa ta'iiwwan faaruu gootaa daawwachuun gaafilee mata dureen walqabatan bu'uura godhachuun odeeffannoo argame akaakuudhaan qoqqooduun, malleen qaaccessa ragaa akkamtaatiin xinxalamaniiru. Kunis ragaalee gama sakatta'a dookimentiitin argaman seen-gulummo keessatti ragaalee afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatan argamaniin yaada isaanii walsimsiisuun xiinxalamaniiru.

Kanaaf, ergaa afwalaloofi afseenaa argame bakkeewwaniifi uumama naannoo walii walkeessatti yoo xiinxalaman ergaa isaanii kallattiin bira gahuuf gargaara jedhameeti. Odeeffannoon gama afwalalootiin argaman qabiyyeefi qaama dhiyaatuun bu'uureffachuun faaruu gootaa bifa sirbaafi geerrarsaan qindeeffamani gadifageenyaan xinxalamaniiru. Haaluma kanaan ragaaleen qabiyyee isaanii haala walfakeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin adda addaatti gurmeessuun, ragaalee argaman bifa barreeffamaatiin qindeeffamanii qaaceffamanii ibsamaniiru.

Boqonna Afur

4. Xinxalaafi Hiika Ragaalee

Boqonnaa kan keessatti ragaawwan tooftaalee afgaaffiin, daawwannaa, marii garee xiyyeeffateefi sakata'a dookimentiitin argamantu xinxalaame. Kunis, Gaaffilee Bu'uuraafi Kaayyoo Qorannichaa jiddugala godhachuun kan dhiyaatedha. Innis kan raawwatu mala lamaan ta'a. Malli tokkoffaan Afwalaloon seenaa gootaa funaannaman faaruun bifa sirbaafi geerrarsaatin qoqqooduu yoo ta'u. Malli lammaffaan, ragaaleen qabiyyee bakkeewwanii ykn uumama naannoo bu'uura godhachuun haala qoqqoodinsa isaanitiin xinxalamaniiru.

4.1 Seenaa Jaal Badhaadha Dilgaasaa/Miidhee Dilgaasaa

Gootichi Badhaadha Dilgaasaa abbaa isaa Ob. Dilgaasaa Waamii Araddoo fi haadha isaa Adde Geexee Badhaanee Tulluu irraa godina Shawaa Kaabaa(Salaalee) Aanaa Yaayyaa Gullallee ganda Buyyamaa Qo'aat Iddoo 'Shakakkee' jedhamutti bara 1956 A.L.H dhalate. Oboleeyyan dubraa 2 fi dhiiraa 3 waliin dhalatan keessa Badhaanni isa tokko. Yeroo ammaa kana Adde Fayyisee fi Adde Xuruu qofatu lubbuun jira. Akkasuma Badhaanni ofii isaatii haadha manaa garagaraa irraa Ijoollee durbaa 2 fi dhiiraa 3 walumatti maatii 5 horatee jira. Badhaaanni Moggaasa maqaa "miidhee" jedhu kan argate, lolaan qofa osoo hintaane daakkii bishaaniin kan isaan dorgomu hinturre. Kanaan walqabatee yeroo dargaggummaa isaatti guyyaa tokko waqtii gannaa Lagni Mogor yeroo guutee dambali'aa jirutti Badhaanni ce'uuf yeroo jedhu hiriyoonna isaa " bishaan guutee jirutti hinseeniin maa simiidhe" jechuun yeroo kadhatan, Badhaanni didee itti seenuun daakee ce'ee cimina isaa itti agarsiise. Kanarraa ka'uun jecha "miidhee" jedhu, jecha "maasimiidhe" jedhurraa akka mogga'eef hiriyoonna isaa nidubbatu.

Badhaanni ilma qonnaan bulaa ta'us, barnoota isaa hanga kutaa 4ffaa qofa kan barate yoota'u, hojjaan isaa jiddugaleessa diimaa bareeda, goofaree tolfachuu jaalatu, gootaafi abshaala ture. Badhaanni akkuma namoota biroo horii tiksaa, bishaan daakaa kan guddate yoo tahu, Qonnas qotee osoo hin quufin bara 1980 fedhii isaatiin gara dirree waraanaa deemee ture.

Mootummaan dargiis ta'ee, Bulchiinsi mootota Absiiniyaa uummanni Oromoo sabboonummaa isaa jabeeffatee miira Oromummaa itti dhaga'amee akka mirgasaa hingaafannef eenyummaa Oromoo kanta'e Aadaa, Duudhaa, Falaasama, Afaan, Sirna Gadaafi k.k.f irratti jaarraa tokkoof walakkaa ol duula irratti taasisaniin quucaree ture. Haata'u malee baroota 1930 keessa sabboonummaan Oromoo hammayyaa Garee Konfedereeshinii Oromiyaa Lixaa, Fincila Qonnaan Buloota Raayyaa, Fincila Qonaan Buloota Salaalee, Fincila Qonnaan Buloota Baalee,

Waldaa Maccaa Tuulamaa, Fincila Barattootaafi Hundeeffama Dhaaba ABO walduraa duuban taasisaniin akka dhufeedha. (Asafa Jaalataa 2007)

Badhaanni Dilgaasatis yeroo lamaa waraana dargii keessaa badee galuu filate. Haata'u malee Bulchitoonni aanichaa yeroo sanaa dirqamaan qabanii gara dirree waraanatti deebisanii turan. Marsaa dhumaa bara 1982tti Badhaanni akkana jechuun ofgaafate, "kaayyoon dargii uummata cunqursuu, dargaggoota oldeemaa waraanatti guuruu, mirga keenya sarbuu waantaheef naannoodhuma keenyatti maalif gurmoofnee ofirraa hindhorkine" jechuun hiriyoota akkasaa waraana dargii keessaa badanii galan waliin mari'atanii waliigalan. Kanarraa ka'uun qabsoo hidhannootti seenan.

Akka caarra immoo bara 1982 keessa mootummaan dargii kufuuf fiixerra waan ga'eef bulchiinsi aanichaa namoota leenjii waraanaa qabaanifi fedhi qaban "koottaa hidhannoo meeshaa isinii kenninaa 'waanbadee' qe'ee keessaan irraa eeggadhaa" jechuun gandoota aanichaa hundarraa aanaatti waamanii qawwee hidhachiisanii turan. Caarraa kanatti fayyadamuun namoonni akka Badhaadha Dilgaasaa, Faanaa Abeebbe, Badhaasaa Gammadaa, Tolchaa Damisee, Margaa Fattansaa fi.k.k.f hogganaa Badhaasaa Gammadaa filachuun naannoo isaanii eegu jalqaban. Osoo kanaan jiranuu walakkaa bara 1983 keessa mootummaan dargii kufiitii irra waan ga'eef mootummaan Badhaadhafi garee isaa humnaan akka duulan gochuuf gaafa jedhu, humnaan ofirraa deebisuun qabsoo qawwee ittifufan. Hanguma kufiitin dargii dhiyaachaa deemeen namni Taaddasaa Fayyisaa/Sheeka/ jedhamu loltuu dargii keessaa deebi'e jiru, faallaa Badhaadhaafaa ta'uun hidhattoota/minishaa gandaa gosa Guullallee ta'an gurmeessuun uummata gosaan yaayyaa ta'an irratti waraana banuun qabeenyafi qawwee saamutti bobba'e. Waraanni Badhaadhaa duraa gurma'anii waanjiraniif salphumatti waraana sheekaa kana uummata irraa deebisuun hedduusaanii ajjeesuun kanneen hafan madoo taasisee ture. Kanarraa ka'uun injifannoo garee Badhaadhaa kanaan uummanni sirbaan akkas jechuun leellisan " Andanyaan Miidhee tahee ulatanyaan faanaa tahee moo? yaasheekaa daalacha garaan lafa gahee" jechuun sirban. Osoo hinbubulin gosuma Gullaallee keessaa namoota raayyaa dargii keessaa deebi'anii jiraniin Ob. Garmaamee Alamuufi Ob. Asheete Hordofaatin jedhaman osoo Badhaanni bira hingahin Magaala Fittaaal keessatti Sheeka ajjeesan. Garuu namoonni sheeka ajjeesan kunneen Badhaanni akka dafee isaan qaqabu dursanii odeeffannoo geechisanii turan. Yeroo Sheeki du'u waraanni Badhaadhaa qarqara Magaala Fittaaala gahee ture. Kanumaan gootummaan Badhaadhaa dabalaa dhufuun uummanni aanichaa gandoota baddaa gammoojjii ta'an hundi Badhaadha faarsuu

jalqaban. Sababa Sheekaatin uummanni walitti bu'anii turan Maanguddoonni Gullalleefi yaayyaa(Gaarradoo Galatee, Taaddasaa Galatee, Qorichoo Waaqaa,Araddoo Reebaa, Lub. Tsartsamadin Gimmittee, Kumee Borofee fi.k.k.f) walitti dhufuun korma qalanii eebbisaanii walitti araarsuun hidhattoonni gosa Gullalleefi Yaayyaa miseensa waraana Badhaadhaatti dabalamuun aanicha akka eegan taasisan.

Kanarraa ka'uun Badhaanni tooftaa dipiloomaasii waan danda'uuf hidhattoota/minishoota gandoota (Buyyamaa Qo'aat, Goda Jabaa, Areeree, Alidheeraa, Nya'aa Soolee, Soolee Gibee, Deeddee Dhuftuufi Goda Warqee) ta'an walitti waamuun marii taasiseen "kaayyoo tokkoon wanbadees(wayyaanee) ta'ee mootummaa kana(dargii) humnaan ofirraa ittisuu qabna" jechuun yaada tokkoon akka waligalan taasise. Adeemsa keessa uummanni gandoota aanichaa hafan Iluu Dirree, Kuchuu, Lamii, Saadin Biyyoo, Deeddee Gaaraa, Noonnoo camarrii,Naannoofi k.k.f kaayyoo Badhaadhaa kana fudhachuun naannoo isaanii waliin eeggachuu jalqaban. Ittifufuun xumura bara 1983 bulchiinsi mootummaa dargii kufuu isaatin wayyaaneen aanicha yeroo too'attee turtetti, namni Seefaa Xaasoo(sabaan amaara) jedhamu kan durbii(fira) H/Maaram Maammoo ta'e "shiftaan aanaa kana keessa socha'ee mootummaa dadhabsiisaa ture nijiraa dura inni too'atamuu qaba" jechuun mootummaa wayyaanee waliin ta'uun Badhaadha Dilgaasaa too'annoo jala oolchuuf socha'aa ture.

Garuu Badhaadhaa too'achuu hindandeenye. Namni Seefaa Xaasoo jedhamu kun leenjii waraana dargii waan qabuu waajjira Wiirtuu kuusaa Gargaarsa Kanaadaa Ganda Noonnoo Camarrii argamutti eegumsaan qacaramee hojjechaa osoo jiruu yeroo wayyaaneen aanicha too'achaa jirtutti wayyaanee waliin ta'uun sirna wayyaanee tumsuun akka ragaatti waajjira itti hojjetu gubbaatti "*ከወያኔ ጋር ወደ ፊት*" ykn "wayyaanee waliin fuunduratti" jechuun afaan amaaraan barreessee ture, Badhaanni garuu daran haala yerootti fayyadamuun waraanni dargii yeroo bittinaa'ee galaa jirutti kilaashii dabalatee meeshaalee jajjaboo akka Matarayeesii, Faalii, Emmifoortii, Lonceeriifi k.k.f humnaa fayyadamuun kanneen hafan immoo qarshiin irraa bitachuun humna waraana isaa cimsachaa ture.

Kanuma keessa bara 1983 ganna keessa dhaabni ABO caasaa isaa gara aanichaa diriifatee waan tureef Badhaadhaan walqunnamuun "kaayyoon keenya tokko nujalatti hiriiri hojjedhu" jennaan "ishoo" jedhee ajaja fudhatee qabsoo isaa ittifufee ture. Kanarraa ka'uun Waraanni Wayyaanee loltoonni hedduun waan jalaa dhumaniif bara 1983 ji'a qaammee keessa aariidhaan mana qonnaan bultootaa(ijoollee qabsaa'otaa) 58 qabeenya hunda waliin gubanii turan. Itti fufuun jalqaba bara 1984 irraatti mootummaan ce'umsaa humnaan waan waraana Badhaadhaa dadhabeef

jaarsummaan araaramuuf jaarsolii kanneen akka Araddoo Reebaa, Fatansaa Abboo, Gammachuu Fayyisaa, Raggaasaa Badhiyyee, Lub. Tsartsamadin Gimmiteefi k.k.f itti erguun waligaluun naga'i bu'ee ture. Kanarraa ka'uun waraanni Badhaadhaa Dilgaasaa harki caalu hidhannoo hiikkatus muraasni osoo hidhannoo hinhiikkatin bosonatti hafuun Badhaanni mootummaa waliin araaramuun Ji'a Hagayya bara 1983 fi ji'a Fulbaana bara 1984 aanaa Yaayyaa Gullallee bulchuuf caarraa argate. Haata'u malee wayyaaneen cimina Badhaadhaa waanbeektuuf sodaattee too'annoo jala oolchuun gara mana hidhaa maagala Fiichetti galchite.

(Madda: Afgaafii Luba Tsartsamadin Gimmitee 4/09/2012 fi Qabsa'aa Fayyisaa Gizee 13/08/2012 waliin taasifame)

Yeroo hedduu mootummaan wayyaanee Badhaadha ajjeesuuf sulula mogoritti loltoota cicimoofi lakkoofsan hedduu baddaa gammoojjiitti ramaduus ajjeesuus tahee qabuu hindandeenye. Waraanni Badhaadha qabuuf bobba'e keessaa kan lubbuufi madoon deebi'u xiqqaadha. Yeroo sanatti wayyaaneen shira shiruun Waraanni naannichatti ramadde Waraana ብሔራዊ kan saba amaaraa qofa ta'e maqaa addaa "ሲ.፳፻፮" jedhamuun waamamu ta'uu isaa miseensonni isaanii waraana Badhaadhaan booji'aman irraa mirkaneeffachuu isaanii qabsaa'onni lubbuun jiran nidubbatu. Miseensonni raayyaa mootummaa naannicha ramadaman hedduun isaanii afaan amaaraa, darbees hoggantoonni isaanii afaan Tigriiffaa dubbatu. Waraanni wayyaanee kun Yeroo uummata naannichaa Badhaadha agartee jechuuf gaafattu jecha "baxaaxa agartee" jedhu fayyadamu. Uummanniifi Badhaanni hariiroon isaanii cimaa waan ta'eef Badhaanni asiin bahee ykn asiin buhee jedhanii faana diinaf hin eeraan.

Badhaanni namoota qabsootti gufuu ta'an, hiriyoota itti ergee gorsuu, kan dide adabuun ala uummanni nagaan akka hojii isaa akka hojjetatu uummata deeggaruudha. Loltoonni Badhaadhaa baayyinaan 350 ol ta'an Badhaadhaan hogganamuun sochii isaanii aanaalee godina Shawaa kaabaafi lixaa keessattuu Sulula Laga Mogor keessa kan maadheffataniidha. Waraanni Badhaadhaa qabeenya uummataa osoo hinxuqin maallaqa ofiin bitachuufi kanneen diina irraa argatan soorachuun akka fayyadaaniidha.

(Madda: Qabsa'aa Naannessaa Alamuu 16/09/2012 fi maanguddoon Ob. Addunyaa Saneeguyyaa 19/09/2012)

Badhaanni biyya Itoophiyaa dabalatee addunyaan tun loogiin akka gootamte, keessattuu mootummoonni afrikaa seeraa ol aangoo madda galii godhachuufi akka meeshaa hachuuccatti fayyadamuun uummata isaanii akka dararaa jiranitti hubata. Keessattuu biyya Itoophiyaatti

mootummaan nafxanyaa saboota biyyatti keessattuu saba Oromoo ajjeesuu, hidhuufi biyyaa hari'uu hojii idilee godhate kana dhabamsiisuun sirni dimookiraasii walqixummaa qabu akka diriiru hawwii Badhaadhaa ture. Mootummaan abbaa irree ykn bulchitoonni koonyaa kamuu humnaan malee karaa nagaan akka aangoo gadi hindhiisnetti amana.

Badhaannis Xurree gootota oromoo oromiyaaf wareeggaman kanneen akka Hayila Maaram Gammadaa, Maamoo Mazamir, Elemoo Qilxuu, Magarsaa Barii, Baaroo Tumsaa, Mohee Abdo, Damisee Tachaanee, Nadhii Gammadaa, Sanbatoo Luboo, Gammachis/Zakkaariyaas Mul'ata, Guutamaa Hawaas, Saartu Yuusuf, Ibsituu Margaa, Aradoolaa Abdallaa, Juukii Bareentoo, Mohammad Amaan, Lamma Warqee, Dagaagaa Baayisaa, Eabbisaa Addunya, Kaasahuun Habtee, Hundumaa Kaabaa, Baalchaa Tolaa, Musxafaa Idriis, Waaqoo Tolaa, Tarrafaa Qumbii, Guddisaa Annisaa, Shamsuu Shaambo, Zaraa Shek Bakarii, Soofiyaa Mohammad, Jaarraa Uddeessaa, Roobaa Hanaalee, Bulti Gurmeessaa, Alamuu Kiisii, Mammee Qaasim, Kadir Adam, Hasan Raashid, Surur Ismaa'el, Zaharii Alii, Chalalaa Baqqalaa, Tasfaayee Naggaa, Yigazzuu Ida'aa, Kumalaa Mirkanaa, Tasfaayee Hundsessaa, Habiib Kadir Goobanaa, Lameessaa Booruufi Jireenyaa Ayyaanaa hordofuun qabsootti seene jedhu (Asafa Jalataa,2007).

Badhaannis kanaaf qabsoo hidhannootti cichuu filate. Badhaanni yeroo qabsoo taasisaa turetti "uummanni akka gibira mootummaa hinkaffalle, karaa gurmaa'een mootummaa irratti akka fincilu, OPDO mootummaa Oromoo bakka bu'u osoo hintaane ergamtoota wayyaanee tahuu, biyya Oromiyaa irratti abbaa tahuuf fi eenyummaa keenya guddifachuuf falmachuu qabna" jechuun uummata barsiisaa ture, Akka uummanni ragaa ba'utti Badhaanni "mootummaa oromoo gadi dhaabnaa" nuun jedha. Nullee "Badhaanni wayyaanee moo'ee Nugusa nuta'a jennee isa abdanne turre" jedhu.

(Madda: Afgaafii Maanguddoo Adde Siddisuu Makonnin-13/08/2012fi Oboleettiin Badhaadhaa Adde Fayyisee Dilagaasaa- 16/09/2012 waliin taasifame)

Haalli ajjeechaa Badhaadha Dilgaasaa shira mootummaan qindeessen xaxxoo/xonqolaa daftaraadhan re'ee gurraattitti goosisuun mana Adde Ituu Hordofaa Jedhamtutti foon re'ee nyaachisuuf yeroo jedhanitti Badhaanni shira kana amma ta'e shakkuun nyaachuu didee re'ee biroo akka qalchiise ture qabsaa'onni waliin turan kan amma lubbuun jiran nihimu. Haata'u malee re'een lammaffaa qalamtus foon dura qophaa'e waliin walitti makuun akka isaanii dhiyaate shakku. Ragaa guddaan immoo qabsa'aan amma lubbuun jiru obbo Fayyisaa Gizee yeroo nyaataniin booda isallee dhiigni afaanifi funyaaniin yaa'uu isaa himeera. Bakkuma nyaata sooratanitti bunnii daffee yeroo dhuganitti Badhaanni "Siinii" itti dhuge ilaaluun "tiyya dhumattee

nandu'aa kaayyoo manaa baaneef hindagatinaa, gumaa kootis baasaa" jechuun garee isaatif dhaamsa akka dabarse himu. Guyyuma foon nyaatan kana gara shakakkee iddoo dhaloota isaatti nagaan deebi'anii turan, Haata'u malee, barii isaa Badhaanni bakka kaleessumtii foon re'ee itti nyaatan sanitti akka deebi'uu qaban miseensa waraana isaatif ajaja dirqamaa dabarsee ture. Miseensota waraana muraasa qabatee bakkuma itti nyaatan sanatti yeroo deebi'anitti waraanni wayyaanee dursee iddoo qabatee waantureef kallattiin dhokaasni Badhaadhaatti baname ture. Badhaanni battaluma miila rukutamnaan fiigee bosona lixee shuguxii ofharkatti hambisuun "bakka tokkotti hin dhumnuu kaayyoo keenya galmaan gahaa" jechuun hidhannoo isaa hiriyoottatti kennee ofirraa gaggeesse. Battaluma kana Qonnaan Bulaa Ob. Taaddasaa Hordofaa jedhamu yeroo bira gahu Badhaanni shuguxiin of ajjeesee argee, shuguxii kanas Ob. Taaddasaan fuudhee sokke yeroo waraanni wayyaanee bira gahu reefa Badhaadhaa qofatu jira jechuun himaniiru. Shira ajjeechaa Badhaadhaa kana keessa Bulchaan Godina Shawaa Kaabaa yeroo sanaa Ob.Makonnin Kabbadaa jedhamu illee harka keessaa akka qabu himama. Badhaanni Dilgaasaa dhalatani umurii waggaa 30 tti Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa ganda Dheebisa Aggaasaa iddoo "Tulluu Ejersaa" jedhamutti Sadaasa 2,1986 A.L.H ofwareege. Iddoon Awwaala gooticha Badhaadha Dilgaasaa iddoo dhaloota isaa Aanaa Yaayya Gullallee Ganda Buuyyamaa Qo'aat Bataskaana Mikaa'ila Qaawwaati.

Akka Getaachoo Rabbirraa (2009) ibsetti, Seenaa hawaasa Oromoo keessatti afoolli: Aadaa, Seenaa, safuu, Duudhaa, eenyummaa saba tokkoo (dhaloota darbee) himamsa afaaniitiin dhaloota irraa dhalootatti daddaba. Kun immoo ummata Oromoo biratti seenaa kabajamoo fi boonsaa ta'ee argameera.

Kanuma irraa ka'uun gootichi Oromoo Jaal Badhaadha Dilgaasaa Afoolawwan kana keessaa kan inni diina mo'achuuf ykn diina irratti olaantummaa argatee (mul'ata isaa fi kaayyoo isaa galmaan gahachuuf) jecha fayyadame faaruu gootati. Gootichi kun faaruu gootatti dhimma bahuun namoota isa waliin lola irra turanii lubbuun jiran (qabsaa'ota) keessaa kanneen akka qabsa'aa Fayyisaa Gizee, Abrahaam Lammaa, qabsaa'aa Naannessaa Alamuu, qabsaa'aa Magarsaa baallamiifi kkfn haala cunqursaa sirna wayyaaneen ummata Oromootti fe'ame ofiifi hawaasa irraa buusuf kan qabsa'aniidha. Namoonni gooticha kana wajjin lolarratti bobba'aniifi gootichi Badhaadha Dilgaasaa kan faarsan qabsaa'ota onnachiisuuf, onnatanii wal onnachiisuuf, lolanii lolchiisuuf, mo'atanii mo'achuuf, jabaatanii waljabeessuu, kaayyoo gootummaa fi injifannoo isaanii galmaan gahuuf kan ittin fayyadamaniidha. Kana keessatti gootichi kun diina ajjeesee moo'ichaan galuuf qofa osoo hin ta'in xiqqaafi guddaan labanni lafaa dhufaafi uummanni

Oromoo kana hubatee qabsoo isaanii hanga abbaa biyyumaa mirkaneeffatannitti akka ittifufaniidha. Dabalataan hacuuccaa ummata Oromoo irra gahaa jiru keessattuu hidhaa, reebicha, abba biyyummaa, qabeenya ofirratti abbaa tahuufi ofiin ofbulchuun dhabamuu irraa kan ka'e uummata hacuuccameefi dhiibbaan uummata Salaalee ykn Oromiyaa guutuu irra gahaa jiru hambisuuf faaruu gootaa/onnachiistuu kana kan fayyadamaniidha.



Suura: 2 Qe'ee Badhaadha Dilgaasaa (Abdaarii) Guyyaa 20/02/2012, Qoratichaan Kan Kaafame



Suura: 3 Tulluu Ejersaa bakka Badhaanni Itti Wareeggame (Shawaa lixaa-Ada'aa Bargaa-Dheebisa Aggaasaa) Guyyaa 20/02/2012 Urgeessaa Baallamiin Kaafame

(Madda:Afgaafii Ob.Taaddasaa Hordofaa guyyaa 13/09/2012 fi qabsa'aa Fayyisaa Gizee 13/08/2012 waliin taasifame)

Adde Fayyisee Dilgaasaa oboleeyyan Badhaadhaa shanan keessaa ishee tokko Yoo taatu, Adde Fayyiseen dubartoota qabsoo hadhawaa dabarsan keessa nama lubbuun har'a gahaniidha. Sababa obboleessa isheen walqabatee waraanni wayyaanee reebichaa isaan irraan gahaniifi qabeenya isaanii barbadeessuun alatti yeroo sadii(ji'a 9, ji'a 7,waggaa 1) mana hidhaa Yaayyaa Gullalleefi Fiichetti hidhamanii turan. Seenaa qabsoo keessatti hidhaan Adde Fayyisee Wanti adda godhu yeroo baatii sagal mana hidhaa Fiicheetti hidhamanii turanitti loon isaanii lakkoofsan torba ta'an waliin qabamanii, loon iddoo Hurufa Manxaraa jedhamutti poolisootan ji'a sagaliif eegamaa turuu isaanii, yeroo hidhaadhaa bahan loon isaanii fudhatanii galuu himu. Adde Fayyiseen akkuma Badhaadhaa onnee gootummaan guutamanii qabsoon Oromoo bu'aa malee karaatti hafuu miira aariin dubbatu. Qabsoo kana keessatti Badhaadha dabalatee Ilma ishee Gammachuu Kabbaboofi abbaa manaa ishee Kabbaboo Nagawoo lubbuu nama sadii dhabuun seenaa qabsoo Oromoo keessatti dubartii dhiigaan seenaa barreessaniidha. Yeroo ammaa kana Jiruuf jireenyi isaanii qonnaan kan jiraatan yoota'u, Hojii qonnaa kanas hirmaannaa hawaasa gandichaan deeggaramaa jiraachuu isaanii himu. Adde Fayyiseen ammaa kan jiraatan ganda Buyyamaa Qo'aati qe'ee warra ishee Dilgaasaa Waamiiti. Adde Fayyiseen Bara waxabajjii bara 1942 kan dhalatan yoota'u, uuriin isaanii waggaa 70 lakkoofsisaniiru.

4.2 Gootaa ykn Gootummaa Jechuun Maali? (Bandits-Banditary)

Akka oboleettin qabsa'aa gooticha kanaa Adde Fayyisee Dilgaasaa fi namoota waliin qabsoorra turan keessaa akka Ob.Fayyisaa Gizee jedhanitti, Goota jechuun sammuu ofii amansiisanii kutataniifi garaan hadheeffatanii nama sabaaf qabsaa'u, quuqamu,wareegamu, saba isaa irraa nama roorroo halagaa ittisu, eenyummaa isaan boonu, gootummaan Badhaadhaan nama mirgi saba isaa sarbamu hinjaalanne, mirga sarbame kabachiisuuf fedhii dhuunfa ofii dhiisee saba Oromoo jiddugala godhachuun nama sabaaf wareegame waan taheef gootummaan kana caalaa ibsamu hinjiru.

Kun ta'uu kan danda'u, dhiibbaa kana jalaa ba'uuf yoo dadhabame gara fala ta'uu danda'utti qabsoodhaan dhiirummaan yookaan gootummaan filannoo lolaa keessa galanii hinjifachuun mirga ofiifi saba kabachiisuudha. Dabalataan Goota jechuun onnee guutuun wanta tokko moo'atanii olaantummaa ofii mirkaneessanii seenaa ofii kan hawaasaa kan biyyaa ittiin waamsisaniidha. Gootummaan gama adda addaatiin beekkama. Isaanis, gootummaa qabsoo lolaa, gootummaa bineensota ajjeesanii galuu, gootummaa gita bittaafi hacuucaa jalaa bahuuf taasifamu, gootummaa mirgaa ofiifi mirga biyyaa kabachiisuuf aarsaa kafalamufi kkf dha.

Akka Fakkeenyaatti sirnoota mootota nafxanyaa keessa gootota Oromoo kanneen akka J/Taaddasaa Birruu, Maammoo Mazzamir, Hayila Maaram Gammadaa, Agarii Tulluu, Baaroo Tumsaa, Hayilee Fiidaa, J/Waaqoo Guutuu, Abuna Pheexiroos/Magarsaa Badhaasaa/, Badhaadha Dilgaasaa fi k.k.f gootowwan Oromoo kunneen seenaa, aadaafi afaan Oromoo awwaalamee ture dhiigaafi lafee isaanitiin barreessanii Eenyummaafi sabummaan Oromoo haalamee turee har'a deebi'ee dhugoomsanii jiru. Lammiin goota isaa hin kabajne, gootummaaf bakka hin kennine yartuu sabaatin dhaalama.

Sabni Oromoo saba Itoophiyaa keessatti baay'ina ummataan tokkoffaa irra jiru, sirni Gadaa siyaasni, diinagdeenii fi hawaasummaan ummata Oromoo ittiin murteeffatu, kan miseensi sabichaa mirgaa fi dirqama isaa beekke ittiin walii galuu fi tokkummaan ittiin waliin jiraatudha.

Gootni akka hubannoo Oromootti nama jabaa lolee diina ofirraas ta'e biyyasaa irraa deebisu, dirree lolaa kamittiyyuu ofduuba kan hindeebine, roorroof kan hinbulle, nama ilaalcha gaarii uummatasaaf qabu, kan hinloogne, birmadummaafi bilisummaa ofii isaarra darbee kan sabasaaf osoo of hinqusatin dabarsee ofkennuudha. Yaada kana caalatti ibsuuf hayyuun asafan, "*The Oromo people are only fighting against injustice and exploitation that have been integral parts of Ethiopian settler colonialism and its political and cultural intuitions. The Oromo people do not hate any people, and they only hate oppression and exploitation*" (Asafa Jalata 2007:159).

Gootota Oromiyaan biqilchite hedduu keessaa gootoota Salaalee kanneen akka: Aabbaa Maallee, Goshuu Gisillaa, Asanuu Wadaay, Alii Maaree, Jaankaa Nagawoo, Nagawoo Gammadaa, Ashee Ruufoo, Bulloo Galgal, Baqqalaa Badhaadhaa, Abbichuu Bayyanaa, Jimaa Sanbatee, Birruu Kennee, Abuna Pheexiroos/Magarsaa Badhaasaa/, Asafa Sharoo Lammii, Baqqalaa Sagguu, Taaddasaa Hordofaa, Tulluu Gammadaa, Baqqalaa Gurree, Taaddasaa Birruu, H/Maaram Gammadaa, Agarii Tulluu, Muluu Asanuu, Dabalaa Xaafaa, Badhaadha Dilgaasaafi k.k.f odef-himtoonni qorannoo kanaa tarreessanii jiru. Haaluma kanaan bara sirna bulchiinsa wayyaanee goonni Salaalee sulula mogor keessatti beekamu Jaal Badhaanni Dilgaasaa isa tokko akka ta'eedha. Haaluma kanaan gochoota gurguddoo goonni kun sodaa tokko malee raawwataa tureefi jechoota dhaamsa guddaa ofkeessaa qaban kan gootni kun dubbataniin isaan yaadanna jechuun odef-himtoonni yaada isaanii ibsaniiru.

Seenaa siyaasa Itoophiyaa keessatti uummanni yeroo durii kaasee hiikaan shiftaa/bandit qaban suuta dhalachaa kan dhufe barsiifata hawaasummaa irraa ta'uufi kutaalee biyyatti hunda keessattilee hubannoo adda addaa mullachuu qorannoon adda addaa ni ibsa. Akka yaada hayyuu

Hobsbawm's tti sababni shiftaan uumamuuf sababoota waliigala lama ta'uu ibsa. inni jalqabaa, jijjirrama bu'uura diingdee yoota'u, inni lammaffaa rakkoo hawaasummaati. "Bu'uurri jijjirrama diingdee caalatti shiftaan akka baayyatu godha" jedha. Jijjirrama diingdeetin sooressiifi hiyyeessi walcaalmaan uumamuu, akkasuma bulchitoonni aangotti fayyadamuun seeraan ala qabeenya uummataa saamuun duroomuun diingdee akka meeshaa hacuccatti fayyadmuun rakkoon bulchiinsa gaarii akka uumamu gochuu ibsa.

Asefa (2010:327), Gilbert M. Joseph (1990:8) waabeffachuun yoo ibsu, "*mormiin shiftaa adeemsa keessa beekamaa deemuullee, akka waan yaada, kaayyoo, qindoominaafi sagantaa hinqabnetti ilaallamus, gochi gootummaa kaayyoo isaanii abbaa biyyummaa mirkaneeffachuufi dhiibbaa qaama kamuu malee ofiin ofbulchuudha. Kaayyoon kunis hawaasa qonnaan bultoota hundaan deeggaramaa dhufuun uummanni waloon kallattiin kaayyoo shiftaa kanarraa waan fayyadamanii adeemsa keessa hirmaannaa isaanii dabalaa dhufe*" jedha.

Seenaa uummata Oromoo Keessatti kutaalee Oromiyaa mara keessatti gootonni Oromoo kan shiftoome bilisummaa, abba biyyummaa isaa mirkaneeffachuufi hakuuccaa eenyummaa jalaa bahuuf malee, akka shiftoota kutaalee biyya keenyaa gara kaabaa olaantummaadhan saba biroo bituufi qabeenya saamuun dhuunfaf oolfachuufii miti.

Asefa (2010) "Rakkoo bulchiinsa mootummaatin walqabatee jiraattonni baadiyyaa haala jireenyaa ulfaataafi hiyyummaa keessatti kufuu irraa kan ka'e hawaasi naannichaa shiftaaf faaruun quuqqaa qaban ibsatu, fakkeenya baroota dhiyoo kana qabsa'oota akka Agarii Tulluufi Badhaadha Dilgaasaa jiraachu seenan nibsa. Itti dabaluu, "*These heroes and heroines had clearly understood the significance of Oromo culture, history, language, and identity in building Oromummaa and victorious consciousness to consolidate the Oromo national struggle for achieving Oromian statehood and democracy*" (Asafa Jala 2007:143).

Kutaalee Oromiyaa kanneen biroo caalaa Sirnoota habashaa dhufaa darbutti godina Salaalee naannawa Sulula Laga Mogoriifi Jamaa keessatti shiftummaan ykn gootonni qabsoo toftaa riphee lolaan mootummaa irratti finciluun maalif baayyata? yaada jedhuuf beektonnifi qabsaa'onni naannichaa yoo ibsan, sababoota ijoo sadii eeraniiru: Tokkoffaa Godinni Salaalee naannoo amaraan waan waldaangessuuf mootonni habashaa humnaafi tooftaan daangaa ce'uun lafa Oromoo irratti ofmuudanii abbaa itti ta'uun hanga har'aatti uummanni keenya roorroofi hakuuccaa jalatti akka kufu ta'ee jira. Keessattuu godinaalee Oromiyaa kanneen biroo caalaa uummanni

Salaalee waggaa 150 oliif dhiibbaa bulchiinsa(reebichaa, saamicha, ajjeechaa, qe'ee irraa buqqa'uu) mootota habashaatin mirga abbaa biyyummaa mulqamanii ergamaa ta'uufi eenyummaan isaa tuffatamee waan itti cimeef. Lammaffaa haalli Teessuma(landscape) Sulula Laga Mogoriifi Jamaa buhaa bahii, gaarreen, sulula, lageen, bosona, holqawwan, hallayyaa, dhakaa kattaafi k.k.f waan guutameef gootota sabaa isaa riphee loluuf mijataa waan taheef, Sadeessoon naannichatti uummanni salaalee roorroofi rakkoo irra jiru uummata callisee tole jedhee fudhatuu miti, gootummaa sanyii irraa dhaaleefi muuxannoo lolaa Akaakileefi Abaabilee irraa dhaaletti fayyadamuun akka ta'e himaniiru.

Gama biroon Asefa (2010), Doanld Crummey (1999) waabeffachuun yoo ibsu "*Itoophiyaa keessatti hiikaan gootaa/shiftaa yeroo rakkoo bosona galuun seera bulchiinsa mootummaatin ala buluun ajaja fudhachuu dhiisuufi seeraa biyyichaa uummataaf hintaane mormuudha. Yaadi kun biyyoota ollaa kaaba baha afrikaa kanneen Suudaaniifi Keenyaatti ilaalcha walfakkaatutu jira*" jedha(f.330).

Walumaagalatti yaadota armaan olii irraa kan hubannu shiftoonni ilaalcha lama qabaachuu nutti mullisa, inni jalqabaa jajjabeen sabaa ykn gootonni gabrummaaf hinjilbiiffannu jedhan walgurmeessanii bosona/holqatti galuun baalaafi firii mukaa nyaatanii mirga saba isaanitiif kan falmataniidha. Hiikaan lammaffaa maqaa gootaan bosona galuun fedhii dhuunfaa guuttachuuf qabeenya uummataa humnaan saamanii kan nyaatan ykn walldhabdee nama dhuunfaa sababa godhachuun haaloo bahuuf akkasuma saba biroo cunqursuun kan shiftooman ta'uu mullisa.



Suura: 4 Miseensota waraanaa namoota 8 ta'anii, waraana wayyaanee waliin araara buusanii, yeroo Badhaanni caarraa aanaa bulchuu argatee ture hojiif M/Fiichee dhufanii Bara 1984 kan ka'aniidha. mirgaa gara bitaa inni jalqabaa Badhaadha Dilgaasaa,)

4.3 Gootummaa Jaal Badhaadha Dilgaasaa Waamii

Akka Fayyisaa Fiixaa Urga'aa kitaaba isaa Leenca Mogor Seenaa Gootota Oromoo dhuma jaarraa 20^{ffaa}(2018 G.C) jedhu keessatti ibsaniiru. Badhaanni Dilgaasaa nama gammachuufi gaddi irraa hinbeekamneedha, xiiqii qabeessa, obsa qabeessa,tasgaba'aa, kutaataa, kan sodaa hinqabne, tooftaa waranaa cimaafi yootokkose kan lafa hinbuusne, Rasaasi takkittiin lafa hinbadu jedhee nama amanuudha. Gara laafessa nama kaayyoo isaa hinsharafneedha. Miseensonni isaa akka miidhamu hinbarbaadu, ofii dura du'uu barbaada, lola injifannoo malee callisee itti hinseenu.

Badhaanni yeroo dargaggummaa isaatti jalqaba waraana dargii fedhiin deemuus, waraanaa keessaa badee biyyatti deebi'ee. Yeroo lammataa garuu dirqamaan ergamee turus ammas badee galuun hiriyoota isaa waraanaa dargiitii deebi'an waliin walgurmeessanii qe'uma keenyatti waanbadee ofirraa eegna jechuun bulchiinsa yeroo sanaa diduun bosonatti galan. Kaayyoon Badhaadhaa mirgi sabaa Oromoo dhiibbamaa ,hacuuccamaa, dhiitamaa, gabroomuun harqootaa gabrummaa uummata Oromoo irratti fe'amee jiru buusuuf nama dursee hubate wanta'eef, keessattuu bulchitoonni yeroo sanaa ilmaan nafxanyaaa ta'an fedhii dargaggoota Oromoo malee humnaan adda waraanatti erguun daba mootummaa ta'uu hubachuun dhiibbaa kana qabsoon ofirraa fonqolchuu ture. Kanaaf hiriyoota kaayyoo tokko qaban waliin qabsootti seenan. Sirni bulchiinsa wayyaaneetis Oromoo moggaatti waan dhiibeef sirna kanas mormuun qawwee fudhatee bosonatti deebi'uun injifannoo boonsaa galmeessiseen uummata Salaalee bira darbee sadarkaa biyyaatti goota beekamuufi mootummaa biratti immoo sodaa guddaa uumee ture. Jireenya qabsoo keessatti duutifi injifannoon galuun akka jiru seenaa abootii Salaalee darban irraa hubachuun gara qabsoo hidhannootti seenuun seenaa barabaraan jiraatu galmeessise jira. Jaal Badhaanni Dilgaasaa xombora qabsoo Aanaa Yaayyaa Gullallee keessatti eegalus booddee qabsa'onni Aanaa Dagam, Kuyyuu, Warra Jaarsoo, Giraar Jaarsoo, Sulultaa, Waacaalee dabalatee, Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa, Meettaa fi kanneen biroo waliin walqunnamuun waraanatti isaatti dabalamuun qabsoo daran finiinsaa kan turaniidha.

Jaal Badhaanni bara 1983 ji'a Hagayyaa fi bara 1984 ji'a Fulbaanaa yeroo aanicha bulchuuf caarraa argatetti wayyaaneen Badhaadha sodaachuun duuban shira xaxuu eegalan. Guyyaa tokko Badhaanni miseensota isaa saddeet(Badhaadha Dilgaasaa, Faanaa Abeebbe, Fayyee Garasuu,Damisoo Awwaqaa, Garmaamee Alamu, Dibaabaa Baallamiifi Asheetee Hordofaa) waliin yeroo hojiif gara magaala Fiichee deemanitti waraanni wayyaanee waajjira aanichaa too'atee turan. Badhaannis shira kana dursee dhaga'uun yeroo gara waajjiraa seenuuf jedhu

waardiyaan waajjirichaa(miseensi waraanaa wayyaanee) Badhaanni akka waajjira hinseenne yeroo dhorkuuf yaalutti harkaan qabatee morma hudhee yeroo qabutti hiriyaan isaa Jaal Fayyee Garasuu jalaan bahee shuguxiin waradiyicha rukutee ajjeese. Kanaan walqabatee magaala fittaal keessatti waraanni wayyaaneefi Badhaadhaa lola cimaa geggeessan, gareen Badhaadhaa duraan bosonatti hafes itti dabalamee loltoota wayyaanee maagala Fittaal keessa jiran ari'anii baasan. Harka caaluu ajjeesuun kaan madeessun dhumarra gara bosonaatti deebi'an. Hojiin Badhaadhaa halkanii guyyaa mootummaa wayyaanee irratti tarkaanfii fudhchuu ta'e, Mootummaan fala dhabnaan jaarsolii biyyaafi qeesota walitti qabuun "nu araarsaa duras dogogoraan walitti buunee" jechuun kadhachuu eegalan. Jaarsoliinis Badhaanni karaa nagaa akka qabsaa'u qabu amansiisanii mootummaadhan walitti araarsanii qe'eetti deebisan. Garuu Badhaanni dhuma araaraa irratti jaarsoliidhan akkana jedhe "wayyaaneen hin amanamtuu najjeestii yoon du'ees isinii jedhee nandu'a jalqaba qabsoof manaa bahe booda garaa isin nyaatti" jedheenii ture. Kanarraa ka'uun miseensonni waraana Badhaadhaa lakkoofsaan 90 ol ta'an hidhannoo hiikatanii gara uummataatti deebi'an. Haata'u malee miseensota waraana Badhaadhaa keessaa Jal Abraham Lammaa, jal Ammahaa Lammaa, jal Badhaadha Dabalaa, jal Badhaadha Addagaa, jal Biraanuu Roobii harka kennachuu diduun gara Harargee Bahaa deemuun waraana ABO gaara Mullataa kan Ob. Galaasaa Dilbootin hogganamutti dabalamanii qabsoo isaanii itti fufanii turan.

Osoo hinturin wayyaaneen waadaa jaarsooliin araarse cabsuun wayyaaneen Badhaadhaa hidhaatti darbate. Haata'u malee Badhaanni dandeettii amansiisuu, dubbachuufi amala waan qabuuf hogganaan mana hidhichaa osoo hinturin kaabboo hidhamtootaa ta'ee akka tajaajilu ittigaafatamumma Badhaadhatti kenne. Badhaannis caarraa kanatti fayyadamuun karaa icciitii ta'een namoota cicimoo ta'an mana hidhaa keessatti ijaaruu(gurmeessuu) jalqabe. Akkasuma poolisoota eegdotaa yeroo sanii (Fkn Taamiruu Gaarii, Galataa Jiruu (abbaa Taamiraat Galataa)) sabboontota ta'an illee amansiisuun akka bahuu haala mijeessaaniifi turan.

Osoo Badhaanni mana hidhaa keessa jiruu guyyaa tokko diina isaa kan tahe Ob. Seefaa Xaasoo mana hidhaa dhaqee poolisootan akkas jedhe" Tumaaletti tana maa askeessatti soortan faasikaa kanaa qaluu qabduu" jechuun afaan amaariffaan ciigoon yeroo poolisootaan jedhu. Poolisoonnis deebisaanii "ayyaana faasikaa kana barii qallaa abshiraa" jedhanii deebisaniifii turan. Badhaanni afaan amaaraa waan dhaga'uuf jecha Ob. Seefaa Xaasoo kanatti hedduu aare. Falli jiru mana hidhaa keessaa baduun dirqama waan taheef tooftaa mana hidhichaa itti cabsee bahu fala barbaaduu ittifufe. Keessattuu ajajaa mana hidhaa yeroo sanaa poolisii Ajajaa Dhibbaa Balaachoo

Birruu jedhamu akka ayyaanaa faasikaatii gara maatii isaa shawaa kibba lixaa akka galu kiisa isaatii qarshii 400 itti kennuun haala mijeessee.

Badhaannis mootummaan hidhaadhaa akka isa hinbaafneefi booda akka isa ajjeesuu danda'an waanbeekuuf, mana hidhichaa keessatti gootota akka isaa gurmeessuun akkamiin akka mana hidhaa cabsanii bahan karoofatan. Kanarraa ka'uun ebla 1984 guyyaa kamisaa jala bultii ayyaana faasikaa waaree booda sa'a 11:00 irratti poolisoota dabaree eegumsa irra jiran daguun rukkuutuun qawwee harkaa miciiirani fudhachuun poolisoota hafan ajjeesani sirreeffamtoota maanguddoota ta'aniifi hannaan hidhaman mana tokkotti balbala itti cufuun kanneen sabboontotaafi cicimoo ta'an hedduu of faana hiriirsanii hidhaa cabsanii badan. Kanneen Badhaadha waliin tooftaa kana adda dureen hojiitti hiikanis Jaal Tasfaayee Kabbadaa, Jaal Girmaaa Abbaba, jal.Taamiruu Makonnin, Jal Lammii Gaarradoofi Asheetee Hordofaafi k.k.f lakkoofsaan 60 ol ta'u. Haala mana hidhaa cabsanii ba'an kana keessatti poolisoota icciiticha beekan keessaa poolisii Taamiruu Gaarii akka harka keessaa qabu afaanuma isaanii irraa odeeffannee jirra.

Akkuma hidhaa cabsee baheen kallattiin mana Ob. Seefaa Xaasoo deemuun haaloo isaa bahuuf dhaqus argachuu hindandeenye. Tahus baatii tokko booda halkan mana isaatti marsuun mana ob. Seefaa dabalatee lakkoofsaan 5 ta'u ibiddaan barbadeessee oboleeyyaniifi eessummaan Ob.Seefaa lakkoofsan 5 ajjeessun tarkaanfii irratti fudhate.

Badhaanni osoo kanaan jiruu hoggantoonni ABO mootummaa wayyaaneen waliigaluu dhabuun mootummaa ce'umsaa keessa yeroo bahanii turanitti ,weellistootafi qabsaa'oonni akka Ilfinash Qannoofi Zarihuun Wadaajoo dabalatee waraanni ABO lakkoofsan 1000 ol ta'an Finfinneedhaa bahanii Sulultarraan karaa Darbaa gara sulula Mogor yeroo dhufan waraanni Badhaadhaas haalan simate. Kaayyoon waraana ABO Sulula Mogor keessa turuu osoo hintaane daandii gara lixa oromiyaatti geessu barbaadu. Guyyaa muraasa booda gara lixa Oromiyaa daangaa biyyaatti gara Suudanitti bahuu waan barbaadaniif, waraanni Badhaadhaas dura bu'ee karaa Meettaan gara Jaldutti lafoo geessuu yeroo jedhutti. Meettaa darbanii bakka laga Qixqixoo jedhamutti waraanni mootummaa wayyaanee Helekooptara deeggaramuun waraana cimaa itti bane. Waranni ABO fi Badhaadhaa lola kanaan loltoota wayyaanee hedduu daaraa gochuun kan hafte ofirraa deebisan. Haata'u malee Artistoonni Ilfinasha Qannoofi Zarihuun Wadaajoo akka caarraa waraana mootummaa harka bu'uun fudhatamanii deemanii turan. Waqtii ganna waan taheef lagni qixqixoo guutee turus akkuma ta'etti Waraanni ABO lagicha ce'uun deemsa isaanii Jaldurraan gara lixa Oromiyaa yooqajeelan, Badhaadhatis miseensa waraana isaa fudhatee gara sulula Mogoritti deebi'uun qabsoo isaa ittifufe. Bara 1983 hanga 1986tti yeroo garagaraatti Badhaanni lola

gurguddoo waraana wayyaanee waliin taasiseen dirree lolaa kanneen bakka Shakakkee yeroo shanii ol (keessattuu yeroo sareen sa'aatii seekoo harka waliin fuutee galte ture), Magaala Fittaaal, Ganda Alidheeraa(lola sa'a 5:00-12:00)taasifame "daandii qalloo alidheeraan bobba'uu lafa kilaashiin boba'uu" jechuun sirbaa ture, uummanni gandichaa waraana wayyaanee dhume turee torbee tokkoof bosona keessaa reeffa guuranii awwaalaniiru. Iddoo Karkarreessa(bara 1985 namni Asaffaa W/Tsaadiq jedhamu sabaan amaaraa ta'e ajaja wayyaanee irraa fudhachuun minishaa ganda karkarreessaa qindeessee Badhaadhaan lola walitti bananiin Badhaanni nama kana ajjeesee matarayeessii irraa fudhate , Tulluu qo'aat(bakka Fayyee garasuu Itti wwareegame wayyaanee hedduu fixe), Tokke, Areeree, Kanteer, Incinnii, Wagiddii,Dheebisa, Yaayya Haroo(bara 1985 hidhataan gandoota sadii wayyaaneen leenjiste turte waraana Badhaadha irratti lola banuun battala namoonni 8 uummata irraa wareegaman), Deeddee Dhufuu, Aanaa Meettaa Laga Qixqixoo.k.k.f injifannoo cululuqaa galmeessisanii ofiifis wareegama. Dabalatan bara 1985 Bulchaan aanaa Ada'aa Bargaa OB. Gazmuu Tamtimee jedhamu waraana wayyaanee qabachuun uummata aanichaa keessattuu gandoota Dheebisaa Aggaasaa, Karkarreessaa, Jinaabbaa, Coqorsa, odagoonde, Daalotaafi k.k.f 'Badhaadha fidaa' jechuun darara hamtuu irraan gahaa ture. Namni Ob. Gazmuu kun "Badhaadha qabdanii qanqalloo keessa gootanii hinfiddani" jechuun minishoota gandaa rakkisaa ture. Badhaanni jecha bulchaa kana dhaga'ee aaruun guyyaa tokko waraana qabaatee mana isaa magaala Incinniitti argamu deemuun waraana magaalaa ala tursiisee ofii isaatii guyyaa yeroo Ob. Gazmuun laaqana nyaachuuf mana galu duukaa ol seenee manatti "anuma Badhaanni qanqalloo keessa gootanii hinfiddanii jette sun kinoo ofumaa sidhufee maaljetta" jechuun shuguxiin adda isaa rukutuun ajjeesee gootummaan deebi'e. Ob. Gazmuu Tamtimee ilma abbaa lafaa nafxanyaa afaan Oromoo barateedha. Badhaanni Dilgaasa baayyina miseensa waraanaa 350 ta'an hogganuun lolaa ture. Meeshaa waraana kanneen akka loonceerii 5, matarayeessii 5 fi manaxira dirree lama(Teleskooppii) kan qabu yoota'u. Tarsiimoo waraanaan irra caalaan naannoo Tulluu filatu. Haata'uu garuu lagaafi hallayyaa yeroo tokko tokko dhimma itti bahanis jira. Waraanni Badhaadhaa gola mogoroo keessa kan maadheffatan yoo ta'u, Badhaanni jaalala uummataa waan qabuuf, uummanni nyaatafi dhugaatin simatu, sochii diinaa(waraana wayyaaneefi baandota) yoo argan bakka Badhaanni jirutti deemsa miilaa, Fardaafii Gaangeen odeeffannoo ittiin gahaa akka turaniidha.

Hayyuun asafan gumaacha gootota oromoo yoo ibsu, *"All Oromos who contribute to the Oromo national struggle in every capacity are our revolutionary heroes and heroines; they are making Oromo history. Specifically those who are engaging in organizing Oromos in Oromia and*

engaging in the Oromo national movement in general and the armed struggle in particular are the most dedicated and effective heroes and heroines since they are engaging in risky activities with courage and patriotism" (Asafa Jalata 2007:144).

Badhaanni yeroo qabsoorra ture sanatti tooftaa uumee qonnaan bultoota harka qalleeyyii ta'an yeroo mootummaan qawwee hidhachiise irraa walitti qabuun fudhata. Mootummaan immoo "qawwee isinii kenne fedhiidhan Badhaadhaa kennitan" jechuun torbee tokkoo hanga lamaa hidhuun gadi lakkisa. Ergii hidhaadhaa bahanii immoo Badhaanni qawwee irraa fudhate itti deebisuun gurguratanii akka sangaa(qotiyyoo) qonnaa ittiin bitatanii jiruu ofii jijjiiratan gochuun tooftaa kana fayyadamuun uummata gargaaraa turuu maanguddoonni ragaa bahu.

Bara 1982 hanga bara 1986 yeroo garagaraatti Badhaadha Dilgaasaa dabalatee loltoonni jajjaboo kan akka Fayyee Garasuu, Magarsaa Fattansaa, Badhaasaa Gammadaa, Ammahaa lammaafi k.k.f lola hadhawaa taasisaniin booda yeroo garagaraatti wareegaman. Du'a Badhaadhaa booda miseensonni waraanaa hedduun adda faca'anis namoonni lakkoofsaan 16 ta'an qofti hafanii, gumaa Badhaadhaa Dilgaasaa baasuuf waadaa waligalanii garee lamaan Jaal Ammahaa Lammaafi Gammachuu Kabbaboon hogganaa godhachuun qabsoo ittifufanii turan. Miseensonni waraana kunneen hanga du'aniifi hidhamaniitti tarsii immoo qabsoo isaanii qajeelfamnaafi dookimatiin leenjii garagaraa kallattiin dhaaba ABO irraa darbaafii akka tureedha. ABO biratti waraana Oromoo Jiddugaleessaa Jaal Badhaadha Dilgaasan hogganamu jechuun beekamu. Erga Badhaanni du'eeyis waraanni hafe kun gumaa Badhaadhaa baasuuf kanneen ajjeechaa Badhaadhaa keessaa harka qabaniifi loltoota wayyaanee hedduu ajjeessun injifannoo galmeessisuun sadarkaa uummanni Badhaanni hinduunee hinsobanii hanga jedhamutti sodaattamaa turan. Qabsoo isaanii hanga bara 1987 tti itti fufanii turan.

Guyyaa dhumaa Jaal Ammahaa Lammaa ganda dhaloota isaa Ali Dheeratti loltoonni wayyaanee haxxee hiitee ajjeestee, oboleessa isaas Jaal Abaraham Lammaa mormaafi boqoorraa erga rukutamee booda miseensi waraanaa hafan madoo isaanii Jal Abraham lammaa fudhatanii Karaa mogor aanaa Muloorran fardaan Magaala Finfinneetti geessun kilinika Dr Mogga Farrisaatti qaama miidhame hodhaniifii hanga madoon isaa fayyutti manuma Dr moggaatti ture. Ergii waldhaannaniin booda gara Oromiyaa bahaatti miliqe. Miseensonni hafan kanneen akka Jaal Fayyisaa Gizeefi Jaal Naannessaa Alamuu Finfinnee waggaa tokkoof ergii turanii barbaachi mootummaa itti cimnaan bara 1988 gara godina shawaa kaabaatti deebi'anii bulchaa yeroo sanii Ob. Dhaabaa Dabaleetti harka kennatanii booda hidhaa adabbii waggaa 16 itti murtaa'en booda

turtii waggaa 7 booda hidhaa fixataniiii erga bahanii booda hanga yonaa hojii gargaraa irratti bobba'uun jiruu dhuunfaa isaanii geggeeffachaa jiraachuu himaniiru. (*Qabsa'aa Fayyisaa Gizee - 13/08/2012, qabsa'aa Naanessaa Alamu Guyyaa 16/09/2012*)



Suura: 5 Badhaadha Dilgaasaa yeroo qabsoorra jiru guyyaa 20/07/2012 Interneeta irraa buufame



Suura: 6 Badhaanni Dilgaasaa Ji'a Ebla bara 1984 A.L.H Mana Hidhaa Fiichee kana Keessaa Cabsee kan bade, Guyyaa 21/09/2012 Qoratichaan kan Kaafame)

4.4 Maalummaa Mogoroofi Gola isaa(natural and lanscape)

Mogoroo yoojennu moggaasa Laga Mogor kan ka'umsi isaa baddaa Salaalee godhatee daangaa godina Salaaleefi Shawaa lixaa adda qooduun laga Abbayaa(Blue Nile River) tti yaa'u irraa akka argateedha. Kanarraa ka'uun maqaan Mogoroo jedhu yoom akka eegale qorannoon mirkanaa'uu baatus bara durii eegalee jiraattonni naannoo Baddaa Salaalee jiraatan namoota naannawa laga Mogor(gammoojjii) keessa jiraataniif moggaasa maqaa "Mogoroo" jedhu kan kennaniifidha.

Mogoroon hawaasa naannoo laga mogor bitaa mirga jiraatu, Mogor laga ta'uu hubatameera. Naannoon kun akka hawaasa hinbaranne homaaa hinbeeknetti ilaaluu isaanii akka ta'eedha. Akkasum Hawaasni mogor immoo hawaasa baddaan "Baddahoo" jechuun ilaalcha waltuffiin walqeequ. Kunis "Baddahoo hoolaa doodahoo" jechuun jechoota tuffii fayyadamu. 'Doodahoo' jechuun raatuu akka jechuuti. Garuu Baroota dhiyoo kana keessa ergii barnoonnifi sabboonummaan Oromoo jabaachaa dhufee, keessattuu gootonni akka Badhaadha Dilgaasaafaa ergii naannoo mogoroo keessaa bahanii gootummaa isaanii agarsiisanii ilaalchi waaltuffii hawaasa baddaafi gammoojjii jidduu jiru jijjiirramee sadarkaa baduu irra gahuu hawaasni naannichaa nidubbatu.

Hawaasni naannoo gammoojjii lafti isaa hoo'aa yaata'uu malee, barri hammaatee beelli yoo dhufellee rakkoo tokko malee firii bosonaa kanneen akka Odaa, Qilxuu, Baddana, Hudhaa, Koonoo fi k.k.f nyaachuu akka danda'aniidha. Dabalataan bineensota akka Kuruphee, Boortee, Bosonuu, Karkarroo, Qurxummii, Naachafi.k.k.f soorachuun rakkoo tokko malee bara hamtuu jala bahu. Hawaasni mogoroo gannaa bona Darabee taa'ee loonifi ro'oota isaa horsiisuun lafa isaa araddeessanii dilbii galfatu. Darabaatti loon ilmanii raafatu, elmanii aannan(itittuu) dhugu jireenya qanani jiraatu. Keessattuu waqtii gannaa hawaasi baddaa loon isaa sababa qorraafi dhoqqetin gara gammoojjii kana geessun darabaa galchani yeroo masqalaa qe'eetti deebifatu. Haalli teessuma naannoo Salaalee olka'aa waan ta'eef dhiqama biyyoof hedduu saaxilamaadha. Haalli teessuma naannoo Salaalee olka'aa(highland) waan ta'eef dhiqama biyyoof saaxilamaadha. Kanaan walqabatee gabinni biyyoo hir'achuun lafti ooruu kennus nihir'ata. Hawwasichi rakkoo kana furuuf akka har'a xoo'oo warshaa fayyadama osoo hintaane maasii irratti Darabaa ijaaruun dhoqqee looniin biyyoo gabbifatuun qaroomina aadaan jiraachaa turuu, ammallee itti jiraachuu isaaniiti. Gootonni akka Badhaadha Dilgaasaa illee yeroo waraanni wayyaanee itti cime rakkoo tokko malee firii mukaafi bineensota bosonaa kana soorachuun rakkoo dabarsaa turuu qabsaa'onni lubbuun jiran nihimu. Kanaaf golli mogoroo dahannoo goototaa qofa osoo hintaane soorata gootallee ta'uu isaa hubanna.

Naannoo sulula Mogor waggaa 35 dura bosonni isaa rukkaa waan tureef bineensonni akka Leencaa, Gafarsaa, Weennii, Yeeyyii,Booyyee fi k.k.f jiraachaa akka turaniidha. Adeemsa keessa garuu hawaasni naannichaa hubannoo dhabuun babal'ina lafa qonnaaf jecha bosona kana ciruun yeroo amma kana gammoojjummaan naannichatti akka dabaluuf sababa ta'uu himu. Kanan walqabatee bineensonni olitti eeraman kunneen yeroo ammaa kana naannichaa akka badan

ta'ameera. Golli mogoroo dahannoo gootaaf mijataa ta'uu irraa kan ka'e kanaaf goonni hedduun hakuucmaa jibbuun tooftaa riphee loluun(shiftoomuun) mootummoota abbaa irree irratti finciluu filachuu hubanna.

Gama biroon Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa keessatti maqaa Mogoroo jedhu maqaa gosaa ta'uu eeree jira. Fakkeenya gosa warra jaarsoo jalatti balbala afran(Maaruu, Amuumaa, Baabboofi Bitoo) qabu keessaa Mogoroon ilmaan Bitoo sadeen (Daaannoo, Amuumaa, Mogoroo) keessaa tokko tahuu eeree jira. Haata'u malee jiraattonni godina Salaalee jecha Mogoroo jedhu laga Mogoriin walqabsiisanii akka waamaa turaniifi jiran himu. Lagni Mogor godina shawaa kaabaa(Salaalee), shawaa lixaafi godina addaa Finfinnee daangessee argama. Kunis aanaalee 9 (Wacaalee, Sulultaa, Yaayyaa Gullallee, Dagam, Kuyyuu, Warra Jaarsoo, Ada'aa Bargaa, Meettaafi Abuna Gindabarat) daangessa. Lagni Mogor baddaa Salaalee ka'ee hanga laga Abbayaa gahutti tilmaama Kiloomeetira 170 akka dheeratuudha. Lageen xixiqqaa kanneen akka laga Alaltuu, Dubar, Sibiiluu, Giraar, Qacama, Anuunuu, Sobdolle, Leemmanifi k.k.f kanneen laga Mogor gabbisaniidha

Haalli teessuma lafa(landscape) naannawa laga Mogor bu'aa ce'ii (Gaarreen, Bosona, Hallayyaa, Dhakaa, Holqa, Doloolloo fi .k.k.f) waan ta'eef diina diidaa dhufee Badhaadha Dilgaasaa waraanuu mitii nama keessatti dhalatee guddateefuu loluuf lafa isaa yoo itti hinbeekne mijataa miti. Gola isaa keessatti bineensota, allaattiwwan, albuuda ,sinbirroota adda addaa, omisha midhaan garagaraafi sanyii biqiloota adda addaa akka argamuudha.

Teessuma lafaa naannawa sulula laga mogor kana fayyadamuun Badhaannifi gareen waraana isaa diina meeshaa waraanaa hanga funyaanitti hidhatee dhaqu salphumatti rasaasafi boombii malee dhiitaa dhakaan unkuteessaa turan. Teessumni sulula Mogor uumamaan riphee lolaaf(rebel's) mijataa ta'uun gootonni naannichaa yeroo baay'ee bara bulchiinsa mootummaa Saahila Silaasee, Minilik, Xaaliyaanii, Hayila Sillaasee, Dargiifi Wayyaanee dabalatee sulula Laga Mogoriifi Jamaa maadheffachuun mootummoota kaneeniinlola turan.

Hayyuun De Salviac (2005) yaada kana deeggaruun “ *As the day to day lives of the people chiefly depend on their environment, they share lots of experiences to members of community through different genres of oral literature, particularly folksongs*” jedha(f.21-22). Kunis Uummanni jiruuf jireenya guyyaan geggeessu keessatti adda dureen kan hundaa'u uumama irratti ta'ee, muuxannoo hedduu waliin qaban afoolawwan adda addaa walqabsiisuun dinqisiifannaa isaa

ibsata. Keessattuu faaruun dinqisiifachuun isa angafa jedha. Hawaasni Afrikaa keessattuu uummanni Oromoo afoola fayyadamuun qunnamtii aadaa, seenaa, aadaa, duudhaa, tooftaa jireenyaa keessatti dhimma itti baha. Unki afoola Oromoo godinaa gara godinaatti haalli hurruubsaa, dhiyaannaa, beekumsi falaasama, amantaafi haalli addunyaa tana itti ilaalu garaagarummaa xiqqoo qabaachuu agarsiisa.

Jiruufi jireenyi uummata Oromoo Salaaleetis kallattiinis tahee alkallattiin uumama naannoo irratti hundaa'uu agarsiisa. Ummanni uumama malee uummamni uummata malee akka hin jiraanne mullisa. Inni tokko tokkoof dagalee ta'uu agarsiisa. Debelo (2012) yaada kana deeggaruun "*Conservation discourses in Africa exhibit a series of competing perspectives between the state, local communities and conservationist organizations*" kana jechuun Afrikaa keessatti kunuunsa uumama ilaalchisee namoonni haala teessuma lafaa, hawaasa naannoo, bulchiinsa naannoofi dhaabbata kunuunsaa jidduu hidhatiinsa cimaatu jira jedha. Hayyuun Baxter (2005) yaaduma kana deeggaruun "*they believe that the human, non-human and supernatural power constitute inseparable constituents of nature and mutually coexist.*" kunis hunda caalaa dhugeeffannaan dhala namaa, dhala namaatin alaafi amala dhala namaa hinqabne bu'uura godhatee, uumama waliin tokkummaan akka nagaan jiraatan seerri addaan isaan baasu hinjiru,

Hawaasni durii jalqabee beekumsa bara dheeraa aadaa keessatti kuufateen naannoo isaa waan ijaan mullatu hariiroo cimaa waliin qabaachuu agarsiisa. Akkasuma afoolli caalatti kan hammatu dhala namaa irra qaama uumamaa ta'uu beektonni adda adda ni ibsu. Uummanni duudhaa, dhugeeffannaafi beekumsa inni ulfina dhala namaafi ittigafaatamummaa naannoof qabu iddoo guddaa ta'uu ibsa. Bu'aan aadaa ganamaa jiraachuun hawaasi qabeenya naannoofi kunuunsa naannoof kabaja akka godhu taasisa. Adugna (2014) "*Oromo oral literature more specifically to folksong and aids in raising consciousness through indigenous ways in shaping minds through the values entrenched in them*" jedha. Kunis Afoolli Oromoo caalatti sirbafi haala duudhaa ganamaa gargaaramuun ilaalcha jijjiiruuf duudhaa gabbataa qabnutti dhimma bahuudha.

Kelbessa (2010) yaaduma kana yoo cimsu "*The dynamic interaction of humans with nature is embedded in these oral wisdoms, and as a result, we may say that interaction is one of the subjects of the indigenous artistic expression of these cultures.*" Kana jechuun jijjiiramni dhala namaa hidhata uumama waliin qabu beekumsa afaaniin darbaa kan dhufeefi bu'aa kana dubbachuu

kan dandeenyu hidhatiinsa cimaa tokko qaroomina ganamaa kan ittiin ibsatan aadaa kana jechuu dandeenya.

Dorson (1972) gama isaatin "*Folklore is artistic in its nature and its artistic nature of folklore is generally subordinate to its utilitarian nature*" Fookloriin ogummaa uumamaa keessa, akkasuma jiruufi uumamni ogummaa fookloorii keessa jiraachuu ibsa. Yaaada kana cimsuun Kelbessa (2010) "*The utilitarian views of Oromo folksongs goes hand in hand with the principle of traditional utilitarianism that things that are useful to human beings are good.*" uummanni Oromoo Waan gaarii tokko akka sirbaan ibsachuuf barbaachisummaan seera aadaa dhala namaaf qabu baay'ee murteessaa ta'uu isaati. Uummanni Salaaleetis faaruu gootaa fayyadamuun uumama naannoon walqabsiisuun gootota naannoo isaanii jiran diinarratti injifannoo galmeessisan hamilee isaa jajabeessuufi kan lubbuun darbanillee gocha isaa faarsutu mullata.

Walumaagalatti Yeroo amma kana hawaasni yaadannoo laga mogoriin walqabsiisanii dhaabbilee garagaraan moggaasuun tajaajila kennaa jiraachutu mullata. Isaan keessaa: Warshaa Simitoo Mogoriifi Magaala Mogor ykn Mokodaa jedhamu kan shawaa lixaa aanaa Ada'aa Bargaatti argamu, koollejjii mogor, waldaa konkolaachistootaa mogor, afoosha hawaasummaa mogor fi k.k.f ittiin moggaasun dhimma itti bahaa jiraachuu isaati.



Suura: 7 Sulula laga Mogor waqtii Gannaa 20/08/2012 interneeta irraa buufame



Suura: 8 Sulula Mogor Naannoo dhaloota Badhaadhaa(Tulluu qo'aat iddoo Fayyee Garasuu itti wareegame) waqtii Bonnaa guyyaa 25/09/2012, Qoratichaan kan kaafame

(Madda:Afgaafii Dr Gammachuu Daadhii-4/09/2012, Maanguddoo Ob.Addunyaa Sane 19/09/2012).

4.5 Hariiroo Faaruu Gootaafi Uumama Naannoo(Bakkawanii)

Afwalaloowwan hedduun naannoo Salaaletti uumama naannoo waliin walqatanii faarfamu. Keessattuu laga mogor, jamaa, tulluu Salaaleefi k.k.f walqabachuun faarfmuutu mullata. Akkuma sirna gadaatti uummanni oromoo uumama naannoo isaa jiru safeeffachuufi kunuunsuu irratti muuxannoo aadaa gabbataa bulchiinsa gadaas tahee amantaa waaqeffannaa keessatti uumama naannoo dinqisiifachuun waanuma baratameedha. Jiruufi jireenyi uummataas kallattiinis tahee alkallattiin uumama naannoo irratti kan hirkateedha. Uummanni uumama naannoo malee uumamni naannoo uummata malee jiraachuun akka hindanda'amne mullisa. Madaala addunyaa tana eeguu keessatti uumamni nannoo murteessadha. Kana Ilaalchisuun hayyuun Okpewho (2005) yoo ibsu, *"I look into a human expression, and the narratives of Oromo origin theory, to set in context the Oromo perspective of inseparable human-environment nexus. Not only is the poetic personal in Oromo folksongs very often mythic but the landscape is also mythicized as a reflection of the past to create a mythscape"*.

Kanumarraa ka'uun uummanni Oromoo Salaalee Sulula Mogor keessa jiraatan kallattiinis tahee alkalattiin jiruufi jireenyi uumama naannoo(gola mogor) kanarratti waan hirkatee jiraatuf sululli mogor gannaa bona qonnaaf, diina jalaa daheeffachuu, loon tikfachuufi, bosonatti dhimma waan bahuuf afoolawwan kanneen akka faaruu, geerrarsa, sirba,hiibboo,mamakkasaa ,sheekoo,eebbafi

k.k.f walqabsiisanii ibsachuuf dirqamu. Afoolli hedduun uumama naannoo bu'uuura godhachuun uumama. Sababnisaa immoo taateewwan namaafi uumama jidduutti uumamuu isaati. Faaruun gootummaa Badhaadhaa ibsus kan madduu danda'e Badhaanni mootumma wayyaaneen loluuf laga mogor daheeffachuun taatee Badhaadhaafi laga mogor jiduutti uumamuun irraa faaruun kun uumamuu danda'e. (*Madda: Afgaaffii Dr Gammachuu Daadhii-4/09/2012*)

4.6 Qaaccessa Faaruwwan Gootaa

4.6.1 Qaaccessa Ragaalee Karaa Afgaaffii, Daawwannaafi Marii Garee Irraa Funaannaman

Mata duree kana jalattai faaruun gootaa ragaalee karaa afgaaffii funaanamantu qaaceffame. Kunis manaaguddoota, maatii qabsaa'otaa, qabsaa'ota lubbuun jiran, dargaggootafi beektota fookilorii hirmaachisuun bakka isaa jiraatan baadiyyaa(gadoota buyyamaa qo'aat, Goda jabaa, yaayyaa haroo, dheebisa aggaasaafi areeree)fi magaala(Finfinnee, Fiicheefi Fittaala) tti argamuun malleen afgaaffii, daawwannaafi marii garee fayyadamuun akka armaan gadiitti deebisanii jiru. Innis, Gaaffii afgaaffii keessatti goonni maali yaada jedhuuf deebii yommuu kennan goonni akka hubannoo Oromootti nama cimaa diina ofirraas ta'ee, biyyasaarraa kan lolee deebisu, dirree lolaa kamittiyyuu ofduuba kan hindeebine, roorroon kan hinbulle, nama ilaalcha gaarii uummatasaaf qabu, kan hin loogne, kan lammiisaa ija tokkoon ilaalu, birmadummaafi bilisummaa ofii isaarra darbee kan sabasaaf shakkiifi ofduuba hin ilaalin lubbuusaa dabarsee oflaatudha jechuun deebisaniiru.

Bifuma walfakkaatuun gaaffii afgaaffii keessatti gootonni naannoo kana nijiruu, eenyu faa'i jedhuuf, deebii eyyeen isaanis: Abbaa Maallee, Goshuu Gissillaa, Jaankaa Nagawoo, Nagawoo Gammadaa, Bulloo Galgal, Hasanuu wadaay, Abbichuu Bayyanaa, Jimaa Sanbatee, Abuna Pheexiroos(Magarsaa Badhaasaa), Birruu Kennee, Agarii Tulluu, Muluu Asanuu, H/Maaram Gammadaa, J/Taaddasaa Birruu, Asaffaa Shaaroo Lammii, Badhaadha Dilgaasaa, Dabalaa Xaafaa, Shaashoo Anbassaafi kanneen kana fa'i jedhuun namoonni afgaaffii kanarratti hirmaatan deebii kennaniiru.

Ittifufuun gaaffii afgaaffii naannichatti bakkeewwan seenaafi gootonni seenaa keessatti yaadataman jedhamanii gaafatamaniin deebiin isaanis: Holqa Agarii Tulluu, Tulluu Qowaat bakka Fayyee Garasuu loltoota wayyaanee ajaja dhibbaa dabalatee itti ajjeesee ofiifis ofwareege, Ona Dajjaasmaach Wadaajoo Goobanaa, Tulluu Alidheeraa, Holqa Bordoddee, Odaa Jilaa Malkaa

Mogor bakka manguddoonni gosa Meettaa, Ada'aa, Yaayyaa, Guullallee, Gumbichuu, Waayyuufi Oboriin itti walgahee sababa Goobanni Daachee nafxanyaa waliin ta'uun oromoo cabseen Korma Daalacha qaluun iddoo itti abaaran, Araddaa Nagaa bakka gosti Yaayyaafi Gullallee yeroo durii daangaa darbanii qabeenya walsaamuun itti wallolan kan maanguddoonni korma qalanii araara itti buusanii turaniifi.k.kf ta'uu deebisu.

Gaafii kanaan walqabatee bakkeewwan kun uumamuun wantoonni sababa ta'an immoo uummanni Oromoo bulchiinsa nafxanyaa mormuun holqa mana godhatanii, ardaa jilaa bakka waaqa itti galateeffatan, dirreewwan ulfoo immoo bakka itti walgahanii dhibdee walii furatan yoota'u, walumatti uumamaafi dhiibbaa siyaasaafi diingdeen kan uumameedha jedhu. Gama biroon gaafii afgaafii faayidaan faaruu gootaa hawaasa naannichaaf maal qaba isa jedhuuf deebiin isaanii: Dhiibbaa gama siyaasaafi diinagdeen dhufu hunda hawaasa dadammaqsuuf, xiiqin akka falman gochuuf, onnachiisuu, beeksisuu, gorsuu, ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirreessuuf gargaara. Dabaltaan aadaafi safuu hawaasa tokkoo miidhagsee hawaasa biroof ibsuuf humna qaba.

Gaafii afgaafii keessatti kaayyoon qabsoo Badhaadhaafi kanneen isa waliin turan maalture, eenyuuf qabsa'an, iddoowwan itti injifannoo galmeessanfaa eessa yaada jedhuuf deebiin isaanii: dhiibba bulchiisa dargii dabalatee bulchiinsa wayyaaneen dararaa, roorroo, hidhaa, reebichaa, qe'ee irraa buqqa'uu uummata irra gahu hambisuuf jaallawwan isaa kaayyoo tokko qaban waliin tooftaa riphee lola filachuun injifanoowwan boonsaa galmeessuu dubbatu. Iddoowwan injifannoo galmeessisan keessa muraasni: Shakakkee, tulluu qo'aat, Kanteer, Karkarreessa, Areeree, Alidheeraa, Yaayyaa Haroo, Laga Diimaa, Dheebisa, Incinnii, Qarree Tokkeefi k.k.f eeraniiru. Gama biraan gaafii afgaafiin dhiyaate keessaa hariiroon faaruu gootaafi uumama naannoo(mogoroo) jidduu jiru maalidha yaada jedhuuf deebiin isaanii: Uummanni Oromoo Salaalee Sulula Mogor keessa jiraatan kallattiinis tahee alkalattiin jiruufi jireenyi isaanii uumama naannoo irratti waan hirkatee jiraatuf sululli Mogor gannaa bona qonnaaf, diina jalaa daheeffachuu, loon tikfachuufi, bosonatti dhimma waan bahuuf afoolawwan kanneen akka faaruu, geerrarsa, sirba, hiiibboo, mammaakasaa ,sheekoo, eebbafi k.k.f walqabsiisanii miira isaanii ibsachuuf dirqamu ibsu. Naannichatti afwalaloowwan hedduun uumama naannoo bu'uuura godhachuun sababni uumamuuf immoo guyyuun taateewwan namaafi uumama jidduutti uumamuu isaati jedhu. Faaruun gootummaa Badhaadhaa ibsus kan madduu danda'e, mootummaa wayyaaneen loluuf laga mogor waan daheeffateef, Badhaadhaafi laga mogor jidduutti hariiroon umamuu irraa kanka'e faaruun kunillee uumamuu danda'e jechuun deebisaniiru.

Dabalataan gaafii afgaafiin dhiyaatef keessaa gootonni naannoo Salaalee yeroo baay'ee gola Sulula Laga Mogoriifi Jamaa fayyadamuun maalif shiftoomu filatan yaada jedhuuf deebiin isaanii: Teessumni lafaa naannawa laga mogor lola riphee lolaaf mijataa tahuufi diinaf immoo ulfaataa tahuu isaati. kunis buhaa bahii hedduu, Bosonaa, Lageen Xixiqqaafi Gurguddaa, Sulula, Hallayyaa, Dhakaa Gurguddoo, Gaarreenifi Holqaan kan guutame, waraanni Badhaadhatis kana fayyadamuun diina meeshaa waraanaa hanga funyaanitti hidhatee itti dhaqu salphumatti rasaasafi boombii malee dhiitaa dhakaa itti gadidhiisuun unkutessee fixaaa turuu himu. Sababni lammaffaa, roorroo bulchiinsa nafxanyaan uummatarratti fe'ame jibbuun rakkoo kana jalaa bahuuf falmii lola qawwee filachuu, Akkasuma gootonni naannichatti muuxannoo gootummaa akaakileefi abaabilee irraa dhaalanin akka hacuuccaa halagaaf hinjilbiifanne bosona galanii falmataniif dhimmoonni olii kun sababa ta'e jedhu.

Gama biroon gaafii afgaafii Badhanni gootummaa isaatiin uummata biratti hangam beekama gaafii jedhuuf deebiin isaanii: iddoo dhalootasaa aanaa yaayyaa gullallee qofa osoo hintaane aanaalee akka Dagam, Kuyyuufi Warra Jaarsoofi Shawaa Lixaa aanaalee akka Ada'aa Bargaafi Meettaatti beekamaadha. Dabalataan gaaffii af-gaaffii biroo keessatti gootummaa isaa kana akkamiin ibsitu gaafii jedhuuf roorroo saba isaa gama eenyummaa, diinagdee, siyaasaafi hawaasummaan uummata irra gahu hambsiuuf, qabsoo qawween loluun waan fala ta'uu danda'utti amananii gootummaan injifachuun mirga ofii kabachiisuudha. Gaafii afgaafii mogoroo jechuun maalidha yaada jedhuun yoo deebisan akkas jedhu' mogoroo hawaasa naannoo laga mogor jiraatan yoo ta'u mogor laga guddaa gannaa bona yaa'u ta'uusaati. Moggaasni mogoroos laga mogor irraa argame jechuun deebisaniiru. Kunis bifa sirbaan, faaruun, geerrarsaafi afseenaan ibsachuu danda'u jechuun deebisaniiru. Inni biroo mala tokkoffaa kana jalatti faaruwwan gootaa funaanaman kan dhimmoota garagaraa irratti hundaa'uun gooroo goorootti kan qooddamaniidha.

Dabalataan gaafii daawwannaa Faaruun gootaa haala kamiin, yoomifi eessatti ,eenyun dhiyaata gaafii jedhuuf waan daawwadheerraa kan dhiyaatu sirba dhiichisaa, sirba shoboxee fi geerrarsaan sagaleefi hurruubsaan walsimatee yoota'u, sirba dhiichisaafi shoboxee dargaggootaafi shamarraaniin bakka daboo, chidhaafi guyyaa ayyaanota garagaraa irratti dhiyaachuu isaa, Geerrarsi immoo harki caalu bakka daboo, cidhaafi k.k.f kan dhiyaatu gaheessotaafi maanguddootan galgala darbees guyyaas dhiyaachuu akka danda'u hubadheera. Dabalataan idoowwan seenaa qabeessa ta'an akka Tulluu Alidheeraa, Irreecha Malkaa Duulaa, Tulluu Qo'aat,

Gaara Qacamaa Biqiloota qoricha Aadaaf Oolaan Hedduu Ofkeessatti Qabu, Finca'aa Jayituu, haala teessuma Lafa Sulula Mogor(landscape) daawwadheera.

Dhumarratti gaaffii marii garee mata duree faaruu gootummaa badhaadhaa irratti dhiibbaan mootumma jiramoo hinjiru yaada jedhu jiddugala godhachuun, bu'an marichaa dhiibbaan mootummaa(reebichaafi hidhaa) hanga bara 2010tti akka ture himu. Dabalataan walaloowwan faaruu gootaa bifa isaan itti dhiyaataniifi faarfatan amma yaadachuu dandeessan faarsaa (hima) kan jedhuufi mee nutti agarsiisaa gaaffii jedhuuf hirmaatonni garees haala qindaa'aafi waliin buufneen bifawwan faaruu gootaa maaliif akka faarfamu ergaa dabarsuu barbaade bakkeewwan, uumamaan walqabsiisuu hiikaa haftee, haala hawaasummaafi akeeka ilaalcha hawaasatiin bifa ifaafi nama hubatamuu danda'uun akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

Akkuma armaan olitti tuquuf yaalameetti gaaffilee af-gaaffii, daawwannaafi marii garee keessatti ka'aniifi deebii armaan gaditti walitti qabamuun cuunfamee kennamurra darbee haala namaaf ifa tahuu danda'uun suuraa odeef-kennitootaan deeggaramuun adda addaatiin qoqqoodamanii xiinxalamaniiru.

4.6.1.1. Faaruwwan Gootaa Bakkeewwaniin Walqabataniif Faarfaman

4.6.1.1.1. Sirba Bifa Dhiichisaan Dhiyaate

Sirbi walaloo dhimmoota garaagaraa irratti meeshaalee muuziqaa aadaafi hammayyaan qindaa'ee walsimatee kan dhihaatudha. Kanuma ilaalchisee Misgaanuu (2011:72-73) yeroo ibsu, "sirba karaa walalootiin kan darbu ta'ee haqa uummata gidduu jiru tokko ifa baasuuf akka meeshaa olaanaatti nama gargaaruudha" jedha. Itti dabaluu Misgaanuun Finnegan (1970:270) wabeeffachuun, "song can be used on current affairs for political pressure, for propaganda, and to reflect and mould public opinion" jedha. Kunis faaruun, haala yeroo irratti yaada kennuuf dhiibbaa siyaasaa, hawaasa daddamaqsuufi akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirressuuf gargaara. Akkasumas Misgaanuun (2011:50) Sumner (1996) wabeeffachuun yoo ibsu, "faaruun lolaa akka loltoonni diina isaanirratti moo'icha argataniif jajjabeessuuf kan gargaarudha: Faaruun kun gaggeessitoota waraanaa bebbeekkamoofi loltoota kan dura turan kanneen amma lubuun hin jirre faarsuuf ni gargaara" jedha. Kunis faaruun loltoota ciccimoo kanneen lubbuun jiran caalaa kanneen lubbuun hin jirre hojii isaan dur uummata isaanitiif bu'aa buusan kan ittiin faarfachuuf oolu ta'uu isaatu mullata.

(Nagarii, 1993:4) Holman wabeeffachuun yeroo ibsu, "Songs is a lyricpoem adapted musical expression song lyric are usualy short, simple, sensoes, emotional perhaps, the most spontaneous lyric form" jedha. Kunis sirbi yeroo baay'ee gaggabaabaafi salphaatti kan namaa galu, kan miira namaa kakaasuu, konkonsuufi waan keessaa namatti dhaga'amu ta'uu isaa ibsuudha.

Odeef-kennaan maqaan isaanii dhuma barreeffama qorannoo kanarratti argaman sirbootafi geerrarsoota garagaraa gootummaa Jaal Badhaadha Dilgaasaa bakka daboofi cidhaafi ayyaana adda adda irratti sirbanii ittiin jajatan bal'inaan kan qorataaf laataniidha.



Suura: 9 Sirba dhiichisaa guyyaa 14/08/2012, iddoo Cidhaatti kan sirbame, qoratichaan kan kaafame



Suura: 10 Sirba Shoboxee guyyaa 14/08/2012, iddoo Cidhaatti kan sirbame , qoratichaan kan kaafame

1. Sirba Gootummaa ibsu

Afee(1)

Maalgochuu buutee biyya Badhaanni jiru,

Salaalee biyya Shimalaan nama diruu.

(Madda: Afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii, guyyaa 13/09/2012 irraa argame)

Hawaasi salaalee hedduminaan Muka shimala irraa ulee shimala jedhamu tolfachuu kan qabatan ta'uu agarsiisa. Akka meeshaa lolaatti tajaajila kennuu agarsiisa. Shimalli meeshaa sagalee hinqabne diina ittiin ofirraa ittisuuf gargaaramuu isaanii mullisa. Shimalli bosona naannoo keenya margu irraa kan argamu akka ta'ee ibsu. Ummanni Oromoo Qaroominni dhufee qawweefi meeshaan jabanaa hindhufin dura diinaa itti dhufe kamuu shimala, eeboo, goraadee, gaachanaafi k.k.f fayyadamuun naannoo isaa eeggachaa turuu isaati. Ijoon faarsaa kanaa waraana mootummaa Badhaadha ajjeesuuf dhufe badhaanni tarkaanfii irratti fudhachuu agarsiisufi, osoo keessa hinbeekiin maalgochuu badhaadhaan lolte, badhaanni nama salphaatti qabamuu mitii jechuuf diina hubachiisuufi.

Akeekni faarsaa kanaa uummanni salaalee durii jalqabee meeshaa aadaa sagalee hinqabneen diina isaa ofirraa ittiisuun gootummaan kan beekamu ta'uu isaati. Salaale hawaasa salphaatti diinaf harka hin laanne, muuxannoo abboota isaanirraa dhaalaniin har'a illee gootonni jiraachuu isaa, dhaloonni gootummaa seenaa kana osoo hindagatin fudhatee akka ce'uuf gorsuufi.

Afee (2)

Yamakiinaa Sibiiluu,

Erga Badhaadhaa Dilgaasaatii,

Erga Fayyee Garasuutii,

Hinsobanii dhiirri hinjiiluu.

(Madda: Afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii, guyyaa 13/09/2012 irraa argame)

Konkolaataan sibiila qofarraa mukarra akka hinhojjetamne agarsiisufi. Garuu konkolaataan walqabsiisuun gootonni akka Badhaadhaafi Fayyeen ciminni isaanii miseensota kanneen biroo caalaa akka sibiilaa tahuu ibsachuuf jedhu. Qabsaa'onni kunneen roorroo hawaasarra gahu falmuuf qawween loluuf bosona mana godhatan, diinaan osoo lolaa jiranuu du'uu isaanii ibsuufi. Ergii du'anii reeffa isaanii kabaja dhoowwuun akka hin awwallamne tursiisuun firaafi gostillee tasgabaa'ee akka hirmii hinbaafanne reebichi jiraachuu agarsiisa. Akeekni faarsichaa goonni ganama dhalata waan ta'eef akkuma abboota keenya darbanii diinaaf harka laachuun akka hinjiraanne, Qabsoo hadhooftuu dabarsuu agarsiisa, kunis qabsa'aan nidu'aa qabsoon ittifufa

yaada jedhu dhaloonni ammaa sodaa tokko malee gootummaa abbootasaa kana hubatee amaanaa akka hin nyaanne onnachiisuuf yaadameeti.

2. Sirba Abdii Ibsu

Afee (3)

Koottu yaa Badhoo yaa tokkostuu labanii,
Salaalee maa sidhabanii.

(Madda: Afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii, guyyaa 13/09/2012 irraa argame)

Qawween labanii kun sirna hayilasiilaasee keessa gootonni lolaaf yaafayyadamani malee meeshaa lolaa kan dhoka'ee nama ajjeesu ta'uu isaati.

Badhaanni Dilgaasaa roorroo uummata isaatirra gama diinagdee, siyaasaa, eenyumman gahu falmuuf lola qawwee akka filatee, lolaa akka ture uummanni illee abdi akka isarraa qabu hubachiisufi. Salaale immoo bakka dhaloota isaafi hedduminaan bakka dahoo godhatee lolaa ture agarsiisa. kanaaf Badhaanni bakka cidhaafi ayyaanaatti dhiichisaan leellifama. Ergaan isaas Miseensi hawaasaa amma jiruuf hamilee ta'ee, goonni laphee hawaasaa keessaa jiraatee afoolan dhalootatti akka ce'uufi. *"In many societies folklore is employed to control, influence, or direct activities of others from the time the first lullaby is sung and may also become an internalized check on behavior"* (Bascom 1965).

Akeekni faarsaa kanaas roorroo hawaasarra gahuuf jabaan sabaa(goonni) akka barbaachisu, hawaasille goota kana ilaalee hacuuccaf tole jedhee akka hin fudhanne, ka'ee akka falmatu hamile itti horuu agarsiisa.

Afee (4)

Sheeka galee,

Sheeka nagumaan galee?

Yaa Badhaadha Dilgaasaa ergi sagalee.

(Madda: Afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii, guyyaa 13/09/2012 irraa argame)

Namni Sheeka jedhamu bara 1983 ganna keessa aanaa yaayyaa gullallee Sababa anatu sibulchuu qabaa jedhuun gosa gullallee bakka ofbuusee gosa yaayya irratti duuluun qabeenya saamuufi nama rukutuu irraa kan ka'e Badhaanni kana mormuun lola qawween ofirraa ittisuuf walbarbaadaa

akka turaniidha. Haata'u malee, Sheeka osoo fokkoruu garee birootiin ajjeefamuu isaa mullisa. Kanaaf osoo Badhaadhaan wal hinlolin Sheeka boqotan. Miseensi hawaasaa hedduun akka Sheekni isaan bulchu hinbarbaannefi Badhaanni dhufee isaan aka bulchu abdatan ykn fedhan mullisa.

Akeekni faarsaa kanaa namni sheeka jedhamu kun osoo dhiigni hindhangala'in dafee du'ee yaada jedhu ibsuuf, lammaffaa immoo Badhaanni dhufee akka isaan bulchu barbaaduu agarsiisa. Gama biroon bulchaa duraa akka isaan miidhe ta'uusaa kanaaf bulchaa fooya'aa barbaaduu agarsiisa.

Afee (5)

Daabee Jalduu eenyutu beekke filaa,

Edda Miidheen hinduunee wallaga jiraa.

(Madda: Afgaafii Ob. Gammachuu Asaffaa, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Jaldeessi naannoo gammoojjii jiraachuufi gola badhaanni keessa socha'ee diinan lolu agarsiisufi. Bakka bosonniifi hallayyaan jiru jaldeessi jiraachuu isaati. Daabee jaldeessaa namni hundi godhatee hindhiichisu, goota onnee qabu malee, gadhee irraayis hinbareedu. Daabeen jaldeessa kunis kan argamu naannawa mogor malee baddaa akka hintaane hunbachiisufi. Ijoon faaruu goonni roorrof manaa bahe du'uun akkuma jiru, gochi gootummaa galmee seenarratti galmaa'un hamilee hawaasaa ittiin jajabeessuf gargaara.

Akeekni faaruu kanaa ergii Badhaanni du'ee qabsaa'oonni kaayyoo walfakkaataa qaban qabsoo finiinsuun gama lixa oromiyaatin tarkaafiin diinarratti fudhatamu cimuu isaa, hawaasi du'a Badhaadhatti akka hingaddine abdiin jiraachuu onnachiisuuf gargaara.

Afee (6)

Miidheen dhufee ulaa uummoo ga'ee,

Eessa seenta yaa warra afaan alba'ee.

(Madda: Afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii guyyaa 13/09/2012 irraa argame)

Ildoon lafa ulaa uummoo jedhamu aanaa kuyyuu keessa ta'uu isaafii golli Badhaanni keessa socha'ee diinan lolu hanga sanatti tahuu mullisuufi. Ijoon faarsa kanaa goonni roorroo saba isaa irra gahu jibbee qawween loluuf filate injifatee galuuf jiru, akkasuma guyyaan bilisummaa

dhiyaachaa jiraachuu mullisa. Gantuun saba isaa dabarsee diinaf laatu jiraachuufi hawaasa rakkisaa akka jiru agarsiisuufi.

Hawaasi akkuma roorifametti akka hin hafne qabsoo cichinaan bilisoomuun akka jiru hamilee itti horuuf dhaloonni onnatee akka qabsootti dabalamu hubachiisuufi. Bu'aan faarsaa kanaa garaaf jedhee baandaan/gantuu ta'ee diina waliin saba isaa kan miidhe jibbamaa akka ta'e, gocha kanarraa akka ofqusatuu f akeekkachiisuu agarsiisa. Akkasuma rakkoon hammaattus bilisoomuuf abdiin akka jiru, dhaloonni kana hubatee akka qabsoo irraa duubatti hinjenne gorsuuf gargaara.

3. Sirba Jajumsa Ibsu

Afee (7)

Badhoo Dilgaasaa Salaalee gubbaa oolee galaa,
Badhoo dilgaasaa Caancoo, Sululta oolee galaa,
Ijoollee Oromoo Yaa tokkostuu Daggalaa.

(Madda: Afgaafii Ob. Gammachuu Asaffaa, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Badhaanni gootummaa fi abshaalummaa isaatin waan beekamuuf diinni bosona barbaada oola, inni garuu bifa jijjirratee bilisummaan magaala garagaraa akkuma namoota kanneen biroo bakka barbaade oolee galuu isaa mullisa. Sodaa diinaaf kan hindaangofne ta'uu agarsiisa.

Gootummaan Badhaadhaa lolee lolchiisuun alatti tokkosee lafa kan hinbuusne ta'uu isaati. Iddoon oolmaa isaa hawaasa keessa ta'uufi bakki lola immoo daggala(bosona) bakka uummataafi qabeenyarra miidhaan hingedhinetti diinan lolee ajjeesudha. Muuxannoo lolaa kana bascom yoo ibsu, *"how the Oromo people interact with nature through oral poetry (folksongs) because "the folklore of a people can be fully understood only through knowledge of their culture"* (Bascom 1956).

Bu'aan faarsaa kanaa hawaasni qabsoof yoon bosona gale fedhiin hawaasummaa akka nidaangeffama jedhee hamilee hindhabne jajabeessuf, namni kamuu qabsoo dhiisee roorroo jala ciisee akka hinteenye, kutannoofi abshaalummaa qabaannan bakka barbaade oolee qabsaa'uu akka danda'u gorsuuf gargaara.

Afee (8)

Fooqii korte,

Re'een fooqii korte.

Yaa Badhaada Dilgaasa, zambaabi, Reefu sitti toltee!

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 338 irra argame)

Re'een lafa gammoojjiifi bakka bosonni baayyinaan jirutti horuu akka dandeessu ibsuufi. Dabalataan re'een akka hoolaa lafa irra deemuu qofa osoo hintaane muka, dhakaafi waan olka'aa(fooqii) akka yaabuu(koruu) dandeessu mullisa. Garuu tajaajilli faarsaa ijoon isaa Badhaanni qabsoo hadhooftuu keessa erga darbee booda gola(bakka) socha'u hundatti diina injifatee sodaa tokko malee halkanii guyyaa akka barbaadetti goobee/baacee jiraachuun, gootummaa isaa jajuu agarsiisa.

Ijoon faarsichaas kutannoofi murannoon jiraannan rakkoon reebichaafi lolaa hanga fedhe jiraatu injifachuun guyyaan bilisummaa dhufee, ajaja halagaa malee akka barbaadanitti socha'uun akka danda'amu hawaasa jirutti hamilee horuun seenaan injifannoo dhalootatti akka ce'u gargaara.

4. Sirba gorsaa ibsu

Afee (9)

Yaa Badhoo goodaa Maaramii,

Lakkii gosaanis araaramii,

Lakkii biyyaanis araaramii,

Lakkii Fayyiseedhanis araaramii,

Yaa leenca goodaa dagamii.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 283 irra irra argame)

Faaruuun dhiyaate kan agarsiisu Taabonni maaramii jedhamu goodaa(dahoo) jala jiraachuu, sochiin qabsoo Badhaadhaa illee naannoo goodaa kana akka ta'e, sababa Badhaanni bosona taa'ee mootummaa wayyaaneen loluuf mootummaan uummata (maatii) isaa dararaa jiraachuu, yookiin lolee roorroo jalaa akka isaan hinbaasne waan baraniif abdii kutannaan gorsa fakkeessuun harka laadhuu jechuu agarsiisa. Qabsoo inni diina waliin godhu keessatti gootummaa qabaachuu isaafii iddoo dhalootaa qofa osoo hintaane hanga aanaa dagamitti socha'ee diinan akka lolaa turuullee hubachiisufi.

Akeeki faaruu kanaa tarkaanfii badhaanni waraana mootummaa irratti fudhateen mootummaan hawaasa reebuufi hidhuu cimsuu isaa, immo gootummaa badhaadhaa akka cimuufi jajabaadhuu yaada jedhu ibsuuf gargaaramuu ibsa.

Afee (10)

Yaa Badhoo kiyya,
Koottu yaa Badhoo Qarree Tokkee,
Lakkii kilaashii lafa godhii,
Warra Wayyaanee garaan sokkee.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 339 irra irra argame)

Qarreen tokkee iddoo oolmaa fi dhaloota Badhaadhatti dhiyeenya qabaachuu isaa ibsuufi, bakka loltoota wayyaanee hedduu itti fixe, qarree kanaa yoo lallaban nidhageessifatu, yoo ilaalaan baddaafi gammoojjii sulula laga mogor harki caalu kan mul'atu ta'uu abarsiisufi. Qarree kanarra dhaabbatanii aanaa Kuyyuu, Dagam, Meettaa, Ada'aa Bargaa, Sululta, Muloo, Wacaalee arguu akkadada'amu daawwannaa qorataati hubatameera. Badhaanni roorroo mootummaa wayyaanee jibbuun kilaashii fudhatee akka bosona seene, mootummaan illee waraana Badhaadhaa kanaa too'achuu akka dadhabe agarsiisa. Mootummaan sababa Badhaadhattiin darara uummata irraan gahu hir'isuu isaafi akka kilaasha lafa godhee wayyaanee waliin hojjetu gorsu. Kanaaf mootummaan illee Badhaadha qabuu waan dadhabeef uummata sosobaa jiraachuu agarsiisa.

Akeekni faarsaa kanaa sababa lola qawween miidhaan hedduun akka jiru beekuu, yoo qabsoo itti fufan cichanii osoo hinjaalatin mootummaa sodaachisuun harka miciiruun aangollee gadi dhiisuu yoo baate darara uummata irra geessisu hir'isuu akka danda'u dhaloota gorsuuf gargaara.

5. Sirba Gadhummaa Ibsu

Afee (11)

Yaa Badhoo kiyyaa Badhoo daarii oborii,
Badhoo Dilgaasaa yaa leenca Mogorii,
Dheeffitee hinbaatuu yaa gadhittii,
Koottu asgaragarii.

(Madda: Afgaafii Ob. Gammachuu Asaffaa, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Naannoo baddaa wacaalee gosti Oborii jedhamu balbala Oboo jalatti argamu bayyinaan magaala Muka Xurrii gara kaaba bahaatti qubatee jira waan ta'eef sochiin qabsoo Badhaadha Dilgaasaa hanga oboriitti akka socha'ee waraana wayyaaneen lolaa turuu ibsuufi. Badhaanni roorroo bulchiinsi wayyaanee uummata irra gahu hambisuuf qabsoo isaa yaayyaa gullallee jiddugala godhachuun gola salaalee mara uuffachuun hanga shawaa lixaatti socha'uun diinaan lolaa turuu agarsiisa. Ijoon faaruu yaada lama walbira qabuun goota gootummaa isaa faarsuufi gadhee immoo dheeffi akka nama hinbaafne abdi kutachiisuun dhaamsa dabarsuufi.

Akeekni faarsaa kanaas gadheen hawaasa biratti tuffatamaa sabni illee abdi irraa akka hinqabne ta'uu, goonni immoo gaafa roorroo waammachuun abdi sabaa ta'uu, roorroo jalaa bahuuf lolan malee furmaanni akka hinjirre hubachiisuuf gargaaraman.

6. Sirba Hawwii ibsuu

Afee (12)

Sheeka du'ee Gullalleen in iyyaa,

Yaa Badhoo, Ati koottu bulchi biyyaa.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 338 irra irra argame)

Hawaasi jalqabaa irratti namni yoo du'e boo'uun mararfachuun aadaa ta'uu ibsuufi. garuu wanti adda godhu namni Sheeka jedhamu Badhaadhaan lola waan qabuuf osoo wal eeggatanuu sheeki kun nama biroon ajjeefamuu agarsiisa. Sheeka gosa Guullallee qabatee gosa yaayyaa Badhaanni keessa jiruun walhabuu mullisa. Biyyi bulchaa malee akka jirtu yaada jedhuun ibsachuufi. Faarsaan ijoo sirbichaa sarara dhubaa irratti argama. Kunis biyyi hoggansa malee akka hinbulle ibsuufi, namoota hunda caalaa immoo gootummaadhan siwayya waan ta'eef koottu nubulchii yaada jedhu hawwii qaban ibsachuufi. Akeekni faarsichaas biyyi nama malee namni bulchaa ykn mootii malee akka hinjiraanne dhaloota jiru hubachiisa.

7. Sirba Quuqqaa Ibsu

Afee (13)

Yaamiidhee silaa karaa Fiicheen galtee,

Emmifoortiikee eessatti gattee.

(Madda: Afgaafii Ob. Magarsaa Baallamii, guyyaa 20/09/2012 irraa argame)

Badhaadhaa jireenyan osoo hintaane du'a gootaa du'ee reeffisaa karaa dhiyeenyaa iddoo dhalootaa laga mogor irraan osoo hintaane, maagala Fiicherraan dhufuu isaafi du'a isaatti akka hingammanne, gadduu isaanii ibsachuufi. Hawaasni Miidheen du'aan osoo hintaane injifatee lubbuun akka galu fedhii isaanii tahuudha. Erga du'uun mirkanaa'ee qawween isaa ittiin diina ajjeesaa ture akka seenatti olkaa'uun dhalootaa dabarsuuf akka barbaadan agarsiisa.

Akeekni faarsaa kanaa qabsoo keessatti duuti jiraachuu beekuu garuu immoo qawwee goonni ittiin lolaa ture akka gatamuu hinqabne kabajaan godaambaa keessa olkaayamee dhalootaa darbuu akka qabu hubachiisuf gargaara.

8. Sirba Gadda Ibsu

Afee (14)

Hoolaa malee re'ee maasiiqaltii,

Yaa badhookoo duruu dheebisni nama gantii.

(Madda: Afgaafii Ob. Magarsaa Baallamii waliin guyyaa 20/09/2012 taasifame)

Bineensota keessaa Hoolaan garraamii kan shira hinbeekne ta'uu re'een immoo Jalloo tahuu hubannoo hawaasa keessa jiru ibsuufi. Kana duras gootonni akka Badhaadhaa naannoo dheebisaatti gantuu sabaan ajjeefamuu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kanaaf qabsoo keessatti hawaasni dahannoo goototaatif murteessaa ta'uu hubanna.

Akeekni faarsaa kanaa Badhaanni kan du'e gantuu sabaan malee diinni ajjeesee akka hintaane hubachiisa, dhaloonni goota qabsoo sabaaf manaa bahe tumsuu qaba malee dabarsee diinaaf akka hinlaanne akeekkachiisuf gargaara.

4.6.1.1.2. Faaruwwan Sirbaa Bifa Shoboxeen Dhiyaate

1. Sirba gootummaa ibsu

Afee (15)

Yaa Badhoo kiyya, Badhoonoo gooftaa diinaati,

Maaliif xuqxu haadha Badhiyoo,

Haadhi Badhiyoo haadha dhiiraati.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Faaruu dhiyaate, hawaasni Badhaanni roorroo isaanirra gahu hambisuuf qabsoo qawween falmuuf bosona galee diina injifachuun abdi isaanii ta'uu mullisa. Sababa Badhaadhaatin mootummaan maatii isaa dararaa akka jiru marartee qabaniif ibsuufi. Dhiibbaa mootummaan maatii badhaadhaa irraan gahu akka morman, ittisuuf humna dhabuu, abdiin isaanii Badhaanni diina injifatee rakkoo isaanii akka furu barbaadu. Haadha dhiirati jedhii faarsan gootummaa badhaadhaa ibsuuf diina immoo hamilee cabsuuf mullisa. Bu'aan faarsaa kanaa dubartoonni kanneen biroo goota akka dahan ergaa dabarsuufi roorroo isheerra gaheef gadduufi yaadaan ishee cinaa jiraachuu akka abdi hinkunne hubachiisuu mullisa.

Afee (16)

Koottu yaa Badhoo morma Bilillee,

Tokkicha taate malee hin hillee.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Meeshaan bilillee kan daadhii/booka ittiin dhugan, gabaabaafi bareeda ta'uu agarsiisa. Ijoon faarsaa kanaa gootummaa Badhaadhaas meeshaa kanatti qabachuun bareedinaafi gabaabina isaa ibsuu agarsiisa. Ijoon faarsaa Yeroo Badhaanni sulula mogor maadheffatee lolu gootonni kutaalee Oromiyaa kanneen biroo sagaleen isaanii dhaga'amu dhabuun qabsoo kana waraanni Badhaadhaa qofti socha'a akka jiru agarsiisufi.

Akeekni faaruu kanaa humni waraana Badhaadhaafi mootummaa baayyinaan kan walihinginnee ta'uufii injifannoon inni waraana mootumamarratti fudhachaa jiru immoo cimaa ta'uu, baayyina irra qulqullinni ogummaa waraanaa murteessaa ta'uu hubachiisuu mullisa.

2. Sirba Abdii Ibsu

Afee (17)

Badhaadha daarii oborii,

Siyaa eegu malkaan mogorii,

Guuri lafarra ilmaan gogorrii,

Kan indaaqotti makamte kaleessaa,

Jireenyi ishee dhagaa keessaa,

Nyaattee fixxee dafqa ilmaan iyyeessaa,

Kanaaf biyyarraa fageessaa.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Golli Badhaanni keessa socha'ee diinan lolu hanga baddaa oborii ta'uu isaafi akka injifannoon galu abdi waaqa kadhachuu. Oromoon uumama naannoo isaa dinqisiifachaa waaqa akka kadhachaa ture agarsiisaa. Badhaanni yoo lolu tokkosee akka hinqolle ajjeesaa akka jiru, hawaasni immoo injifannoo isaatin gammaduu isaanii mullisa. Loltoonni wayyaanee qabsoo bosonaa/dhakaa keessa akka turan gamtaan akka socha'an mullisa. Loltoonni kunneen jireenya gaarummaa arganii waan hinbeekneef qabeenya uummataa saamuun dhuunfaf oolfachuu, kana dura namarraa fagaatanii akka turan hariiroo dheeraa hawaasa naannichaa waliin akka hinqabne agarsiisa. Dabalataan loltoonni mootummaa kun naannoo isaanitti jireenya gadadoo keessa akka turan, waan gaarii argatan hunda saamtee nyaachuu agarsiisa. Mootummaan kun hanga kufutti qabsoo keessan jabeessaa isin duukaa jirraa yaada jedhu agarsiisa. Ggaraagarummaa gogorriifi lukkuu uummama naannoo keenyatti argaman allattummaan gosa tokko yaata'an malee gogorriin gara jabeessa, lukkuun immoo gara laafetti ta'uu agarsiisa. Uummanni naannoo kana dura hanga ta'e nagaan jiraachaa turuufi erga sirni wayyaanee dhufee sammamaa jiraachuu hubachiisa.

Akeekni faarsaa kanaa uumamni haala jireenyaan garaagarummaa amalaa akka qabu, diinni eenyufuu akka hin hille, biyya misoomsuuf osoo hintaane yeroof waan argate saamee deemuu akka ta'e dhaloonni bulchiinsa hattuu akkanaa eeggachuuf falmuu akka qabu hubachiisuuf gargaara.

3. Sirba Hawwii Ibsu

Afee (18)

Amboo jirta jedhanii,
Goodaa karaa Gudarii,
Ani si yaade yaa Badhoo,
Yaa Badhoo qorichaa gadhee,
Looyii koottuu karaa laga Mogorii!

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Sochiin qabsoo Badhaadhaa naannoo mogor qofa akka hintaane hanga bakka gudariifi amboo jedhamutti akka socha'u mullisuufi. Hawaasni goonni kun akka irraa fagaachuu hinqabne, diinnillee qe'ee keessa deemee isaan miidhuu waan agarsiisuuf, osoo goonni kun dhiyeenya jiraatee yartuun nuyaartuu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Ergaan faarsaa kanaa goonni yoomiyyuu abdi sabaa/biyyaa tahuufi gadheen iddoo akka hinqabne, goonni dhabamnaa gadheen illee akka nama nyaaruu dandeessu mullisuuf.

Akeekni faarsaa kanaa diinni akka nama hin agarreef uumamni naannoo dahannoof murteessa ta'uu ibsa, goonni abdii sabaa ta'e tokko immoo yoomiyyuu bakka deemetti uummataan akka jaalatamu ta'uu ibsuuf, dhaloota hubachiisuuf gargaara.

Afee (19)

Gad ilaalewoo, Shaaloo mataan gad ilaalewoo!

Yaa Badhoo kiyya Barana yoo wajjin baanewoo,

Xilaa-warqii sii tasaalewoo.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 338 irra argame)

Biqiltuu shaaloo jedhamu yeroo dararee firii godhatu akka midhaan kanneenii ol kandhaabbatu osoo hintaane mataan lafa ilaalu isaati. Biqiloonni Yeroo jiidhinsa qabu mataan isaa sirriin kan dhaabbatu yoo ta'u, yeroo goge immoo gomboobuu isaa mullisa. Ijoon faarsaa kanaa qabsoo keessatti duuti akka jiru, kanaaf immoo akka hinduune jiraatee diina hawaasa irraa akka ittisu, taabota naannoo isaanii jirutti galchaa galchuun waaqa akka kadhataniif hubachiisa. Meeshaan xilaawarqii(dibaabee) kun meeshaalee mana bataskaanatti waan barbaadamuuf galchaa kanaan waaqni akka goota tiksuuf kadhachuuf gargaara.

Akeekni faarsaa kanaa waaqaa gaditti goonni laphee hawaasaa keessatti iddoo akka qabu, akka jalaa hinduune sodaa qaban ibsachaa, lammaffaa Biqiloonni naannoo yeroo baala qaban ijatti kan bareedinaafi dahannoof barbaachsaa ta'uu agarsiisufi.

Afee (20)

Daalota gubbaa Yaa Ammahaa Daalota gubbaa,

Yaa Abrahaam, Daalota gubbaa,

Lolli hafee, hiiki shurrubbaa.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 339 irra irra argame)

Ammahaafi abrahama oboleeyyan ta'uu isaaniifi miseensota waraana Badhaadhaa ciccimoo ta'uu isaanii ibsuufi. Golli isaan keessa socha'an hanga shawaa lixaa iddoo daalotaa jedhamu akka ta'e ibsuu mullisa. Gootonni kun yeroo qabsoorra turanitti rifeensa dheeraa akka qabaniifi hawaasa keessatti mallattoon goota immoo rifeensa dheereffachuu agarsiisa. Ijoon faarsaa kanaa osoo Badhaanni hindu'in bakka hundatti sodaattamaa turtanii, amma humni keessan xiqqaatee diina irra

aanuu hindandeessanii hanga haalli jijjiirramee rakkoon furamutti koottaa qe'eetti deebi'aa waliin jiraannaa yaada jedhu hawaasni ibsachuu mullisa.

Akeekni faarsa kanaa gootonni hawaasa bakka deeman marattii jalatamoo ta'uu, qabsaa'otaaf hoggansi cimoon akka Badhaadhaa murteessoo ta'uu ibsuufi gamtaan socha'anii qabsaa'uun akka barbaachisu dhaloota hubachiisuf gargaara.

4. Sirba Quuqqaa Ibsu

Afee (21)

Yaa Badhoo kiyyaa maali kan magaaladhaa maashon boba'uu,
Yaa Badho kiyyaa, Ajjeftanii nurra hin deeminaa,
Dhiigni huccuu miti hin moofa'uu.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 340 irra argame)

Meeshaan maashoo jedhamu ifa kan kennu magaalaa malee baadiyyaa akka hinjiraanne hubachiisuu, Badhaanni roorroo uummata isaatirra gahu hambisuuf qawween diinaan falmiiaa jiraachuu, kana keessatti immoo ajjeesuun jiraachuu, guyyaa tokko haaloo kana deeffachuuf karoorra akka qaban, garuu hanga sanatti garaan naboora'aa ijaan siarguu hinbarbaadnuu yaada jedhu ibsachuuf, yoo kana hintaane immoo akka aadaa oromooti gumaa baasan malee walkeessa akka hindeemne hubachiisuuf akka ta'eedha. Ijoon faaruu kanaa hawaasni qabsoorrattis ta'u lubbuu namaa balleessuun akka aadaa oromooti gumaa baasuun dirqama akka ta'e, Hanga sanatti walkeessa deemuun lubbuu biraa dabaluu danda'a sodaa jedhu ibsuufi.

Akeekni faarsaa kanaa namoonni wal lolaniif jecha akka wali hin ajjeesne akeekachiisuuf, gorsuuf yoo ta'uu, yoo tasa ajjeesan immoo gumaa baasan malee hawaasi akka nama hinjaalanne, Garuu immoo kaayyoo sabaaf lolta taanaan yaadaan sibira jirraa ergaa jedhu dabarsuuf gargaara.

Afee (22)

Yaa Badhoo kiyyaa Badhoo harki seekkodhaa,
Kan sigaalafate keettodhaa.

(Madda: Afgaafii Adde Obsee Hayiluu, Guyyaa 25/08/2012 irra argame)

Meeshaan faayaaf oolu hawaasni yeroo baay'ee harkatti hidhamu kun namoonni yartuu osoo hintaane kan goonni yoo hidhate irraa bareeda yaada jedhu ibsuufi. Ijoon faarsaa diinni lolee

Badhaadha ajjeese osoo hintaane yartuu sabaa keessa dhalatteen shiraan akka du'e, Yoodu'e illee seenaan isaa laphee hawaasaa keessa barabraan akka jiraatu hubachiisuf gargaara.

Akeekni faarsichaa gootonni qabsoo keessatti diina fuundura jiru qofa osoo hintaane gantuu sabaatti fayyadamuun akka diinni nama miidhuu danda'u hubachiisufi namoonni gocha fokkisaa saba miidhu hojjetan immoo akka irraa ofqusatan akeekkachiisuf gargaara.

Afee (23)

Harangamaan muka maaliiti,

Muki daraaru firii hin qabaanne,

Yaa Badhoo kiyyaa?

Gizeen ammaa kuni maalinni

Gizeen ajjeesan damii hin qabne?

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin, guyyaa 19/09/2012 irraa argame)

Mukti arangabaa jedhamu qoree sababa qabuuf namas ta'ee horiin yeroo bira darbu nama dira, sababa kanaan namni aarii ofii bahuuf cabsee bira darba, horiinis humnaan harkisee cabsa. kanaaf mukti kun daraaree firii godhachuuf caarraa kan hinqabneefi daraaratti hafuu isaa mullisa.

Ijoon dubbii faarsaa kanaa yeroon seerris ta'ee aadaan ajjeechaa namaa ittisuu qabuu, yeroo ammaa kana namni yakka dalage akka barbaadetti bilisaan socha'uun, bulchiinsi mootummaa humnaan uummata dhiitee/ajjeese bulchaa akka jiru, jireenyi itti hadhaawuu isaa, roorroo kana keessaa bahuuf immoo jaba sabaa gaafa rakkoo barbaadamu kanatti deeggarsi Badhaadhaa murteessaa ta'uu hubachiisudha.

Akeeki faaruu kanaas hammeenyi bulchiinsa mootummaa daangaa darbuu isaa kanaaf immoo seerri mootummaan baaseefi aadaan illee namoota yakka dalagan too'achuu waan hindandeenyef, furmaanni dhumaa dhalooni qabsootti cichuu akka qabu, Fuula duraaf dhalooni immoo lubbuu namaa yoo tasa/lolaan baasan illee akka aadaa Oromootti gumaa baasuu akka qaban gorsuufi akeekachiisuuf garagaara.

Afee (24)

Tolashii tiyyaa yaa Tolashii niitii Qaxxalaa,

Dur Badhaadhaatu sitti galaa,

Amma tiskeetu sirraa maggalaa.

(Madda: Afgaafii Adde Obsee Hayiluu, Guyyaa 25/08/2012 irra argame)

Dubartiin Tolashii jedhamtu bareedina isheen dhiira kan boojitu ta'uu ishee, jalqaba karaa aadaa Oromoon namni Qaxxalaa jedhamu fuudhuu ishee, ergii Baxxalaan irraa du'ee Badhaanni osoo qabsoorra jiruu humnaan akka itti galaa ture. Ergii Badhaannis du'ee immoo dhiirri kamuu akka barbaadetti itti galuun baalagoomsuu ishee hubachiisa. Goonni qabsoof manaa bahee bosona mana godhatus dubartiin hanga fedhe bareeddus dhirsa qabaannan aadaa cabsee jaalachuu akka hin dandeenye hubachiisuf, Tolashiitti yeroo Badhaanni galu hawaasni komii akka hinqabne ta'uu, garuu immoo dubartii goonni itti deemaa ture, yeroo yartuun biratti agamtu garaa hanqachuu isaanii hubachiisuufi. Akeekni faarsaa kanaa dubrtii goonni jaalate kabaja akka qabdu, lammaffaa, immoo dubartii dhirsii irraa du'es ta'ee sanyoo gootaa turte akka hinbaalagoomne yartuu hunda akka hinkeessumeessine akeekkachiisuuf gargaara.

Afee (25)

Tiraakteeriin lafa qofforaa,

Maal godhan yaabadhoo kiyyaa,

Amma tiskeetu qawwee keetin lafa Fokkoraa.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin irraa guyyaa 19/09/2012 argame)

Jabana humna namaa irraa Maashiniitti ce'uun tiraakteeran lafa haadhuu/dongoruu kan humni namaa hindandeenye diigee hojjechuun cimina meeshichaa agarsiisuufi. Gama biraan goonni roorroo sabaaf manaa bahee dirree qabsootti du'us meeshaan qawwee ittiin lolaa ture kabaja argatee kunuunfamee akka taa'uu qabu dhaamsa dabarsuufi. Ijoon dubbii faarsaa Badhaanni yeroo qabsoorra turetti lola qawween diina kuffisee abdi uummatatti horuu isaa, kaayyoon isaa osoo galma hingahin du'uu isaatti akka gaddan, gootonni akka badhaaadhaa dhalachuu dhabuun amaanaan isaa karaatti hafuun yartuun meeshaa gootaa kan ittiin loluu qabdu ture, oduun qofaan qabsaa'uun firii akka hinqabne hubachiisa.

Bu'aan faarsaa kanaa goonni qabsoo sabaaf jedhee du'e miiraa hawaasaa keessa jiraachuu, meeshan gootaa kabajamee kunuunfamee dhaloonni gootummaa irraa akka baratu, meeshaa gootaa akka hinmancaasne gorsuuf gargaara.

Afee (26)

Abrahaam kiyyaa, yaa Abrahaam Morma conqollee,

Yeroo Badhoon si biraa kufuu ,

Maa tokkosuu didde tokkollee.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 339 irra argame)

Miseensota waraana Badhaadhaa keessaa Abrahaam Lammaan kan morma dheeratu ta'uufi Badhaadhatti aanee nama cimaa ta'uu ibsuuf. Badhaanni roorroo saba isaatif manaa bahee yeroo diinni haxxee hiitee Badhaadha miila rukkuttee kuffistu, osoo Jal Abrahaam dafee bira gahee turee, yaallamee nifayya ture yaada jedhu, quuqqaa qaban ibsachuuf gargaara. Miseensa hawaasaa amma jiruuf goonni akka walirraa hindheeffine waliin akka kufisanii kufan hamilee ta'ee laphee hawaasaa keessaa jiraatanii dhalootatti akka ce'aniif. Bu'aan faarsichaa kanaas goonni yeroo rukutamee kufe irraa dheeffuu osoo hintaane, tooftaan lubbuu gootaa baraaruun hiriyoota walirraa hindheeffine dhaloota keessatti akka uumamu gargaara.

Afee (27)

Yaa Badhoo kiyya,

Koottu yaa Badhoo gaafa tüksii!

Maaliif dhaqxe mana diggisii,

Nama gantihoo dheebisii.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Lafa diinni jiru dursanii odeeffannoo saktta'uun tooftaan socha'uu hubachiisuu agarsiisa. Haalli ajjeechaa Badhaadhaa keettodhaan nyaanni qophaa'ee duubaan diina akka itti fidanii haxxeen/eeggatanii rukkuchiisan, osoo lola kallattii ta'ee akka harka hinkenne gootummaa isaa ibsuufi yartuu sabaan ganamuun akka isaan aarse quuqqaa qaban ibsachuufi. Iddoon badhaanni itti du'e kun kana duras gootota ganuun akka beekaman ta'uu agarsiisa.

Akeekni faarsaa kanaa hawaasaf qabu nyaata qophaa'e kamuu ofeeggannoon akka nyaachuu qaban, gootonni sabaa akkuma jiran gantuun sabaatillee jiraachuu akka beekaan, dhaloonni ammaa gocha akkanaa irraa akka ofqusatu akeekachiisuf gargaara.

Afee (28)

Tullubbee sani,

Tulluu gamaa tullubbee sanii,
Kaachamaalleen fudhatee bade,
Niitii Badhoo shurrubbee sanii.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 340 irra argame)

Tulluun dheeraa fageenyatti mul'atu seenaa qabeessa dirree lolaa ykn ardaa jilaa ta'uu, akkasuma dahoo goototaa tahuu isaa hawaasni naannoo hundi kan beekan ta'uu ibsuufi. Baroota 1980 keessa konkolaataan baasiifi taataan ammaa jiran kana osoo hintaane, konkolaataa maqaan isaa kaachamaallee deemsi isaa saffisaa kan ta'e tajaajila fe'umsaa lafa fagoo kennaa turuu hubachiisufi. Niitiin Badhaadhaa bareedduu, rifeensa ishee shurrubbaa dhahachuu akka jaalattu, ergii Badhaanni du'ee immoo isheenis qe'ee gadi dhiistee akka deemte, deemuu isheetiin hawaasni gadduu isaanii ibsachuu agarsiisa.

Akeekni faarsaa kanaas Naannoo tulluu kanatti gootonni miseensa waraana Badhaadhaa ta'an du'uufi iddoo seenaa ta'uu agarsiisuufi. Kanaaf dhaloonni iddoowwan akkanaa kunuunsuu akka qaban gorsuuf gargaara.

5. Siba Gadhummaa Ibsu

Afee (29)

Saawwan baddaa sanii kormi keessa in jiru,
Hin amaniin yaa Badhoo,
Sobaniiti malee Shimala/kilaashii malee firri hin jiruu.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Saawwan korma hinqabne sanyiin isaanillee ittifufiinsa kan hinqabne ta'uu, hawaasni hoggansa hinqabneen tokko ta'uu akka hindandeenye ibsuufi. Ijoon faarsaa kanaa kan badhaadha ajjeechise qomoodhuma isaa ta'uu, kanaaf fira amanuu akka hinqabne, kanaaf firriifi oboleessi nama hinganneefi hindheeffine shimala ykn kilaasha qofa ta'uu hubachiisufi.

Akeekni faarsaa kanaa hoggansa malee baayyinni uummataa akka bu'aa hinqabne, akkasuma guutummaatti nama akka hin amanne saba keessa gantuun jiraachuu dhaloonni akka beeku akeekkachiisuf gargaara.

6. Sirba Jajumsaa Ibsa

Afee (30)

Koottu yaa Badhoo gaafa Dheebisaa,
Olankomiin suma leellisaa,
Ejereenis suma leellisaa,
Incinniinis suma leellisaa,
Dagam illee suma leellisaa.
Buna dhugdeetuma deebitaa!

(Madda: Afgaafii Adde Obsee Hayiluu, Guyyaa 25/08/2012 irra argame)

Iddoon dheebisaa jedhamu kun kan Badhaanni itti du'eedha. Namoonni iddoo biroo jiran immoo dheebisa irraa komii qabaachuu ibsuu, itti gadduufi hanga Badhaanni dheebisa deemu san osoo gara Olonkomii, Ejereefi Dagam dhaqee hindu'u yaada jedhu ibsachuu agarsiisa. Badhaanni roorroo saba isaa irra gahu falmuuf akka manaa bahe, iddoowwan kunneen abdiin akka irraa qaban, fuula duraaf akka dheebisaa goota nyaachuu osoo hintaane tumsuu akka qaban dhaamsa gorsaa dabarsuuf gargaara. Kaayyoon Badhaanni manaa bahe kaayyoo sabaa waan ta'eef goonni sabaa yoomiyyuu saba hundaan akka jaalatamee laphee hawaasaa keessatti biqilee barabaraan dhalootatti akka ce'uufi. Yaada kana hayyuun Gilbert yoo cimsu, *"Bandits' activities were aimed at the landlords and officials of an intrusive capitalist regime and were supported by peasant communities and common people who benefitted materially or psychically from the bandits' Gilbert M. Joseph, 1990:8).*

Akeekni faarsaa kanaa iddoon hundi gaarii akka hintaane, goota ganuun akka jiru dhalooni adeemsa qabsoo keessatti ilaallachuu, iddoowwan biroo immoo gocha gadhee akkanaa irraa akka ofqusatan akeekachiisuuf gargaara.

Afee (31)

Koottu yaabadhoo daarii darra'ii,
Yookilaashiin tahuu didee Emmifoortiin itti naanna'ii.

(Madda: afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii irra guyyaa 13/09/2012 argame)

Qabiyyeen afwalaloon kun uummama naannoon walqabatee faarfamuu isaati. Meeshaa qawwee keessaa emmifoortiin rasaasa 21 yaa nyaatuu malee kilaashii caalaa diina fageenyatti rukkutuu isaafi yeroo diinaan wal lolaa jiranitti diinni jala dhaabbachuu isaa kan mullisuudha. Akkasuma Badhaanni qawwee emmifoortii kana baay'isee qabachuu isaa agarsiisa. Kayyoon faarichaa golli badhaanni keessa socha'ee diinaan lolu aanaa dagam,kuyyuufi hidhabuu abooterra darbee hanga Darraa Sulula Jamaatti ta'uu hubachiisa.

Akeekni faarsichaa sululli jamaa daangaa darra'i akkuma sulula mogor tarsiimoo lolaaf mijataa ta'uu agarsiisa, lammaffaa, meeshann fooyya'aan lola keessatti akk barbaachisu ibsuuf gargaara.

7. Sirba Sodaa Ibsu

Afee (32)

Looniin eeganii

Zangii qalloo looniin eeganii.

Kootu shugguxii kee narraa fudhu

Yoon du'ellee waan hin beekanii!

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 338 irra argame)

Ulee qalloo eegicha looniif akka tolu, uleen kunimoo bosona naannoo irraa akka argamu hubachiisufi. Ijoon faarsaa Badhaanni yeroo rukutamee kufetti jalqaba bira kan gahe qonnaan bulaa maqaan isaa Taaddasaa Hordofaa jedhamu shuguxii kana diinni akka hinfudhanneef bakka ittiin of ajjeesee gatee kaasee nama olkaa'e turetu dhaamsa kana dabarfachuu barbaade. Qonnaan bulaan kun meeshaa gootaa kana nama itti kennu dhabuu, akka tasaa diinni isa harkatti yoo argan akka isa ajjeesan sodaa jiru ibsuufi gargaara. Akeekni faarsaa kanaa meeshaa goonni ittiin diina rukkutaa ture kunuunsa kaa'uun dhalootaa dabarsuu yaada jedhu ibsuuf gargaara.

8. Sirba Abdii Ibsu

Afee a(33)

Miidheen hinduunee mana akiimit jiraa,

Hinbooyiin yaa Fayyisee Gammachuunuu sijiraa.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Badhaanni ergii du'ee reeffasaa qorannoof mana akiimii geessuu agarsiisa. Ijoon faarsaa kanaa qabsoo keessatti qaabsa'aan nidu'a kaayyoon qabsoo garuu dhaloonni hafe galmaan gahuu akka danda'u ibsa, ergii Badhaanni du'ee oboleettin Badhaadhaa Adde Fayyisee Dilgaasaa ilma ishee kan ta'e qabsa'aan Gammachuu jedhamu amaanaa isaa fudhatee tarkaanfii jajaboo diinarratti akka fudhate hubachiisa. Bu'aan faarsaa qabsa'aan kan maatii qofa osoo hintaane kan uummataa waan ta'eef, Badhaanni du'us kaayyoon isaa hanga hinduunetti hingaddinaa dhaloonni kaayyoo isaa fudhatee galmaan gahuu akka qabu hamilee hawaasatti horuuf gargaara.

9. Sirba Gadda ibsu

Afee (34)

Yaa Badhaadha koo Badhaadha faalin garagaaruu,
Duute silas maal godhu garuu,
Duuti gootaa kanuma jiruu.

(Madda: Afgaafii Ob. Damee Xilahoon irra guyyaa 17/07/2012 argame)

Qawween faalii meeshaa diina halaalatti rukkutuuf gargaaru, dheeraa waan ta'eef yeroo qabatani deeman mataa bira oldarbee halaalaa salphaatti mullachuu isaa agarsiisufi. Ijoon faarsichaa qabsaan gaafuma dhalatu akka du'u beekke qabsootti seenuu gorsuuf, Garuu immoo kan Badhaanni firii qabsoo isaa osoo hin argin du'uu isaatti hawaasni gadda itti dhagahame ibsachuu agarsiisa. Meeshaa gootaa kana yaadannoof olkaayyamee dhalootatti darbuu akka qabu dhaamsa dabarsuuf gargaara.

Akeekni faaruu kanaa qabsaan nikufa qabsoon ittifufa kaayyoofi amaanaa goonni kufeef dhaloonni karaatti akka hin hambisne booree itti uumuuf ergaa dhabarsuuf gargaara.

Afee (35)

Lafti maayii lafa gaayyatii,

Maalif ajjeeftanii Badhoo Dilgaasaa ilmuma yaayyatii?

(Madda: Afgaafii Adde Obsee Hayiluu, Guyyaa 25/08/2012 irra argame)

Omisha midhaanii keessa kan maayii /dhuma baatii hagayyaa/ facaafamu midhaan gaayyaa ta'uu, omishi kunis lafa kootichaa naannoo baddaafi bada daree qofa akka omishamu ibsuuf, Ijoon faarsaa Badhaanni roorroo bulchiinsa mootummaa wayyaanee mormuuf malee waan namaa saamuu ykn nama biroo miidhuf akka hintaane osoo beekamuu, gantuu sabaan haxxee qopheessanii ajjeesuun isaa diina caalaa gosumti Oromoo ajjeesuu isaatti gadduu isaanii quuqqaa/komii gosa Ada'aa Bargaa irraa hawaasni biroo qaban dhaamsa dabarsuufi.

Akeekni faaruu kanaa Badhaanni kan qabsaa'e yaayyaa qofa osoo hintaane gosa Ada'aa dabalatee saba oromoo maraa ta'uu, dhaloonni dogogora akkanaa qomoo ofii ganuu irraa akka ofqusat akeekachiisuf gargaara.

Afee (36)

Yaa Badhoo kiyyaa,

Konkolaataan Gaammaan shararaa,

Duuti shiftaa duruma jiraa,

Keetumti kun maa nama mararaa?

(Madda: Afgaafii Ob. Damee Xilahoon irra guyyaa 17/07/2012 argame)

Deemsa saffisa Konkolaataa walqabsiisuun duuti Badhaadhaas yeroo gabaabaa keessatti firii qabsoo malee raawwatamuu isaati. Gama biroon konkolaataan kun teekinoolojiin haarawi naannichatti dhufuu isaa garasiisuufi. Diinnis ta'ee kan kaayyoo Badhaadhaa hin hubanne shiftaa jettee maqaa itti moggaastus, Badhaanni kaayyoo saba Oromoo hunda roorroo jaarraa tokkoof walakkaa irra ture hubatee qabsootti waan galeef qaroon hawaasa kaayyoo isaa dursee hubbate du'a isaatti gadduutu mullata.

Akeeka faarsa kanaa hawaasni naannichaa, Badhaanni dirree lolaatti diinaan addatti walitti dhokaasee akka hinmoo'amne waan beekanuuf shira gantuun sabaa qopheesseen du'uun isaa hedduu kan isaan gaddisiise tahuu, gocha akkanaa kana dhaloonni akka hinraawwanne akeekachiisuf gargaara.

Afee (37)

Kutaa foo'i na godhaa,

Yaa Badhoo "naxalaa" kutaa foo'i na godhaa,

Yerumaan si yaadadhuu halkanii guyyaa boo'i nagodhaa.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin irraa guyyaa 19/09/2012 argame)

Firiin biqituu jirbii harkaan foo'amee naxalaan dhoofsifama, naxalaan lama walitti dhufee yoo hodhamu immoo kutaa uumuun uffannaa qorraaf oola. Qorri kan jiru baddaa ta'uudha. Biqiltuun jirbii immoo gammoojjii malee baddaa akka hintaane hubachiisuufi. Ijoon faarsichaa yeroo jirbiis foo'an ta'ee yeroo hojiis ta'ee yaadi hawaasaa du'a Badhaadhatti gadduu, kaayyoon inni manaa baheef tarii karaatti hafinnaa yaadoo jedhuun liqiffamuu agarsiisa.

Akeekni faaruu kanaa hawaasni qaamaan Badhaadha beekan kaayyoo isaa, gaarummaa, obsa, naatoo qabaachuu hunda beekuun keessattu shiraan du'uun isaa, osoo akkasiin du'uu baatee roorroo jalaa akka isaan baasu quuqqaa qaban ibsachuuf gargaara.

Afee (38)

Yaa digirii muka xaaxessaa,

Dhugaa qabdaa yaa Fayyisee, duutii Badhoo nama raatessaa.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin irraa guyyaa 19/09/2012 argame)

Hawaasni naanicha yeroo baay'ee gootota uumama naannoon walqabsiisuun faarsutu mullata. Mukti xaaxessaa kan biqilu naannoo gammoojjii ta'uufi meeshaa qonnaa digirii/babattee irraa hojjechuuf kan oolu ta'uu hubachiisu. Ijoon faarsaa kanaa Badhaanni qabsoof kan manaa bahe maatii qofa osoo hintaane hawaasa hundaafi duuti isaa oboleettii qofa osoo hintaane hawaasa hunda miidhuu isaa hubachiisufi.

Akeekni faarsaa kanaa sababa Badhaadhaan oboleettin isaa Fayyiseen mootummaadhan dararamaa turte obsaan dabarsuun, badhaanni boru injifannoon naagala jettee osoo eegduu kaayyoon manaaf bahe osoo galma hingahin reeffi galuufii isaa gadda isheetti dhagahame hawaasni illee miira gaddaa qooddachuu isaanii hubachiisuf gargaara.

4.6.1.1.3. Faaruwwan Bifa Geerrarsaan Dhiyaate

Faruun bifa geerrarsaan dhihaatan kunis ergaawwan akka: gootummaa, gadhummaa, roorroo, obsa, jajumsa, quuqqaa, hawwii ofii ittiin ibsachuuf kan ooludha jechuun ibsa. Afwalaloowwan eeraman kunneen sababoonni akka badu taasisanis, dhiibbaa siyaasaa, amantaa, ammayyummaafi xiyyeeffannoo dhabuu yoo ta'u, yaadni furmaataa afoola kana akka hinirraanfatanneefi dhaloota dhufu dhaalchisuuf immoo bakkuma jirutti funaananii walitti qabuun galmeessanii olkaa'uu akka ta'eedha.

1. Geerrarsa Gadhummaa

Afee (39)

Sareen teepha nyaatte,

Bitimaa gubbaatti,

Gadheen dheeffa yaadde,

Hiriyaan kufnaanii.

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin irraa guyyaa 19/09/2012 argame)

Qabiyyeen walaloo kanaa bakkaan walqabsiisuun kan faarsan yoota'u, teephni gosa gogaa loonii irraa kan hojjetamu waan ta'eef sareen baay'inaan kan jalattu ta'uu isaa fi bakka olkaa'anii fuutee nyaachuu ishee kan agarsiisudha. Akkasumas, gadheen is hiriyaadha jedhanii osoo waliin deemaa jirani yeroo sababa garagaraan nama biroo waliin wal dhabanitti, namni biroo sun

immoo humnaan irra aanee gobee kuffisetti hiriyaan nama gobamee soda qaburraan kan ka'e bakka kufetti gatee kan dheeffe ta'uu mul'isa.

Akeekni isaa yeroo qabsoof manaa baatu namoota kaayyoo tokko qabu, kan waliin hanga lubbuutti walirraa hindheeffine waliin qabsa'uun akka murteessaa ta'e dhaloota hubachiisufi.

2. Geerrarsa Roorroo Ibsu

Afee (40)

Goojjam buuse cabbii

Nama haaloo koo bahu

Kan 'nafxanyaa' cabsu

Na taasisi yaa rabbi

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin irraa guyyaa 19/09/2012 argame)

Faaruu keessatti Gojjam biyya naannoo Amaaraa keessatti argamtu yemmuu ta'u, geerraraanis kan fayyadame nafxanyoonni naannoo Amaaraa kana keessa kan dhufan ta'uufi 'nafxanyoonni' bara motummaa Minilik turanii fi uummata Amaaraa hin taane gama afaanii, seena, eenyummaa, aadaa fi k.k.f. irratti dhibbaa gochaa kan turan ta'uu kanaaf akka isaan rraa aannu waaqayyoon nu haa gargaaru. Akeekni faarsichaas yoo cimnee lolle akka injifannu waaqayyoo gara keenya akka goruu danda'u abdi qaban ibaschuuf, akkasuma, nama waan waan badaa namarratti raawwate haalu gocha isaan adabuun murteessaa akka ta'e hubachiisuf gargaara.

Afee (41)

Injiraan na nyaattee,

Rifeensummaa koo keessa dhokattee,

Muujaaleen na nyaattee,

Hudduu daaratti gatatee,

Gadheen najeestee,

Seera fakkeeffatee.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Injiraan rifeensa namaa keessatti kan wal horuu fi muujaleen baayinaan naannoo lafa daaratti kan baay'atu ta'uu isaa fi miidhaa qaama namaa irratti kan geesisan ta'uu mul'isa. Akkasumas, haala dhokataa ta'een wanti tokko nama miidhuu danda'uu isaati.

Akeekni faarichaa namni amma namaa hin geenye balleessaa tokko mlee seera daheeffachuun namatti roorrisuu akka danda'an ibsuudha. kanaaf dhaloonni seerri nama hunda qixa tajaajilu hanga diriirutti qabsoo kallattii hundaa itti fufuun jijjiirsisuudha malee callisanii miidhamuu akka hinqabnee ibsachuuf agarsiisa.

3. Geerrarsa Obsaa ibsuu

Afee (43)

Uffadhu kutaa kee,
Hin mammariiniitoo,
Hidhadhu garaa kee,
Hin jarjariniitoo,
Dhaanicha maatiidha,
Hin ifatinii too...

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Uffata qorraa kutaa martee hin olkaa'inii uffadhuu eenyu sodaaf yartuun horuu namaa hinjaalattu waan ta'eef yaada jedhu ibsuu agarsiisa. Ijoon faarsichaas xiiqiin garaa nama keessa seenus obsa yookiin tasgabii kan barbaachisu ta'uu fi rakkoon kamiyyuu yoo namarraa gahe yoo obsanii turan kan darbu ta'uu isaa mul'isa.

Akeekni faarichaa maatiin ofii hanga fedhan illee yoo nama reeban (rukutaan) ifanna fi aarii jiru dhiisanii obsaan turuun akka barbaachisu, lammaffaa diina sitti roorrisu obsaan suuta jettee irra aanuu qabdaa kan jedhu agarsiisufi.

4. Geerrarsa Jajumsaa Ibsuu

Afee (44)

Inkolaa bishaanii,
Afaan Dhidhiphina,
Maqaa gootaa kaasee,

Yeroon goota faarsuu,

Gadheen na jibbinaa laata.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Faarsaa kana keessatti meeshaan inkolaa jedhamu buqqerraa kan hojjetamu ta'ee kan afaan isaa dhiphaa ta'eefi dhugaatii bishaaniif kan oolu ta'uu fi ergaa bo'oo lamaan gadii ergaa olii galmaan gahuuf kan galan ta'uu isaa agarsiisa. Bo'oon lamaan gadi hafan immoo gootni cunqursaa fi gadadoo irratti raawwatame keessa ba'uuf aarsaa cimaa taasisuun lubbuu isaa kan dhabeedha. Ha ta'u malee, maqaa goota kanaa kaasuun osoon faarsee gadheen eenyummaa isaafi saba isaa hin beekne najibbuun ilaalcha hin taaneen namootan wal na dhabsiisa yaada jedhu hubachiisuf gargaara.

Akeekni faarsichaa gootallee akka gootummaa isaatti, gadhees akka gadhummaa isaatti mirga isaakabajuun akka barbaachisu walqixummaa namaaf kabaja qabu agarsiisa.

4.6.1.2. Faaruwwan Gootaa Uumama Naannoo Walqabatanii Faarfaman

4.6.1.2.1. Sirba Bifa Dhiichisaan Dhiyaate

1. Sirba Gootummaa Ibsu

Afee (45)

Koottu yaamiidhee Mogor jirtamoo fagaattee,

Qoricha dhiira mataa babaattee.

(Madda: afgaafii Ob. Habtaamuu Alamu irra guyyaa 16/08/2012 argame)

Dhiirri tokko tokko walqixummaatti amanuu dhabuun humna qaba jedhee mirga hawaasaa sarbee namatti roorrisuu barbaada, goonni akka Badhaadhaa immoo namoota kana adaba. Dhiironni uftuulani hawaasa miidhuu barbaadan Badhaadha gootummaa isaa waan beekaniif sodaachuu isaanii agarsiisa. Ijoon faarsaa sarara jalqabaarra jiru, Hawaasni maadheen Badhaadhaa sulula mogor keessa ta'uu beekani yeroo tokko tokko immoo naannoo baddaatti olbahuun socha'uun miila fageeffachuu akka danda'uudha. Badhaanni lafa dhiyeenyaa yeroo jirutti diinni akka barbaadetti hawaasatti akka hin roorrisne agarsiisa.

Akeeki faarsaa kanaa lafti mogee maadhee gootaa lafa uummanni itti abdatu, yeroo rakkoon nama muudate itti sagaleeffatan tahuu, dhaloonni mirga namaa sarbuu dhiisee walqixummaatti

akka amanu, yoo kana hintaane dhiirri dhiira caalu jiraachuu beekuu akka qabu akeekachiisuuf gargaara.

Afee (46)

Baala qilxuu,

Saltee waashaa lixxuu,

Yaabadhoo koo yaa itti cittuu.

(Madda: afgaafii Ob. Habtaamuu Alamu irra guyyaa 16/08/2012 argame)

Baalli qilxuu baala babal'aa ta'uu isaafi qabeenya uumamaa hangafa mukaa kan beeyladdoonnifi bineensoni bosonaa bona aduuf mataa jala qabatan, yeroo gannaa roobaf jalatti dheeffaniin alatti maanguddoonni oromoo jalatti yaa'ii taa'uufi nama waldhabe jala ta'anii bakka itti araarsaniidha. Badhaanni miidhaa reebichaa, hidhaafi ajjeechaa bulchiinsi wayyaanee uummata salaalee irraan gahu lola qawween hambisuuf sulula mogoritti akka galu dirqame. Sululli mogor immoo bu'aa ce'ii, hallayyaa, holqa(waashaa) ,doloolloofi k.k.f tin waan guutameef, yeroo lolli cime diina jalaa akka holqatti jalaa miliquu danda'u gorsuu agarsiisa. Kanaaf gootonni yeroo diinaan lolan dahannoof bosonaafi holqa filatu. Holqiifi goonni(shiftaan) adda bahanii hin ilaallaman. Holqi mana jireenyaa gootaati. Badhaanni lolaafis qabsoofis duubatti kan hindeebine kutataa ta'uu isaa agarsiisa. *"we can understand that Oromo society mediates historical events and places through different folkloric arts of environmental values"* Adugna (2014).

Akeeki faarsaa kanaa qabsoon qawwee toftaafi kutannoo waan barbaaduf hamaasi roorroof osoo harka hinlaanne yeroo dubbiin cimte aara galfachaa(miliqaa) humna ofii jabeeffachuun toftaa qabsoo dhaloonni akka hubatu gorsuuf gargaara.

Afee (47)

Maal gochuu buute biyya Badhaanni jiruu,

Mogee Kilaashiin baroode deebiin hin jiruu.

(Madda: afgaafii Ob. Habtaamuu Alamu irra guyyaa 16/08/2012 argame)

Naannoo Mogoritti guyyuun dhokaasni qawwee akka baayyatu agarsiisa, Dhokaasa kanaan Badhaanni diina hedduu akka ajjeesedha. Nannoo salaalee sulula mogor hunda too'annoo Badhaadhaa jala waan jiruuf hayyama isaa malee diinni akka barbaadeetti akka hinsochoone hubachiisa.

Akeekni faaruu kanaa hawaasni yeroo gara naannoo tokkoo socha'u dursee qorachuu akka qabu, yoo akkas hintaane balaan lubbuu akka isa mudachuu danda'u akeekachiisuuf gargaara.

Afee (48)

Laaftoon gogee,

Laaftoo jiidhaan gogee.

Hoo yaa Miidhee! Yaa rafarraftuu Laga Mogee!

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 337 irra argame)

Mukti laaftoo jedhamu jiidhaan dhaabbatatti goguu isaa agarsiisa. Laaftoon kun dhiibbaa uumamaafi namtolcheen irra gaheen goguu isaati. Badhaanni roorroo diinni hawaasa irraan gahu qawween loluuf bosona mogoritti galuu isaa, kanaanis diina mogor keessatti isa barbaada dhaqan rasaasaan rukkutee ajjeesuu isaa, lakkoofsi namoota du'aniii hedduu tahuu agarsiisa. yaada kana cimsuun Debaloon yoo ibsu, *"the song has been a deep-rooted belief among the Oromo that any disruption in their relationship with non-human things in the environment would displease Waaqa and invoke punishment in the form of drought, famine, disease and war"* (Debelo 2012).

Akeekni faarsaa kanaa naannoon lafa mogor lafa dhiiraa, kan diinaf harka hinlaanne, haalli teessuma isaa lolaaf mijataa, abootin "lafatu lola" ykn "lafatu namaan lola" jedhu, salphumatti diina injifachuun akka danda'amu, dhaloonni ammaa roorroo keessumeessurraa lafa mijataa jirutti fayyadamuun falmachuu akka qaban ergaa jedhu dabarsuuf gargaara.

Afee (49)

Waan nama gootu gugurraan Kibbituu,

Beenu Mogor buunaa,

Yoo aarte malee dhiirri qe'ee hin jibbituu.

(Madda: afgaafii Ob. Habtaamuu Alamu irra guyyaa 16/08/2012 argame)

Obboleeyyan lamaan jajabee ta'an kunneen dubartii kibbituu jedhamtu irraa dhalatan roorroo ittii hammaannan aariidhaan manaa bahanii mogoritti galuun diina isaanitti roorrise rukutuun haaloo isaanii bahuu mullisaa. Ijoon faarsaa Roorroo sabaas ta'ee namoota dhuunfaa yoo hammaatte malee namni qe'ee akka hinjibbine garuu immoo harka kennachuu akka hinqabne agarsiisa.

Akeeki faaruu kanaa roorroon yeroo hammaatte kan itti dheeffanii aarii/ rakkoo ofii itti himatan nama caalaa laga mogor ta'uu agarsiisa. Dhaloonni bu'aa uummama naannoo beekke akka kunuunsuu qabu gorsuuf gargaara.

2.Sirba Hawwii Ibsu

Afee (50)

Jabeessii loli yaa Badhoo,
Jabeessii lolii aalga korii,
Yaa Badhoo Dilgaasaa Leenca Mogorii.

(Madda: Afgaafii Ob. Damee Xilahoon irra guyyaa 17/07/2012 argame)

Algaan siree irra rafan ta'ullee faaruu kanaan garuu aangoo bulchiinsa mootummaa biyyatti finfinnee jiru qabadhuu, nubulchii yaada jedhu hawaasni abdi qabsoo Badhaadha irraa qabu ibsuuf agarsiisa. Jalqaba Badhaanni kan manaa bahe roorroo nafxanyaa jaarraa tokkoo oliif aangoo bulchiinsaa qabatee dhiibbaa uummata keenyarraan gahaa jiru ofirraa kuffsuuf sulula mogor filachuu isaa mullisa. Uummanni bu'aa aangoon namaaf buusu waan beekaniif Badhaannis lolee yoo aangoo qabate rakkoofi dararri isaanirraa akka hafu waanbeekaniif injifatee akka aangoo qabatu hawwii qaban ibsachuu agarsiisa.

Akeeki faaruu kanaa gadheen mogor seenuu akka hindandeenye goota qixa leencaa kan diinaf harka hin laanne ta'uu akka qabu, dhaloota keessatti miira gootummaa uumuun onnechiisuuf akka gargaarudha.

Afee (51)

Biyeye diigdee hin galtuu?

Yaa Badhoo koo, akka arrittaa reefu magartuu.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 340 irra argame)

Biqiltuun arritta jedhamu yeroo biqilu kichuufi hawwataa akka ture, fooliin isaallee urga'aa tahuu isaa ibsuufi. Hawaasni goota kanaan walqabsiisuun hawwii goonni du'e akkuma biqiltuu kanaa osoo deebi'ee biqilee roorroon isaanirra jiru akka furamu hawwii qaban hubachiisuufi. Ijoon faarsaa kanaa Badhaanni ergi du'ee namoonni naannichaa hunduu hacuuccaa hoo'ifatanii jiran dararri osoo jiruu hawaasa callisee taa'u onnachiisuf gargaara.

Akeeki faarsaa kanaa goonni yoo du'ellee laphee hawaasaa keessa akka jiru gaafa rakkoo kan lubbuun booji'amee diinaf harka laate, caalaa goota du'ee awwaala keessa jiru akka caalchifatan, namoota roorroo sabaa callisanii ilaalaan onnachiisuufi qabsoo malee falli akka hinjirre hubachiisuuf gargaara.

3. Sirba Jajumsaa ibu

Afee (52)

Qamadii malee ajjaan kiiloo koree,

Moo yaabadhoo gaaddisa mogeen sikolokolee.

(Madda: Afgaafii Ob. Damee Xilahoon irra guyyaa 17/07/2012 argame)

Midhaan qamadiifi ajjaa keessa madaala kan kaasuu qamadii ta'uu, ajjaan baayyinaan waan hin qotamneef qamadiin immoo hedduminaan qonnaan bulaan waan omishamuuf walcaalmaa isaanii agarsiisuufi. Ijoon faarsaa kanaa naannoon bulchiinsa sulula mogor too'annoo Badhaadhaa jala jiraachuu, diinni illee naannicha dhaqee akka hinseenne goota naannoo isaa kabachiisedha. Gootummaa Badhaadhaa caalaa haalli teessuma lafaa dahoo ta'ee qabsoo Badhaadhaa deeggaruu keessatti shoora qabaachuu isaa mullisuufi.

Bu'aan faarsa kanaas qabsoo qawweetif dahannoon/ haalli teessuma lafaa murteessaa ta'uu, hawaasni illee roorroof osoo harka hinlaanne qabsaa'uu akka qabu hubachiisuufi dhaloonni meeshaafi humni namaa qofa osoo hintaane dabalataan uumama naannoo akkuma namaa kunuunsuufi eegumsa taasisuun akka barbaachisu dhaloota hubachiisuf gargaara.

Afee (53)

Xaarmusii araqee miidheen eessa dhaqee

Warra injiraan gurra fixee markaattotti naqee.

(Madda: afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii irra guyyaa 13/09/2012 argame)

hawaasni naanichaa baay'inaan meeshaafi uumama naannoon walqabsiisanii goota faarsuf gargaaramu. Xaarmusiin kan araqeen itti naqamu, araqeen immoo baayyinaan naannoo Salaaletti beekamuu isaa agarsiisa. Ijoon faarsaa hawaasi Badhaanni qabsoof irraa fagaatee guyyaa muraasa yoo ture, yaadda'uufii agarsiisa. Waraanni wayyaanee jalqaba yeroo gara jiddugala biyyaa seenan bifaan huuqqatoofi rifeensi isaanii maramaa qulqullina kan hinqabne ta'uu, hawaasa naannichaa irraa adda ta'uu agarsiisa. waraanni mootummaa Badhaadha barbaacha yeroo dhufan baayyinaan

waraana Badhaadhaan kan ajjeefaman ta'uu, kan hafan dheeffanii magaala Finfineetti oldeebi'uu isaanii agarsiisa.

Bu'aan faarsaa kanaa lolli Badhaadhaa gola Salaalee hundatti kan hindaangeffamne hanga magaala guddoo oromiyaa finfinneetti ta'uu isaa, diinaan cichanii yoololan wayyaanee injifachuun akka danda'amu dhalootatti abdii horuuf gargaara.

4. Sirba Gorsa Ibsuu

Afee (54)

Maalgochuu buutee lafa mogee goodaa lafaa,

Mogee keessaa qeerrensi odaa jala rafa.

(Madda: Afgaafii Darg. Urgeessaa Baallamii irraa guyyaa 13/09/2012 argame)

Sulula mogor keessa yeroo mara gootonni sabaa akka jiraatan, diinni gara goonni jiru kanatti barbaacha yoodeeman, Badhaanni immoo tarkaanfii ajjeechaa akka irratti fudhachuu agarsiisa. Ijooon faarsaa kanaa goota sabaa sulula mogor keessa jiru qofa osoo hintaane bineensi bosonaatuu bilisummaan akka jiraatu mullisa. kanaan walqabsiisuun Kelbessa (2010), yoo ibsu "*with regard to the wild animals as well, the Oromo have no desire of eliminating the animals, they show kindness to the animals whether they are big or tiny*" jedha.

Bu'aan faaruu kanaa gootota qabsoof manaa bahanis tahee bineensotaaf qabeenyi uumamaa dahoo ta'ee tajaajila kennuu isaa, kanaan dhaloonni uumamaaf kunuunsa akka taasisu gorsuuf gargaara.

4.6.1.2.2. Sirba Shoboxeen Dhiyaate

1. Sirba Gootummaa Ibsu

Afee (55)

Kachamaalleen xiiche ulullee,

Ijoolleen lammaa barattaa sanii,

lafaa guurtuu akka culullee.

(Madda: Afgaafii Ob. Damee Xilahoon irra guyyaa 17/07/2012 argame)

Bara 1980 keessa teeknoolojiin konkolaataan kaachamaallee jedham kan saffisaan fiigu tajaajila kennuu eegale. Sagaleen isaa akka ululllee shambaqqoo irraa hojjetamuu iyyuun walfakkeessufi. Miseensonni waraana Badhaadhaa hedduun isaanii roorroo jibbanii waan manaa bahaniif ilmaan ob. Lammaa Barattaa lama qabsoorra akka jiran, Yeroo diinan wal lolan tokkosanii kan hinqolle/lafa hinbuufne ta'uu agarsiisa.

Bu'aan faarsichaas yoo roorroon cimee maatiin warra tokkoo mana akka hinteenye qabsoo bosonaa qawween loluuf dirqamni sabaa akka jiru beekanii deemuu, kanaaf immoo teessumni lafa itti daheeffatanii lolan mijataan jiraachuu mirkaneefachuun barbaacgisaa ta'uu hubachiisufi.

Afee (56)

Laga sobdollee yaabadhoo laga sobdollee,

Tokkosi yaabadhiyyee kan tokkostullee hinqollee.

(Madda: afgaafii Dr. Gammachuu Daadhii irra guyyaa 4/09/2012 argame)

Lagi sobdollee Shawaa Lixaa Aanaa Meettaafi Ada'aa Bargaa adda qooduun laga mogoritti kan yaa'u ta'uusaa ibsuuf. Golli Badhaanni keessa socha'ee diinan lolu hanga aanaalee kanneenii ta'uu agarsiisa. Ijoon faarsaa kanaa Badhaanni dhiibbaa siyaasaaf jecha qabsoof manaa bahee qabsoo qawwee filachuu isaafi diinarratti injifannoo galmeesisuu isaatin hawaasatti abdi horuu agarsiisa.

Bu'aan faarsichaa hawaasni badhaanni qabsoo isaa itti fufee hanga bu'aan isaa argamutti akka dhaabuu akka hinqabne hubachiisufi. Sababni isaa immoo roorroo mootummaan uummata irraan gahaa jiru akkuma itti fufetti jiraa jechuu agarsiisa. Faarsaan hawaasaa kun Badhaadhaaf hamilee diinaaf abdi kutachiisuuf dhaamsa dabarsuuf gargaara.

2. Sirba Hawwii ibsuu

Afee (57)

Yaabadhoo kiyyaa Badhoo gootaraan torbaa,

Biyya hormaatii galuu wayya!

Kan hore hin jaalatu biyyi hormaa.

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 338 irra argame)

Badhaanni lolaan qofa osoo hintaane qonnaanis cimaa akka ta'eefi dilbii midhaanii akka galchuu danda'u agarsiisufi. Ijoon faarsa kanaa dhiibbaa bulchiinsa mootummaatin hawaasni hedduun qe'ee irraa buqqa'ee kutaalee oromiyaa kanneen birootti godaanan, iddoo jiranitti qabeenya horachuu malee kan horte nyaachuuf halagaan hinjaalatu, Hawaasichi qe'umatti deebi'anii waliin qabsaa'uu qabnaa yaada jedhu dhaamsa dabarsa.

Akeekni faarsaa kanaa qabsoo irratti fafaca'uun nunbaasuu yootokkoomne waan horre nyaachuu dandeenyaa, diinaaf qe'ee gadi dhiisuun dhaloota balleessuu ta'aa teenyee falmachuu qabnaa jechuun dhaloonni iddoo jirutti cimee akka hojjetu gorsuufi.

Afee (58)

Kutaan dhumte yaa badhoo,
Daggala Mogee keessa loowuuttii,
Si hin dhiisuu na hin dhiisini,
Hamma miqqanyaan dhiiga boowutti.

(Madda: Afgaafii Guyyaa 25/08/2012, Adde Obsee Hayiluu irra argame)

Uffanni kutaa(dachaa) jedhamu kan uffatamu yeroo qorraa lafa baddaatti uffatama malee bosona keessatti akka hin uffatamne hubachiisuu agarsiisa. Badhaadhan Uffata biddiqqoo uffatee qabu bosonni irratti ciree fixuu ibsuuf, malee uffata kutaa jedhamu uffatee kan qabsaa'ee miti, uffachuufillee kan hin mijanne ta'uu mullisa. Gama biraan qabsoon dheerachuu ishee, iddoon qabsoo bosona malee uummata keessa akka hintaane, qabsaa'uuf immoo rakkoowwan nama mudatan dursanii hawaasa qe'ee jiru murannoo ykn kutannoo akka horatu jajabeessuu agarsiisa. Ijoon faarsaa kanaa Badhaanni yeroo bosona keessa socha'u bosonni rukkaa ta'uun uffata irratti ciruu agarsiisa.

Bu'aan faarsaa kanaa diina qe'eetti dhufee namatti roorrisu falmachuuf dahannoon bosona naannoo murteessaa ta'uu, Bosona kunuunfachuun dhimma itti bahuun dirqama akka ta'eefi goonni qaamaan bosona jiraatu yaadaan laphee hawaasaa keessa yoomiyyuu akka jiraatu dhaloota hubachiisuf gargaara.

Afee (59)

Yaa Badhaadha kootiin rufaarufaa,
Karaa mogee tokkosaa dhufaa.

(Madda: afgaafii Dr. Gammachuu Daadhii irra guyyaa 4/09/2012 argame)

Faaruu kun uumama naannoon walqabatee faarfamuu agarsiisa. Namoonni baayyeen uffata kootii yeroo hodhisiifatan dheeressun aka ta'e, Badhaanni immoo hojjaan isaa gabaabaa waan ta'eef kootii kana yeroo uffate itti dheerachuu agarsiisa. Kaayyoon Badhaanni manaa baheef roorroo hawaasa naannicha irra gahu hambisuuf lola qawween sulula mogor filachuu isaaf sululli kunimoo bal'aa waan ta'eef fagaatee yeroo socha'u, diinni naannicha qubatee jiru hawaasa irratti darara geessisuun kan ka'e Badhaanni akka dhufee isaan baraaruf fedhii qaban ibsachuufi.

Akeekni faarsichaa yeroo baay'ee Badhaanni kan maadheffatee lou naannawa laga mogee keessa ta'uu hubachiisuuf, dhiibbaa diinni hawaasarraa gahuun walqabatee hawaasi yoo deeggarsa gaafate dafee kanqababu ta'uu agarsiisa.

3. Sirba Quuqqaa Ibsu

Afee (60)

Korommii ilmaan barattaa,
Silaa mogee keessa dabartaa,
Emmifoortii gateettitti baattaa,
Maaf halagaaf harka laattaa.

(Madda: afgaafii Dr. Gammachuu Daadhii irra guyyaa 4/09/2012 argame)

Ijoolleen akkaakayyuu Barattaa kan ta'an Ammahaaafi Abrahaam Lammaa yeroo baayyee qawwee emmifoortii qabachuun sulula mogee maadheffatanii qabsoorra akka turan agarsiisa. Ijoon faarsaa roorroo sabaaf jettee ergii qabsoo eegaltee hanga lubbuun baatutti harka hin laatirii, maqaa gootummaa akkakileefi abaabilee hinballeessinii jechuuf hawaasa naannoo onnachiisuf yaadameeti. Haaluma kana

Akeekni faarsaa kanaa takkaa qabsoo sabaaf manaa baatanii diinaaf hooguun akka hinbarbaachisne, lammaffaa, sulula mogor keessa yeroo baay'ee dirree bilisummaa waan ta'eef dhaloonna iddoo seenaa akka kunuunsu hubachiisuf gargaara.

Afee (61)

Re'een dhaltee gadi baasadhaa,
Lakkii gumaa kiyya baasadhaa,
Jedha Badhaanni Dilgaasadhaa.

(Madda: Afgaafii Adde Obsee Hayiluu irra Guyyaa 25/08/2012, argame)

Hawaasni yeroo hedduun bineensota naannoon walqabsiisanii faarsuun miira ofii baasanii ibsachuutu mullata. Beeyladoo keessaa re'een hedduminaan lafa gammoojjii jiraachuu isaanii agarsiisufi. Sooranni re'ee immoo baala mukaa waan ta'eef naannawa kana bosonni hedduminaan jiraachuu agarsiisa. Badhaanni hacuuccaa uummata irra gahu hambisuuf osoo lola qawween falmaa jiruu lubbuun darbus, dhaloonna jiru qabsoo akka hindhaabne kaayyoo isaa galmaan gahuu akka qaban dhaamsa daabarsuuf.

Akeekni faarsa kanaa hawaasni roorroon isarra gahaa jiru ammas itti fufuu isaa dhaloonni kana hubatee qabsoo laaffisuu akka hinqabne hamilee walii kakaasuufi amaanaa qabsa'aa akka hindaganne dhaloota gorsuun yaadameeti.

Afee (62)

Jorroo Gaanfi filaa mogee keessa jiraa,

Sindhabee yaa badhoo wattaaddara biraa.

(Madda: afgaafii Ob.Taaddasaa Tufaa irra guyyaa 13/09/2012 argame)

Beeyladoo keessa loon bifti isaa diimaa/jorroo kan gaanfisaa dheeraa ta'e, baayinaan baddaa osoo hintaane naannoo sulula mogoritti akka horuu danda'u hubachiisuufi. Ijoon faarsaa roorroo hawaasarra gahu faccisuu Badhaanni manaa akka baheef kaayyoon isaa osoo galma hingahin du'uu isaa, Akkasuma kaayyoon isaa diinan lolanii injifachuun bilisummaa argamsiisanii hawwii qabaachuu isaanii, hawaasni immoo du'uu gootota kanaatti gaddi itti dhaga'amu isaa ergaa jedhu dabarsuufi. Akeekni faarsaa kanaa gurmuun gareen socha'u tokko hogganaa akka barbaachisu, keessattuu gareen waraana Badhaadhaa, yeroo Badhaanni naannicha hinjirre diinni hawaasa sodaachuu dhiisee akka barbaadetti socha'uu agarsiisuufi. Abbaan yoo ofitti cime diinni illee akka nama sodaattu, kanaaf, cimaa lolaa hin sodaatina jechuun onneee hawaasatti horuuf yaada jedhu dabarsuufi.

5. Sirba Gadhummaa ibsu

Afee (63)

Mogoroo hinbuhin,

Yoorigaa muratte malee,

Afaanin bakka malee hingahin,

Yoogaraa kutatte malee.

(Madda: afgaafii Adde Obsee Hayiluu irra guyyaa 25/08/2012 argame)

Mukti rigaaf oolu naannawa mogoritti waan marguuf iddoo biraa akka hinmagarre agarsiisa. Sababnisaa boosoni hedduun sullula mogor jiraachuu mullisa. Ijoon faaruu roorroo hawaasarra gahu falmuuf bosonatti galuun diinaan loluun salphaa akka hintaane kutannoofi obsa akka barbaachisu hubachiisuufi.

Akeekni faarichaa iddoon lolaaf tolu sulula mogor ykn hawaasa naannawa mogor jiratan ta'uu, mogoroon xuqaa akka hinjaalanne xuqnaan akka nama hindhiisne gootummaa hawaasichaa dhaloota hubachiisuuf gargaara.

6. Sirba Jajumsa Ibsu

Afee (64)

Kootu yaa Badhoo hamma shumburaa!

Situ Mogee keessa shurshuraa,

Soolee Gibee sumatu hunkuraa,

Soolee Gibee maal balleessitee,

Shaahul dhufnaan gadi dheessitee?

(Madda: Barreeffama qorannoo Assefa T. (PhD) Fuula 338 irra argame)

Biqiltuun shumburaa kun gabaabaafi naannoo baddaa qofa waan biqiluuf gabaabina Badhaadhaa ibsuu gargaara. ijoo faarsaa kanaa gola mogor keessa sooleen ganda gammoojjii ta'uu, yeroo mara namoota kaayyoo isaa dura dhaabbatan adabuufi sodaachisuu agarsiisufi. Ergii badhanni baddaa gammoojjii keessa socha'ee diinan lolee, Roorroon hawaasaa irraa hir'achuu, yeroo sanatti mootummaan caasa isaa jabeeffatee bulchaa aanaa yaayya gullallee nama shawal jedhamu muuduu isaa, ergasii sochiin badhaadhaa baddaa hir'isuu isaa agarsiisa.

Akeekni faarsichaa akkuma qabsoon naannawa mogor qofa osoo hintaane gola isaa bal'isuun socha'anii loluun malee jijjiramni akka dhufuu hindandeenye, yaada jedhu hubachiisuuf gargaara.

Afee (65)

Emmifoortidhaa qawween Badhoo Emmifoortidhaa,

Oolmaan badhoo diida boombidhaa.

(Madda: afgaafii Ob.Taaddasaa Tufaa irra guyyaa 13/09/2012 argame)

Badhaanni yeroo baayyee qawwee qabatu keessa eemmifoortii ta'uu, sababnisaa kilaashii caalaa fageenyatti diina rukkutuuf meeshaa filatamaa ta'uu ibsuufi. Sochiin badhaadhaa gola gammoojjii/mogoroo qofa osoo hintaane hanga baddaa iddoo diida boombii(bakka Agarii Tulluu Abbaa lafaa boombiin ajjeesse) Aanaa Giraar Jaarsoo keessa ta'uu mullisa.

Akeeki faarsichaa diinni badhaadha kan barbaadaa jiru gammoojjii sulula mogor keessa ta'uu isaa, Badhaanni garuu immoo baddaa magaalatti dhiyaatee ooluusaa, sodaa kan hinqabne, tooftaan socha'uu isaa agarsiisuuf, gammoojjii qofa osoo hintaane lafti baddaa illee dahoo gootaa tahuu mullisa.

Afee (66)

Yaamogor yaamogor lafatti Rirmaa,

Badhaanni duulaf ka'ee yaa shuguxii ilmaa.

(Madda: afgaafii Adde Obsee Hayiluu irra guyyaa 25/08/2012 argame)

Qabiyyeen faarichaa Ilbiisota keessaa rirmi baayyinaan naannawa gammoojjii mogoritti argamuu isaa, tokkummaafi cimina rirmaa goota sabaan walqabsiisanii ibsuu agarsiisa. Ijoon faarsaa kanaa lafti mogor lafa goonni keessa oolu, kan diinni sodaatu, kan gadheen bira hingenye iddoo daheeffatanii diina rukkutan, lafa murteessaa(cimaa) ta'uu ibsuuf gargaara. Gama biraan Badhaanni qaamaan gabaabaa ta'ullee jabinaan sibiila ta'uu hubachiisa. Bu'aan faarsichaa jalqaba Badhaanni roorroo sabaa jibbee yeroo bosona filatu, kanneen quuqama sabaa qaban isa faana akka bosona galan onnachiisuuf hamileee hawaasa keessatti uumuuf gargaara.

Afee (67)

Yaabadhoo kiyyaa xinnayyoo amma ijoollee,

Akka Emmafoofriin agabuu hin oollee.

(Madda: afgaafii Ob. Habtaamuu Alamu irra guyyaa 16/08/2012 argame)

Badhaanni qaamaan xiqqaa ta'uu, qalbiifi gootummaan akka hunda caaluu ibsuufi. Badhaanni roorroo uummatarra gahu hambisuuf hanga mana bahee bosona mana godhatetti diinatti akka hinlaafne, Badhaanni moo'atee rakkoo hawaasa irra gahu furamuu akka qabu yaada jedhu agarsiisa. Badhaanni yeroo mara kilaashii caalaa qawwee Emmifoortii qabachuu akka baay'isuu agarsiisa. Akeekni faarsaa kanaa Badhaanni yeroo baay'ee diinarratti injifannoo waan galmeesisuuf, hawaasi naannoo sulula mogor jiran sagalee dhokaasaa baree ture dhabuurran kan ka'e tarii akka qabsoo hindhaabne yaadachiisuf ykn sodaa qaban ibsachuuf gargaara.

Afee (69)

Mogeen guutee hin ceesisuu irra yaati ijoollenii,

Ijoollen tokkee dhuftee diddiimtuu bishoolleenii.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Lagni mogee ganna waan gootuuf ijoolleen mogoroo daakkii bishaanii haalan waan danda'aniif dorgomaa akka hinqabne ibsuufi. Ijoon faarsaa kanaa hawaasni naannawa mogor rakkoonnis yoodhufe gannaa bishaan gootus ce'uu akka danda'an cimina isaanii agarsiisa. Naannoo mogor kana biqiloota gosa adda addaa biqilu keessaa biqiltuun bishoollee lalistuufi hawwataa ta'uu agarsiisa.

Akeekni faarsaa kanaa ijoollee tokkee keessaa badhaanni isa tokko waan ta'eef yeroo diina injifatanii gamtaan ya'an walbiraa bareeduu jechuun, faayidaa gamtaan socha'uu/loluu dhalootaf gorsa dabarsuuf gargaara.

Afee (70)

Odaa laga gammoojjii jala safaree jaldeessii,

Shurrubbaa shufeera dhoofta barana dargaggeessii.

(Madd: Afgaafii Dr Gammachuu Daadhii waliin Guyyaa 4/09/2012 taasifame)

Mukti Odaa hangafoota mukkeen kanneenii ta'ee, naannoo gammoojjii kan marguudha. Muka Odaan namooni, sinbirroonnifi bineensonni firii isaa nyaachuun beelaa baasuu irraa darbee gaaddisaaf kan oolu ta'uusaa. Akkasuma Odaan mallattoo eenyummaa saba oromoo ibsuufi maanguddoonni jala ta'anii nagaafi dhibdee namaafi biyyaa iddoo itti furan ta'uu ibsuu mullisa. Bineensi jaldeessa jedhamu hedduminaan kan jiraatu naannoo gammoojjii bakka bosonniifi hallayyaan jiru ta'uu agarsiisa. Ergaan faarichaa naannoo gammoojjii(sulula mogor) bakka bosonni jiru odaan jira bakka odaan jiru bineensonni hedduun jiraachuu agarsiisa.

Akeekni faarichaa gootota roorroo saba irra gahu falmachuuf keessattuu dargaggoonni baranaa qophaa'uu isaanii, kanaaf immoo bosonni soorataafi dahannoo gahaan qabsaa'ota kanaaf oolu jiraachuu ibsuuf gargaara. Akkasuma bosona kanneen kunuunsuun akka itti fayyadamuu qaban dhaloota hubachiisuuf gargaara.

Afee (71)

Yaa muka qilxuufi qilixoo kamtu irra baala qabaa,

Hangafaaf quxusuu kamtu irra naatoo qabaa.

(Madd: Afgaafii Dr Gammachuu Daadhii waliin Guyyaa 4/09/2012 taasifame)

Mukti qilinxoofi qilxuu waan hedduun walfakkeessu keessaa baala babal'aa qabaachuu, guddinaan mukkeen kanneen biroo caaluufi jirmi isaa dhiiguu isaani agarsiisuufi, Dhalli namaas akkuma mukkeen kanaa hidda dhiigaa qabaachuun oboleeyyan lamaan akkuma mukkeen kanaa adda baasuuf kan nama rakkisuudha. Haata'u malee guddinaafi bulchinaan qilxuufi hangafni namaa dursa filatamaa ta'uu ibsuuf gargaara. Ergaan faarichaa qabsoo keessatti oboleeyyan waliin jiran keessaa kamtu irra cimaafi abshaala yaada jedhu ibsuuf.

Akeekni faaruu kanaa roorroo uummata irra gahu hambisuuf qabsoo taasifamu keessatti Bosonniifi qabsaan adda bahanii ilaaluun akka hindanda'amneefi uumama naannoo kana kunuunsuun itti fayyadamuun murteessaa akka ta'e dhaloota amma hubachiisuf gargaara.

4.6.1.2.3. Faaruwwan Gootaa Bifa Geerrarsaan Dhiyaate

Faruun bifa geerarsaan dhihaatan kunis ergaawwan akka: goota jajachuu, gadhummaa, kutannoo, roorroo, quuqqaa, hawwii ofii dabarfachuuf kan ooludha jechuun ibsa. Afwalaloowwan eeraman kunneen sababoonni akka badu taasisanis, dhiibbaa amantaa, siyaasaa, ammayyummaafi xiyyeeffannoo dhabuu yoo ta'u, yaadni furmaataa afoola kana akka hin irraanfatanneefi dhaloota dhufu dhaalchisuuf immoo bakkuma jirutti funaananii walitti qabuun galmeessanii olkaa'uu akka ta'eedha.

1. Geerrarsa Gadhummaa Ibsu

Afee (72)

Suksukaa farda hin godhu,

Lafuman deema malee,

Booseetti niitii hin godhu,

Hanuman dhiisa malee,

Yartuu hiriya hin godhu,

Ittuman dhiisa malee.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamuu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Farda gadhee suksuku, kan gulufuu fi ariitiin fiiguu (kaachuu) hin dandeenye yaabbadhee deemuu manna miila koon lafoo deemuu naa wayyaa yaada jedhu dabarsuufi. Akkasumas, booseetiin niitii heerumtee baate, yookiin niiti durbummaa hin qabne fuudhee waliin jiraachurra dhiisee qofaa koo jiraachuu wayya ergaa jedhu kan dabarsu yoo ta'u, boosettii hawaasa biratti

kabaja akka hinqabneedha. ergaa bo'oo lamaan gadii galmaan gahuuf kan galaniidha. Kunis yartuu bakka garaa koo hin geenye fi bakkan waametti hin awwaanne hiriyaa godhee waliin jiraachuurra itti dhiisee qofaa koo jiraachuu naaf wayya yaada jedhu kan mul'isuudha. kanarra kan hubannu uumamni(bineensonni) naannoo nama waliin hariiroo cimaa walirratti hirkatanii akka jiraatan mullisa. Kanaaf kunuunsi uumama naannoo kanaa yoo godhame malee miidhaan akka irra gahu hubachiisuuf gargaara.

Afee (73)

Shoole shoole

Yaa muka seeqee cabee

Yaa hiriyaa gaafa farsoo fi 'haraqee'

Gaafa rakkoo mataan si eegge dhabee.

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Mukti shoolee jedhamu baayyinaan naannoo sulula mogor kanatti marguu isaa, kunis yeroo ilaalan kan baay'ee bareedu fi ija namaatti tolu yaa ta'u malee, akka bareedina isaa kan hin jirre fi jabina hin qabne yaada jedhu ibsuufi, Ijoon faarsichaa Hiriyaaan lafatti gaafa farsoo fi 'haraqee' wal affeerree wal irraa nyaannee dhugnu gaafa rakkoon dhufu bakkuma jirtuuyyuu hin beeku, ani garuu mataan si eegge dhabee yookiin rakkoo sana irratti jalqaba kan hirmaachuu qabdu si ture. Ati garuu, gaafa sana boolla si liqimse hin beeku ergaa jedhu kan mul'isuu dha.

Bu'aan faarsichaa qabsoo keessatti nama kutannoofi obsa qabu kan sirraa hindheeffine waliin qabsoo eegali malee kan siganu/sirraa dheeffu waliin hin michoomin yaada jedhu agarsiisa.

2. Geerrarsa Roorroo ibsu

Afee (74)

Hagadaan hagaduma

Maaltu hagadaadhan muka jedhe

Halagaan halaguma

Maaltu halagaadhan fira jedhe

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Omshini agadaa kun(mishinga, jangaadaa,goobeefi boqqoolloo) baayyinaan kan margu naannoo gammoojjii ta'uu, yoo ijaan ilaalaan bosonaa fakkaachuu isaa agarsiisuufi. Faarsaan Kunis namni

fira hin taane halagaa dhuma ta'uu kan mul'isuufi, yaadni halagaa jedhu kun nama baay'ee walirraa fagoo ta'uu isaanii mul'isa. Akeekni faarsaa kanaa yeroo kamiyyuu yoo rakkatanii rakkoo baay'ee walirraa fagoo ta'uu isaanii mul'isa. Akeekni faarsichaa yeroo rakkoo cimaa keessa galan halagaan kan namaa hin naane yookiin hin rifanne ta'uu isaa, xannachatu dhiigaa, michoomni kee qomoo waliin akka ta'uu qabu dhaloonni ammaa kana hubachiisuuf gargaara.

Afee (75)

Waan dheebuun na godhe

Bishaan gaheen himadhaa

Waan qoonqoon na godhe

Midhaan gaheen dubbadhaa

Lammii koottan hima dha

Guyyaan fayyen dubbadhaa

(Madda: Afgaafii Ob. Naannessaa Alamuu irraa guyyaa 16/09/2012 argame)

Bishaanifi midhaan jireenya dhala namaa keessatti baay'ee barbaachisa kan ta'aniifi isaan malee jiraachuun akka hin danda'amne kan ibsuu fi dheebuu bishaanii fi beela midhaanin makaraaruu ille lafa isaan jiran deemen itti himadha yaada jedhu kan agarsiisu. Bo'oo lamaan gadi aanu immoo tumsuuf kan galaniidha. Ergaan isaa cunqursaafi hacuuccaa halagaan narratti raawwachaa ture lammii kootti yoon himadhe furmaata hin dhabuu, yoo isaan naaf furuu baatan illee yoo qabsoo itti cichine guyyaa tokko hacuuccaa kana keessaa bahuun nidandeeny waan ta'eef guyyaa kanan dubbadhaa yaada jedhu agarsiisa. Akeekni faarsichaa namni harkaa halagaa jala jiru akka barbaadetti dubbachuuf mirga akka hin qabne obsaafi bara eeganii qabsaa'uu akka qaban dhaloonni ammaa akka hubatu gorsuuf gargaara.

Afee (76)

Cheechu chuuchu yoo jedhanii,

Sareen nama nyaatti,

Sareen akka takka,

Gadi jennet bara dabarfannaa yoo jedhanii,

Gadheen nama dhaanti gadheen takka takka...

(Madda: Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonnin irraa guyyaa 19/09/2012 argame)

Lafa sareen, dhibee sareen qabatamee jirtu sagalee dhageesisaa (wacaa) yoo deeman sarittiin kan namarraa hin deebine, kan namatti kaattu waan ta'eef wacaa deemuun akka hin barbaachisne ibsuufi. Akkasumas, yoo roorrifamnees osoo hin dubbatin obsaan callifnee dabarsina yoo jennes sabni gadheen safuu hin beekne takka takka nurraa waan hin deebineef nu miitii yaada jedhu agarsiisufi. Bu'aan faarichaa hanga feedhelle obsinee jiraannu sabni gadheen moo'insa hin beekne nurraa hin deebinee waan ta'eef tooftaan akkamiin adaba itti godhuu qabnaa yaada jedhu ibsachuuf gargaara.

3. Geerrarsa Kutannoo ibsu

Afee (77)

Daalachi gooda hin quufu,

Yoo irra bu'an malee,

Luugumaa butan malee,

Daalattiin raafuu hin quufu,

Yoo jalaa kaasan malee,

Manni gootaa eessa?

Leencillee keessa galee,

Essabbaakee yaa garaa,

Obsitee teessa malee...

(Madda: Afgaafii Ob. Dachuu Reebaa irraa guyyaa 17/07/2012 argame)

Fardi handhuura waan hinqabneef marga hinguufu waan ta'eef marga fixuu irra luugamuun gara imala kootii deemuu wayya yaada jedhu ibsachuufi. Faaruun Kunis cunqursaa sabaan walqabatee yeroo qaama mormitoota tokkoon injifatamu yookiin roorrifamu, bakka garaa isaa yoo ga'uu dadhabuu miira isaa kan ittiin ibsatuudha. Kanaaf afoolli hawaasa hin baranne keessatti meeshaa dhalli namaa ittiin of ibsu keessa isa guddaa akka ta'e kan calaqqisiisudha. Akeekni hawaasni humna isaatin yoo injifachuu baatelle miira namoota isa dhaggeeffatanii kakaasee quuqaa hawasichaa ifatti baasee dhaloonni roorroo jiru beekke qabsootti akka cichu gorsuuf gargaara.

4. Geerrarsa Quuqqaa Ibsu

Afee (78)

Allaatti ballii guullaa,
Risaa baalli shararaa,
Gadhee lubbuu mararaa,
Dubbii garaa koo keessa,
Akkamiinan geeraraa,
Silaa garaa na nyaataa,
Hamma hoomittan aadaa?

(Madda: Afgaafii Ob. Dachuu Reebaa irraa guyyaa 17/07/2012 argame)

Gosti allattiwwan kanaa baallee isaaniin bakka bakkatti kan socho'an ta'uu isaanii, allattiwwan kunneen immoo bosona malee akka hinjiraane ibsuufi. Bo'oowwan walaloo gadii hafan immoo goonni roorroo fi cunqursaa halagaan hawaasa irratti raawwatame xiiqomuun qabsaa'un haaloo garaa isaatti kuufamee jiru, obsa dadhabee miira isaa gadi baasee ibsachuu agarsiisa. Akeekni faarsichaa gadheen garuu roorroofi gidiraan hamma barbaade illee yoo irratti raawwatame soda lubbuuf jecha dubbachuu waan hindaandeenyef, dhaloonni ammaa booree qabaachuu qaba malee akka akkana hintaane gorsuuf agarsiisa.

Afee (79)

Boqoollon daabee qabaa,
Beekee hin filatu malee,
Garaa koos aarii qabaa,
Beekee hin himatuuf malee.

(Madda: Afgaafii Ob. Dachuu Reebaa irraa guyyaa 17/07/2012 argame)

Boqoollon baayy'inaan naannoo lafa gammoojjiitti kan omishamu ta'uu isaa agarsiisuf, Kunis boqoollon kan daraarufi daabee qabaachuu isaa kan ibsu yemmuu ta'uu, innis ergaa walaloo lamaan boodaa tumsuun ergaa isaa deeggaruuf gale. Faarsaan ijoo isaa gara koo keessa waa baay'eetu jiraa, cunqursaa sabarra gahu wallalee osoo hin taane haala jiruu fi jireenya yeroo waliin yoo dubbatan rakkina qabaachuu isaa ibsuuf gargaara.

Akeekni faarichaa waan tokko beekuu dhabanii osoo hin taane haalli ittiin waan garaa ofii baafatanii himatan rakkisaa ta'uu agarsiisa. Kanaaf dhaloonni ammaa qabsoo yeroo taasisu obsaafi abshaalummaa qabuun socha'uu akka qabu akeekkachiisuf gargara.

4.6.1.3. Sirboota Badhaanni Dilgaasaa Ofiisaatii Faarse

Afee (80)

Salaale maa akkana taatanii

Ammahaa, Abrahaam, Fayyee, ... maakana taatanii,

Qawwee muka tana baattanii,

Midhaan mukaa nyaattanii,

Keessan hindhumu xaaxanii.

(Madda: Afgaafii Adde Siddisuu Makonnin irra guyyaa 13/08/2012 argame)

Cimnee hanga dhumaatti qabsoofne malee haala jiruu hawaasa keenyaa kanaan diinatti ija baasuu ykn fokkoruun nunbarbaachisuu, toftaafi haala yeroon sochaanee diina gombsisuu qabnaa, jarjaruu hinqabnu yaada jedhu ibsachuufi. Ergaan faarsichaas dursa humna cimaa yaa ijaarrannuu obsaa qabaadhaa, bu'aa dhufte tanaan hingoyoominaa, qabsoo hadhooftutu fuundura keenya jiraa dhaamsa jedhu dabarsuufi. Jiruun hawaasaas ta'ee diinni yeroo itti cimu firii mukaa soorachuu, bosonni naannicha haalaan akka jiru agarsiisa. Akeekni faarsichaas humna waraanaa cimaa ijaaruuf meeshaa waraanaa hammayyaa dhabamuufi jiruun diinagdee hawaasaa laafaa ta'uu ibsuufi. Akkasuma, hanga bosonni jirutti rakkoon gama kamiin dhufuuf akka hinjilbiifanne wanti qabsoo nama dhaabsisu hinjiru yaada jedhu dhalootaa dhaamsa dabarsuuf gargaara.

Afee (81)

Yaamuraa maqasii,

Hintaanee yaammallasii,

Dubbiin mantee deebitee dhufte ammasii.

(Madda: afgaafii Qabsa'aa Fayyisaa Gizee irra guyyaa 13/08/2012 argame)

Meeshaan maqasii jedhamu waantokko yeroo ittiin muranu walqixxeessee muruusaa, Hawaasni sirna dargiifi wayyaanee muraa maqasii kanaan walqabsiisanii ergaa isaanii dabarfachuu agarsiisa. Uummanni biyyatti Sirni bulchiinsa mootummaa dargii kan kuffisne walqixummaa

sabaafi sablamootaa akka mirkanaa'uf qabsoon hadhooftuun taasifameen dargiin kufuu isaa. Ergii sirnichi kufee uummanni bilisummaa yoo barbaadu, garuu mootummaan wayyaanee bilisummaa sabaa sarbuun akkuma dargii itti fufuu isaa agarsiisa. Kanaaf uummanni oromoo keessattuu hawaasni Salaale jarraa hedduuf hakuuccaa nafxanyaa jala waan tureef, jijjiramni eegamee ture dhabamuu isaatiin kan ka'e dhaloonni walgurmeessee qabsoo finiinsuun sirni wayyaaneetis akka kuffisuu qabu gochuun furmaata isa dhumaa ta'uu hawaasatti hamilee horuuf gargaara.

Afee (82)

Maazaniin falaxaa,

Dhageechee yaa Leencoo Lataa,

Mallas markaattoo taa'ee kadhataa.

(Madda: afgaafii Qabsa'aa Fayyisaa Gizee irra guyyaa13/08/2012 argame)

Utubaa manaaf malee mukni duudaan mana ijaarsaf akka jiruun hindhaabbatu yoo falaxame malee jechuu agarsiisa. Mukkeen ijaarsa manaaf oolu immoo bosona naannichaa keessaa ta'uu agarsiisa. Faarsaan ijoo kanaa Leencoo lataa hogganaa waraana ABO waan ta'eef, Badhaannis tarsiimoofi qajeelfama dhaaba ABO tin waan hogganamuuf waraanni ABO fageenyarra waanjiruuf odeeffannoo biyya keessaa itti dhiyeenyaan kan quba qabu Badhaadha waan ta'eef, waan deema jira ob. Leencoof dhaamuu isaa agarsiisa.

Akeekni faarichaa mootummichi dadhabuu isaafi waraanni WBO tis akka lola cimsuu qabu haalli mijataan jiraachuu dhaamsa dabarsuu mullisa. Hogganaan mootummaa wayyaanee kufuuf qarreerra gahuu isaa diina hamilee cabsuun hawaasaf immoo abdiitti itihoruun uummanni akka isaan faana hiriiru gochuuf gargaara.

Afee (83)

Alangee dachaa,

Mallas hinbarbaannuu nurraa galchaa,

Xiqaalaa nurratti dhalchaa.

(madda: afgaafii Qabsa'aa Fayyisaa Gizee irra guyyaa13/08/2012 argame)

Meeshaan alangee gogaa roobii ykn horii irra kan hojjetamu qeenxeen osoo hintaane fiixeen isaa dachaa/lakkuu ta'uu ibsuufi. Ergaan faarichaa dhaabni OPDO Oromiyaa bakka bu'ee bulchaa jiru

dhaaba uummata osoo hintaane, Ob. Mallasaan ijaaree(dhalche) ta'uu isaa, kanaaf hawaasi mootummaa OPDO kana irratti finciluu akka qabu, Mootummichi uummata Oromoof hojjeta osoo hintaane diinaaf hojjetaa jiraa uummanni irratti dammaquu qaba yaada jedhu dabarsuu agarsiisa. Akeekni faarsichaa Mallasaan Oromiyaa bulchuu hinqabuu gara biyya isaa deemuu qabaa, yoobubule roorroon cimaa dhufuu isaa beekke uumanni yeroo kennuufi akka hinqabne, qabsootti cichuu akka qaban dhalootaa dhaamsa dabarsuuf gargaara.

4.6.2 Xiinxala Haas-barruuwwaniifi Fakkoommii (Discourse Analysis)

Haas barruun seenaa ummatichaa keessatti haasaa ummanni haala jiruu fi jireenyaa, haala bu'aa bahii jireenya ummataa, gadda, gammachuu, lola, hacuuccaa, dhiibbaa, seenaa, safuu, aadaa, Duudhaa, Sabboonumma fi kkf ittiin dhimma bahatuudha. Haaluma kanaan Fakkoomiin dubbii gooticha kanaa yeroo sabboonummaafi Oromummaa isaatin mootummaa Wayyaanee fuuldura dhaabbatee qabsoon itti mirkaneessee hawaasa isaa boonsedha. Badhaanni yeroo miseensota waraana isaafi uummata naannoo waliin marii taasisu kutannoofi onnee itti horuuf dhaamsota armaan olii dhammachuun jajjabeessaa tureera" jedhu. Innis:

- Oromoo gabrummaa jalatti kan kuffise gantuufi galtuudha. Silaa uummanni jabaan ammanaa akkamitti saba lakkoofsan bicuu jalatti jilbiiffata? Qabsoon diinarratti taasifamu akkuma jirutti ta'ee, gufuu keessoo ofkeessaa qorani baasuun ammoo milkii kaayyoo ka'aniif nama geessisa.
- Oromoon abbaa biyyaa kan ta'u kaayyoo tokko jalatti ijaarramee yoo socha'e diina keessoo isaas taatee, kan alaa dhukkee faana miilaa taati.
- Qabsoon keenya qabsoo uummataati. Kaayyoo gammoojjii mogor keessatti hafuu miti. Diinni kaayyoo keenya osoo beekanuu beekaa uummataan adda nukutuuf shiftaa nunjedhu. Nuti Kaayyoo dhuunfaa hinqanu. Fedhii uummata oromoo maraa malee, akka nama kamiittuu qotannee ykn daldaallee buluu hindadhabne.
- Roorroo uummata keenyarra gahu garuu boqonnaafi hirriiba kan namaa laatu miti. Oromoon mirgas,biyyas,diingdees dhabe. Nutis sanatu mana hoo'adhaa nubaase. Hanga yonaa kaayyoo keenya faana kan hiriire nama muraasa ta'uu mala. Egere immoo nibaayyanna. Nuti har'a kaayyoo egeretif bosonaafi gammoojjii mogor mana godhanne, boru garuu Oromiyaa guutuun kan deeggaruufi qabsa'aa Oromoo hunda ta'u. Wareegama baayyee booda mootummaa Oromiyaaf ta'u nihundeessina. Nuti nama niduuna, kaayyoon keenya garuu kan uummataati hindu'u, dhalootatti ce'a.

- "Takkan uummata Oromoof manaa bahe hanga gabrooffataan kufee Oromiyaan mootummaa mataa ishee ijaarrattutti lubbuutoo saba oromoof kenne" kanjedhu.

Kanaan walqabatee gocha gootummaa Badhaadhaa kana uummannifi maatiin illee kaayyoo dhugaa abdi uummata oromoo akka ta'e yaadan, maallaqaaafi odeeffannoo diinaa dabarsanii Badhaadhaa kennuun cinaa hiriiruun aantummaa qaban agarsiisanii jiru. Haata'u malee mootummaan humna waraanaa hedduu itti ramaduun Badhaadha ajjeesuus, qabuus hindandeenye. Sababa gantuu Saba keessaa baateen shira xaxameen lubbuun darbuu danda'eera. Dabalataan hawaasa Mogoroo keessaa gootonni akka Badhaadha Dilgaasaa biqiluu isaa dabalatee barnoonni hammayyaafi sabboonummaan Oromoo jabachaa dhufuun kanaan dura ilaalchi waltuffii hawaasa baddaafi gammoojjii(mogoroo) jidduu ture jijjiirramuun jaalalliifi tokkummaan sabaa cimaa jiraachuu himu.

(Madda: Qasa'aa Fayyisaa Gizee guyyaa 13/08/2012fi Naannessaa Alamuu guyyaa 16/09/2012 waliin taasifame)

Walumaagalatti, yaada hirmaatota af-gaaffiis ta'ee, marii garee irraa argame kana bu'uura godhachuun yoo guduunfamu sirbi ta'ee geerrarsi gootaa sagaleessuu (yeedaleessuu) hirmaattota dhiiraanfi dhalaan] akka dhiyaatu, dhimmawwan faaruwwan gootaa irratti sochii iddoo raawwiifi dhihannaa bu'uura godhachuun bifa walaloo sirbaafi geerrarsaan bakka daboo, ciidhaaf ayyaanota garagaraa(irreechaa, masqalaafi cuuphaa) akka dhihaatudha. Gama biroon Naannichatti qorannoo kanaan dhiibbawwan garagaraan afoola irra gahaa akka jiru xinxaalameera. Dhiibbawwan afoolaa kana ilaalchisuun hayyuun Finnegan (1970:7) yoo ibsitu, *"There are also the cases the performer introduction variation older pieces of events totally new forms interms of the detailed word in structure of the contents"* jetti. Kana jechuun afoolli afaaniin dhaloota dhalootatti kan daddarbu waan ta'eef fageenya yeroofi rakkoolee biroon jijjiiramni irratti mul'achuu danda'a jechuudha. Dabalataan dhiibbawan gama uumama naannoon(ecology) jiru hayyuun Davi Silva.(2013) yoo ibsu, *" Environmental degradation is, therefore, the natural result of this "hegemonic class" that completely abandoned and started from scratch. Concerning that matter Harvey has a very ecocritical opinion when it goes to how a distinct issue could be devised anew; so that the literature a very good opportunity to address ecological matters as to make the reader evade hegemonic thinking"*. jedha. Kana jechuun dhiibbaan uumama naannoo irra gahu qaama hawaasa naannicha uumama too'atee jiruun akka ta'eedha. kunimoo afoolli caarraa gaarii uumuun dhiibbaa uumama irra gahu miira isaanii baasanii ibsachuuf ykn qeequuf gargaaramuu mullisa.

4.6.2.1. Dhiibbaa Gama Siyaasaa

Siyaasni guddinaafi dagaagina afoola hawaasa tokkootiif murteessadha. Afoolli hawaasa Oromoos dhiibbaa siyaasawwan garagaraa irrann kan ka'e harca'aa, ukkaammameefi dagatamaa kan dhufe ta'uun isaa nihubatama. Kunis sirnoonni nafxanyaa afoola oromoo dhabamsiisuuf yaaliin isaan hinguone hinjiru. Bulchiinsi mootota absiinnyaa uummanni oromoo sabboonummaan isaa jabaatee miira oromummaa itti dhaga'amee akka mirgasaa hingaafannef duulli jaarraa tokkoof walakkaa ol eenyummaa oromoo kant'e aadaa, duudhaa, falaasama, afaan, sirni gadaafi k.k.f irratti geggeesse quucaruu isaaf kun ragaa tokko. Kanaaf Utubaa bu'uuraa kan ta'e dhiibbaa xiinsammuun namoomaafi gita bittaa jalaa bilisa bahuun aadaa ofii dagaagsuf tarkaanfii siyaasaa fudhachuun murteessadha.

Dhimma kana ilaalchisuun, Aseffan (1998:88) akkana jedha. *"The Ethiopian colonizing structure has repressed and distorted the Oromo system of world view for last century the Ethiopian colonists eliminated Oromo cultural and religious experts"* Akka yaada kanatti biyya itoophiyaatti bittaa kolonii absiniyaa kun aadaafi falaasama Oromoon addunyaa tanaaf qabu akka dhabamsiise ibsa. Sabani akkana kun mirga seenaa, aadaafi duudhaa afaan isaatin dhalootaaf dabarsuu dhabuun, dhiibbaa siyaasaatiin ukkaaffamuu isaati.

Kanaan walqabatee Sirboonni gootummaa Badhaadhaa bifa garagaraan faarsan bulchiinsi mootummaa wayyaanee uummanni akka hinsirbin doorsisa hidhaafi reebichaa irraan gahuun dhiibbaa kana hinjenne geechisaa turuu isaati. Sababni isaa immoo Bdhaanni mootummaa kanaan lolaa waan tureef inaaffaan gootummaa isaa haaluuf hanga bara 2010 olaantummaan wayyaanee kufutti dhiibbaa geggeesaa turuun kallattiin afwalaloo kanarratti dhiibbaa uummuu isaa qorannoo kanaan mirkaneeffameera.

4.6.2.2. Dhiibba Gama Amantaa

Amantaan tokko tokko afoolarratti dhiibba gara garaa gageessisuu nidanda'a. Sababiin isaas amantaan sun afaan, aadaafi duudhaa hawaasa wajjiin kan walhinqunnamne yoo ta'e (amantaa hawaasa san waliin hariiroo dhuftee waliin hinqabne) yoo ta'e, osoo hinbeekin dhiibuu danda'a. Kana ilaalchisuun Dirriibin (2012:52) yoo ibsu akka itti aanu kana jedha, "Uummanni tokko amantaa, aadaafi seenaa ofii walqabachiise yoo baratan; tokkoffaa yeroo qusatan, lammaffaan jabina qora qalbiifi ofitti amantummaa hangana hinjedhamne argatan. Amantaaan ormaa waliin yoo seenaafi aadaa baratan garuu, amantaan isaanii aadaan isaanii jalaa waan adda ta'uuf jabinniifi ofitti amanamuummaan isaani jalaa faca'a yaada" jedhuudha. Kunis, namni tokko yeroo

amantaa haarawa dura hinturre tokko ofiitti fudhatu osoo hinjaalatiin aadaafi seenaa isaa irrafachaafi dagachaa dhufa. Haaluma kanaan amantiileen aanicha keessatti bal'inaan hordoftoota qabu(ortodoksiifi pirootestaantii) "sirbi cubbuudha" jechuun aadaa,seenaafi duudhaa oromoo alatti dhiibuun hojii hoggantoonni amantiilee kanaa hojjechaa turaniin sirboota gootummaa Badhaadhaa kanallee akka dagatamu taasisuu isaa hawaasni himaniiru.

4.6.3 Sababoota Jijjiiramaa Deemuu Afoolaa

Afwalaloon gosa ogafaanii keessaa tokko waan ta'eef jijjiramuu danda'a. Inni kun immoo amalumma ogafaaniti. Haaluma kanaan sirbi sababota garagaraan jijjiramuu danda'a. kunis, amantaa waliin walwabsiisuun, guddina saayinsii fi teeknolojii ammayyaan wal qabatee jijjiiramaa deemuu geerarsaf karaa bana. Yaaduma kanaa ilaalchisee okpewho, (2005) irratti akka ibsetti, ogafaan yookan afwalaloon haala yeroo waliin wal qabatee ille jijjiramuu danda'a. Kunis dhibbaan rawwatoota irraa ga'u waan jiraachuu danda'uuf ta'uu mala. Adeemsi yookan raawwiin afoolaa kun yoo xiqqaate sababoota lamaan hirachuu kan danda'uudha. Tokkoffa, saayinisii fi teeknolojiin ammayyaa gahumsa raawwii afoolaa gadi buusuu danda'a. lammaffaaf, hirmaattoonni raawwii afoolaa aadaa duraan ture dagachuun haalaa fi yeroo waliin jijjiramuu yookan geeddaramuun danda'a.

Kun immoo ergaa ijoo giddu galeessa godhachuun jijjiiramaa adeemuun ogafaanii keessa faaruun kanaaf akka sababatti garagara. Akkasumas, Finnegan, (1977) akka jettutti, Haalli kunis haalli fi qabiyyeen walaloo afoolaa waltajjii hawaasummaatiin murta'a. Maddi isaas jaar-miyaalee hawaasichaa kanneen bu'uura kan godhatu yoo ta'u, dhimma waltajjii sanaan wal qabatee kalaqa aadaa, duudhaa, safuu hawaasummaa kan calaqqisiisudha.

Walumaagalatti, afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaa uummataati. Kunis, kan agarsiisu afoola beekuun aadaa beekuu, aadaa beekuun jiruufi jireenya dhuunfaafi hawaasaa beekuu ta'a. Kanaaf afoolaf xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e kennuufi kunuunsanii dhalootatti akka daddarbu, walitti funaananii kaa'uun qorannoo addaa addaa gaggeessun ifatti akka bahu gochuun dirqama lammii hundaati.

4.6.4 Dhiibbaa Uumama Naannoo (ecological Problem)

Hawaasni Naannichaa kallattidhanis ta'ee alkallattiin jiruufi jireenyi isaa uumama naannoo irratti kan hirkateedha. Akka qorannoo kana keessatti hubatametti dhimmoonni uumama naannoo irratti dhiibbaa fidan, tokkoffaa bara 1980 keessa tarsiimoo siyaasa mootummaan kunuunsa naannoo

hojiirra oolchaa ture laafaa ta'uu, lammaffaa hawaasni hubannoo dhabuun lafa qonnaaf bosona ciruufi tajaajila mana ijaarsaafi qoraanif ciranii dhimma itti bahuu, sadaffaa, Bakka bosonni cirame bakka buusuu dhabuu, Afraffaan haalli teessuma naannoo Salaalee uumamaan olka'aa(highland) waan ta'eef dhiqama biyyoof saaxilaa ta'uu hubatameera. Shanaffaa aara warshaalee simintoo hedduun naannichatti argamuun kan ka'e faalama qilleensaa uumuu isaa. Yaada kana cimsuun hayyuun harvey yoo ibsu, "*Regional configurations are, in short, made by the conjoining of economic and political forces rather than dictated by so-called natural advantages. Their making inevitably involves a regional co-evolution of technological and organizational forms, social relations, relations to nature, production systems, ways of life and mental conceptions of the world. The state emerges as the geographical container and to some degree as the guardian of those arrangements. But the state that emerges operates like a fixed net of administration cast over the ferment of capitalist activity*" (harvey, 2010:196). yaadi kunis kan dhiibbaan uumama naannoo uumamuun dhiibbaa siyaasaafi diinagdee biyyaarrattis dhiibbaa akka guddaa fiduu akka danda'u hubachiisa.

Boqonnaa Shan

5. Cuunfaa Argannoofi Yaboo

5.1 Cuunfaa

Boqonnaan kun haala waliigala qorannichaa kan ilaaludha. Hawaasni hunduu aadaa falaasamaafi ilaalcha mataasaa ni qabaata. Ummanni Oromoos Aadaa, amantaafi falaasama kanas afoolaan dhalootarraa dhalootatti dabarsataa kan tureedha. Faaruun gootaas afoola aadaaf falaasama akkasumas ilaalcha hawaasaa baatanii dhalootaf darbarsan keessa isa tokkoodha. Dhugaan kunis gochaalee faaruun kun hawaasichaaf buusu bu'uureffachuun akka armaan gaditti kan dhiyaatedha.

Faaruun bifa garagaraan dhiyaatu gootaa gootummaa isaa faarsuufi dabeessa onnachiisee kakaasuuf kan uummatichi (hawaasni Oromoo) itti fayyadamuudha. Faaruun gootaa akkuma afwalaloo kanneen biroo afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha. Yaaduma kana xiyyeeffannoo keessa galchuun qorannoon kun kaayyoo walii galaa qabiyyee faaru gooticha Badhaadha Dilgaasaa Waamii uumama naannoon walqabsiifamee faarfame qaaccessuu akeeka godhachuun kan adeemsifameedha. Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti yaadoleen hayyotaa iddoo olaanaa qabu. Kunis, akka qorannoon sun Addunyaa har'aa waliin walsimatuufi saayinsawaa taasisuuf gargaara. Kanaaf qorannoon kunis yaaddiddamoota hayyuulee kanaan deeggaruun hamma danda'ame gabbisuuf yaaleera. Qorannoon kun kan adeemsifame Godina Shawaa Kaabaa-Salaalee yoo ta'u. Aanolee godina kanaa keessaa bakki dhaloota gooticha Badhaadha Dilgaasaa Waamii kan ta'e Aanaan Yaayyaa Gullalleeti. Jiraattota Aanichaa dabalatee aanaalee kanneen gola Mogoroo keessa jiraatan walumatti namoota 25 argaman irraa ragaan fudhatame keessaa 3 dubartoota.

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatin dhimma ba'uun tooftaa hiikuufi ibsuutiin kan ijaarrameedha. Odeeffannoon madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa kan guurame yoo ta'u, akka madda ragaa tokkoffaatti kan akka afgaaffii, daawwannaa fi marii garee kan odeeffaannoon irraa funadhatame manguddoota, maatii qabsa'ichaa, dargaggoota qabsaa'ota waliin turanifi beektota fookilorii waa'ee goota kanaa beekaniifi faarsuu illee danda'an irraa walitti qabuun qaacceffame kan armaan gadii fakkaata:

Qorannoo kana keessatti faaruun gootaa hirmaattota faarichaan (dhiira-dhalaa), dhiyaannan, hurruubummaan, yeron, iddoon raawwiifi kan kana fakkaatan bu'uureffachuun bifawwan

gurguddoo lamaan dhihaataniiru. Isaanis: faaruun gootaa kunis bifa sirbaa(dhiichisaafi shoboxee) fi geerarsaan qoqqoodamanii kan dhiyaataniidha. Akkasuma, qabiyyeen isaa uumama naannoofi bakkeewwaniin walqabatani faarsaniin qoqqoodamaniiru. Ergaawwan faaru gootaa bifa kanaan dhiyaatan kunis gootummaafi lunnummaa kunis goota kan jajatuuf gadhee immoo kan ittiin qeeqan, hawwii, gootummaa,sodaa , abdii, roorroo, jajumsa,quuqqaa, seena qabeessummaa gootichaa, birmadummaa, nageenya uummataaf gahee gootichaa, nama amanuun gaarii akka hintaane, gaddafi kan kana fakkaatan kan dabarsuudha.

Haata'u malee, yeroo ammaa kana faarsaan gootaa dhiibbaawwan garaa garaa kanneen akka dhiibbaa siyaasaa, amantaa, ammayyummaafi xiyyeeffannoo kennuu dhabuurraa kan ka'e harca'aa/dagatamaa dhufuun faaruun kun kan beekamu naannodhuma dhaloota isaa darbee darbee aanaalee muraasa keessatti mul'achaa jira. Dabalataan dhimmoonni uumama naannoo irraan dhiibbaa geessisan adda bahee jira. Akkasuma, waa'ee gooticha Badhaadha Dilgaasaa ilaalchisuun ilaalcha garlamee hawaasa keessa jiru gara gartokkootti fiduuf faaru goota kanaaf faarfamaa ture sakatta'uun dhugaa jiru adda baasun dhaloota boruu dhaqqabsiisuuf ammoo qorannoo irratti gaggeessuun olkaa'uun dirqama dhaloota har'aati.Yaada kanarraa ka'uuun qoratichi faaru gooticha Oromoo Badhaadha Dilgaasaa amma danda'ame walitti qabuun qaaccessuun dhalootaa dhufuuf dabarsuuf kaa'eera.

Golli Badhaanni keessa socha'ee qabsoo taasise bal'aa tahuu isaafi qabsoo keessatti sululli laga mogor dahannoo waraana Badhaadhaaf shoora olaanaa qabaachuu isaati. Kanaan walqabatee Hawaasa mogoroo keessaa gootonni akka Badhaadha Dilgaasaa biqiluu isaa dabalatee barnoonni hammayyaafi sabboonummaan Oromoo jabaachaa dhufuun kanaan dura ilaalchi waltuffii hawaasa baddaafi gammoojjii(mogoroo) jidduu ture jijjiirramuun jaalalliifi tokkummaan sabaa akka cimuu ta'usaati.

Walumaa galatti, qorannoon kun kan adeemsifame qabiyyee faaru gooticha Badhaadha Dilgaasaa uumama naannoofi bakkeewwaniin walqabatani faarsan bu'uura godhachuun walitti qabamee bifawwan sirbaafi geerarsaan dhihaatan kana ergaa isaan dabarsaniifi hariiroo uumama naannoo waliin qaban irratti hundoofnee bifawwan garaa garaattii qoqqoduufi ilaalcha gooticha Badhaadha Dilgaasaa ilaalchisuun hawaasa keessa jiru addaan baasee yaada furmaataa itti kennuun kan qaaceffameedha.

5.2 Argannoo

Odeeffannoo (ragaa) argame bu`uura godhachuun Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa baay`ee bal`aa ta'uu isaa hubachuun nidanda`ama. Bu'uura kanaan qabxiilee argannoo qorannoo kanaa haala waliigalaan dhiyaateera. Argannooowwan ijoo qorannoo kanaan bira gahamanis kanneen armaan gaditti dhihaataniidha:

Akkaataa dhihaannaa bifawwan faaruu gootaa ilaalchisee faaruun gootaa hirmaattota faarichaa (dhiira,dhalaa), hurruubummaa, yoomessaa fi qabiyyeen isaanii bakkeewwaniifi uumama naannoon walqabataniif faarfaman bu'uureffachuun bifawwan lamaan kan dhiyaate yoo ta'u, Isaanis, sirbaafi geerrarsaan dhiyaachuun isaanii addaan bahameera. Ergaan yookaan qabiyyee faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaa bifawwan dhiyaannaa faarichaa bu'uura godhachuun: Bakkeewwan (landscape) fi uumama (environment) walqabataniif ergaawwan, haala hawaasummaaf akeeka faarichi gama sirbaafi geerrarsaan darban jedhamanii qoqqoodamuun dhiyaataniiru.

Ergaawwan faaruu gama sirbaan(dhiichisaafi shoboxeen) argaman: gootummaa, abdi, gadhummaa, hawwii, jajumsa, gorsaa, sodaa, gaddaafi quuqqaa yoota'u, dhaamsa faaruu gama geerrarsaan argaman: gootummaa, obsa, jajumsa, kutannoo, quuqqaa, roorroo fi gadhummaa kan of keessaa kan qabu ta'uun hubatameera.

Qaaccessa gama qabiyyee faaruun immoo gootichi Badhaadha Dilgaasaa yeroo qabsoorra jiruufi ergii boqotaniif booda faarfaman, Akkasuma bakkeewwaniifi uumama naannoon walqabataniif faarfaman yoo ta'u, Gama walkeessummaan walaloon yookaan faaruun kun irraa jalaan wal deeggeruun hiikaaf ka'umsa kan ta'aniis kan qabu ta'uun bira gahameera.

Qaaccessa gama gooticha Badhaadha Dilgaasaa ilaalchisuun ilaalcha hawaasa keessa jirurratti taasifame akka addeessutti mootummaan wayyaanee waggaa 27f hawaasa Salaalee irratti hidhaa, reebicha, qaama hir'isuu, ajjeesuufi biyyarraa buqqisaa turuufi hanga qorannoon kun geggeeffametti illee roorroofi dararri daranuu cimee itti fufuu agarsiisa. Abbootiin irree aangoo qabanitti fayyadamuun tooftaa qabeenya uummataa samanii dantaa dhuunfaa guutachuuf jiran kanatti cunqursaafi roorroon uummata Oromoo irratti fe'ame kana buusuf, Badhaanni tarkaanfii waraana mootummaa wayyaanee irratti fudhateen gaaga'ama hamaa irraan gahee ture. Kanarraa ka'uun Kadiroonni OPDO hanga yonaa jiran haaloo kanaa waan qabaniif seenaa Badhaadhaa

xureessuuf jecha seenaan isaa ba'ee akka hinqoratamne yookin hinbarreeffamne ukkaamsaa turan. Akkasuma Siidaan Yaaddannoo akka dhaabbatuuf hinbarbaadan. Haaluma kanaan gaaffii uummanni seenaan isaa akka bahee mullatuufi Siidan Yaadannoo akka dhaabbatuuf yeroo gaafatan Hoggansi amma jiran deebii sirrii kennuu irra Badhaanni gosa(namoota) akkanaa miidhee ture, kanaaf inni "shiftoadha" jechuun yaada madaala hinkaafne yeroo kaasantu mullata.

Gama Badhaadhaa Dilgaasaa Hawaasa keessatti fudhatamaafi beekamtii hagam qaba jedhuuf qaaccessa taasifameen hawaasni Oromoo Salaalee dabalatee Godina shawaa lixaa(Ada'aa Bargaafi Meettaa) kabajaafi jaalala guddaa goota kanaaf akka qaban ragaa bahaniiru. Dhiibbaa harcaatuun ilaalcha wayyaanee qabatani dantaa dhuunfan bitamanii seenaa isaa awwaaluuf godhan irraa kan hafe goota Salaalee qofa osoo hin taane gootota Oromiyaan qabu keessaa tokko ta'uunsaa adda baheera.

Gootichi Badhaadha Dilgaasaa abbaasaa obbo Dilgaasaa Waamiifi haadhasaa Adde Geexee Badhaanee irraa bara 1956 tti akka dhalateedha. Bakki dhalootasaa Aanaa Yaayyaa Guulallee Ganda Buyyamaa Qo'aat Iddoo addaa Shakakkee jedhamutti akka ta'e qorannoon kun bira ga'ee jira. Akkasuma shira gantuu sabaafi mootummaan xaxeen sadaasa 2/1986 aanaa Ada'aa Barga Ganda Dheebisa Aggaasaa iddoo "Tulluu Ejersaatti" ergii diinaan marfamee shuguxiin ofwareeguu isaa hubatameera.

Hawaasa mogoroo keessaa goottoni akka Badhaadha Dilgaasaa biqiluu isaa dabalatee barnoonni hammayyaafi sabboonummaan Oromoo jabaachaa dhufuun kanaan dura ilaalchi waltuffii hawaasa baddaafi gammoojjii(mogoroo) jidduu ture jijjiirramuun jaalalliifi tokkummaan sabaa cimaa jiraachuu hubatameera.

Faarsaan gootaa yeroo ammaa kana sababoota kanneen akka dhiibba siyaasaa, amantaa, ammayyumaafi xiyyeeffannoo dhabuurraan kan ka'e akka irraanfatu (dagatamu) kanneen taasisan bira ga'ameera. Keessattuu dhiibbaan mootummaa wayyaanee hanga bara 2010tti tureen namoonni faaruu gootummaa Badhaadhaa faarsan akka hidhamaaniifi reebamaa turan bira gahameera. Faaruu gootaa irraanfatuufi baduu (du'uuf) jiraniif yaadoleen furmaata ta'u jedhaman: Qaamni hawaasaa hundi faaruu kana dhaloota dhufu dhaalchisuuf (qaqqabsiisuuf) soda siyaasafi dhiibbaa amantaa kamiyyuu malee abbummaan xiyyeeffannoo itti kennuun bifa ammayyaa'een qoratamee, barreeffamaan galmeessanii olkaa'uu irra darbee Siidaan Yaadannoo magaala keessatti sadarkaa aanaa, godinaafi Oromiyaatti akka dhaabbachuufii qabu lafa

kaayyameera. Gama biroon dhimmoonni uumama naannoo irraan rakkoo geessisan keessa ciramuun bosonaafi dhiqamni biyyoo kallattiin furmaanni isaa afoola, fakkii, bocaafi aartii garagaraa fayyadamuun hawaasni kunuunsa naannoo irratti hubannoo gahaa akka argatu gochuun dhiibbaa kana hambisuun akka danda'amu adda baheera.

5.3 Yaboo

Afoolli Oromoo duudhaa, safuu, seenaa, aadaafi falaasama uummatichaa kan ibsuudha. Dhimmi kun immoo wantoota adda addaa kanneen akka moggaasotaa, ayyaneffannaawwanii, hambaalee seenaa namtolcheefi uumamaa, maqaalee nyaataafi dhugaatii akkasumas meeshalee aadaa kan ofkeessatti qabatuudha. Afwalaloowwan Oromoo yeroo hedduu uumama naannoofi bakkeewwaniin walqabsiisuun miira gaddaas ta'ee gammachuu baasanii ittiin ibsachuuf gargaara. Afwalaloon kunneen immoo dagataman jechuun falaasamni hawaasichi addunyaa kanaaf qabu, ilaalchifi amantaan hawaasichaa dhokate jechuudha. Gama afaaniitiin illee jechoonnifi moggaasonni adda addaa afoolicha waliin du'an, afaan hawaasichaa keessattillee hir'ina kan uumudha.

Faaruuu gootaa akkuma afoola kamiiyyuu uumama naannoofi bakkeewwan seenaa waliin qabiyyeewwan adda addaa ofkeessatti qabata. Akkasumas falaasamaafi ilaalcha hawaasichi addunyaa(uumama dachee) kanaaf qabu niibsa. Kana malees, biyyi Oromiyaa gootota jajjaboo dantaa dhuunfa irra dantaa uummata isaanii dursuun Oromiyaa har'aa kana wareegama qaalii itti baasun nudhaalchisan hedduu qabaachuu ishee seenaan ragaadha. Gootota kanneen keessammoo Badhaadha Dilgaasaa isa tokkoodha. Yeroo ammaa kana waa'ee gootaa kanaa ilaalchisuun hawaasa keessa ilaalchi walfakkaataan jiraatus hoggansa mootummaa bira kaayyoo gooticha kanaa hubachuu dhabuun ilaalcha waldhahaan akka jiru beekamaadha.

Dabalatan Hawaasa mogoroo keessaa gootonni akka Badhaadha Dilgaasaa biqiluu isaa dabalatee barnoonni hammayyaafi sabboonummaan Oromoo jabaachaa dhufuun kanaan dura ilaalchi waltuffii hawaasa baddaafi gammoojjii(mogoroo) jidduu ture jijjiirramuun jaalalliifi tokkummaan sabaa cimaa dhufuun ilaalchichi sadarkaa baduu irra gahuu hubatameera.

Maddi ilaalcha hoggansa bulchiinsa naannichaa dhiibbaa mootummaan wayyaanee Oromiyaa qabachuuf jalqaba dhaaba OPDO hundeessuun Oromiyaa bulchuuf yeroo caarraa argatanitti gootichi kun immoo afaan qawween waan isaanin mormeef, seenaa Badhaadha Dilgaasaa

balleessuf akkasumas sabboonummaa Oromoo qancarsuuf toftaa kalaqanii hojjechaa kan turan ta'uu qorannoon kun adda baasee jira.

Dhugaa kana hawaasniifi qaamni dhimmi ilaallatu hundi ifa baasuun dhaloota dhufuuf akka taa'uuf xiyyeeffannoon godhamaa jiru gahaa miti. Kanaaf dhugaa kana adda baasuun akkasumas faaruwwan kunneen bakkeewwaniifi uumama naannoo waliin walqabsiifamee haalli isaan itti dhiyaataniifi ergaan isaanii dhaloota dhufuuf dabarsan galmaa'ee akka ta'an, dhiibbaa tokko malee qaamni ilaallatu hundi gama isa ilaallatuun dirqama lammummaasaa osoo bahe gaarii ta'a.

Qorataan kunis yaadawwan armaan gadii fala rakkoo kanaa ta'uu danda'a jechuun lafa kaa'a:

- Waajjirri Aadaafi Turiizimii aanichaa dabalee kanneen sadarkaan gadii hanga Oromiyaatti jiran akkaataa isaanii danda'ameen manguddootas ta'ee qaamonni dhimma kanaan muuxannoo qaban irraa funaanuun(walitti guuruun) bifawwan qabiyyee isaaniin (sirbaafi geerarsaan) gooroo gooroon qoqqoodee osoo kaa'e. Akkasuma waajjirichi fedhii hawaasni Siidaan Yaaddannoo gootichaa sadarkaa Magaalaa Aanaafi Godinaa Darbee Oromiyaatti akka ijaarramuuf barbaadaniif osoo haala mijeessee.
- Faaruun gootaafi seenaan gootota Oromoo darbanii gama adda addaan faayidaan isaan uummataaf kennan hedduudha. Kunis, uummanni dur haala akkamii keessa akka tureefi har'a maalkeessa akka jiru, gootonni kun Oromiyaa har'a wareegama lubbuun nu dhaalchisan hubachiisuun xurree gootota keenyaarra deemuun Oromiyaa dhaloota dhufu dhaalchisuuf miira ittigaaafatamummaa horachuu keessatti shoora olaanaa qaba. Kanaaf, dhaloota haaraa dhufuuf akkuma jirutti dabarsuuf qorannoon gadifageenyaafi bal'ina qabu akkasumas meeshaalee ammayyaan deeggaramee otoo barreeffamee olkaa'amee. Akkasuma, warqaan qorannoo afaan adda addaan qophaa'ee manneen barnootaa, manneen tiyaatiraa, waajjiraaleefi kan kana fakkaataniif osoo rabsameefii akka dubbifamu taasifame; gama aadaa, seenaa, eenyummaafi turtii hawaasichi gama diinagdee, siyaasaafi hawaasummaan inni kaleessa keessa ture hubachuufi beeksisuuf haala mijaawaa osoo uumee gaariidha. Dabalataan, barreessitoonniifi aartistoonni Oromoos gama ogummaa isaanitiin, barreessitoonni barreeffamasaanii keessatti katabanii, Warreen fakkii kaasaaniifi boca bocan, Weellistootas ta'ee warreen fiilmiifi diraamaa gara garaa barreessan falasamoota aadaa Oromoo kana ka'umsa osoo godhatanii, hojii isaaniifis

miidhagina ta'uu danda'a. Darbees uumamni naannoo kunis kunuunfamee hojii haaraa waliin haaromaa deemuun badiirraa ooluu danda'a.

- Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaafi ogeeyyiin sirna barnootaa, kitaabilee qopheessan keessa walaloowwan qabiyyee faarichaa uumama naannoofi bakkeewwan seenaa waliin walqabataniif faarsan akka barattoonni ergaa faaruwwan kanaa barataniifi hubataniif uumama naannoofi hambaa seenaa kunuunsan, afoola keessa galchuun hojiirra ooluuf, beekumsi aadaa faaruu gootaa uumama naannoofi bakkeewwan bu'uureffate kanneen keessa jiraniifi barnoota ammayyaa waliin walsimsiisuun akka baratan, Akkasumas Biiron Aadaafi Turizimii waliin qindaa`uun dhufteen gootichaafi seenaa dhugaa goota kanaa hawaasichaafi shoora inni birmadummaa uummatasaaf aarsaa lubbuu taasise sun akka qoratamaniifi barreeffaman dabalatee Siidaa yaadannoo dhaabuun akka beekamu gochuuf deeggarsi baajataa osoo taasifamee. Darbees, qorannoofi qo'annoon akka irratti gaggeeffamuuf haalli osoo mijaa'e, Aadaa kana haala barbaadamuun tursiisuufi seenaa gooticha kanaa ilaalchisuun dhugaa awwalame ifa baasuun dhalootatti dabarsuun qabatamummaa gooticha Badhaadhaa Dilgaasaafi faaruusaa kanaa mirkaneessuun nidanda`ama.
- Faaruun gootummaa qabiyyeen isaa uumama naannoofi bakkeewwaniin walqabataniif faarfaman, seenaafi aadaa Oromoo guddisuun alatti uummanni oromoo uumama naannoo waliin hariiroo cimaa akka qabu, kabajaafi dinqisiifannaa uummatichi kunuunsa naannoof qabu, Dabalataan ciramuu bosonaan walqabatee hoo'insi addunyaa dabalaa jiru hir'isuu keessatti afwalaloo fayyadamuun hubannoo hawaasaa cimsuun qooda oolaanaa akka qabu beekamee qaamoleen Aadaa fi qabeenya uumamaa qindoominaan hojjetanii rakkoo gama kanaan jiru hir'suun ni danda'ama. Muuxannoo uummanni Oromoo sirna gadaa keessatti qabeenya uumamaa kunuunsuu qabu fayyadamuun miidhaafi bu'aa qabeenyi uumamaa fi bakkeewwan seenaa qaban qaamoleen ilaallatu qindoominaan osoo hojjetee nidanda'a.
- Faaruun gootaa (gootummaa) qabeenya uummanni Oromoo qabu keessaa tokko. Kunis dhalootaa dhalootatti kan darbaa dhufe hambaa seenaa uummata kanaati. Ta'us faarsaawwan kun sababoota garaa garaan badaa waan jiraniif namni kamuu siyaasa, amantaa, qoollifannaafi xiyyeeffannoo dhorkachuu kanneen dhiibba fiduu danda'an irraa guutummaan guututti adda baasee, kutannoon kunuunsuun abbummaan carraa egeree isaatti osoo lubbuu horee nidanda'a.

Wabiilee

Abreham Alemu Fanta (2006). *Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the South Western Oromo of Ethiopia: A Comparative Study*. Amsterdam university

_____ (2000). *Jimma Oromo Oral Narratives: A Preliminary Descriptive Analysis*. MA Thesis, School of Graduate Studies: Addis Ababa University.

Addisuu Tolasaa (1990). *The historical Transformation of folklore Genres: The Gerarsa as national literature of the Oromo*. Bloomington.

Addunyaa Barkeessaa (2010). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo.Finfinnee:Oromiyaa*.

Adugna, Ashenafi Belay. (2014). *Exploring Environmental Discourses in Oral Literature: Ecocritical*

Analysis of Oromo Proverbs. *Journal of Languages and Culture* 5: 24–35.

Alamaayyoo Hayilee (2007). *Sirna Gadaa. Siyaasa Oromoo Tuulama*.Finfinnee: Birahan Saalam

Anderzejewski, B. W. (1985). *Literature in Cushitic Languages Other than Somali*. In *Literature in*

African Languages. Cambridge: Cambridge University Press.

Asaffaa Jaalata (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity And Nationalism*

University of Tennessee, Knoxville: Atlanta, Georgia, 31146

Asaffaa Tafarraa (2004). *Theorizing the present Towards a sociology of Oromo literature:*

Jaarsoo Waaqoo poetry. Finfinnee: Branna printing Enterprise.

_____ (2014). "Salale Oromo women's song to resistance", international journal of interdisciplinary cultural studies, 7/3(P47-66); Oromia-Ethiopia.

_____ (2015). *Ethnography Of Resistance Poetics Power And Authority In Salale Oromo Folklore And Resistance Culture*: Indiana University . unpubilshed.

Asmarom Legesse (2000). *Oromo Democracy*: Newjersy. Red sea press.

Bairu Tafla (1987). *Asma Giyorgis and His Work: History of the Galla and the Kingdom of Shawa*. Stuttgart.Franz Steiner.

Baqqalaa Lataa (2011). *Seenaa Qabsaa'ota Oromoo fi Wareegaman*: Finfinnee

Barber .J. (1997). *Poetry and Poetics* . Cambridge : Harvard University Press.

Bartels Lambert (1983). *Oromo Religion: Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia*.

- Berlin: Dietrich Reimer Verlag.
- Bascom, W. R. (1965). “*Four Functions of Folklore.*” in Dundes, A. 1965. *The Study of Folklore.* Burkelay: Printice-Hall, Inc.
- Bateson, Gregory. (1987). *Steps to an Ecology of Mind.* Northvale: Jason Aronson Inc.
- Baxter Paul and Aneesa Kassam (2005). “*Introduction: Performing the Soodduu Ritual.*” *The Journal of Oromo Studies*, Volume 12, Numbers 1 & 2.
- Bauman, R. (ed.) (1992). *Folklore, Culture Performance, and Popular Entertainments: A Communications-Centered Handbook.* Oxford University Press, Inc.
- Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa (2004). *Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa.* Finfinnee: Mana maxxansaa Biraanannaa salaam.
- Boswell, George (1962). *Fundamentals of Folk Literature:* Oosterhaut Nitherlands. Oosterhout: Anthropological Publications.
- Brian Restall& Elisabeth Conrad (2015). *A literature review of connectedness to nature and its potential for environmental management Institute of Earth Systems, University of Malta,*
- Brown, Leslie and Susan Strega (2005). *Research as Resistance: Critical, Indigenous, and Anti- Oppressive Approaches.* Toronto: Canadian Scholars’ Press.
- Bukenya. A. (1994). *Understanding Oral Literature.* Nairobi: Nairobi University Press.
- Campbell (2010). *Reading Beyond a Universal Nature: Hopes for the Future of Ecocriticism.* Washington State University.
- Cerulli Enrico (1922). *The folk literature of the [Oromo] of southern Abyssinia.*
- Crummey Donald (1996). *Banditry, Rebellion and Social Protest in Africa.* London: James Currey.
- Dastaa Dassaalany (2002). *Bu’’uura Qorannoo:* Finfinnee. Dhaabbatamaxxansaa Boolee.
- David E.Gray (2004). *Doing Research In the Real World.* London: SAGE publications Ltd.
- Davi Silva Gonçalves & Eliana de (2014). *The Role Of Nature I Contemporary Literature: An Interdisciplinary Dialogue.* Revista International interdisciplinar INTERthesis.
- Debelo, Asebe R. (2012). *Contesting Views on a Protected Area Conservation and Development in Ethiopia.* Social Sciences.

De Salviac, Martial (2005). *An ancient people in the state of Menelik: the Oromo (said to be of Gallic*

origin) great African nation. Finfine:Oromia Culture and Tourism Bureau.

Desalegn Seyoum (1985). "Cerulli's Folk-Literature Of The Galla Of Southern Abyssinia" partial fulfilment for the degree master(MA). addis ababa university.

Dirribii Damuusee (2012). *Ilaalcha Oromoo: Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo*, Finfinnee

Dorson, Richard M.(1972). *Folklore and Folklied: An Introduction*. Chicago:

University of Chicago Press.

Dundes, Alan (1965). *The study of folklore*. Englewood cliffs:N.J prentice Hall, Inc.

Edel, Leon(1959). Newrok. Doubledy.

Encyclopedia American(1971). *Vol. 2.USA*: University Chicago.

Eshete Gemedda (2007). *African Society and Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Cultural Studies in a Contemporary Context*. PhD Thesis,

Estok, Simon C (2009). *Discourses of Nation, National Ecopoetics, and Ecocriticism in the face of the*

US: Canada and Korea as Case Studies. *Comparative American Studies* 7: 85–97.

Fayyisaa Fiixaa Urga'aa (2018). *Leenca Mogor, Seena Gootota Oromoo Dhuma jaarraa 20ffaa* Finfinnee, Oromiyaa

Fakade Azeze (2000). "*The State of Oral Literature Research in Ethiopia: Retrospect and Prospect*". (unpublished)

Fedhasaa Taaddasaa (2013). Subii: *Bu"uura Hogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Mana maxxansaa subii.

Finnegan Ruth (1970) *Oral Literature in Africa*. Oxford: Clarendon Press

_____ (1996). "*Oral Tradition*" in *Encyclopedia of Cultural Anthropology* .

_____ (2005). *The How Of Literature: Published On Journal Oral Tradition*

_____ (2012). *Oral Literature in Africa*: United kingdom: Open Book publishers.

Fiixee Birrii (2013). *Seenaafi Aadaa Oromoo*. EECMY: Misirach Dimts Finfinnee

Frantz Fanon (2008). *Black Skin, White Masks* Translated by Charles Lam Markmann:

Chase Publishing Services Ltd, Sidmouth, EX10 9QG England

Gadaa, Malbaa 1988. *Oromia: An Introduction*. Khartoum, Sudan.

- Gammachuu Daadhii (2000). "*Akkaataafi qabiyyee afwalaloo Oromoo Salaalee haala Beela bara 1977 keessatti*". For fulfil with 2nd degree(MA). Unpublished
- Geetaachoo Rabbirraa, (2004). *Furtuu*. Finfinnee, Dhaabbata Maxxansaa Birhaaninnaa Salaam.
- _____ (2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo.Finfinnee*:Kuraz International Publisher interprise.
- Geexee Gelaye (2000). *Peasant And Ethiopia State : Adaricutral Producers Coopretive And Their Reflecton In Amhraic Poetry , East Gojjam (1975-1991)*. Humberg-London
- Gilbert M. Joseph (1990). "On the Trail of Latin American Bandits: A Reexamination of Peasant Resistance
- Girmaa Taaddasaa (2017). "*Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee Keessatti Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gulalleetti*". waraqaa qorannoo digirii lammaffaaf (kan hinmaxxanfamne)
- Gomides Vogel (2007). *Amazonia in the Arts: Ecocriticism versus Economics of Deforestation: Latin American Studies Association.*
- Hakon Chevalie (1964). *Toward The African Revolution (Frantz Fanon)*: Published simultaneously in Canada.
- Harvey, David (2010). *Creative Destruction on the Land in The enigma of capital and the crisis of capitalism.*
- Hassan, Mohammed (1990). *The Oromo of Ethiopia: A History, 1570–1860*. New York: Cambridge University Press.
- Hobsbawm Eric (1990). *Nations and Nationalism since 1780: program, myth, reality.* Cambridge university press.
- Imaanaa Bayyanaa (2007)."*Qaaccessa Abiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaarratti Xiyyeeffate.*" Waraqaa Qorannoo MA. Addis Ababa (Kan hinmaxxanfamne).
- Irma Taddia (2014) . In memoriam Donald Edward Crummey. *Aethiopica International journal of ethiopia and Eritrean studies.*
- James L. Peacock and Dorothy C. Holland (1993). "*The Narrated Self: Life Stories in Process*"
- Jiddugala Aadaa Oromootti Garee Qormaata Seenaa (2008). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}* Finfinnee.
- John, W. (2005). *Qualitative Inquiry And Research Design: Choosing Among Five Approaches.*

- 2nd Edition. Sage Publication, London.
- Labang, Oscar (2015). "*Toward A Postcolonial African Ecopoetics*," Ecocultural Perspectives: Literature and Language. Edited by Oscar C. Labang. Raytown: Ken Scholars Publishing,
- Maria .Ed (1996). *Definitions of folklore source*: Journal of folklore research, Vol.33, No.3 pp.255-264 published by: Indiana university press stable
- Mac Donald (1972). *A field work:Collecting oral literature in Richard Dorson folklore and folklife: An introduction*.Chicago and London:The university of Chicago press
- Melese Ijara (2019). "*Oral Songs In The Cultural Resistance Of Salaalee Oromoo*". Wello university: Waraqaa qorannoo ittiin guttannaa digirii lammaffaa (kan hinmxxafamin)
- Misgaanuu Gulummaa (2011). *Dilbii*: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa.
- Mohammed Ademo (2013). "*Agarii Tullu: From Serfdom to Revered Oromo Hero*".
- Nagarii Leencoo (1993). *Mararoo*. Wiirtuu Jilidii 6ffaa Qajeelcha Qormaata Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa: Finfinnee
- Natasha Azank (2012). "*The Guerilla Tongue:The Politics of Resistance in Puerto Rican Poetry*"
- Nene Mburu (1999). *Contemporary Banditry in the Horn of Africa: Causes,History and Political Implications*. University of London, United Kingdom
- Okopewho,I (2005). "*African oral literature*": Back Grounds,Characteristics and Continuity. Bloomington and Indiana university press.
- Oring Elliot (1986). *Folk Groups and folk Genres: An introduction*. Utah: Utah university press.
- Philips Dana (1999). *Ecocriticism, Literary Theory, and the Truth of Ecology*: The Johns Hopkins University Press.
- Shawayyee B. fi Firehiwot T (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa,Jildii-II: Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti*. Finfinnee.
- Simon J.Bronner (2012). *Practice Theory in Folklore and Folklife*:Studies Publisher: Routledge
- Sims and Stephens (2005). *Living folklore:Anintroduction to the study of people and their traditions.Ohiho*: The Ohiho state university,Utah university press.
- Sumner Cloud (1996).*Oromo Wisdom literature:Proverbs,songs,and folklore:An analogy of Oromo literature*. Addia ababa: Guddina Tumsa Foundation.
- Taabor Waamii (2015). *Barreeffamoota loogii fi seenaa dhugaa*: Finfinnee

- Temene Bitema (2003). *Oromo Oral Poetry Seen From Within*: Berger Korre, Kolin Germany.
- Terseglave M. (1957). *Folk Poetry*: Literary Lexicon 32. Ljubljana DSZ
- Tigist Sanbataa (2005). “*Qaaccessa Qabiyyee af-walaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa haala walaloo Salaalee*”. Addis Ababa: waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (kan hinmaxxanfamin).
- Tsegaye Zeleke (2002). “*The Oromo Of Salaalee History (1840-1936)*”. (MA) Thesis. Addis Ababa University: Unpublished
- Warquu Gaaddisaafi Kanneen biroo (1993). *Wiirtuu: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Jil.6ffaa .Finfinnee*: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromoyaa. Mana maxxansaa liberaal.
- Wiirtuu Jiildii 9ffaa (2001). *Gumii Qormaata Afaan Oromoo*. Biiroo Aadaa fi Beksisa Oromiyaa: Finfinnee.
- Workneh Kalbessa (2010). “*Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for Environmentally Sound Development,*” Available on www.africaportal.org//articles.
- Zelalem Abarra (2003). *Transition from Oral to Written Oromo Poetry*. In *Journal of Oromo Studies*.
Vol. 10 Numbers 1 and 2.

Dabaaleewwan

Dabalee: A

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa,
Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliiziimiifi Sabqunnamtiitti
Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

Afgaaffii

Kabajamoo jiraattota Aanaa Y/Gullalleefi namoota biroo iddattoo qorannoo kanaa taatan hundaaf gaafilee dhiyaatan deebisuuf hayyamamoo tahuu keessaniif, Akkasumas, yeroo keessaniif dursee isin galateeffadha. Xiyyeeffati qorannoo kootii, aadaa gootummaafi gootota naannichaa qorachuu, ammoo faaruu gootummaa Badhaadha Dilgaasaa dhiichisa, shoboxee fi kanneen biroonis dhiyaatan guuree xiinxaluudha. Galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin irraa argamu baay'ee murteessadha.

Kanaafuu gaaffiin isin gaafadhurratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Afgaaffii Maanguddoota, dargaggootaa, ogeessota Seenaa, maatii qabsaa'otaafi qabsaa'ota lubbuun jiran waliin (Guraandha, Eebblaafi Caamsaa 2012) Taasifame.

Waa'ee Odeef-kennaa.

Maqaa _____

Umrii _____ Saala _____ Bakka jireenyaa (Ganda) _____

Gahee hawaasa keessatti qaban _____

Qabxiilee Afgaaffii :-

- 1) Goota jechuun maali? Gootummaan akkamiin ibsama?
- 2) Seenaa naannichaa keessatti gootonni oromoo beekaman kan bara durii (S/Sillaasee, miniliki, H/sillaasee, dargiifi wayyaanee) keessaa eenyufaa turan? dhumi isaaniihoo maal ture? (dhukkubaanmoo qabamanii hidhaatti ykn fannifamanii ykn rasaasaan du'an?)
- 3) Afoolli seenaa gootaa faarsu kunis bifawwan kam kamiin dhiyaata?
- 4) Faaruun gootummaa kun haala kamiin dhiyaata? (yoomfaa dhiyaata, sochiimoo sagalee qofaan) dhiyaata?
- 5) Faaruun gootummaa baayyinaan yeroo akkamii uumamuu/bahuu danda'a? eenyutu baasuu danda'a? Sababa maalif baasuu danda'a/eessi?
- 6) Badhaadhaa Dilgaasaa eenyu? nama akkamiiti? maalfaan naannichatti yaadatama?

- 7) Kaayyoon qabsoo Badhaadha Dilgaasaafi kanneen isa waliin turanii maal ture? eenyuuf qabsa'an? eenyurratti qabsa'an? bu'aa maalii naannichaaf argamsiisan? naannoo inni keessa socha'aa ture eessa?
- 8) Bakkeewwan Seenaa naannichatti bebbeekamoon (bakki itti injifatan ykn injifataman ykn gootni itti qabame ykn wareegame, eessa faayi, maqaan isaaniwoo?
- 9) Mogoroon Maalidha?
- 10) Hariiroon faaruu gootaafi uumama naannoo(mogoroo) jidduu jiru maalidha?
- 11) Faaruun Badhaadhaa faarfamu maalif mogoroon walqabata?
- 12) Gootonni naannichaa maalif gola mogoriifi jamaa filachuudhaan mootummaan lolu?
- 13) Hariiroon Badhaanni fi uummanni qaban akkam ture? akkamiinis qabamuufi ajjeefamuu irraa damdamachaa turan?
- 14) Faaruu gootummaa Badhaadhaa kanarra dhaloonni har'aa maalbaratu?
- 15) Akka naannichaatti goota faarsuun maalif fayyada? ergaa maalii dabarsuufi?
- 16) Sababoonni faaruu gootaa Badhaadha Dilgaasaa dagatamaa dhufan maal jettanii yaaddu?

Dabalee: B

Gaafiilee Daawwannaa:

- 1) Faaruun gootaa bifa akkamiin dhiyaata?
- 2) Faaruun gootaa bifa dhiichisaafi shoboxee eenyun dhiyaata? Yeroo akkamii goota faarsu?
- 3) Gaheen hirmaattota faaru gootaa bifa dhiichisaafi shoboxeen dhiyaatu keessatti qaban maali?
- 4) Faaruun gootaa uumama naannoon walqabsiisuun akkamitti dhiyaata?
- 5) Faaru gootaa dhiyaatu keessatti mogoroon akkamiin faarfama? Yoom faarfama?
- 6) Faaru gootaa bifa dhiichisaa, shoboxee fi geerrarsaafi k.k.f dhiyaatu ergaan isaan dabarsan akkami?
- 7) Faaru gootaa bifa garagaraan dhiyaatu hirmaattonni akkamiin walharkaa fuudhanii baasu?(sochiifi sagalee)
- 8) Faaruun gootummaa Badhaadhaa faarfaman yeroo lubbuun jiruufi ammaa gargarummaa jiraa? yoo jiraate, sababoota maalif tahuu danda'a jetta ?
- 9) Gootonni naannoo kanaa maalif gola mogor filachuun mootummaan lolu? mijaa'ina lafaa lolaaf tolu isaatimoo maaltu sababa ta'e?
- 10) Iddoowwan seena qabeessa ta'an maalfaatu jira?

Dabalee C

Gaafiilee mata duree marii ta'an

1. Ergii Badhaanni du'ee dhiibbaan mootummaa faaru gootumma irratti godhu nijiraamoo hinjiru?
2. Dargagoonni faarsaa gootummaa Badhaadhaa kan dagachaa dhufan dhiibbaa mootummaan irraan gahu moo ofumaa dargagoonni haala yeroo hordofuun faarsaa haaraa faarsu irratti xiyyeeffachuudha kan jedhuudha?

Dabalee D

Faaruu Gootummaa Badhaadha Dilgaasaa(Miidhe) Bakkeewwaniifi Uumama Naannoo Waliin Walqabataniif Faarfaman Kanneen Hawaasarraa Bara 2012 Funaannaman

Faaruu Badhaadhaan Yeroo Qabsoo Irra Jiruu

Faaruu Gootaa Bifa Dhiisaan Dhiyaate

(Afee 1)Koottu yaabadhoo yaa tokkottuu labanii

Salaalee maa sidhabanii.

(Afee 2)Laaftoon goge

Laaftoo jiidhaan goge.

Hoo yaa Miidhee!

Yaa rafarraftuu Laga Mogee!

(Afee 3)Sheeka galee,

Sheeka nagumaan galee?

Yaa Badhaadha Dilgaasa ergi sagalee.

(Afee 4)Fooqii korte

Re'een fooqii korte.

Yaa Badhaada Dilgaasa

Badhaadha Dilgaasa zambaabi,

Reefu sitti toltee!

(Afee 5)Sheeka du'ee

Gullalleen in iyyaa

Yaa Badhoo,

Ati koottuu bulchi biyyaa

(Afee 6)Jabeessii loli yaa Badhoo

Jabeessii lolii aalgaa korii

Yaa Badhoo Dilgaasaa Leenca Mogorii

(Afee 7)Maal gochuu buute biyya Badhadhaanni jiruu
mogee Kilaashiin baroode deebiin in jiruu.

(Afee 8)Maal gochuu buutee biyya badhaanni jiru,
Salaalee biyya shimaalan nama diruu.

(Afee 9)Badhoo yaa daarii oborii
Badhoo dilgaasaa yaa leenca mogorii.
Dheeffitee hinbaatuu yaa gadhittii
Koottu asgaragarii.

(Afee 10)Badhoo dilgaasaa salaalee gubbaa oolee galaa
Badhoo dilgaasaa caancoo, sululta oolee galaa
Yaa tokkostuu ijoollee oromoo.

(Afee 11)Koottu yaamiidhee mogor jirtamoo fagaattee
Qoricha dhiira mataa babaattee.

(Afee 12)Baala qilxuu

Saltee waashaa lixxuu

Yaabadhoo koo yaa itti cittuu.

Ergaa Badhaanni Du'ee Booda

(Afee 13)Daabee jalduu eenyutu beekke filaa

Edaa miidheen hinduunee wallaga jiraa.

(Afee 14)Yaamiidhee karaa fiicheet galtee

Emmifoortikee eessatti gattee.

(Afee 15)Miidheen hinduunee mana akiimit jiraa

Hinbooyiin yaafayyisee gammachuunuu sijiraa.

Yeroo Badhaanni Lubbuun Jiru Faaruu Gootaa Bifa Shoboxeen Dhiyaate

(Afee 16)Yaa Badho kiyya,

Badhoonoo gooftaa diinaati,

Maaliif xuqxu haadha Badhiyo,

Haadhi Badhiyoo haadha dhiiraati

(Afee 17)Mogee keessa naanna'ii ,

Koo yaa badhoo koo yaa badhoo gaara barii

Silaa of harkaa qabdaa

Emmifoortidhaan itti waqarii.

(Afee 18)Yaabadhoo gootaraan torbaa

Yaa Badhoo kiyya Badhoo gootaraan torbaa.

Biyya hormaati galuu wayya!

Kan hore hin jaalatu biyyi hormaa

(Afee 19)Kachamaalleen xiiche ulullee

Ijoolleen lammaa barattaa sanii lafaa guurtuu akka culullee.

(Afee 20)Korommii ilmaan barattaa

Silaa mogee keessa dabartaa

Emmifoortii gateettitti baattaa

Maaf halagaaf harka laattaa.

(Afee 21)Badhaadha daarii oborii

Siyaa eegu malkaan mogorii

Guuri lafarra ilmaan gogorii

Kan indaaqotti makamte kaleessaa

Jireenyi ishee dhagaa keessaa

Nyaattee fixxee dafqa ilmaan iyyeessaa

Kanaaf biyyarraa fageessaa.

(Afee 22)Kutaan dhumte yaa badhoo

Daggala Mogee keessa loowuuttii.

Si hin dhiisuu na hin dhiisini,

Hamma miqqanyaan dhiiga boowutti.

(Afee 23)Saawwan baddaa sanii kormi keessa in jiru

Hin amaniin yaa Badhoo

Sobaniiti malee Shimala /Kilaashii malee firri hin jiruu

(Afee 24)Koottu yaa Badhoo

Yaa Badhoo gaafa Dheebisaa

Oolankomiin suma leellisaa

Ejereenis suma leellisaa

Incinniinis suma leellisaa

Daagam illee suma leellisaa

Buna dhugdeetuma deebitaa!

(Afee 25)Amboo jirta jedhanii

Goodaa karaa Gudarii

Ani si yaade yaa Badhoo

Yaa Badhoo qorichaa gadhee

Looyii koottuu karaa laga Mogorii!

(Afee 26)Yaa Badhoo kiyya,

Yaa Badhoo goodaa Maaramii

Lakkii gosaanis araarami

Lakkii biyyaanis araarami

Lakkii aabeetis araaramii,

Yaa leenca goodaa dagamii...

(Afee 27)Yaa Badhoo kiyya,
Koottu yaa Badhoo Qarree Tokkee,
Lakkii kilaashii lafa godhii,
Warra Wayyaanee garaan sokkee

(Afee 28)Looniin eeganii
Zangii qalloo looniin eeganii.
Yaa Badhoo kiyya
Koot shugguxii kee narraa fudhu
Yoon du'ellee waan hin beekanii!

(Afee 29)Gad ilaalewoo,
Shaaloo mataan gad ilaalewoo!
Yaa Badhoo kiyya
Barana yoo wajjin baanewoo,
Xilaa-warqii sii tasaalewoo.

(Afee 30)Yaa Badhoo kiyyaa
Koot yaa Badhoo hamma shumburaa!
Situ Moge keessa shurshuraa
Soolee Gibee sumatu hunkuraa.
Soolee Gibee maal balleessitee,
Shaahul dhufnaan gadi dheessitee?

(Afee 31)Yaaxinnayyoo amma ijoollee
Akka emmafoofriin agabuu hin oollee
Afee(32)Laga sobdollee yaabadhoo laga sobdollee
Tokkosi yaabadhiyyee kan tokkosta hinqollee.

(Afee 33)Yaamogor yaamogor lafatti Rirmaa
Badhaanni duulaf ka'ee yaa shuguxii ilmaa

Faaruu ergii Badhaanni Du'een Booda Faarfame

(Afee 34)Yaa Badhaadha kiyyaa badhadha Faalin garagaaruu
Duute silas maal godhu garuu
Duuti gootaa kanuma jiruu!

(Afee 35)Re'een dhaltee gadi baasadhaa

Lakkii gumaa kiyya baasadhaa

Jedha badhaanni dilgaasadhaa.

(Afee 36)Ammahaa kiyyaa yaa ammahaa Morma conqollee

Yeroo Badhoon si biraa kufuu ,

Maa tokkosuu didde tokkollee

(Afee 37)Yaa Badhoo kiyya

Koot yaa Badhoo gaafa tuksii!

Maaliif dhaqxe mana diggisii

Nama gantihoo bar dheebisii

(Afee 38)Daalota gubbaa

Yaa Hamma'a, Daalota gubbaa

Yaa abrahaam, Daalota gubbaa

Lolli hafee, hiiki shurrubbaa

(Afee 39)Yaa Badhoo kiyyaa
Badhoo, maali magaaladhaa maashon boba'uu
Yaa Badho kiyyaa,
Ajjeeftanii nurra hin deeminaa,
Dhiigni huccuu miti hin moofa'uu

(Afee 40)Tullubbee sani

Tulluu gamaa tullubbee sanii

Kaachamaalleen fudhatee bade

Niitii Badhoo shurrubbee sanii

(Afee 41)Kutaa foo'i na godhaa,
Yaa Badhoo "naxalaa" kutaa foo'i na godhaa
Yerumaan si yaadadhuu halkanii guyyaa boo'i nagodhaa.

(Afee 42)Yaa Badhoo kiyyaa

Konkolaataan Gaammaan shararaa

Duuti shiftaa duruma jiraa,
Keetumti kun maa nama mararaa?
(Afee 43)Diigdee hin galtuu,
Biyyee diigdee hin galtuu?
Yaa Badhoo koo,
Akka arrittaa reefuu magartuu !
(Afee 44)Harangamaan muka maaliiti
Muki daraaru firii hin qbane,
Yaa Badhoo kiyyaa?
Gizeen ammaa kuni maalinni
Gizeen ajjeesan damii hin qabne?
(Afee 45)Jorroo Gaanfi filaa mogee jiraa
Sindhabee yaa badhoo wattaaddara biraa
(Afee 46)Badhoo harki seekkodhaa
Kan sigaalafate keettodhaa.
(Afee 47)Hoolaa malee re'ee maasiqaltii
Duruu dhiibisni nama gantii.
(Afee 48)Tolashii tiyyaa yaatolashii niitii qaxxalaa
Dur badhaadhaatu sitti galaa
Amma tiskeetu sirraa maggalaa.
(Afee 49)Tiraakteeriin lafa qofforaa
Maal godhan yaabadhoo kiyyaa tiskeetu qawwee keetin lafa qofforaa.
(Afee 50)Yaa digirii muka xaaxessaa
Dhugaa qabdaa yaa fayyisee duutii Badhoo nama raatessaa.
(Afee 51)Tiraakteriin gaara boorataa
Babbadde yaa ilma hoodataa
(Afee 52)Lafti mayyaa lafa gaayyatii
Maalif ajjeechifan badhoo dilgaasaa ilmuma yaayyatii.

Faaruwwan Uumama Naannoon Walqabatan Faarfaman

(Afee 53)Mogee hinbuhin mogoroo hinbuhin yoorigaa muratti malee

Afaanin bakka malee hingahin yoogaraa kutatte malee

(Afee 54)Salaalee mitii darrayis mitii darroo jala dabarree,

Osoo ashkareen loluu nugusa duubaan dheesse agarree.

(Afee 55)Waan nama gootu

Gugurraan Kibbituu

Been Mogor buunaa

Yoo aarte malee dhiirri qe'ee hin jibbituu

(Afee 56)Odaa laga gammoojjii jala safaree jaldeessii,

Shurrubbaa shufeera dhoofta barana dargaggeessii.

(Afee 57)Yaa muka qilxuufi qilinxoo kamtu irra baala qabaa,

Hangafaaf quxusuu kamtu irra naatoo qabaa.

Faaruwwan Gootaa Bifa Geerrarsaan Dhiyaate

(Afee 58)Suksukaa farda hin godhu,

Lafuman deema malee,

Booseetti niitii hin godhu,

Hanuman dhiisa malee,

Yartuu hiriyaan hin godhu,

Ittuman dhiisa malee.

(Afee 59)Shoole shoole

Yaa muka seeqee cabee

Yaa hiriyaan gaafa farsoo fi 'haraqee'

Gaafa rakkoo mataan si eegee dhabee.

(Afee 60)Hagadaan hagaduma

Maaltu hagadaadhan muka jedhe

Halagaan halaguma

Maaltu halagaadhan fira jedhe

(Afee 61)Waan dheebuun na godhe

Bishaan gaheen himadhaa

Waan qoonqoon na godhe

Midhaan gaheen dubbadhaa

Lammii koottan hima dha

Guyyaan fayyen dubbadhaa

(Afee 62)Cheechu chuuchu yoo jedhanii,

Sareen nama nyaatti,

Sareen akka takka,

Gadi jennet bara dabarfannaa yoo jedhanii,

Gadheen nama dhaanti gadheen takka takka...

(Afee 63)Miila nuugii lagaa,

Atuu hin aramsiistuu,

Anuu sin aramuu,

Hiriyaa laga gamaa,

Atuu hin amansiiftu,

Anuu sin amanu.

(Afee 64)Daalachi gooda hin quufu,

Yoo irra bu'an malee,

Luugumaa butan malee,

Daalattiin raafuu hin quuftu,

Yoo jalaa kaasan malee,

Manni gootaa eessa?

Leencillee keessa galee,

Essabbaakee yaa garaa,

Obsitee teessa malee...

(Afee 65)Allaatti ballii guullaa,

Risaa baalli shararaa,

Gadhee lubbuu mararaa,
Dubbii garaa koo keessa,
Akkamiinan geeraraa,
Silaa garaa na nyaataa,
Hamma hoomittan aadaa?
(Afee 66)Boqoollon daabee qabaa,
Beekee hin filatu malee,
Garaa koos aarii qabaa,
Beekee hin himatuuf malee.

Sirba Badhaanni Ofii Isaa Sirbu

(Afee 67) Salaale (ammahaa, abrahaam, fayyee, ..) maakana taatanii

Qawwee muka tana baattanii

Midhaan mukaa nyaattanii

Keessan hindhumu xaaxanii.

(Afee 68)Yaamura maqasii

Hintaanee yaammallasii

Dubbiin manglee deebitee dhufte ammasii.

(Afee 69)Maazaniin falaxaa

Dhageecchee yaa leencoo lataa

Mallas markaattoo taa'ee kadhataa.

(Afee 70)Alangee dachaa

Mallas hinbarbaannuu nurraa galchaa

Xiqaalaa nurratti dhalchaa.

Geerrarsa

Maqaa Qabsaa'ota Miseensa Waraana Badhaadha Dilgaasaa (Bara1982-1986) Turan

Lak	Maqaa Qabsaa'ota	Lak.	Maqaa Qabsaa'ota
1.	<i>Jal.Badhaadha Dilgaasaa</i>	39	<i>Jal Tafarii Taaffasaa</i>
2.	<i>Jal Fayyee Garasuu</i>	40	<i>Jal Mangistuu Naggasaa</i>
3.	<i>Jal Faanaa Abeebree</i>	41	<i>Jal Fiqaaduu Kabbadaa</i>
4.	<i>Jal Margaa Fattansaa</i>	42	<i>Jal Nagaashuu Muummichaa</i>
5.	<i>Jal Itaanaa Abeebree</i>	43	<i>Jal Girmaa Cuukkoo</i>
6.	<i>Jal. Tolchaa Damisee</i>	44	<i>Jal Dirribaa Tulluu Bulii</i>
7.	<i>Jal Badhaasaa Gammadaa</i>	45	<i>Jal Toleeraa Olaanaa</i>
8.	<i>Jal Damisoo Awwaqaa</i>	46	<i>Jal Taammiruu Makonnin</i>
9.	<i>Jal Kabbadaa Guutamaa</i>	47	<i>Jal.Mangistuu Makonnin</i>
10.	<i>Jal Anbassaa Horrisaa</i>	48	<i>Jal Daffaraa Hayiluu</i>
11.	<i>Jal Ammahaa Lammaa</i>	49	<i>Jal Amantee Waaqjiraa</i>
12.	<i>Jal. Abraham Lammaa (Lubbun Jira)</i>	50	<i>Jal Lammii Waaqjiraa</i>
13.	<i>Jal Anbassaa Baqqalaa</i>	51	<i>Jal Bariii Beenyyaa</i>
14.	<i>Jal Lishaa Hundaa</i>	52	<i>Jal Kootuu Daadhii</i>
15.	<i>Jal Badhaadha Dabalaa</i>	53	<i>Jal Shukkeee Tamasgeen</i>
16.	<i>Jal Abarraa Hordofaa</i>	54	<i>Jal Dachuu Reebaa (Lubbun Jira)</i>
17.	<i>Jal Kaffaalee Gaarradoo</i>	55	<i>Jal Dirribaa Girmaa</i>
18.	<i>Jal Zawudee Badhaanee</i>	56	<i>Jal Biraanuu Roobii</i>
19.	<i>Jal Bojaa Warqituu(Daadhii)</i>	57	<i>Jal Badhaadha Addagaa</i>
20.	<i>Jal Naannessaa Alamuu (Lubbun Jira)</i>	58	<i>Jal Yaaddessaa Daadhii</i>
21.	<i>Jal Fayyisaa Gizee Booruu (Lubbun Jira)</i>	59	<i>Jaal Kabbaboo Ayyaane</i>
22.	<i>Jal Fayyisaa Gizee Walaa</i>	60	<i>Jal Dibaabaa Baallamii</i>
23.	<i>Jal Tafarii Baallamii</i>	61	<i>Jaal Shifarraa Guddisaa (Nursing)</i>
24.	<i>Jal Magarsaa Baallamii (Lubbun Jira)</i>	62	<i>Jal Fiqaaduu Naggasaa</i>
25.	<i>Jal Gammachuu Kabbaboo</i>	63	<i>Jal Makonnin Jaankaa</i>
26.	<i>Jal Dhufeeraa Deettii</i>	64	<i>Jal Itoophiyaa Taaddasaa</i>
27.	<i>Jal Qaxalaa Tolaa</i>	65	<i>Jal Indaalee Hayiluu</i>
28.	<i>Jal Tasfaayee Kabbadaa</i>	66	<i>Jal Salamoona Buzunaa</i>
29.	<i>Jal Fiqiruu Taaddasaa</i>	67	<i>Jal Darajjee Dhaqaabaa</i>
30.	<i>Jal Geetaachoo Addunyaa</i>	68	<i>Jal Balaachoo Taklaa</i>
31.	<i>Jal Garmaamee Alamuu</i>	69	<i>Jal Tolasaa Dhaqqabaa</i>
32.	<i>Jaal Garruu Warquu</i>	70	<i>Jal. Lammii Dhaqqabaa</i>
33.	<i>Jaal Hojiisaa Tulluu</i>	71	<i>Jal Darajjee Makonnin</i>
34.	<i>Jaal Girmaa Birruu</i>	72	<i>Jaal Ijaaraa Kabbadaa</i>
35.	<i>Jal. Lammii Gaarradoo</i>	73	<i>Jal. Tasammaa Jimaa</i>
36.	<i>Jal Girmaa Abbabaa</i>	74	<i>Jal. Dirribaa Badhaasaa</i>
37.	<i>Jal.Asheetee Hordofaa</i>	75	<i>Jal. Abarraa Raggaasaa</i>
38.	<i>Jal. Kidaanee Dabalee</i>	76	<i>Jal.Damee Xilahuun (Lubbun Jira)</i>
		77	<i>Dajanuu Tafarraa (Lubbun Jira)</i>

Dabalee E

Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa,
Joornaaliziimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromo, Ogbarruufi Fooklorii
Gabatee maqaa odeef-kennitoota Aanaa Yaayyaa Guullalleefi Aanaalee biroo Seenafi
Afwalaloowwan waa'ee **Jal. Badhaadha Dilgaasaa** irratti odeeffannoo kennan.

Lak	Maqaa Guutuu	Umuri	Saala	Aanaa	Ganda	Guyyaa	Gahee Hojii	Yaadolee Kennama
1	Fayyisaa Gizee	48	Dhi	Y/Gulalle	Areeree	13/08/2012	Daldala	Afseena
2	Habtaamuu Alamuu	35	Dhi	"	S/Gibee	16/08/12	H.Dhunfaa	Afseena Afwalaloo
3	Dachuu Reebaa	52	Dhi	A/Baegaa	Daalota	17/07/2012	Waardiyaa	Afseena
4	Damee Xilahuun	50	Dhi	Dagam	Y/Haroo	17/07/2012	Dafqanbula	Afseena
5	Fayyisee Dilgaasaa	70	Du	Y/Gulalle	B/Qo'at	16/09/2012	Q/bultuu	Afseena
6	Naannessaa Alamuu	45	Dhi	Y/Gulalle	G/Jabaa	16/09/2012	Daldalaa	Afseena
7	Bayyanaa Makonnin	38	Dhi	Dagam	Y/Haroo	19/09/2012	Hojjetaa	Afwalaloo
8	Tulluu Badhaadhaa	29	Dhi	Y/Gulalle	G/Jabaa	16/08/2012	Barataa	Afwalaloo
9	Makonnin Tolaa	67	Dhi	Dagam	Y/Haroo	19/09/2012	Q/Bulaa	Afseena
10	Magarsaa Baallamii	51	Dhi	Finfinnee	N.Kotobe	17/07/2012	Waardiyaa	Afseena
11	Siddisuu Makonnin Tufaa	74	Du	Y/Gulalle	Areere	13/08/12	Q/Bula	Afwalaloo Afseena
12	Taamiruu Gaarii Taaboree	67	Dhi	M/Fiichee	04	4/09/2012	Mangudo	Afseena
13	Addunyaa Sane Badhaanee	68	Dhi	Y/Gullalee	G/Jabaa	19/09/2012	Maangudd o	Afseena
14	Ob. Hayiluu Damisee	74	Dhi	G/Jarsoo	Illaamu	14/08/2012	Q/Bulaa	Afseena
15	Ob. Damee Birruu	43	Dhi	Y/Gulalle	Areeree	4/09/2012	Hojjeta	Afseena
16	Luba. Tsartsamadin Gimmitee	74	Dhi	M/Fiichee	04	4/09/2012	Luba	Afseena
17	Dajanuu Tafarraa Gonfaa	40	Dhi	Y/Gulallee	Areere	20/09/2012	Barsiisaa	Afseena Afwalalo
18	Badhaadha Gonfaa	55	Dhi	Ada'a Barga	Dhebis Agasa	13/09/2012	Q/Bulaa	Afseena Afwalalo
19	Taaddasaa Hordofaa	75	Dhi	"	"	"	"	"

20	Tasfaayee Baallamii	50	Dhi	"	"	"	"	"
21	Taaddasaa Tufaa	57	Dhi	"	"	"	"	"
22	Urgeessaa Baallamii	30	Dhi	"	"	"	Barsiisaa	Afwalalo
23	Gammachuu Asaffa	32	Dhi	Y/Gulalle	Ffittaaal	19/09/2012	I/G/W/A/T	Afwalalo
24	Dr Gammachuu Daadhii	49	Dhi	Y/Gulallee	B/Qo'at	4/09/2012	Hojjetaa	Afseenaa Afwalalo
25	Obsee Hayiluu	28	Du	G/Jarsoo	Illaamu	25/08/2012	B/Stu	Afwalalo

Dabalee F

Suura Odefkennitoota Qorannichaa



Afgaafii Fayyisee Dilgaasaa, guyyaa 16/09/2012, qe'ee maatii Badhaadha Dilgaasaatti waliin taasifame, suura Bayyana Makonnin kan kaafame



Afgaafii Qabsa'aa Naannessaa Alamuu, guyyaa 16/09/2012, yaayyaa gulalleetti taasifame Suura Bayyanaa makonnin kaafame



Agaafii Qabsa'aa Fayyisaa Gizee 13/08/2012, Taliilaa Gaariin Kan Kaafame



Afgaafii Poolisii Taammiruu Gaarii 4/09/2012, Taliilaa Gaariin Kan Kaafame



Afgaafii Ob. Habtaamuu Alamu waliin guyyaa 16/08/2012 taasifame, suuraan Taliilaa Gaariin Kan kaafame)




Afgaafii Ob. Bayyanaa Makonniin waliin Guyyaa 16/09/2012 taasifame, Suura Naanneessaa Alamuun kan Kaafame

Suura Gootota Oormoo Iddoon Dhalootaa Salaalee ta'an



Badhaadha Dilgaasaa



Fayyee Garasuu



Badhaasaa Gammadaa




Magarsaa Fatansaaa



Tafari Baallamii



Shaashoo Anbassee




*Abuna Pheexiroos
/Magarsaa Badhaasaa/*




Hayila Maarama Gammadaa



Jeneraal Taaddasaa Birruu



Agarii Tulluu



Muluu Asaanuu



Asaffaa /Shaaroo/ Lammii


Suura Bakkeewaniifi Uumama Naannoo



Riiqicha Poorchugaala laga guur irraa jaarraa 16ffaa Hojjetame




Holqa Boolee Yeroo lola xaliyaanii Dahannoo Goototaa ture



Gadaamii Dabra Libaanos Jaarraa 13ffaa keessa hundaa'e



Tulluu Alidheeraa Dhakaa tokko qofaan Kan Dhaabbate



Holqa Agarii Tuluu



Holqa Sagalee bara 1913 iddoo Ras Mikaa'elifi H/Sillaaseen wal lolan



Bosona Gaara Qacamaa




Tulluu Qo'aat Iddoo Fayyee Garasuu Itti Waregame



Finca'aa Jayituu



Siidaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Bara 2010 eebbifame



Jaldeessa Abbaa Daabee/Chilada Baboon/ guyyaa 12/07/2012 qoratichaan kan kaafame



Irreecha malkaa duulaa(laga mogor) Guyyaa 28/01/205, Biraanuu Isheetuutiin kan kaafame